



MURTIILEE BARSIISSOO

DHADDACHA IJIBBAATAA

MANA MURTII WALIIGALAA OROMIYAA

JILDII 10^{FFAA}

CAAMSAA 2014, FINFINNEE

ERGAA PIREZIDAANTII MANA MURTII WALIIGALAA OROMIYAA



Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Manneen Murtii Naannichaa keessatti wal fakkaatummaa hiikoo seeraa fi tilmaamamummaan murtiiwwanii akka jiraatu hojjachaa kan jiru ta'uun ni beekama. Galma kana milkeessuuf hojiiilee hojjatamuu qaban keessaa tokko Murtiiwwan Dirqisiisoo fi Barsiisoo Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatiin kennaman filachuun jildeessuu fi maxxansiisuun raabsuu dha.

Hojiin kun waggoottan sadan darban bifa milkaa'ina qabuun hojjatamaa tureera. Bara kanas Murtiiwwan Barsiisoo Dhaddacha Ijibbaataa 50 ta'an

jildii lamaan maxxansuun raabsuun karoofamee hojiitti kan galame yoo ta'u, jildiin jalqabaa murtiwwan 25 of keessatti hammate hojiin isaa xumuramee kunoo harka keessan galee jira. Jildii kana keessatti murtiwwan barsiisoon seerota yakkaa, hojjataa fi hojjachiisaa, maatii, qabeenyaa, deemsa falmii hariiroo hawaasaa fi beenyaa buqqa'iinsaa bu'uureffachuun hiikoo argatan hammachiisnee jirra.

Murtiileen kunneen sirnaan hubatamanii hojiirra yoo oolan garaagarummaa hiikoo seeraa Manneen Murtii fi Abbootii Seeraa keenya gidduu jiru walitti dhiyeessuun qulqullina kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa Manneen Murtii keneyaa fooyyeessuu keessatti shoora mataa isaanii ni taphatu jennee abdanna.

Kanaaf, Abbootiin Seeraa fi qaamoleen dhimmichi ilaalu hundi hiikoowwan seeraa dhimmoota jildii kana keessatti hammataman irratti kennaman dubbisuu fi hubachuudhaan akka hojiitti hiiktan waamicha koo isiniif dabarsuun barbaada.

Horaa Bulaa Deebanaa!

Gazaalii Abbaasimal

Pirezidaantii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa

**BAAFATA MURTIILEE DHADDACHA DIBBAATAA MANA MURTII WALIIGALAA
 OROMIYAAN HIIKOON SEERAA ITTI KENNAME BARA 2014 (JILDII 10FFAA)**

T. L.	Dhimma Hiikoon Seeraa Itti Kenname	Lak. Galmee	Maqaa Walfalmitootaa	Guyyaa Murtiin Kenname	Fuula
A. YAKKA					
1.	Meeshaa waraanaa Bireenii walfakkaataa lamaa fi isaa ol namni harkatti qabame meeshaalee waraanaa heddummina qabu qabatee argamuun kan gaafatamu ta'uu Labsii meeshaa waraanaa bulchuu fi to'achuuf bahe Labsii Lakk.1177/2012 keewwata 2(10) fi 22(3)	375917	Araggaaw Abiraaraawu fi Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa	22/10/2013	1
2.	Gocha lola tasa ka'een raawwatame warra itti yaadani raawwatan waliin keewwata walfakkaataa jalatti balleessaa taasisuun kan hin danda'amne ta'uu S.Y. keewwata 32, 555(B)	376094	Raamatoo Duubee fi Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa	14/11/2013	6
3.	Mirga seeraan eegame tokko irratti irra deeddeebiin yookiin walitti aananii gochootni yakkaa raawwataman yaada tokkoon akka raawwatamanitti kan lakkaa'aman ta'uu S.Y. 61(2)	376645	Xilaahuun Bayyanaa fi Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa	02/02/2014	11
4.	Rasaasni akka meeshaa waraanaatti kan lakkaa'amu ta'u illee rasaasni walfakkastaan lamaa fi isaa ol harka himatamaatti qabamu illee sababa walfakkaataa ta'eef akka meeshaa waraanaa heddummina qabutti kan hin lakkaa'anne ta'uu Labsii	376946	Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa	25/01/2014	23

	Bulchiinsaa fi To'annoo Meeshaa Waraanaa Lak.1177/2012 Keewwata 4(1) fi 22(2)				
5.	Sirna adeemsa falmii yakkaa keessatti seera yakkaa adabbii xiqqaa irraa gara adabbii cimaatti jijjiiruun adabbii kennuun kan hin danda'amne ta'uu SDFY lak.113(2)	377243	Abuduraahim Abdulhaalim fi Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa	23/02/2014	31
6.	Waraqaa eenyummaa fakkeeffamee hojjetametti fayyadamuun yakka malaammaltummaan kan gaafachiisu ta'uu Labsii lakk.881/2007 keewwata 23(3)	392079	Alam Nigus G/Sillaasee faa (N-10) fi Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa	15/06/2014	38
7.	Oomishni qonnaa gurguramee qaama 3ffaatti darbee osoo jiruu mana kuusaa keessatti argamuun isaa qofti oomshni qonnaa seeraa ala kuufame jedhamee yakkaan kan nama hin gaafachiifne ta'uu Labsii Sirna To'annoo Gabaa fi Qulqullina Oomishaalee Qonnaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe Lak.234/2013 keewwata 19/1/c/ fi 26(11)	393113	Obbo Kifloom Bakratsiysoon fi Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa	20/07/2014	46
8.	Hojjetaan mootummaa namni ta'e qabeenya isaa beeksisuu yookiin galmeessisuu dhabuun yakka malaammaltummaan kan isa gaafachiisu ta'uu Labsii Lakk. 169/2003 kwt. 5(1,2) fi Labsii Malaammaltummaa Lak. 881/2007 keewwata 19(2)	393881	Geetuu Hayiluu Afawarqii fi Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa	25/08/2014	55

9.	Durbummaan baduu baatus daa'ima umuriin ishee waggaa 13 gadi taate irratti saalqunnamtii raawwachuun yakkaan kan nama gaafachiisu ta'uu S.Y bara 1996 bahe keewwata 627(1)	393863	Obbo Fissahaa Urgeessaa fi Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa	04/08/2014	73
10.	Waraqaa eenyummaa nama hin beekamneen qophaa'etti fayyadamuun yakka malaammaltummaa osoo hin taane yakka idilee sanada mootummaa fakkeeffamee qophaa'etti fayyadamuun kan gaafachiisu ta'uu Seera yakkaa keewwata 385- 1- B	394158	Kibiroom Kidduu faa(N-2) fi Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa	09/09/2014	78
B. HOJJETAA FI HOJJECHIISAA					
11.	Hojjetaan tajaajilli isaa waggaa tokkoo gadi ta'es waliigalteen hojii adda citnaan akkuma tajaajila isaatti kanfaltii boqonnaa waggaa turtii isaa wajjin walmadaalu argachuuf mirga kan qabu ta'uu Labsii Hojjetaa fi Hojjechiisaa Lakkoofsa 1156/2011 keewwata 77(5)	378431	Obbo Baqqalaa Damissee fi Mana Barumsaa Oolmaa Daa'immanii fi Sadarkaa 1 ^{ffaa} Qiddist Maariyaamii Yaaballoo	07/03/2014	89
12.	Hariiroon hojii qacarrii bu'uureffate yoo jiraate Labsiin Hojjetaa fi Hojjechiisaa Lakk.1156/2011 raawwatinsa kan qabu ta'uu Labsii Hojjetaa fi Hojjechiisaa Lak.1156/2011 keewwata 3(1)	391898	Aadde Ayinaalam Abbebee faa N-9 fi Humna Qilleensaa Rippabilika Federaalaawaa Itoophiyaa	01/06/2014	96
13.	Qajeelfamni akkaataa itti Ejensiiwwan Tajaajila Hojii fi	393424	Obbo Kabbadaa Irkoo faa (N-22) fi	11/08/2014	103

	Hojjetaa Qunnamsiisuu irratti hojjetan ilaalchisee murteessuuf bara 2012 bahe waa'ee mindaa hojjetootaa keewwata 33 jalatti kan tumame bu'uura godhachuun kan gaafatan murtiin kan haqame ta'uu		Kubbaaniyaa Seekurii Koorii Itoophiyaa Itt/G/I/Murta'e Damee Adaamaa		
C.	MAATII				
14.	Darbiinsi yeroo yeroo qabiyyeen lafaa qabamee kaasee kan lakkaa'amu malee yeroo abbaan qabiyyee du'ee kaasee kan hin lakkaa'amne ta'uu Dambii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadamaa Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 151/2005 keewwata 32	377713	Aadde Faaxumaa Usleemaanii fi Obbo Maammudee Huseen	07/03/2014	112
15.	Waliigalteen fuudhaa fi heerumaa gaa'ela keessatti qabeenya bittaaan argame ilaalchisee taasifamu mana murtiitti dhiyaatee yoo hin raggaasifamne bu'aa seeraa hordofsiisu kan hin qabne ta'uu Seera Maatii Oromiyaa keewwata 74(2)	392402	Obbo Jambaree Tasfaayee faa(N-9) fi Aadde Tsahaay Lammaa	02/09/2014	118
16.	Lafa qabiyyee baadiyyaa gaa'eela keessatti wagga 12 waliin itti fayyadamaa turuun yoo mirkanaa'e qabiyyichi qabiyyee gaa'eelaa ta'ee gaheen haadha manaa yookiin abbaa manaa dhaalaan ijoollee isaaniitti darbuu kan danda'u ta'uu SHH Lak.842(1) fi Seera maatii Oromiyaa keewwata 78	393039	Aaddee Taarikuwaa Uumaa fi 1. Obbo Kumsaa Diriirsaa faa(N-2)	18/08/2014	129

D. QABEENYA					
17.	Waliigalteen bittaa fi gurguraa lafaa bu'aa seeraa kamiyyuu kan hin hordofsiifnee fi darbinsa yeroo kan hin qabne ta'uu Heera Mootummaa Keewwata 40(3), Labsii Lafa Baadiyyaa Federaalaa Lakk.456/1997 fi Labsii Lafa Baadiyyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 56/1994 fi 130/1999	375818	Aadde Naardoos Salamoon faa N-2 fi Ob/ Maammuyyee Nagaash	29/10/2013	136
18.	Qabiyyeen waloo qooddiif kan hin dhiyaanne ta'uu Labsii lakk. 130/1999 keewwata 2(5)	393824	Dagabaasaa Qaxxaamuraa faa (N-2) fi Obbo Dajanee Dastaa	02/09/2014	143
19.	Qabiyyee lafa raawwiin himatamtuu harka galee jiru himattuu nama qabiyyeen harka hin jirre himattee kan murteessisiifatte mirga dursee argame dhabsiisuu kan hin dandeenye ta'uu	393673	Aaddee Tsahaay Heeramoo fi Aadde Sannaayit Zargaawu	18/08/2014	149
E. SIRNA ADEEMSA FALMII HARI IROO HAWAASAA (SDFHH)					
20.	Seerummaa gaafatame irratti murtii kennuu dhabuun dogoggoora seeraa isa bu'uuraa ta'uu SDFHH lak.5(3)	393230	Aadde Tolashii Dhimmaa fi Obbo Gammachuu Sarbeessaa faa(N-2)	02/09/2014	155
21.	Manni murtii seerummaa gaafatameen ala murtii kennuu kan hin dandeenye ta'uu SDFHH lak.182(2)	376047	Aadde Dirribee Margaa fi Aadde Zannabuu Fiqaaduu	06/11/2013	159
22.	Manni Murtii Shari'aa Ol'iyyannoo dhagahu sababa murtii jalaa diige	392957	Obbo lisaa A/Giddii faa(dN-6)	18/08/2014	165

	osoo hin xiinxalin murtii kennuun dogoggora seeraa isa bu'uuraa ta'uu SDFHH lak.182(1)		fi Obbo Zeenuu A/Giddii faa(N-2)		
23.	Falmiin mana murtii sadarkaa duraatti hin kaane Mana Murtii Ol'jyannoo dhagahutti haaraa kaasanii falmuun kan hin danda'amne ta'uu SDFHH lak.329(1)	392147	Obboo Alamuu Abdiisaa fi Aadde Dirree Bayyanaa faa(N-3)	06/07/2014	172
24.	Baankii irraa kan hafe murtiin abbaa mirgaa falmii raawwii dursee eegalus booda irra murtii abbaa mirgaa kan ta'e waliin qabeenya abbaa idaa irratti raawwachiifachuuf mirga walqixa kan qabu ta'uu SDFHH lak.403	393859	Obbo Mohaammad Tukee fi Obbo Naasir Shaaffi	02/09/2014	181
25.	Sadarkaa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatti dhimmi murtii dhumaa hin arganne Dhaddacha Ijibbaataatti kan hin dhiyaanne ta'uu Labsii Lakk. 216 (2011 kwt 260)	393846	Obbo Jamaal Ushee fi Obbo Naasir Abiraahim faa(N-2)	02/09/2014	188

- Abbootii Seeraa:-
1. Guyyoo Waariyoo
 2. Fiixaa Dachaasaa
 3. Alamaayyoo Dhaaba
 4. Masfin Geetaachoo
 5. Ayyaanaa Tolinaa

Iyyataan:- Araggaaw Abiraaraawu

Waamamaan:- Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa
Galmee qorannee murtii kanaa gadii kennineerra.

MURTII

Dhimmi kun yakkaa meeshaa seeraan ala qabachuu kan ilaallatu yoo ta'u, dhaddachaa kanatti dhiyaachuu kan danda'e Manni Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Kaabaan iyyataa amma labsii lakk.1177/2012 kew.22(3) jalatti balleessa taasisuun adabbii hidhaa cimaa waggaa kudha sadiif adabbii maallaqaa qarshii kuma digdamaatiin akka adabamu murteesse Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaan cimsuun ajaja kenne dogoggoraa seeraa isa bu'uura ta'e qaba jechuun iyyata waan dhiyeeffateefidha.

Falmii kanaaf ka'umsa kan ta'e Abbaa Alangaan himannaa lakk. DY19870-GB-54 ta'e irratti dhaddachaa gaafa guyyaa 06/04/2013 barreefame iyyataa ammaa(himatamaa 1ffaa jala) fi himatamaa 2ffaa jala irratti dhiyeesseen yoo ta'u, qabiyyeen isaas gabaabinaan:-himatamtoonni hayyama seeraan ragga'e osoo hin qabaatin meeshaa waraanaa seeraa ala daddabarsuuf yaadanii gaafa guyyaa 01/04/2013 tilmaamaan halkan sa'atii 7:30 yoo ta'u Godinaa Shawaa Kaabaa Aanaa Kuyyuu Magaalaa Garba Gurraachaa Ganda 01 iddoo addaa Hoteelaa Moonekaa jedhamutti

konkolaataa fe'umsaa ISUZU lakk.gabatee isaa 3-A36272 ta'e sarara Godina Goojjaam irraa kallatti Magaalaa Finfinneetti iyyataa lffaa ammaa konkolaachisaa ture irratti meeshaa waraanaa bireenii baay'inni isaa torba ta'e fi tilmaamni isaa qarshii 263,340 baasuu fe'anii osoo deemaa jiranii karaa irratti yeroof dhaabbatu namootni yoo argan himatamtuun 2ffaan jalaa "kan qabannee jirru shittoodha maallaqa isiniif kenninaa nuuf gadhiisaa" jattee namootni yoo didan bireenii lama achumatti dhiisanii konkolaataa kaafatanii yoo fiigan qaama nageenyaatiin hordoffii taasifamee Aanaa Dagam Ganda Annaa Jirruu Bishaan Diimoo iddoo addaa Warabbii jedhamutti yoo qabaman konkolaataa keessa dabalataan bireenii shan waan argameef seera yakkaa kew.32(1)(A fi B) fi labsii lakk.1177/2012 kew.22(3) irra darbuun yakka raawwataniin himatamanii jiru kan jedhuu dha.

Himatamaa lffaan (iyyataan ammaa) mana murtii jalaatti jecha kenneen meeshaan waraanaa kun harka isaatti qabamuu isaa osoo hin haalin haala raawwii isaa yoo ibsu namni wayii Magaalaa Goondaritti speer-paartii baajaajiidha Magaalaa Finfinneetti namni sirraa fuudhu jira jedhee na feesise malee meeshaa waraanaa ta'uu hin beeku kan jedhudha.

Manni Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Kaabaa ragaa Abbaa Alangaa fi kan ittisaa erga dhagahee booda: himatamtoonni meeshaa waraanaa bireenii baay'inni isaa torba konkolaataan dhoksanii osoo naannessaa fi daddabarsaa jiranii kan qabaman ta'uu ragaan itti mirkanaa'ee himatamtoonni jecha ofii kennan ala ragaa ittisaa waan hin dhiyeeffanneef of irraa hin ittifne jechuun himannaa dhiyaate jalatti balleessaa taasisuun iyyataa ammaa adabbii hidhaa cimaa waggaa 13(kudha sadii)f adabbii maallaqaa qarshii 20,000 (kuma digdama)tiin akka adabamu galmee lakk.68187 ta'e irratti dhaddacha gaafa guyyaa 11/08/2013 ooleen

murteesse jira. Himatamtoonni murtii kana komatanii kan ol'iywatan ta'us Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa galmee lak.350513 ta'e irratti dhaddacha gaafa guyyaa 12/09/2013 ooleen ol'iyannoo dhiyaate bu'uura s/d/f/y/kew.195(1)tiin kufaa taasisuun ajaja kennee jira. Iyyatni amma dhiyaates murtii manneen murtii jalaa kun dogoggora seeraa isa bu'uura ta'e qaba jechuun yoo ta'u, qabiyyeen iyyata gaafa guyyaa 25/09/2013 barreeffameen iyyataan ammaa dhiyeesse gabaabinaan:-ragooleen Abbaa Alangaa himatamaan meeshaa waraanaa qabachuun yakka raawwatee jira jechuun ala konkolaataa irratti akkamitti akka fe'ame waanta dubbatan hin jiru, ragaa ittisaa ani qabus Magaalaa Goondar yoo ta'an ani immoo mana hidhaa keessa waanan tureef ragaa ittisaa dhiyeessuu kan hin dandeenye ta'ee osoo jiruu murtiin balleessummaa kenname dogoggora, adabbiin natti murtaa'es dogoggora waan qabuuf murtiin jalaa diigamee murtii haqa qabeessa ta'e akka naaf kenamu kan jedhuu dha.

Iyyatni dhiyaate kun qoratamee Ijibbaataaf ni dhiyeessisa waan jedhameef waamamaan deebii gaafa guyyaa 15/10/2013 barreeffamee dhiyeesse gabaabinaan:-labsii lakk.1177/2012 hanqina seera yakkaa qabu guutuuf seera adda ta'u isaa gamatti meeshaan waraanaa jedhame kun harka iyyataa kanatti qabamuu isaa ala kaayyoo daldalaaf ta'uu ragaan agarsiisus waan hin jirreef gochi yakkaa raawwate labsii kanaan kan gaafachiisu malee seera yakkaa kew.481tiin miti. Meeshaa waraanaa kana qabatee argamuun isaa hanga mirkanaa'etti immoo akkamitti fi eessaa fe'ame kan jedhu hin mirkanoofne komiin jedhu fudhatama hin qabu; adabbiin ilaalchisee sababa adabbiin salphisuu lama qabameefii kan murtaa'e waan ta'eef iyyatni dhiyaatee kufaa ta'ee murtiin jalaa nuuf haa cimuu kan jedhuu dha.

Dhufaatii dhimma kanaa gabaabinaan haala armaan olitti ibsame yoo

ta’u, dhaddachi kunis murtii manneen murtii jalaa iyyata kanaaf ka’umsa ta’e seerota rogummaa qaban wajjin qoratee jira. Akka qoranneetti iyyataan gochaa yakka ittiin himatame raawwachuu isaa mirkanaa’eera jechuun labsii lakk.1177/2012 kew.22(3) jalatti murtii balleesummaas ta’e adabbiin kenname dogoggora seeraa isa bu’uuraa ta’e qabaa? kan jedhu haala armaan gadiitti xiinxalamee jira.

Bu’uuruma kanaan, iyyataan gocha yakkaa ittiin himataman raawwachuuf raawwachuu dhabuu wal qabatee firii dubbii ragaan mirkanaa’uu danda’uudha. Bu’uura irraa ragaa madaaluun aangoo Dhaddachaa Ijibbaataa kanaa akka hin taane Labsii Gurmaa’ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe lakk.216/2011 kew.26(3D) jalatti tumamee jira. Haaluma kanaan, Manneen Murtii iyyataan gocha yakkaa ittiin himatame raawwachuu isaa ragaan qulqulleessanii murtii kennan waan ta’eef bu’uura qajeeltoo labsii kanaatiin madaallii ragaa wal qabatee murtiin jalaa dogoggora seeraa isa bu’uuraa ta’e hin qabu. Osoodhuma madaalamees iyyataan ammaa kun himatamtuu 2ffaa jalaa waliin ta’uudhaan meeshaa waraanaa bireenii jedhamu baay’inni isaa torba ta’e konkolaataan fe’ee deemaa osoo jiruu kan qabame ta’uu isaa ragaa Abbaa Alangaa dubbatanii fi iyyataan gama isaatiin jecha isaa yeroo kennu meeshaan waraanaa kun harkatti qabamuu isaa osoo hin haalin iddoo ka’umsa isaa irraa namatu meeshaa baajaajii Finfinneetti naa geessi jedhee natti kenne malee meeshaa waraanaa ta’uu hin beekne jechuun bu’uura jecha kenneen ragaan ittisaa dhiyeesse hin jiru.

Adabbii ilaalchisees keewwatni seeraa balleessaa ittiin jedhame adabbii hidhaa cimaa waggaa saddetii hanga waggaa digdamaatti adabbiin maallaqaa immoo qarshii kuma dhibba tokkoo hanga dhibba lamaatti kan

adabsiisu yoo ta'u, haala raawwii yakkichaa fi balaafamummaa meeshaa waraanaa harkatti qabamee waliin yoo ilaalamu adabbiin manneen murtii jalaa kennan sababa ittiin komatamu hin jiru. Akka waliigalaatti, iyyataan gocha yakkaa ittiin himatame raawwachuun isaa mirkanaa'eera jechuun labsii lakk.1177/2012 kew.22(3) jalatti murtii balleesumaas ta'e adabbiin kenname dogoggora seeraa isa bu'uuraa ta'e hin qabu jechuun sagalee guutuun murteessine jirra.

AJAJA

1. Manni Murtii Ol'aanaa Godinaa Shawaa Kaabaa galmee lakk.68187 ta'e irratti dhaddacha gaafa guyyaa 11/08/2013 ooleen murteessee fi Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa galmee lak.350513 ta'e irratti dhaddachaa gaafa guyyaa 12/09/2013 ooleen ajaja kenne bu'uura s/d/f/y/kew.195(2B2)tiin cimee jira.
2. Garagalchi murtii kanaa iyyataaf mana murtii jalaatiif haa gahu
3. Galmeen murtii waan argateef mana galmeetti haa deebi'uu.

- Abbootii Seeraa: -
1. Gammachuu Baqqalaa
 2. Fiixaa Dachaasaa
 3. Alamaayyoo Dhaabaa
 4. Huseen Kamaal
 5. Ayyaanaa Toliinaa

Iyyataa: - Raamatoo Duubee

Waamamaa: - Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa
Galmeen qoratamee murtiin itti aanu kennameera

MURTII

Galmeen kun banamee dhiyaachuu kan danda'e sababa iyyataan ammaa Murtiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Kibbaa galmee lakk. 324941 taherratti dhaddacha guyyaa 26/09/2013 ooleen kenne dogoggora bu'uura seeraa qaba jechuun akka sirratuufiif waan gaafateefidha.

Ka'umsi falmii galmee kanaa himata yakkaa himatamoota iyyataa dabalatee namoota saddeet irratti dhiyaatee yoo tahu himanni iyyataa ammaa ilaallatu: gaafa guyyaa 23/08/2010 guyyaa keessaa sa'a 10:00 yoo tahu Godina Arsii Aanaa Shaashamannee Ganda Allaachee Haarabaatee jedhamutti meeshaa waraanaa sagalee hin qabne kanneen akka cuubee, saanjaa, sibiila feerroo fi billaa qabachuun miidhamaa dhuunfaa Huseen Qufaa jedhamuu iyyataan ammaa Zangiin miillaa lamaan deddeebisee tumuun birmannaa ragaa fi mana yaalaan du'arraa oolee jira waan taheef seera yakkaa kwt.32/1/A/,27/1/ fi 539/1/A/ irra darbuun yakka yaalii ajjechaa cimaan himatamanii jiru kan jedhu yoo ta'u himanni 2ffaa

immoo nama ajjeessuuf yaadee miidhamaa dhuunfaa Aliyyii Qufaa zangii feerrootiin mataa gara bitaa rukutee baqaqsee birmannaa ragaa fi yaalaa ol'aanaa argateen lubbuun isaa baraaramee jira jechuun seera yakkaa kwt.32/1/A/, 27/1/ fi 539/1/A/ irra darbuun yaalii ajjeechaa cimaan himatamee jira kan jedhudha. Himatamuu isaa beekee akka dhiyaatuuf iyyataaf waamichi gama gaazexaa Addis Zaman taasifamee waan hin dhiyaanneef bu'uura SDFY kwt.162 bakka hin jirretti falmiin dhaga'ameera. Ragaan namaa abbaa alangaa fi ragaa mana yaalaa irraa dhiyaatee erga dhagayee booda yakki kun tahee jedhamee itti yaadamee utuu hin taanee lola duraan jiruuf araara irra utuu jiranii akka tasaa waan wal dhabanifidha; miidhaan gahee fi bakka inni rukute waliin ilaaluun miidhaan kun du'aaf kan saaxilu waan hin taaneef himata 1ffaa jijjiiruun seera yakkaa kwt.555/b/ jalatti akkasumas himata 2ffaan walqabatee miidhaan gahe xiqqaa ta'uu ibsuun seera yakkaa kwt.556/2/A/ jalatti iyyataan akka of irraa ittisu ajajee jira. Iyyataan ammaa ragaa ittisaa Mana Murtii Ol'aanaatti dhiyeeffate waan hin qabneef Manni Murtii Ol'aanaas himata 1ffaa ilaalchisee seera yakkaa kwt.555/b/ jalatti himata lammaffaa seera yakkaa kwt.556/2/A/ jalatti murtii balleessaa erga kennee booda adabbii hidhaa cimaa waggaa sadii fi baatii torbaan akka adabamu murteesse jira.

Abbaa Alangaa ol'iyiyata gaafatee Manni Murtii Waliigalaa ni dhiyeessisa jedhee erga falmisiisee booda himata 1ffaa ilaalchisee miidhaan feerrootiin kan ga'e ta'ee utuu jiruu Manni Murtii jalaa du'aaf kan nama saaxilu miti jechuun keewwata jijjiiruun dogoggora jechuun seera yakkaa kwt.32/1/, 27/1/ fi 540 jalatti balleessaa jedhee jira; himata lammataan walqabateen miidhaa gahee fi haalli itti raawwatamees lubbuusaaf kan sodaachisu miti jechuun seera yakkaa kwt.556/2/A/ jalatti balleessaa kan jedhamee sirriidha jechuun adabbii shallaguun hidhaa cimaa waggaa saddeet fi baatii

jahan akka adabamu murteesse jira. Komiin amma dhiyaates murtiima kanarratti yoo ta'u ijoo komii isaas: jechi ragaa namaa Abbaa Alangaa wal faalleessaa; ragaan mana yaalaa miidhaa qaamaa cimaan gahuu hin hubachiisu; kanaafuu Manni Murtii Waliigalaa keewwata jijjiiree adabbii hidhaa cimaa waggaa saddet fi baatii jaha akka adabamu kan murteesse dogoggora jedhamee akka naaf haqamu kan jedhudha. Komiin iyyataa ni dhiyeessisa jedhamee waamamaan deebii kenneen: iyyataan ammaa himatamoota jalatti isa waliin himataman waliin ta'uun miidhamaa dhuunfaa sibiila feerroo qabateen deddeebisee qaama miidhamaa waan rukutee fi gocha kana yoo raawwatus yaada miiltoowwan isaa gonfatee kan raawwate waan taheef seera yakkaa kwt.27/1/ fi 540 jalatti murtiin balleessummaa kenname hin komachiisu, murtiin jalaa nuuf haa cimu jedhaniiru. Falmiin galmee kanaa gabaabinaan kanuma yoo tahu nutis falmii bitaa fi mirgaa, murtii jalaa fi seerota rogummaa qaban waliin galmee keessaa akka itti aanutti qorranneerra. Akka qorannee ilaallettis himata lffaan walqabatee seera yakkaa kwt.555/b/ jalatti moo seera yakkaa kwt.27/1/ fi 540 jalatti murtii balleessaa kennamuu qaba? Kan jedhu ijoo dubbii tahee argama.

Kanumaan akka galmee keessaa qorannee hubannetti himatamaan tokko yakka raawwachuuf yaadi isaa maal ture kan jedhu kan beekuun danda'amu raawwiisaarraa akka taheedha. Iyyataan ammaa feerroo qabatee mudhii gadi miidhamaa dhuunfaa Huseen Quufaa jedhamu deddeebisee rukutee akka jiru ragaa namaa abbaa alangaan irratti dubbatamee jira. Iyyataan ragaa ittisaa dhiyeeffate hin qabu. Iyyataan ammaa sibiila feeroon mudhii gadi miidhamaa dhuunfaa rukute. Kun immoo miidhaa qaamaa gahuuf yaadamee kan raawwatame malee ajjeesuuf yaadamee kan raawwatame miti. Iyyataan utuu yaada ajjeesuu qaba ture tahee silaa feerroo qabatee jiruun qaama isaa lafa salphaatti rukutamee du'uu danda'u rukuta ture.

Kanaafuu haala raawwii gochicharraa kan hubannuu iyyataan yaada miidhamaa dhuunfaa ajjeessuu akka hin qabneedha. Manni Murtii Waliigalaa qaama midhamaa bakka rukutamee tilmaama keessaa galchuu dhiisuun meeshaa inni fayyadamee qofarratti hundaa'uun yaada himatamaa adda baasuuf yaaluunsaa hanqina tahee argama. Yaada himatamaa jechuunis dhuguma ajjeessuuf yaadeeti moo miti? Kan jedhu beekuuf meeshaa inni fayyadame, bakka inni rukutuuf yaadee, bakka inni qabamaatti rukutee fi miidhaa qaamaa gahee ilaaluu gaafata.

Abbaa Alangaa deebii kenneen miiltoowwan isaa biroo waliin yaada tokko qabatee kan raawwate waan ta'eef bu'aa gocha isaanii ofitti fudhatee waan raawwateef bu'uura Seera yakkaa kwt.32 tiin yaalii ajjeechaan kan itti gaafatamu ta'a jedhee jira. Lolli kan ka'e akka tasaa utuu wal dhabdee armaan dura tureef araara taa'aa jiranii kan waldhaban malee dursanii itti yaadanii waliin karoorsanii kan waliin raawwatan miti waan ta'eef gocha yakkichaa fi bu'aa inni argamsiisu hunda keessatti guutummaan hirmaataa ta'uun gochicha kan ofii isaa taasisee jira haalli nama jechisiisu hin jiru. Kana yoo ta'e immoo bu'uura seera yakkaa kwt.32 tiin gocha himatamoonni biroo raawwataniif sababa itti iyyataan gaafatamuu hin jiraatu. Iyyataan yaada miidhamaa dhuunfaa Huseen Quufaa ajjeessuu kan aabu ta'uun haala raawwii yakkicharraa kan hubatamu miti. Gocha iyyataan raawwate immoo miidhaa qaamaa gahee fi haala raawwii isaa yoo ilaalamu himata 1ffaa seera yakkaa kwt.555/B/ jalatti miidhaa qaamaa cimaan akka adabamuuf kan Manni Murtii Ol'aanaa murteessee hanqina kan qabu miti. Manni Murtii Waliigalaa garuu sababa gahaa malee keewwata jijjiiruun kan adabee dogoggora ta'ee argama. Himata yakkaa 2ffaa kan seera yakkaa kwt.556/2/A/ jalatti balleessaa jedhameen walqabatee komiin ka'ee hin jiru waan ta'eef bira darbinee jirra. Walumaa galatti, sababoota olitti tarreeffameef murtiin

mana murtii jalaa dogoggora seeraa isa bu’uuraa qaba jechuun ajajni itti aanu kennameera.

AJAJA

1. Murtiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Kibbaa galmee lakk. 324941 ta’erratti dhaddacha guyyaa 26/09/2013 ooleen iyyataa ammaan walqabatee kenne murtii balleessummaa fi adabbii bu’uura SDFY kwt.195/2/b/2/ tiin fooyya’eera.
2. Murtiin Mana Murtii Ol’aanaa Godina Arsii Lixaa galmee lakk. 33894 ta’e irratti dhaddacha guyyaa 12/05/2013 ooleen murtii balleessummaa fi dhaddacha guyyaa 19/05/2013 ooleen adabbii iyyataa ammaan walqabatee kenname bu’uura SDFY kwt.195/2/b/2/ tiin cimeera.
3. Mana amala sirreessaa iyyataan keessa jiruuf iyyataan hidhaa cimaa waggaa sadii fi baatii torbaan akka adabamuuf fooyyaa’ee murtaa’ee waan jiruuf akkaataa adabbii fooyya’een akka raawwachiisuuf haa barreeffamuuf.
4. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaaf haa ergamu.
5. Galmeen waan murtii argateef cufameera; gara mana galmee cufameetti haa deebi’u.

- Abbootii Seeraa:-
1. Guyyoo Waariyoo
 2. Fayyisaa Tolasaa
 3. Fiixaa Dachaasaa
 4. Alamaayyoo Dhaabaa
 5. Darajjee Fayyee

Iyyataan: - Xilaahuun Bayyanaa

Waamamaan: - Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa

Galmee qorannee murtii kanaa gadii kennineerra

MURTI

Galmeen kun banamee Dhaddacha Ijibbaataa kanaaf dhiyaachuu kan danda'eef iyyataan iyyannoo guyyaaa 23/10/2013 barreessee dhiyeesseen murtiin Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Yakkaa G/galeessaa galmee lakk. 350390 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 12/09/2013 ooleen kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa qaba jechuudhaan akka sirratuuf waan gaafateef.

Ka'umsi dhimmichaa himannaa yakka malaammaltummaa sanada sobaatiin fayyadamuu himataan jalaa (Abbaan Alangaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee) himatamaa jalaa (iyyataa ammaa) irratti Mana Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinneetti dhiyeesseen yoo ta'u, qabiyyeen himatichaa gabaabinaan himanni lffaan; himatamaan labsii yakkoota malaammaltummaa tumuuf bahe lakk. 881/2007 kwt. 23(2, A) jalatti kan tumame irra darbuudhaan faayidaa hin malle argachuu fi uummataaf mootummaa irratti immoo miidhaa geessisuuf yaadee kanfaltii kuufama gibiraa, dhala fi adabbii gibira mootummaa bara 2006 hanga 2010tti irraa barbaadamu qarshii

602,849.65 lakk. Herrega Waajjira Maallaqaa fi Walta'iinsa Dinagdee Magaalaa Sabbataa 1000016034855 ta'een Baankii Daldala Itoophiyaa Dame Sabbataatti saaqametti kan galii gochuu qabu; nagahee galii maallaqaa Baankii Daladala Itoophiyaa Damee Moogilee Taraaraa lakk, TR. Ref: TT19219JWVBL ta'e gaafa guyyaa 01/12/2011 kennameen qarshii 20.00 qofaa galii gochuudhaan; nagahee Baankii Daldala Itoophiyaa Damee Mogilee Taraaraa lakk. TR.Ref: TT19219JWVBL ta'e gaafa guyyaa 01/12/2011 qophaa'e qarshii 602,849.65 irratti barreeffame sobaan qophaa'ee fi mallattoo sobaa fi maqaa ogeessa baankichaa fi chaappaa baankichaatiin fayyadamuudhaan hanga maallaqa galii ta'ee gara qarshii 602,849.65tti kan ol guddifame ta'uu osoo beekuu akka waan qarshicha dhugaadhaan galii taasisee fi nagaheen baankichaa dhiyaates seera qabeessa ta'eetti nagahee baankii sobaan qophaa'e kana qabatee gara Waajjira Abbaa Taayitaa Galiiwwan Bulchiinsa Magaalaa Sabbataatti geessuudhaan:-Nagahee lakk. 1108158082810 ta'e gaafa guyyaa 02/12/2011 barreeffameen kanfaltii gibiraa fi dhala bara 2006tiif qarshii 339,974.16; Nagahee lakk. 1108192082810 ta'e guyyaa 02/12/2011 barreeffameen kanfaltii adabbii gibira bara 2006tiif qarshii 3,821.86; Nagahee lakk. 1108161082810 ta'e guyyaa 02/12/2011 barreeffameen kanfaltii gibiraa fi dhala bara 2007tiif qarshii 95,116.74; Nagahee lakk. 1108171082810 ta'e guyyaa 02/12/2011 barreeffameen kanfaltii gibiraa fi dhala bara 2008tiif qarshii 163,520.15; fi Nagahee lakk. 1108180082810 ta'e guyyaa 02/12/2011 barreeffameen kanfaltii dhala gibiraa bara 2010tiif qarshii 366.74 Itti murachuudhaan walumaagalatti nagahee seera qabeessa qarshii 602,849.65 ta'etti jijjiirrachuudhaan faayidaa ol'aanaa seeraan alaa waan argateef yakka malaammaltummaa sanda sobaatiin qophaa'etti fayyadamuudhaan faayidaa ol'aanaa argachuutiin himatame kan jedhu yoo ta'u, himanni 2ffaann immoo labsiidhuma olitti ibsame kwt. 23(3) jalatti kan tumame irra darbuudhaan

faayidaa hin malle argachuu fi mootummaa fi uummata miidhuuf yaadee kanfaltii gibiraa bara 2011 irraa barabaadamu qarshii 13,597.60 herreega baankii Waajjira Maallaqaa fi Walta'iinsa Dinagdee Bulchiinsa Magaalaa Sabbataa lakk. 100001603485 ta'een Baankii Daldala Itoophiyaa Damee Sabbataatti banamee argamutti galii gochuu kan qabu baankichatti qarshii 100.00 qofa galii taasisuudhaan akka waan qarshii 13,597.60 taasisetti nagahee sobaa Baankii Daldala Itoophiyaa Damee Sabbataa Lakk. TR, Ref: 19295H2KYN guyyaa 11/02/2012 barreeffame qarshii 13,597.60 ofirraa qabuu fi mallattoo sobaa fi maqaa ogeessa baankichaa fi chaappaa baankichaatiin fayyadamuudhaan fakkeeffamee qophaahe ta'uu osoo beekuu akka waan qarshicha dhugaadhaan baankichatti galii taasisse fi nagahichis seera qabeessa ta'eetti gaafa guyyaa 21/02/2012 gara Waajjira Abbaa Taayitaa Galiwwan Bulchiinsa Magaalaa Sabbataatti dhiyeessuudhaan nagahee seera qabeessa lakk. isaa 1143406082810 ta'etti jijjiirrachuuudhaan sanada sobaan qophaaheen faayidaa qarshii 13,597.60 ta'ee waan argateef yakka malaammaltummaa sanada sobaatiin fayyadamuutiin himatameera kan jedhu yoo ta'u, akkasumas; himanni 3ffaan himatamaan labsii yakkoota malaammaltummaa tumuuf bahe lakk. 881/2007 kwt. 23(3) irra darbuudhaan faayidaa hin malle argachuuf akkasumas mootummaa fi uummata irra miidhaa geessisuuf yaadee kanfaltii tajaajila mana qopheessaa akka kanfalu irraa barbaadamu qarshii 3,016.00 herrega baankii mana qopheessaa bulchiinsa Magaalaa Sabbataa lakk. 1000010960596 ta'een Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaa Damee Sabbataa Awaasitti saaqamee argamutti galii gochuu kan qabu maallaqa kana galii osoo hin taasisin akka waan galii taasisetti nagahee Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaa Damee Sabbataa Awaas lakk. TR.Ref: TT19226F67W5 ta'e guyyaa 11/02/2012 qophaa'ee qarshiin 3,016.00 of irraa qabu fi mallattoo sobaa fi maqaa ogeessa baankichaatiin fakkeeffamee qophaa'e ta'uu isaa osoo beekuu sanada sobaa kanaan

fayyadamuudhaan akka waan qarshii kana galii taasiseetti nagahicha qabatee gaafa guyyaa 21/02/2012 Waajjira Abbaa Taayitaa Galiwwan Bulchiinsa Magaalaa Sabbataatti dhiyeessuudhaan gara nagahee seera qabeessa lakk. isaa 0841091 ta'etti jijjiirrachuudhaan faayidaa qarshii 3.016.00 waan argateef yakka malaammaltummaa sanada sobaatiin fayyadamuu raawwateen himatameera kan jedhuudha.

Himatamaan jalaa (iyyataan ammaa) himannaa irratti dhiyaateef jecha amantaa fi waakkii kennee ture; “Dhaabbata keenya keessatti hojii adeemsisaa kan ture namni maqaan isaa Bawuqatuu Zagayyee jedhamu maallqa gibiraaf kanfalamuu qabu kan himannaa 1ffaa, 2ffaa fi 3ffaa jalatti ibsame kana akka waan baankiitti galii godhe fakkeessuudhaan sanada sobaa qopheessee natti fidee jennaan; anis isa waliin sanada kana qabadhee gara Abbaa Taayitaa Galiwwanii geessinee jirra. Ani garuu sanada sobaa kana hin qopheessine. Qulqulleeffachuu osoon qabuu, osoon hin qulqulleeffatin itti fayyadameen jira. Sanada sobaa ta'uu isaa erga himanni kun dhiyaatee boodan bare waan ta'eef sanadicha osoon hin qulqulleeffatin itti fayyadamuun kiyya dogoggora waan ta'eef dhimmi kun naaf haa hubatamu” jechuudhaan mirga isaa eeggatee waakkateera. Manni murtii Ol'aanaa Godinichaatis ragaa namaa fi barreeffamaa bitaa fi mirgaan dhiyaateef erga dhagaheen booda murtii galmee lakk. 71090 ta'e dhaddacha guyyaa 15/07/2013 ooleen kenneen; himatamaan yakka malaammaltummaa sanda sobaa fakkeeffamee qophaa'e ta'uu osoo beekuu kan ittiin fayyadame ta'uu ragaa namaa fi ragaa barruu gama Abbaa Alangaatiin dhiyaateen haala shakkiin ol ta'een kan itti mirkanaa'e yoo ta'u; ragaan namaa fi barreeffamaa akka ragaa ittisaatti himataman dhiyeeffate himatamaan gibira kanfaluuf jedhee mana gurgurachuu isaa malee gibira kana bakka bu'aan isaa akka isaaf kanfalu kan itti ergate ta'uu isaa kan mirkaneessan miti. Walumaagalatti, bitaa fi gurgurtaan

mana jireenyaas ta'ee manni gurguramuu isaa malee maallaqni gurgurtaa manichaa irraa argame kanfaltii gibiraa isa irraa barbaadamuuf kan oolfame ta'uu kan hubachiisu miti waan ta'eef ragaan ittisaa namaas ta'ee kan barruu himatamaan dhiyeeffate kan irraa ittisan miti. Kanaafuu, himatamaan yakka malaammaltummaa gosa sadeenuu itti himatame raawwaachuun isaa kan itti mirkanaa'e yoo ta'u ragaa ittisaatiin ofirraa waan hin faccifanneef himatamaan himannaa gosa sadeen itti himatame hundumaa jalatti keewwatuma itti himatame jalatti balleessaadha jedhee murtii balleessummaa erga itti kennee booda adabbii bu'uura qajeelfama adabbii lakk. 2/2006 fi sy. Kwt. 184(1,B)tiin shallaguudhaan himatamaan jalaa ykn iyyataan ammaa adabbii hidhaa cimaa waggaa kudha tokkoo fi adabbii maallaqaa qarshii kuma shaniitiin akka adabamu itti murteesse ture.

Himatamaan jalaa (iyyataan ammaa) murtii balleessumaa fi adabbii Mana Murtii Ol'aanaa Godinichaa kenne kana komachuudhaan ol'iyyannoo Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Yakkaa G/galeessaatti kan dhiyeeffate yoo ta'u, Manni Murtii Waliigalaatis komii dhiyaate bu'uura godhachuudhaan dhiyeessisee falmii bitaa mirgaan dhiyaateef dhagahee galmee qoratee Murtii kenneen; himatamaan jalaa yakka malaammaltummaa sanada sobaatiin fayyadamuudhaan faayidaa argachuu raawwachuu isaa ragaa abbaa alangaatiin irratti mirkanaahe kan ofirraa hin ittifanne waan ta'eef balleessaadha jedhuun isaa kan komatamu miti. Haa ta'u mlee, himatmaan himannaa sadeenuu jalatti moo tokko jalatti balleessaa jedhamuu qabaa? ijoo jedhu ilaalchisee sy. Kwt. 61 jalatti badii tokkoof adabbii tokko kennamuu akka qabu kan tumame yoo ta'u kwt. 61(2) jalatti akka tumameen mirga seeraan eegame tokko irratti irra deddeebi'anii ykn walitti aananii gochoonni yakkaa raawwataman yaada tokkoon akka raawwatamanitti kan lakkaa'aman

akka ta'e tumameera. Raawwataan haala kana yaada tokkoon gochoota yakka waliitti aananii yoo raawwate yakkuma tokkoon ykn keewwwata seera yakkaa tokkoon kan adabamu ta'uun tumameera. Gocha himataman ammaa raaawwates bu'uura sy.kwt. 61(2) tiin gochoota yakkaa yaada tokkoon walitti aananii raawwataman waan ta'eef gochuma yakka tokkoon kan gaafachiisuudha. Kanaafuu himanni himatamaa jalaaa irratti dhiyaate 2ffaa fi 3ffaan himatuma 1ffaa jalatti kan hammatamu waan ta'eef murtiin balleessummaa Mana Murtii Ol'aanaa Godinichaatiin kenname fooyya'ee himatmaan himannaa 1ffaa labsii lakk. 881/2007 kwt. 23(2, A) qofa jalatti balleessaa jedhamuu qaba jechuudhaan adabbii irra deebi'ee bu'uura qajeelfama adabbiitiin shallagee himatamaan jalaa ykn iyyataan ammaa adabbii hidhaa cimaa waggaa 8 (saddeeti) fi adabbii maallaqaa kanuma Manni Murtii Ol'aanaa Godinichaa murteesse qarshii 5000.00 (kuma shanii)tiin akka adabamu murteesseera.

Iyyataan ammaa murtiin mannee murtii jalaatiin kenname dogoggora seeraa isa bu'uuraa qaba jechuudhaan akka sirratuuf iyyanni dhaddacha kanatti dhiyeesse gabaabumatti; labsii lakk. 881/2007 kwt. 23 yakka sanada sobaa qopheessuu yoo ta'u yakkichis hojjattoota mootummaa ykn miti mootummaa waliin walitti hidhata namoota qaban kan ilaallataniidha. Ani immoo daldalaa dhuunfaa hojjataa dhaabbilee mootummaa ykn miti mootummaa kamiinuu walitti hidhatiinsa hin qabne gibira mootummaaf kanfalu waanan ta'eef labsii kanaan himatamee natti murtaa'uun isaa dogoggora. Qabiyyeen himannaa Abbaa Alangaatis bu'uura sdfy. 111 fi 112tiin ifa ta'ee waan hin dhiyaanneef himannaa iftoomina hin qabneen balleessaa jedhamuun koo dogoggora. Ani gibira narraa barbaadamu kana hojjataa Hoteela kiyyaa kan ta'etti akka naaf kanfalu itti kennadhee sanada naaf dhiyeesse itti fayyadame yoo ta'u, sanada sobaa ta'uu erga himanni narratti dhiyaateen boodan beeke jedhee jecha kana kennee

yoo himanni narratti dhiyaate garuu akka waan sanada sobaa ta'e osoon beekuu dhiyeessetti ibsamee himatamuun koo dogoggora. Ragaan Abbaa Alangaatis osoon beekuu dhiyeeffachuu koo mirkaneessee hin jiru. Ragaan ittisaa kiyyaas narraa ittisanii jiru. Sababiin adabbii salphisuus sirriitti naaf hin shallagamne kan jedhuu fi kkf caqasuudhaan murtiin manneen murtii jalaa komateera.

Waamamaanis iyyata dhiyaateef deebii guyyaa 08/11/2013 barreessee dhiyeeseen iyyataan yakka malaammaltummaa ittiin himatame haala shakkiin ol ta'een ragaa namaa fi barreeffamaatiin irratti mirkanaa'ee jira. Kanaan ala iyyataan waa'ee madaallii ragaa bitaa mirgaa ilaalchisee komiin dhiyeessee bu'uura labsii lakk. 216/11 kwt. 26(3, D) tiin Dhaddacha Ijibbaataa kanatti dhiyaachuu kan maluu miti kan jedhu fi kkf caqasuudhaan murtiin jalaa akka cimuuf gaafatanii jiru. Seenaan dhufaatii falmichaa kan armaan olitti ibame yoo ta'uu, dhaddachi kunis falmii dhiyaate seera rogummaa qabu waliin yommuu ilaallu ijoon murtii argachuu qabu, iyyataan labsii yakka malaammaltummaa ittisuuf bahe lakk. 881/2007 lakk. 23 jalatti balleessaadha jedhamuun isaa sirriidha moo miti? kan jedhuu fi kkf qabannee qoranneerra. Mootummaan yakkoota mootummaa yakkoota biroo seera yakkaa waliigalaa keessatti tumamaniin adda baasuudhaan qofaatti hoogganuun barbaachisaa waan ta'eef dhimmootaa fi gochoota yakkoota malaammaltummaa ta'an qofaatti tumuudhaan yakki malaammaltummaa akka hin babal'anne fi namoota yakkicha rawwatanis seeratti dhiyeessuun sirna haqaa ariifachiisaa fi dhaqqabamaa taasisuuf labsii yakkootaa fi gochoota malaammaltummaa ibsan qofaatti labsii lakk. 881/2007 irratti kan tume ta'uu seensaa labsichaa irraa hubachuun ni dandaa'ama. Kaayyoo kana galmaan gahuuf jecha yakkoota sanada mootummaa irratti raawwataman labii kana keewwata bifa haaraadhaan gochoota isaa fi elementoota gocha

yakkichaa hundeessan tokko tokkoon ibsuudhaan adabbii isaanii waliin kwt. 23 jalatti tumeera. Mata duree labsichaa kwt. 23 jalatti ibsame irraa kaanee akka hubatamutti sanada mootummaa ykn dhaabbilee uummataa fakkeessanii qopheessuu, sobatti jijjiiruun ykn sanada sobaa kanaan fayyadamuun yakkaan kan adabsiisu ta'uun tumameera. Gochaan kunis nama kamiinuu yoo raawwatame yakka malaammaltummaatiin kan himachiisuu fi adabsiisu ta'uun tumaa labsichaa kwt. 23(1 fi 2) jalatti kan tumame irraa hubachuun ni danda'ama. Kanaafuu, iyyataan ani yakka malaammaltummaa labsii lakk. 23 jalatti tumameen himatamee adabamu hin qabu jechuudhaan komiin dhaddacha kanatti dhiyeesse rogummaa seeraa kan qabu miti jenneerra.

Gama biraatiin iyyataan sanda sobaa ykn sliippii baankii sobaan qophaa'e kana ani kan sobaa ta'uu hin barre hojii gaggeessaa dhaabbata kiyyaatu sanada sobaa kana qopheessee ani osoon hin beekin itti fayyadame kan jedheef ragaan ittisaa isaa haala kanaan kan mirkaneessan miti. Ragoonni ittisaa kan namaas ta'ee kan barreeffamaa iyyataan gibira kanfaluuf mana gurgurachuu isaa bakka bu'aan ykn hojii gaggeessaan isaa gibira irraa kanfaluuf maallaqa harkaa fuudhuu fi sanada sobaa kanas kan qopheessee bakka bu'aa ykn hojii gaggeessaa dhaabbata isaa ta'uu waanti hubachiisan hin jiru. Hanga kun hin mirkanoofnetti ykn ofirraa hin ittifannetti immoo bu'uura labsii lakk. 881/2007 kwt. 3 jalatti tumameen iyyataan ammaa faayidaa hin malle argachuuf gochaa yakka malaammaltummaa sanada sobaatiin fayyadamuu ykn qopheessuu akka raawwatetti kan tilmaamamuudha. Faayidaan iyyataan argate ol'aanaa ta'uu fi miidhaan mootummaa irra gahes ol'aanaa ta'uu isaarraa kan ka'e iyyataan labsicha kwt. 23(2,A) jalatti balleessaadha jedhamuun isaatis ta'e adabbiin Mana Murtii Waliigalaatiin kenname rogummaa seeraa kan qabuudha.

Walumaagalatti, murtii balleessummaatis ta'ee adabbiin Mana Murtii Waliigalatiin iyyataa ammaa irratti murtaa'e dogoggora seeraa Dhaddacha Ijibbaataa kanaan ilaalamuu malu dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan of keessaa hin qabneef akkuma jirutti haa cimuu jechuudhaan sagalee caalmaadhaan murteessinee jirra.

AJAJA

1. Murtiin Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Yakkaa G/galeessaa galmee lakk. 350390 ta'ee irratti dhaddacha guyyaa 12/09/2013 ooleen kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan hin qabneef bu'uura SDFY. KWT. 195(2-b-2) tiin akka cimuu sagalee caalmaadhaan murtaa'ee jira.
2. Garagalchi murtii kanaan manneen murtii jalaatii fi iyyataaf karaa teessoo isaaniitiin yaa ergamuuf jenneerra.
3. Galmee murtii dhumaa waan argateef cufameera.
4. Galmee mana galmee cufamaniitti yaa deebi'uu.

YAADA ADDAA

Nuti Abootiin Seeraa maqaan keenya tarree 4ffaa fi 5ffaa irratti argamu Abootii Seeraa galmicha wajjin qorannee irraa yaadaan adda bahuu keenyaaf sababa kan ta'ee manni hojii A/A Godina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinne himata lakk.01-0022 ta'ee gaafa 30/11/2012 barreeffameen himannaa gosa sadiin iyyataa ammaa kana himateera.

Qabiyyeen himannichaas iyyataan ammaa ykn himatamaan jalaa labsii yakkoota malaammaltummaa tumuuf bahe lakk.881/ 2007 kwt.23(2,A) irra darbuudhaan faayidaa hin malle argachuuf ykn ummataa fi mootummaa irraan miidhaa gahuuf itti yaadee kanfaltii kuufama gibiraa, dhalaafi adabbii mootummaa kan bara 2006 hanga 2010 akka kanfalu

irraa barbaadamu qarshii 602,849.65 herreega Waajjira Maallaqaa fi Walta'iinsa Dinagdee Magaalaa Sabbataatti lakk.1000016034855 ta'een Baankii Daldala Itoophiyaa Damee Sabbataatti galii gochuu qabu akka kanfale fakkeessuun irratti barreeffamee mallattoo sobaa fi maqaa ogeessa baankichaa akkasumas chaappaa baankichaa fayyadamuudhaan maallaqni galii ta'e qarshii 20.00 qofa ta'ee osoo jiruu qarshii 602,849.65tti kan ol guddifame ta'uu osoo beekuu akka waan qarshiicha dhugamaan galii taasiisee fi nagaheenis dhugaa ta'eetti qabatee gara Waajjira Abbaa Taayitaa Galiwwaanii Bulchiinsa Magaalaa Sabbataa geessuudhaan nagahee adda addaa itti murachuudhaan nagahee seera qabeessaa qarshii 602,849.65tti jijjiiruudhaan faayidaa hin malle waan argateef, himannaa 2ffaas labsiidhuma kana kwt.23(3) darbuun gocha yakkaa walfakkataadhaan kanfaltii gibiraa bara 2011 irraa barbaadamu qarshii 13,597.60 ta'ee osoo jiruu qarshii 100.00 qofa baankiitti galii taasiisuun akka waan qarshii 13.567.65 baankiitti galee godhee fakkeessuun nagahee sobaa kana Waajjira Abbaa Taayitaa Galiwwaniitti dhiyeessuun nagahee seera qabeessa lakk.1143406082810 ta'etti jijjiiruun sanada sobaan qophaa'een faayidaa hin malle qarshii 13,597.65 argateera jechuun akkasumas himannaa 3ffaa jalatti labsiidhuma kana kwt.23(3) irra darbuun kanfaltii tajaajila mana qopheessaa irraa barbaadamu qarshii 3,016.00 osoo hin kanfalin akka waan herrega Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaa Damee Sabbataa Awaas lakk.TR.Ref:TT19226F67W5 itti galii taasissee fakkeessuun nagahee seera qabeessa lakk.0841091 ta'etti jijjiiruun faayidaa hin malle qarshii 3,016 waan argateef yakka malaammaltummaa sanada sobaatiin tajaajilamuu raawwateera jechamee himatameera. Iyyataan ammaas jecha amantaafi waakkii kenneen kanfaltii gibiraa akka kanfalu hojjetaa isaatti kan kenne ta'uu fi sanadicha kan sobaan qophaa'e ta'uu osoo adda hin baafatin kan fayyadame ta'uu ibsuun waakkateera.

Ragaaleen A/A bu'uuruma himannaa dhiyaateen waan irratti mirkanaa'ee of irraa hin ittisne jechuun keewwatuma labsii farra malaammaltummaa A/A ittiin himate jalatti murtii balleessummaa fi adabbii kan kenne yoo ta'u Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Giddu Galeessaa murtii balleessummaa cimsee adabbii fooyyessuun murteesseera. Iyyataan ammaas murtii ballessumma fi adabbii manneen murtii jalaatiin kenname komachuun Dhaddacha Ijibbaataa kanatti kan iyyate yoo ta'u, dhaddachi kunis gocha yakkaa iyyataan rawwateef kewwanni rogummaa qabu s/y/kwt.378 moo ? labsii lakk.881/2007 kwt.23 (2,A) dhaa? kan jedhu ijoo qulqullaa'uuf galmeen dhaddachaaf dhiyaate yoo ta'u galmicha keessaa hubachuun akka danda'amutti iyyataan nagahee ykn sanada sobaan qophaa'etti fayyadamee hanga gibira mootummaa irraa barbaadamu kanfalu qabu osoo hin kanfalin akka kanfale fakkeessuun gara nagahee seera qabeessaatti jijjiiruun kan fayyadame ta'uu fi gocha yakkaa raawwate kanaan mootummaa irraan miidhaan akka gahe ragaadhaan mirkanaa'eera. Iyyataan hojjetaa mootummaas ta'ee kan dhaabbata dhuunfaa miti. Falmiin hojjetaa mootummaas ta'e hojjetaa dhaabbata dhuunfaa waliin waliigaluun faayidaa hin malle argateera ykn yakkicha raawwateera jedhu hin kaane. Kun bakka hin kaanetti sagalee caalmaan iyyataan sanada sobaatti tajaajilamuun faayidaa hin malle waan argateef labsii lakk.881/2007 kwt.3 jalatti itti gaafatamuu qaba jechuun haalli murtii Manni Murtii Waliigalaa kenne itti cimsan seera rogummaa qabu ta'ee waan nutti hin mul'anneef itti walii hin galle.

Sababni isaa labsii yakkkoota malaammaltummaa tumuuf bahe lakk.881/2007 kwt.3 jalatti firiin dubbii tilmaama faayidaa argachuu fi miidhaa geessisuu kan jedhu of danda'ee kan hiikamu osoo hin taanee qajeeltoo labsiidhuma kana kwt.4 jala jiru wajjiin ilaalamee hiikkoon itti kennamuu qaba yaada jedhu qabna. Qajeeltoon kun kan ilaallatu hojjetaan

mootummaa ykn hojjetaan dhaabbilee dhuunfaa ykn namni kamiyyuu tilmaama faayidaa argachuu ykn miidhaa geessisuu keewwata 2 jalatti tumame yoo raawwate gochi raawwatame amala malaammaltummaa guutee kan argame yoo ta'eedha. Gochi yakkaa sanada sobaatiin tajaajilamu iyyataan raawwate jedhame hojjetaa mootummaas ta'e hojjetaa dhaabbata dhuunfaa wajjiin walitti dhufeenya waan hin qabneef gocha yakka akka nama dhuunfaatti raawwatee faayidaa hin malle argatee waan ta'eef gochi yakkaa raawwatamee amala malaammaltummaa hin qabu. Gocha yakka kana hojjetaa mootummaa ykn hojjetaa dhaabbata dhuunfaa waliin ta'uun gocha yakka sanada sobaatti tajaajilamuu raawwateera jedhamee s/y/kwt.32(1, A, B), 33 fi labsii lakk.881/2007 walitti hidhamee hanga hin himatamnetti labsii malaammaltummaa kanaan itti gaafatamummaa ni qabaata kan jechiisusuu miti. Kanaan alatti iyyataan hojjetaa mootummaas ta'ee kan dhaabbata dhuunfaa wajjin waliigalee faayidaa jedhame argachuun isaa hanga hin mirkanoofnetti kophaa isaa labsii lakk.881/ 2007 kwt.23 jalatti qofaa isaa himatamee keewwatuma kana jalatti balleessadha jedhamuun isaa kaayyoo labsii yakkamtoota malaammaltummaa tumuuf bahe ala kan baheedha. Namni dhuunfaan hojjetaa mootummaas ta'ee hojjetaa dhaabbata dhuunfaa wajjin hidhata osoo hin qabaatin sanada sobaatiin yoo tajaajilame labsiin lakk.881/2007n kan itti gaafatamu osoo ta'ee seera yakka bara 1996 bahe kwt.375 hanga kwt. 385tti jiran keessaa kwt.379 qofa haqee kewwatoota kaan sababni dhiisuuf hin jiru. S/y/kwt.378 labsii lakk.881/2007 hanga hin haqamnetti fi hojii irra jiruutti iyyataan ammaas gocha yakka sanada sobaatiin tajaajilamuu raawwateef s/y/kwt 378 jalatti itti gaafatamuu qaba malee labsii lakk.881/2007 gocha yakka iyyataan raawwateef rogammaa hin qabu jennee yaadaan adda baanee jirra.

- Abbootiin Seeraa.:-
1. Guyyoo Waariyoo
 2. Fayyisaa Tolasaa
 3. Fiixaa Dachaasaa
 4. Alamaayyoo Dhaabaa
 5. Darajjee Fayyee

Iyyataan: - Abbuu Wassinee Yilmaa

Waamamaan: - A/A/ Waliigalaa Oromiyaa

Galmee qorannee murtii kanaa gadii kennineerra.

MURTII

Galmeen kun banamee Dhaddacha Ijibbaataa kanaaf dhiyaachuu kan dandaa'eef iyyataan iyyannoo guyyaaa 25/10/2013 barreessee dhiyeesseen murtii Manni Murtii Olaanaa Godina Shawaa Bahaa galmee lakk. 63529 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 26/09/2013 ooleen kenne fi ajaja Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Bahaa galmee lakk. 372434 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 17/10/2013 ooleen kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa qaba jechuudhaan akka sirratuuf waan gaafateef.

Ka'ums dhimmichaa himannaa yakka meeshaa waraanaa seeraan ala hayyama malee qabachuu himataan jalaa (Abbaan Alangaa Godina Shawaa Bahaa) himatamtoota jalaa irratti (iyyataa ammaa dabalatee) Mana Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Bahaatti dhiyeesseen yoo ta'u, qabiyyeen himatichaa gabaabinaan; himatamtoonni seera yakkaa bara 1996 bahe kwt. 32(1, a) fi Labsii To'annoo fi Bulchiinsa Meeshaa Waraanaa lakk. 1177/2012 kwt. 22(3) jalatti kan tumame darbuudhaan waliin ta'uudhaan gaafa guyyaa 14/09/2013 tilmaamaan guyyaa keessaa

sa'aa 6:00 yoo ta'u, Godina Shawaa Bahaa Aanaa Booset Magaalaa Oolaancitii irraa gara Naannoo Amaaraa Magaalaa Minjaaritti motor saayikilii lakk. gabatee 28746 OR ta'e himatamaa 1ffaa (nama Yiggazuu Tafarraa jedhamuun) konkolaachifamu irratti meeshaa waraanaa rasaasa kilaashii baay'inni isaa 475 ta'e madaabaraa bifti isaa magariisa ta'etti hidhanii irraan marxoo ykn shirrixii itti haguuganii himatamaa 2ffaan (iyyataan ammaa) of fuunduratti qabatee osoo imalaa jiranii Aanaa Booset bakka addaa Waashaa jedhamutti namoonni nageenya eegsisan shakkaniidhaabsisuuf yoo jedhan didanii kutanii bira darbanii booddee duukaa bu'anii hordoffii qaamni nageenyaa godheen Ganda Birbirsa Abbaa Booraa jedhamutti waan qabamaniif yakka meeshaa waraanaa hayyama malee qabatanii deemuutiin himatanii jiru kan jedhu ture.

Himatamaa 2ffaan jalaa (iyyataan ammaa) himannaa irratti dhiyaateef jecha amantaa fi waakkii kennee ture; “Ani konkolaataa eeggachaa osoon jiruu himatamaan kun motoraan dhufee jennaan, eessa deemtaa? jedhee yoon gaafadhu kara Magaalaa Minjaar deemaa jira waan naan jedheef ani garas deemuuf waanan tureef isa waliin motora isaatti yaabbadhee deeme malee ani waan himatamaa 1ffaan fe'e hin beeku. Kanaafuu ani badii tokkollee waanan hin qabneef balleessaa miti” jechuudhaan waakkatee ture.

Manni Murtii Ol'aanaa Godinichaatis ragaa namaa gama Abbaa Alangaatiin dhiyaateef dhagahee, himatamtoonni immoo ragaa ittisaa hin qabnu jedhanii barreeffamaan waan beeksisaniif kanuma galmeessee bira darbuudhaan murtii kenneen himatamtoonni waliin ta'anii meeshaa waraanaa rasaasa ibsame kana motoraan fe'anii osoo deemanii humna nageenyaatiin kan waliin qabaman ta'uun ragaa Abbaa Alangaatiin waan irratti mirkanaa'eef himatamtoonni keewwatuma seera yakkaa itti himataman jalatti balleessitoota jedhamanii murtii balleessummaa erga

kenneen booda adabbii bu'uura qajeelfama adabbii lakk. 2/2006 kwt. 19tiin shallagee adabbii hidhaa cimaa waggaa jahaa fi adabbii maallaqaa qarshii kuma sadiitiin akka adabaman itti murteesse ture. Himatamaa 2ffaan jalaa (iyyataan ammaa) murtii Mana Murtii Ol'aanaa Godinichaa kenne kana komachuudhaan ol'iyyannoo Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Bahaatti kan dhiyeeffate yoo ta'ellee, Manni Murtii Waliigalaatis komii dhiyaate bu'uura godhachuudhaan galmee qoratee ajaja kenneen murtii Mana Murtii Ol'aanaa Godinichaatiin kenname hanqina hin qabu jechuudhaan bu'uura sdfy. kwt. 195(1) tiin cimseera.

Iyyataan ammaa murtiin manneen murtii jalaatiin kenname dogoggora seeraa isa bu'uuraa qaba jechuudhaan akka sirratuuf iyyanni dhaddacha kanatti dhiyeesse gabaabumatti; himatamaa 1ffaan jalaa meeshaa waraanaa himannaaf sababa ta'e kana bu'uura waliigaltee nama sadaffaa waliin taasiseen isaaf geessuuf fe'ee kan deemaa ture ta'uu isaa, ani immoo daandii deemuuf konkolaataa eeggachaa osoon jiruu himatamaa 1ffaa kan ture motora qabatee dhufee kara Minjaar akka deemu waan natti himeef isa waliin imaluu kiyya irraa kan hafe yakka meeshaa waraanaa seeraan ala qabu kana keessatti hirmaannaa kanan hin qabnee fi waan himatamaan 1ffaan fe'es kanan hin beekne ta'uun koo mirkanaa'ee osoo jiruu yeroo meeshaa kana himatamaa 1ffaan fe'etti ani birallee kanan hin jirre ta'uun koo beekkamee osoo jiruu; jechi ragoota Abbaa Alangaa ana ilaalchisee kennan kan walfaallessuu fi gocha ykn hirmaanaan ani yakkicha keessaa qabu adda baasee haala amansiisaa ta'een kan hin mirkaneessine ta'ee osoo jiruu; ani jecha amantaa bu'uura sdfy. 35tiin kenne osoo hin jiraatin jecha himatamaan 1ffaan jalaa kenne akka waan ani kenneetti galmeessuudhaan murtii dogoggoraa kan kenne waan ta'eef; walumaagalatti yakka ittiin himatame kana raawwachuu koo haala amansiisaa fi shakkiin ol ta'een osoo narratti hin mirkanoofne manneen

murtii jalaa murtii balleessummaa fi adabbii narratti dabarsan dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan qabuuf akka naaf diigamuu kan jedhuudha.

Waamamaanis iyyata dhiyaateef deebii guyyaa 19/11/2013 barreessee dhiyeesseen iyyataan miiltoo isaa himatamaa lffaa jalaa waliin ta'uudhaan rasaasa kilaashii baay'inni isaa 475 ta'e motor saayikiliidhaan osoo geejjibsiisanuu kan waliin qabaman ta'uun haala amansiisaa ta'een kan irratti mirkanaa'e waan ta'eef murtiin manneen murtii jalaa dogoggora seeraa hin qabu jechuudhaan akka cimuuf gaafateera.

Seenaan dhufaatii falmichaa kan armaan olitti ibame yoo ta'u, dhaddachi kunis falmii dhiyaate seera rogummaa qabu waliin yommuu ilaallu ijoon murtii argachuu qabu iyyataan yakka meeshaa waraanaa seeraan alaa naannessuu ittiin balleessaa jedhame keessatti hirmaannaa qabaachuun isaa mirkanaa'ee jira moo miti? iyyataan meeshaan waraanaa seeraan ala qabatee osoo naannessuu harkatti qabame akka meeshaa waraanaa tokkootti moo akka meeshaa waraanaa baay'ina qabuutti lakkaawamaa? Lakkoofsa meeshaa harkatti qabameeti moo akaakuu meeshichaatu ilaalama? Kaayyoo labsicha kwt. 2(2,3,10), 4(1) fi 22(1,2,3) jalatti tumaman waliin yoo ilaalamu dhimmi harkaa qabnu kanaaf keewwata seeraa kamtu haqa qabeessa ta'a? kan jedhuu fi kkf qabannee qoranneerra. Murtii Mana Murtii Ol'aanaa Godinichaa keessaa akka hubatamutti iyyataan ammaa himatamaa jalaa lffaa waliin motor saayikilii yaabbatee gara Magaalaa Minjaaritti yeroo imaalaa turetti rasaasa himatichaaf sababa ta'e kana madaabaraa magariisatti naqamee akkuma guduunfaameen of fuulduratti qabatee duubaan motora huddeellatee deemaa akka ture mirkanaa'ee jira. Kana jechuun immoo rasaasa sibiila ta'e haa hafuutii namni waa baatee deemu tokko qodaa midhaanii addaan baasee ilaaluu fi beekuuf akka salphaatti madaabaraa rasaasichi itti naqamee guduunfame qaqqabachuudhaan beekuu kan danda'uudha. Dabalataanis ragaan Abbaa

Alangaa lffaan jecha kenne irraa akka hubatamutti rasaasa qabatani miliquuf osoo motoraan deemanii itti qaqqabamee harkatti qabame kana dhoksuuf yaalani garuu kaasee kan itti kenne iyyataa ammaa kana ta'uun mirkanaa'ee jira. Kanaafuu, iyyataan ammaa waanti harkatti baatee motoraan deemaa turee fi erga qabamaniin booda bakka dhoksanii kaasee itti kenne rasaasa ta'uu hin beeku kan jedhu kun gonkumaa kan nama amansiisu miti.

Gama biraatiin iyyataan akkaataa jecha amantaa fi waakkii kenneetiin kaayyoon isaa akka imalaa tokkootti motora himatamaan jalaa konkolaachisaa tureen karaa deemuu irraa kan hafe gochaa meeshaa waraanaa seeraan alaa dhoksuu, geejjibsiisuu fi qabatani argamuu himatamaa lffaan jalaa raawwate keessaa hirmaannaa kan hin qabne ta'uu isaa ragaa ittisaatiin ofirraa hin faccifannee. Inumaayyuu ragaa ittisaa hin qabu jechuudhaan mana murtii jalaa kan beeksise ta'uu ragaan jalaa ni addeessa. Kanaafuu, iyyataan gocha yakka ittiin himatame sana keessaa gochaanis ta'ee yaadaan keessatti hin hirmaannee jedhee komiin iyyataan kaase roggummaa kan qabuu miti. Gama keewwata labsiichaa murtiin balleessumama itti kennameetti yoo deebinu, iyyataan meeshaa waraanaa tokko moo meeshaa waraanaa baay'ina qabutu harkatti qabame? kan jedhu hiikkaa kan barbaaduudha. Dhuguma labsii lakk. 1177/12 kwt. 2(2) jalatti rasaasni akka meeshaa waraanaatti kan lakkaawwamu ta'uun tumameera. Gama biraatiin labsiidhuma kana kwt. 2(10) jalatti meeshaa baay'ee jechuun meeshaa waraanaa lamaa fi isaa ol jechuu akka ta'e hiikkaan itti kennameera. Haa ta'u malee, rasaasa ilaalchisee rasaasni lamaa fi isaa ol ta'e akka meeshaa waraanaa baay'eetti lakkaawamaa moo akkuma meeshaa waraanaa tokkootti lakkaawama? kan jedhu seerichi haala ifa ta'een hiikkaan kenne hin jiru. Keessattuu gosti rasaasichaa tokko yoo ta'e jechuun rasaasa lamaa fi isaa ol kan meeshaa waraanaa

tokkoo yoo ta'ee akka meeshaa waraanaa baay'eetti lakkaawuun kaayyoo labsichaa waliin kan deemu miti. Akkasumas meeshaan waraanaa kan akka qawwee ykn shugguxii tokko rasaasa waliin yoo qabame akka meeshaa waraanaa lamaa fi isaa oliitti lakkaawama moo miti? Kan jedhus hiikkaan seericha irratti kenname hin jiru. Qawwees haa ta'u shugguxiin rasaasa malee meeshaa waraanaati jechuunuu nama rakkisa. Kanaafuu, qawwee fi rasaasni isaa akka qaama tokkootti (principal & accessories) kan lakkaawamuu ta'uu qabaata. Rasaasni gosa tokkootis baay'ina qabu qofaa isaatti yoo qabame akkuma meeshaa waraanaa tokkootti lakkaawamuu qabaata malee bu'uura labsicha kwt. 2(10) firii rasaasichaa tokko tokkoon lakkaawuudhaan akka meeshaa waraanaa baay'eetti fudhatamuu hin qabaatu.

Bu'uura kanaan dhimma amma harkaa qabnu kanatti yoo ilaallu iyyataan ammaa fi miiltoon isaa rasaasa qawwee kilaashii baay'inni isaa 475 ta'e waliin kan qabaman yoo ta'u, rasaasni kun firii tokko tokkoon lakkaawamee akka nama meeshaa waraanaa seeraan alaa baay'ee qabatee argameetti kan lakkaawamu taanaan kaayyoo labsichaatiin kan faalleessu ta'a. Haala kanaan hiikkaa labsicha kwt. 2(10) tiif murteessaa ta'uu kan qabaatu lakkoofsa rasaasichaa osoo hin taane akaakuu rasaasichaa ta'uu qabaata.

Kanaafuu, himatamtoonni jalaa rasaasa gosa tokko ta'e lakkoofsaan 475 ta'e harka isaanitti haa qabamu malee gosti rasaasichaa tokkuma waan ta'eef akkuma meeshaa waraanaa tokkootti lakkaawamee iyyataan labsii lakk. 1177/12 kwt. 4(1) fi 22(2) jalatti balleessaa ta'uu qabaata jennee keewwata seeraa murtiin balleessummaa manneen murtii jalaa itti kenname fooyyeessinee murteessinee jirra. Gara adabbiitti yoo deebinu keewwanni labsichaa fooyya'ee iyyataan balleessaadha ittiin jedhame

kun adabbii hidhaa salphaa waggaa tokkoo hanga waggaa sadii fi adabbii maallaqaa qarshii 5000.00 hanga 10,000.00tti kan adabsiisuudha. Bu'uura qajeelfama adabbii lakk. 2/2006 kwt. 19tiin adabbiin yoo haala raawwii yakkichaa yoo ilaallu sadarkaa ol'aanaatti jalatti adabbii ka'umsaa hidhaa waggaa 2 fi baatii 6 qabanneerra. Adabbiin hidhaa waggaa 2 fi baatii 6 immoo gulantaa 12ffaa jalatti kan kufuudha. Manni murtii jalaa sababiin adabbii cimsu hin jiru jedhee sababa adabbii salphisu lama waan qabeef dhaddachi kunis kanuma fudhatee sababa adabbii salphisu lama qabneefii adabbii dhumaa gulantaa 10ffaa jalatti tume keessaa hidhaa salphaa waggaa lamaatti akka adabamu murteessineerra. Adabbii maallaqaa ilaalchisee manni murtii jalaa bu'uura s/y/ kwt. 90(2) tiin hanga dandeettii kanfaltii iyyataa ilaalcha keessa galchuudhaan gadi buusee kan murteesse waan ta'eef kanuma Manni Murtii Ol'aanaa Godinichaa fudhachuudhaan iyyataan adabbii maallaqaa qarshii 3,000.00 haa adabamu jenneerra.

Walumaagalatti, murtii balleessumama fi adabbii manneen murtii jalaatiin kenname fooyyeessuudhaan iyyataan ammaa labsii lakk. 1177/2012 kwt. 4(1) fi 22(2) jalatti adabbii hidhaa salphaa waggaa lamaa fi adabbii maallaqaa qarshii kuma sadiitiin akka adabamu sagalee tokkoon murteessinee jirra.

AJAJA

1. Murtiin Manni Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Bahaa galmee lakk. 63529 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 26/09/2013 oleen kenne fi ajaja Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Bahaa galmee lakk. 372434 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 17/10/2013 ooleen kenne bu'uura SDFY. KWT. 195(2-B-2) tiin fooyya'ee; iyyataan labsii lakk. 1177/2012 kwt. 4(1) fi 22(2) jalatti balleessaadha jedhamee

adabbii hidhaa salphaa waggaa lamaa fi adabbii maallaqaa qarshii kuma sadiitiin akka adabamu murtaa'ee jira.

2. Manni Sirreessaa Godina Shawaa Bahaa bu'uura adabbii hidhaa armaan olitti fooyya'ee murtaa'e kanaatiin akka raawwachiisu garagalchi murtii kanaa haa ergamuuf jenneerra.
3. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaatii fi iyyataaf karaa teessoo isaaniitiin yaa ergamuuf jenneerra.
4. Galmeen murtii dhumaa waan argateef cufameera.
5. Galmeen mana galmee cufamaniitti haa deebi'u.

- Abbootiin Seeraa:-
1. Guyyoo Waariyoo
 2. Fiixaa Dachaasaa
 3. Balaayinash Taaddasaa
 4. Urgaa Geetaahuun
 5. Taaddasaa Qana'ii

Iyyataan:- Abuduraahim Abdulhaalim

Waamamaan:- Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa

Galmee qorannee murtii kanaa gadii kennineerra.

MURTI

Galmeen kun banamee Dhaddacha Ijibbaataa kanaaf dhiyaachuu kan dandaa'eefiyyataan iyyannoo guyyaaa 08/11/2013 barreessee dhiyeesseen murtii Mana Murtii Ol'aanaa Godina Bunnoo Baddallee galmee lakk. 02815 ta'e irratti kennee fi murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Lixaa galmee lakk. 347313 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 17/10/2013 ooleen kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa qaba jechuudhaa akka sirratuuf waan gaafateef.

Ka'umsi dhimmichaa himannaa yakka malaammaltummaa himataan jalaa (Abbaan Alangaa Godina Bunnoo Baddallee) himatamtoota jalaa irratti (iyyataa ammaa dabalatee) Mana Murtii Ol'aanaa Godina Bunnoo Baddalleetti dhiyeesseen yoo ta'u, qabiyyeen himatichaa gabaabinaan; himatamtoonni sy. bara 1996 bahe kwt. 33 fi labsii lakk, 881/2007 kwt. 15(1,B) jalatti kan tumame darbuudhaan waliin ta'uudhaan badhaadhina ofiif ykn nama biraaf argamsiisuuf yaadani G/B/Baddallee Aanaa Cooraa Waajjira Poolisii Aanaa Cooraatti himatamaa 1ffaan Miseensa Poolisii Aanaa Cooraa ta'ee osoo hojjatuu gaafa guyyaa 25/02/2012 halkan

keessaa sa'aa tilmaamaan sa'aa 2:00 irratti osoo hojii eegumsaa irra jiruu meeshaa waraanaa qawwee kilaashii dachaatu lakk. isaa 25009944 ta'e tilmaamaan qarshii 70,000.00 baasuu fi rasaasa 30 qarshii 1,500.00 baasu waliin walumatti meeshaa waraanaa qarshii 71,500.00 qabeenyummaan isaa kan Waajjira Poolisii Aanaa Cooraa ta'e hojii eegumasaa irra ture sanatti fayyadamaa kutaa eegumsaa Waajjira Poolisii Aanichaa keessa dhoksee achii baasuudhaan mana himatamtuu 2ffaa geessuun yoo itti kennu isheenis meeshaa kana harkaa fuutee mana ishee keessa dhoksitee abbaa manaa ishee kan ta'e himatamaa 3ffaa (iyyataa ammaa) tti yoo kennitu innis harkaa fuudhee Godina Jimmaa Magaalaa Jimmaa Aanaa 2ffaa Ganda Ginjoo mana obboleessa isaa Obbo Mahaammad Abdulhaalim jedhamuu geessee erga dhoksee tursiiseen booda himatamaa 4ffaatti geessee himatamaa 4ffaan immoo nama meeshaa bitu beeku biran si geessa jedhee himatamaa 5ffaa bira yoo geessu, himatamtoonni 4ffaa fi 5ffaan Faddaalaa ta'anii nama meeshicha bitu erga barbaadani booda, himatamaa 5ffaan namoota meeshicha bitan lama fidee, himatamaa 4ffaan immoo meeshicha rasaasa 4 waliin qarshii 55,000.00tti kan itti gurgure yoo ta'u; himatamaa 3ffaan rasaasa hafe 26 himatamaa 6ffaadhaan gurguri qarshii naaf fidi jedhee itti kennee himatamaa 6ffaan rasaasa kana qarshii 1,820.00 tti dabarsee waan gurgureef himatamtoonni waliin ta'anii yakka malaammaltummaa raawwataniin himatamnii jiru kan jedhuudha. Himatamaa 3ffaan jalaa (iyyataan ammaa) kun himannaa irratti dhiyaateef jecha amantaa fi waakkii kennee ture; gochaa yakka himannaa keessatti ibsame kana raawwadheera garuu balleessaa miti jedhee haala raawwii isaa yoo ibsu; ani mana hin turre Finfinneen tureeyyuu himatamaa 1ffaan halkan naaf bilbilee mana dhufeen si dhabe naan jedhe; meeshaa tokko haadha manaa keetti kennachuuf kaanaan mana hin jirtu naan jette meeshaa waraanaa kilaashii mana kee kaawwadhuu? Kan koo mana kiraayitii naan jedhee na gaafannaan kaawwadhu ittiin jedhe, haadha

manaa kiyyattis bilbileen innuu naaf bilbileeraa harkaa fuudhii kaa'i jedheen jira. Meeshaa waraanaa kana amaanaadhaan haadha manaa kootiin harkaa fuudhii kaa'i jechuun koo garuu balleessaadha jedhee jecha kennee ture.

Manni Murtii Ol'aanaa Godinichaatis falmii fi ragaa bitaa fi mirgaan dhiyaate erga dhagaheen booda murtii galmee lakk. 02815 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 07/05/2013 ooleen iyyataa ammaa ilaalchisee kenneen; himatamaa 3ffan jalaa ykn iyyataan ammaa kun meeshaa waraanaa ibsame kana himatamaa 1ffaa harkaa fuudhee darbarsee namoota birootti gurguruun isaa ragaa namaa fi ragaa barreeffamaa jecha bu'uura sdfy. 35tiin kenneen kan mirkanaa'e yoo ta'u, ragaa ittisaatiin ofirraa hin faccifannee jechuudhaan seera yakkaa malaammaltumma Abbaan Alangaa himannaa itti dhiyeesse bu'uura sdfy. 113(2) tiin jijjiiruudhaan iyyataa ammaa sy. bara 1996 bahe kwt. 481(A) jalatti balleessaadha jedhee murtii balleessummaa erga kenneen booda adabbii bu'uura qajeelfama adabbii lakk. 2/2006 kwt. 19tiin shallagee iyyataa ammaa adabbii hidhaa cimaa waggaa lamaa fi qarshii 3,000.00tiin akka adabamu itti murteesse ture.

Himatamatoonni jalaa 2ffaa fi 3ffaan (iyyaataa ammaa dabalatee) murtii Mana Murtii Ol'aanaa Godinichaa kenne kana komachuudhaan ol'iyyannoo Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Lixaatti kan dhiyeeffatan yoo ta'u, Manni Murtii Waliigalaatis komii dhiyaate bu'uura godhachuudhaan dhiyeessisee bitaa mirgaan erga falmisiiseen booda galmee qoratee murtii iyyataa ammaa ilaalchisee kenneen iyyataan ammaa meeshaa mootummaa imaanaadhaan hojiif jedhamee harka himatamaa 1ffaa jalaa gale kana himatamaa 1ffaa harkaa fuudhee mana isaa keessa dhoksee tursiisee dabarsee kan gurgure

ta'uun jecha amantaa inni kennee fi ragaa Abbaa Alangaatiin irratti mirkanaa'eera. Iyyataan kun immoo bu'uura sy.kwt. 33tiin himatamaa 1ffaa jalaa waliin walitti hidhamee yakka malaammatummaa labsii lakk. 881/07 kwt. 15(1,B) cabse jedhamee kan himatameedha. Kanaafuu, Manni Murtii Ol'aanaa Godinichaa seera gochaa raawwatamee waliin rogummaa hin qabne sy/ 481(1,a) jalatti jijjiiree murtii balleessumama fi adabbii kennuun isaa dogoggora jechuudhaan seera yakkaa Manni Murtii Ol'aanaa Godinichaa jijjiiree murtii balleessumama tiin kenne bakkatti deebisee sirreessuudhaan iyyataa amma sy. Kwt. 33 fi labsii lakk. 881/2007 kwt. 15(1,B) jalatti balleessaadha jedhee adabbiin garuu yoo shallagamu garaagarummaa waan hin qabneef hidhaan cimaa waggaa lamaa fi qarshii 3,000.00 murtii itti murtaa'e haa cimu jedhee murtii balleessummaa qofa foyyessee murteesseera.

Iyyataan ammaa murtiin manneen murtii jalaatiin kenname dogoggora seeraa isa bu'uuraa qaba jechuudhaan akka sirratuuf iyyanni dhaddacha kanatti dhiyeesse gabaabumatti; Manni Murtii Ol'aanaa labsii seeraa yakka malaammaltummaa himanni itti dhiyaatee ture gara labsii lakk. 1177/2012 kwt. 22(2) tti jijjiiruu murtii balleessummaa fi adabbii kennuun osoo qabuu seera yakkaa kwt. 481(1,A)tti jijjiiruun isaa dogoggora ta'uu isaa, yakki malaammatummaa raawwatame kan hin jirre ta'uu isaa, meeshaa kanas kan mootummaa ta'uu iyyataan kan hin beeknee fi himatamaa 1ffaan jalaa meeshaa dhuunfaa isaa ta'uu itti ibsuudhaan imaanaan kan bira kaa'e ta'uu isaa fi kkf bal'inaan ibsuudhaan murtiin Manni Murtii Ol'aanaa Godinichaatis ta'ee murtiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatiin kenname dogoggora seeraa kan qabu ta'uu ibsuudhaan akkasumas Manni Murtii Ol'aanaatis seera adabbii cimaa adabsiisutti bu'uura sdfy. 113/2/tiin gara sy. 481(1,A)tti jijjiiruun dogoggora ta'uu isaa, adabbiin kennamees yakka itti himatame osoon

amanee jiruu akka sababa adabbii salphisu tokkootti osoo naaf hin qabamin bira darbamuun dogoggora ta'uu ibsuudhaan komateera. Waamamaanis iyyata dhiyaateef deebii guyyaa 17/02/2014 barreessee dhiyeesseen; murtiin balleessummaas ta'ee adabbiin Mana Murtii Waliigalaatiin kenname dogoggora seeraa hin qabu jechuudhaan sababa isaa bal'inaan kaa'ee akka cimuuf gaafateera.

Seenaan dhufaatii falmichaa kan armaan olitti ibsame yoo ta'u, dhaddachi kunis falmii dhiyaate seera rogummaa qabu waliin yommuu ilaallu ijoo murtaa' argachuu qabu gocha iyyataan ammaa raawwachuun isaa mirkanaa'e waliin yoo ilaalamu seera yakkaa fi kwt. Seeraa yakkaa murtiin balleessummaa itti kennamuu qabu kamiidha? Kwt. Seera yakkaa himanni itti dhiyaate irraa gara kwt. birootti jijjiiruun murtaa' balleessummaa kennuuf ulaagaan sdfy. Kwt. 113/2/tiin guutamuu malu maali? Adabbiin kenname dogoggora qabaa? kan jedhuu fi kkf qabannee qoranneerra. Akka ilaalletti himatamtoonni jalaa sy. 33 fi labsii lakk. 881/2007 kwt. 15(1, b) jalatti kan tumame darbuudhaan yakka qabeenyaa mootummaa fudhachuu fi miliqsuutiin kan himataman yoo ta'u, himatamaan lffaan jalaa poolisii (hojjataa mootummaa) yoo ta'u meeshaa waraanaa qawwee kilaashii fi rasaasa 30 himannaaf sababa ta'e kana dhoksee fudhachuudhaan himatamtoota 2ffaa – 6ffaa (namoota dhuunfaa kan ta'an) waliin ta'uun gurgurachuun faayidaa dhuunfaarra oolfatanii mootummaa irra immoo miidhaa geessisan kan jedhuudha. Yakki malaammaltummaa labsii lakk. 881/07 kwt. 15 jalatti ibsame kun hojjattoota mootummaa ykn hojjataa dhaabbilee uummataa kan ilaallatu yoo ta'ellee himatamtoonni 2-6 jiran bu'uura sy. Kwt. 33tiin himatamaa lffaa hojjataa mootummaa ta'e kanatti hidhachuudhaan yakkicha malaammaltummaa waan raawwataniif. Asirratti waanti hubatamuu qabaatu gocha yakka labsicha kwt. 15(1, B) jalatti himatamaa lffaan jalaa

raawwate sana namoonni dhuunfaa bu'uura sy. 33tiin waliin himataman kunniin beekuu isaanii fi yaada sammuu (intension) qabaachuu fi gocha yakkichaa (criminal act) keessatti hirmaachuun isaanii mirkanaa'uu isaati.

Kana bu'uura godhannee gocha iyyataan ammaa himatamaa lffaa jalaatti hirkatee raawwate yoo madaalluu, iyyataan kun meeshaan himatamaan lffaan jalaa fuudhee dhoksee itti kennee akka gurguruuf taasisa kun qabeenyaa mootummaa ta'uu isaa ni beeka. Kana jecha ragaa Abbaa Alangaa lffaan kenne irraa ifaan ifatti kan hubatame yoo ta'u, iyyataan kun meeshichi meeshaa mootummaa dhoksaadhaan fudhatamee gurguramaa jiru ta'uu kan beeku erga ta'ee, akkasumas himatamaa lffaan jalaa hojjataa mootummaa sababa hojjiitiin meeshaan mootummaa kun imaanaadhaan harka isaa gale ta'uun erga mirkanaa'ee gochaan iyyataa bu'uuraa sy. 33 fi labsii lakk. 881/2007tiin yakka malaammatummaa labsicha kwt. 15(1, B) jalatti tumame kan guutuudhaa. Kanaafuu, Manni Murtii Ol'aanaa Godinichaa sababa hin mirkanoofta irratti hundaa'ee kwt. Seera yakkaa iyyataan ammaa itti himatamee ture sy. 481(1) jijjiiruun isaa rogummaa seeraa kan qabu hin turre. utuma ta'eeyyuu bu'uura sdfy. Kwt. 113/2/tiin kwt. Seera yakkaa himanni itti dhiyaate jijjiiruun kan danda'amu keewwanni itti jijjiiramu sun adabbii xiqqaa kan adabsiisu yoo ta'eedha. Labsii lakk. 881/2007 kwt. 15(1) fi sy. 481 walbira qabnee yoo ilaallu adabbii irra xiqqaa kan qabu labsii lakk. 881.07 kw. 15/1/ dha malee sy. 418/1/ miti. Sababiin isaa labsichi ka'umsi adabbii isaa hidhaa salphaan yoo ta'u, sy. Kwt. 481 garuu adabbii hidhaa cimaan ka'a waan ta'eef. Kanaaf, gama kanaanis murtiin MMO godinichaa dogoggora qaba waan tureef waan MMWO murtii balleessummaa MMO godinichaa sirreessuun isaa dogoggora kan qabu miti.

Adabbiin Mana Murtii Waliiglaa Oromiyaatiin kennames yoo ilaalamu haala yakkichaa fi kaayyoo yakkichi raawwatamee fi miidhaa ga'e waliin ilaalee adabbii hidhaa salphaa irra adabbii hidhaa cimaatu iyyataa ammaa barsiisuu fi sirreessuu dandaa'a jedhee qabachuun isaa aangoo seeraan kennameef waan ta'eef akka dogoggora seeraa isa bu'uuraatti kan fudhatamu miti. Iyyataan yakkicha amanee osoon jiruu bu'uura sy/ kwt/ 82(1,E)tiin sababiin adabbii saphisu naaf hin qabamne kan jedhu ilaalchisee, galmee keessaa akka ilaalleetti iyyataan ammaa kun bu'uura sdfy. Kwt. 34tiin guutummaa guutuutti kan aamane osoo hin taane bu'uura sdfy. Kwt. 133tiin mirga isaa eeggatee kan waakkateedha. Kanaafuu, gochicha guutummaa guutuutti waan hin amanneef bu'uura qajeelfama adabbiitiin akka sababa adabbii salphisu tokkootti kan qabamu miti. Kanaafuu, gama kanaanis dogoggorri seeraa raawwatame hin jiru.

Walumaagalatti, murtiin balleessummaas ta'ee murtiin adabbii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Lixaatiin dhimma kana irratti kenname dogoggora seeraa isa bu'uura waan hin qabneef akka cimuu sagalee tokkoon murteessineerra.

AJAJA

1. Murtiin Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Lixaa galmee lakk. 347313 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 17/10/2013 ooleen kenne dogoggora seeraa isa bu'uura waan hin qabneef bu'uura SDFY. KWT. 195(2-b-2) tiin akka cimuu murtaa'ee jira.
2. Garagalchi murtaa'aa kanaa manneen murtaa'aa jalaatii fi iyyataaf karaa teessoo isaaniitiin yaa ergamuuf jenneerra.
3. Galmee murtaa'aa dhuma waan argateef cufameera.
4. Galmee mana galmee cufamaniitti yaa deebi'u.

- Abbootiin Seeraa: -1. Guyyoo Waariyoo
2. Fiixaa Dachaasaa
3. Urgaa Geetaahuun
4. Masfin Geetaachoo
5. Taaddasaa Qana'ii

- Iyyattoonni: - 1. Alam Nigus G/Sillaasee
2. Yaasiin Musxafaa Alii
3. Hiyoot T/Maariyaam Tafarii
4. Sammaree Kaasay Kaasaa
5. Tsaggaayee Tasfaayee Haddiis
6. Haaftoom Marsaa Tafarraa hin dhiyaanne
7. Hagoos Zinaabuu Walloo
8. Ashabbir Asaffaa Abarraa
9. Muluu Ambaachoo G/Mikaa'el
10. Birhaanee Atsibahaa Kaasaayee

Waamamaan:- A/A/ Naannoo Oromiyaa Aaddee Soofiyaa Dinquu dhiyaatte

Galmee qorannee murtii kanaa gadii kennineerra

MURTII

Galmeen kun banamee Dhaddacha Ijibbaataa kanaaf dhiyaachuu kan dandaa'eef iyyattoonni iyyannoo guyyaaa 22/04/2014 barreessanii dhiyeessaniin murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Bahaa galmee lakk. 384575 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 30/03/2014 ooleen kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa qaba jechuudhaan akka sirratuuf waan gaafataniif. Ka'umsi dhimmichaa himannaa yakka malaammaltummaa sanada sobaatiin fayyadamuu himataan jalaa (Abbaan

Alangaa Godinaa Magaalaa Adaamaa) himatamtoota jalaa (iyyattoota ammaa) irratti Mana Murtii Ol'anaa Addaa Adaamaatti dhiyeesseen yoo ta'u, qabiyyeen himatichaa gabaabinaan; himatamtoonni seera yakkaa bara 1996 bahe kwt. 32(1, a) fi labsii yakkoota malaammaltummaa tumuuf bahe lakk. 881/2007 kwt. 23(3) jalatti kan tumame irra darbuudhaan gaafa guyyaa 07/01/2014 halkan keessaa sa'aa 6:00 yommuu ta'u Bulchiinsa Magaalaa Adaamaa K/M/ Dambalaa Ganda Irreechaa iddoo addaa naannoo "Adaamaa Qorqorroo" jedhamutti konkolaataa Daandii Magaalaa Finfinnee irraa gara Magaalaa Adaamaatti osoo imalaa jiranuu sakatta'iinsa taasifameen waraqaa eenyummaa yommuu gaafataman waraqaa eenyummaa jiraataa Magaalaa Finfinnee Chaappaa Mootummaa Bulchiinsaa Magaalaa Finfinnee Kutaa Magaalaa Yakkaa Aanaa 1ffaa Tajaajila Galmeessa Taatewwanii jedhuu kan qophaa'e fakkeessuudhaan jiraataa ta'anii osoo hin fudhatin, himatamaa 1ffaan lakk. Y/K/W/-05/, himatamaa 2ffaan lakk. RIDC 17544478, himatamaa 3ffaan lakk. 1912/305, himatamaa 4ffaan lakk. 18112113/05, himatamaa 5ffaan lakk. 16.12/305, himatamaa 6ffaan lakk. RIDC 65445466, himatamaa 7ffaan lakk. RIDC 88652654, himatamaa 8ffaan lakk. Y/K/W/-05/084, himatamaa 9ffaan lakk. 1712/305 fi himatamaa 10ffaan lakk. Y/K/W/01/240/13 ta'een sobaan qophaa'ee kennameef qabatanii agarsiisuudhaan osoo itti fayyadamanuu harkaa fi harkatti poolisiidhaan waan qabamaniif yakka sanada sobaa mootummaatiin fayyadamuutiin himatamanii jiru kan jedhuudha.

Himatamtoonni jalaa (iyyattoonni ammaa) himannaa yakka sanada mootummaa sobaa qophaa'eeitiin fayyadamuu ittiin himataman kana ilaalchisee jecha amantaa fi waakkii kennanii tureen, waraqaan eenyummaa kun isaan harkatti qabamuu osoo hin haallee garuu gariin isaanii mirga isaanii eeggachuun jecha waan kennanii fi gariin isaanii

immoo guutummaa guutuutti waan waakkataniif Manni Murtii Ol'aanaa Godinichaa ragaa ijaa N-10 gama Abbaa Alangaatiin dhiyaatan dhaga'ee akkasumas ragaa barreeffamaa qaama mootummaa waraqaan sobaa kun irraa kenname jedhame bira xalayaa barreeffame dabalatee ilaaluudhaan iyyattoonni akka ofirraa ittisan ajajee ragaa ittisaa hin qabnu jedhanii waan mana murtichaa beeksisaniif galmee qoratee murtii kenneen, iyyattoonni waraqa ragaa eenyummeessaa sobaan qophaa'e waraqa eenyummaa sirriidha jedhanii qaama aangoo qabu irraa akka waan kennamee fakkeessuun eenyummaa keenya ibsa jedhanii agarsiifachuu isaanii ragaa namaa gama Abbaa Alangaatiin dhiyaateen waan mirkanaa'eef; waraqaan ragaa eenyummeessaa kun immoo waajjiricha irraa kan hin kennamne ta'uu xalayaa lakk. y/k/wku/ma/9368/2014 ta'een guyyaa 13/01/2014 Bu/M/ Finfinneetti K/M/ Yakkaa Aanaa 1 Waajjira Galmeessaa Taatewwan Murteessoo irraa barreeffameen kan mirkanaa'e waan ta'eef himatamtoonni jalaa ykn iyyattoonni ammaa Labsii Lakk. 881/07 kwt. 23(3) jalatti balleessitoota jechuudhaan murtii balleessummaa kan kenne yoo ta'u, adabbiis bu'uura seera yakkaa fi qajeelfama adabbii lakk. 2/2006 kwt. 19tiin shallaguudhaan tokkoon tokkoo iyyatootaa adabbii hidhaa cimaa waggaa afurii fi adabbii maallaqaa qarshii 5,000.00tiin akka adabaman itti murteesse ture.

Himatamtoonni jalaa (iyyattoonni ammaa) murtii Manni Murtii Ol'aanaa Godinichaa kenne kana komichuudhaan ol'iyyannoo Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Bahaatti kan dhiyeeffatan yoo ta'u, Manni Murtii Waliigalaatis komii dhiyaate bu'uura godhachuudhaan dhiyeessisee bitaa mirgaan falmii dhiyaate erga dhaga'een booda galmee qoratee murtii kenneen; murtiin balleessummaa Mana Murtii Ol'aanaa Godinichaatiin kenname sirriidha; dogoggora hin qabu jedhee murtii balleessumaa akkuma jirutti kan cimse yoo ta'u; adabbii ilaalchisee

garuu irra deebi'ee ilaaluudhaan sababa adabbii cimsan manni murtii jalaa fudhatee adabbii itti cimse kaayyoo seerichaa kan hin hordofnee fi ro gummaa seeraa kan hin qabneedha jedhee kufaa gochuudhaan sababa adabbii salphisani immoo lama qabuufiidhaan adabbii ka'umsaa gulantaa 16 irraa gara gulantaa 14tti salphisuudhaan tokkoon tokkoo iyyattoota ammaa adabbii hidhaa waggaa 2 ½ (waggaa lamaa fi walakkaa) fi adabbii maallaqaa qarshii 3,000.00tiin akka adabaman adabbii fooyyessee murteesseera.

Iyyattoonni ammaa murtiin balleessumama mannee murtii jalaatiin kenname fi adabbiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatiin kenname dogoggora seeraa isa bu'uura qaba jechuudhaan akka sirratuuf iyyanni dhaddacha kanatti dhiyeessan gabaabumatti; sanada mootummaa sobaan qophaa'e jedhamee akka ragaatti dhiyaate kunniin mataan isaanii kan walfaallessan waan ta'eef yakka ittiin himatamne mirkaneessuuf gahumsa kan qabu miti; ragoonni namaa gama Abbaa Alangaan dhiyaatanis poolisoota waan ta'aniif nu qabani ragaa kan nurratti bahan waan ta'eef jechi isaanii ulfina kan qabu miti. Gama biraatiin nuti iyyattoonni biyya ormaa (biyya Arabaa) irraa qabamnee karaa mootummaa Itoophiyaatiin biyyatti deebinee hojii barbaachaa kan turreedha malee yakki waraqaa eenyummaa kanaan raawwanne hin jiru; waraqaa eenyummaa kanas nama wayiitu nu gowwoomsee isiniin gargaara jedhee nuuf baasise nuti kan dhugaa nutti fakkaatee fudhannee hojii ittiin barbaaddachaa osoo jirruu qabamne malee yakka biraa itti hin raawwannee kan jedhuu fi kkf caqasuudhaan komii isaanii dhiyeessaniiru. Waamamaanis iyyata dhiyaateef deebii guyyaa 25/05/2014 barreessee dhiyeeseen iyyattoonni yakka ittiin himataman raawwachuu isaanii ragaa namaa fi ragaa barreeffamaatiin akkaatuma himannaa irratti ibsameen kan irratti mirkanaa'e yoo ta'u, iyyattoonni ragaa ittisaatiin waan ofirraa

hin faccifanneef murtiin ballessummaas ta'ee adabbiin Mana Murtii Waliigalaatiin fooyya'ee kenname dogoggora seeraa isa bu'uuraa kan qabu miti jechuudhaan akka cimuuf gaafateera. Seenaan dhufaatii falmichaa kan armaan olitti ibsame yoo ta'u, dhaddachi kunis falmii dhiyaate seera rogummaa qabu waliin yommuu ilaallu ijoon murtii argachuu qabu iyyattoonni waraqaa eenyummaa sobaan qophaa'ee fi qaama mootummaa biraa hin kennamne qabatanii argamuun isaanii seera yakkaa bara 1996 bahe kwt. 385(1B) jalatti kan kufuudha moo labsii lakk. 881/07 kwt. 23(3) jalatti kan kufuudha? Tumaan seera yakkaa kwt. 385 dhimma yakka sanada mootummaa ykn dhaabbilee uummataa sobaan qopheessuu fi sanada sobaan qophaa'een fayyadamuutiin walqabatu irratti raawwatiinsa qaba moo miti? Ijoo kana ilaalchisee sy. Kwt. 385 haqameera moo miti? Bu'uura kanaan yoo ilaalamu manneen murti jalaa dhimmaa kana ilaalchisee seerri murtii baleessummaa itti kennan dogoggorra seeraa isa bu'uuraa qaba moo miti? kan jedhuu fi kkf qabannee qoranneerra.

Ijoowwan armaan olitti ibsaman kanaaf murtii kennuu tumaalee seerota armaan olitti ibsaman xiinxaluun barbaachisaadha. Tumaa seera yakkaa bara 1996 bahe kwt. 385(1, (A fi B) yoo ilaalluu namni kamiyyuu faayidaa agarchuuf ykn nama biroof argamsiisuuf jedhee sanada sobaa fakkeessee qopheessuun ykn sanada sobaan fakkeeffamee qophaa'een fayyadamuun yakkaan kan adabamu ta'uu ifaan ifatti tumeera. Hiikkaa kwt. seera yakkaa kana yoo ilaallu namni gochicha raawwate nama kamiyyuu ta'uu danda'a; sanadni sobaan qophaa'es sanada kamiyyuu ta'uu danda'a. Waanti guddaan asirratti xiyyeeffatame sanadichi sanada sobaa dhugaa fakkeeffamee qophaa'e ta'uu isaati. Gara tumaa labsii yakkoota malaammatummaa tumuuf bahe lakk. 881/07 kwt. 23(1 fi 3) xiyyeeffannoodhaan yoo ilaallee, ulaagaan yakkicha hundeessuuf

bahe; namni yakkicha raawwate nama kamiyyuu ta'ee, sanadni sobaan fakkeeffamee qophaa'e garuu sanada mootummaa ykn dhaabbilee uummataa fakkeessuun qopheessuu ykn sanada fakkeeffamee qophee'e kanaan fayyadamuu akka ulaagaalee yakkicha hundeessaniitti qabateera. Kana bu'uura godhachuudhaan seensa labsichaa (preamble) irraa akkuma hubatamutti kaayyoon yakkoota malaammaltummaa addatti labsii lakk. 881/07tiin tumuun barbaachiseef keessaa inni tokko, yakkoonni malaammaltumama saffisa cimaadhaan yeroodhaa gara yerootti amala isaanii jijjirrachaa kan deeman waan ta'eef, seerri yakkaa bara 1996 bahe kun immoo amaloota yakkoota malaammaltummaa yeroo gara yerootti jijjiiraman kana hammachuu ykn baachuu waan hin dandeenyee fi seera yakkaa kana yeroo yeroon fooyyessuun yakkoota malaammaltummaa kanneen koodii yakkaa keessatti hammachiisuun waalta'iinsa koodichaa irratti dhiibbaa kan qabu waan ta'eef yakkoota malaammaltummaa labsii addaatiin qophaatti seera of danda'ee dhimma yakka malaammaltummaa hoogganu baasuun barbaachisaa waan ta'eef akka ta'e lafa kaa'ameera. Kaayyoo kana irraa akka hubatamutti yakka malaammaltummaa sanada sobaa fakkeessuun akka waliigalaatti (sanada kamiyyuu ilaalchisee) seera yakka kwt. 385 jalatti tumame sana adda baasuudhaan yakka sanada mootummaa ykn dhaabbilee ummataa sobaan fakkeessanii qopheessuu ykn sanada mootummaa ykn dhaabbilee uummataa sobaan fakkeeffamee qophaa'een fayyadamuun yakka malaammaltummaa akka ta'u labsii lakk. 881/07 kwt. 23(1,2,3) jalatti tumeera. Kanaafuu, tumaan seera yakkaa kwt. 385 sanada mootummaa ykn dhaabbilee uummataa sobaan fakkeessanii qopheessuu ykn sanada mootummaa ykn dhaabbilee uummataa sobaan fakkeeffamee qophaa'een fayyadamuu ilaalchisee tumame tumaa labsii lakk. 881/07 kwt. 23 jalatti tumamaniin bakka bu'eera jechuudha.

Gama biraatiin labsii lakk. 881/07 kwt. 35 jalatti keewwattoota seera

yakkaa ifaan ifatti haqamuun isaanii ibsame keessatti seerri yakkaa kwt. 385 hin hammatamne. Kana bu'uura godhachuudhaan ogeeyyiin seeraa tokko tokko labsii lakk. 881/07 kwt. 35 jalatti seerri yakkaa kwt. 385 ifaan ifatti waan hin haqamneef ammayyuu hojiirra ooluu qabaata jedhanii ejjannoo isaanii kan calaqqisiisan ni jiru. Haa ta'u malee, akkaataa seeronni itti haqaman caqasuun yoo barbaachisee seerri booda bahe tokko seera isa dura jiru ifaan ifatti caqasuudhaan haqamuu isaa yoo ibse (expressly repealed) ykn seerri booda bahe tokko seera isa duraa ibsee osoo hin haqin callisee tumaa seera duraa sana bakka bu'u seera haaraa sana keessatti yoo hammachiise callisuun haqera (Tacitly repealed) jechuu akka ta'e duudhaa hiikkaa seeraa keessatti ogeessi seeraa kamiyyuu kan beekuudha. Yakka sanada mootummaa ykn dhaabbilee uummataa sobaan fakkeessanii qopheessuu ykn kan sobaan fakkeeffamee qophaa'eetiin fayyadamuu ilaalchisee tumaan seera yakkaa kwt. 385 jalatti bifa dimshaashaatiin taa'e adda bahee labsii lakk. 881/07 kwt. 23 jalatti waan tumameef seerri yakkaa kwt. 385 callisuudhaan (tacitly) haqameera jechuun ni dandaa'ama. Kana malees, tumaan labsii lakk. 881/2007 kwt. 36 (2) jalatti ibsamellee yaaduma kana kan cimsu ta'ee ni mul'ata.

Kanaafuu, dhimma harkaa qabnu kana ilaalchisee iyyattoonni ammaa waraqaa eenyummaa isaan ibsu kan fakkeeffamee sobaan qophaa'e akka waan waajjira mootummaa irraa kennameef fakkeessanii qabatani argamuudhaan waraqaa eenyummaa keessan ibsu mul'isaa jedhamanii poolisiidhaan yommuu gaafataman waraqaa eenyummaa sobaan fakkeeffamee qophaa'e kana kan agarsiisan waan ta'eef sanada sobaa kanaan fayyadamuu isaanii kan agarsiisuudha. Sanadni sobaan fakkeeffamee qophaa'e isaan itti fayyadaman kun immoo sanada silaa qaama mootummaatiin kennamuu malu waan ta'eef gochichi iyyattootaan

raawwatame kunis ulaagaa tumaa labsii lakk. 881/07 kwt. 23(3) kan guutuudha. Kanaafuu, seerrii manneen murtii jalaa murtii balleessummaa itti kennan bu'ura hiikkaa armaan oliitti kenname kanaatiin dogoggora seeraa kan qabu miti. Adabbii kennames ilaalchisee Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa adabbii ka'umsaa labsicha jalatti tumame qabatee bu'ura qajeelfama adabbii lakk. 2/2006 kwt. 19tiin adabbii shallagee kan murteessee ta'uun hubatameera. Adabbiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatiin murta'e kunis ka'umsa seerichaa irratti tumamee gadi bu'amee kan murtaa'e waan ta'eef yoo xiqqaate malee kan baay'atu ta'ee hin mul'anne. Kanaafuu, murtii adabbii kennames dogoggora seeraa isa bu'uuraa kan qabu miti jenneerra.

Walumaagalatti, bu'ura xiinxala armaan olitti bal'inaan ibsameetiin yommuu madaalamu murtiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Bahaatiin dhimma kana ilaalchisee kenname dogoggora seeraa Dhaddacha Ijibbaataa kanaan ilaalamuu malu hin qabu jennee sagalee guutuudhaan akka cimu murteessinee jirra.

AJAJA

1. Murtiin Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Bahaa galmee lakk. 384575 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 30/03/2014 ooleen kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan hin qabneef bu'ura labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe lakk. 216/2011 kwt. 26(5) fi s.d.f.y. kwt. 195(2-B-2) tiin akka cimu murtaa'ee jira.
2. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaatii fi iyyattootaaf karaa teessoo isaaniitiin yaa ergamuuf jenneerra.
3. Galmeen murtii dhumaa waan argateef cufameera.
4. Galmeen mana galmeetti yaa deebi'u.

- Abbootiin Seeraa:-
1. Guyyoo Waariyoo
 2. Fayyisaa Tolasaa
 3. Fiixaa Dachaasaa
 4. Ayyaanaa Toliinaa
 5. Taaddasaa Qana'ii

Iyyataan: - Obbo Kifloom Bakratsiysoon:- Abukaattoo : Aadde Beeteliheem Amaanu'eel

Waamamaan: - Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa

Galmee kana qorannee murtii armaan gadii kennineerra.

MURTI

Dhaddacha kanatti falmiif ka'umsa kan ta'e iyyataan ammaa Mana Murtii Aanaa Magaalaa Sabbataatti gocha oomisha qonnaa seeraan ala kuuseera jedhamee galmee lak.16742 ta'e irratti himatamee dhaddacha guyyaa 17/03/2014 ooleen murtii balleessummaa fi adabbii hidhaa waggaa 2 fi baatii 6 fi adabbii maallaqaa qarshii 20,000 kan itti murtaa'e, Manni Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee galmee lak.73515 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 12/04/2014 ooleen kan cimsee fi Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Giddugaleessaas galmee lak.352789 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 26/05/2014 ooleen murticha kan cimse dogoggoora seeraa isa bu'uura kan itti raawwatame dha jechuun akka sirraa'uuf karaa abukaattoo isaa iyyannoo guyyaa 08/06/2014 barreeffamaan waan dhiyeeffateef dha.

Ka'umsi himannaas waamamaan ammaa Mana Murtii Aanaa Magaalaa Sabbataatti iyyataa ammaa irratti himannaa dhiyeesseen iyyataan ammaa labsii Sirna To'annoo Gabaa fi Qulqullina Oomishaalee Qonnaa Naannoo

Oromiyaa murteessuuf bahe lak.234/2013 keewwata 19/1/C/ fi 26(11) darbuun oomisha qonnaa seeraa ala kuusuun dhorkaa ta'uu osoo beekuu oomisha qonnaa garbuu guyyaa kuusee hin beekamne koree to'annaa fi hordoffii gabaan taasifameen gaafa 28/12/2013 hayyama mana kuusaa seera qabeessa osoo hin qabaatin mana kuusaa nama Mollaash Tazarraa jedhamurraan kireeffadhe jechuun oomisha garbuu kuntaala 5,463 ta'u hayyama mana kuusaa osoo hin qabaatiin kuusee waan argameef yakka oomisha qonnaa seeraa ala kuusuu raawwateen himatameera kan jedhu dha. Iyyataan ammaas mana murtii jalaatti dhiyaatee jecha amantaa fi waakkii isaa yoo kennu yakkaa hin raawwanne; garuu garbuu kanan kuuse bakka mijataa ta'e irratti dha; keewwatni itti himatame iddoo mijataa ta'etti kuufamuu akka qabu dha. Magaazanni kan kiyyaa miti; kireeffadheen itti fayyadamaa waanan jiruuf magaazana nama biraa irratti hayyama baasuuf mirga hin qabu; abbaa qabeenyaa hayyama baafachuu qaba jechuun falmeera.

Manni Murtii Aanaa Magalaa Sabbataas ragaa bitaa fi mirgaan qulqulleessuun iyyataan ammaa mana kuusaa hayyama oomisha qonnaa kuusuu hin qabnetti oomisha garbuu kuusuun isaa ragaa abbaa alangaan irratti kan mirkanaa'e ofirraa hin ittifne jechuun keewwata himatame jalatti balleessaa taasisuun adabbii hidhaa fi maallaqaan kan adabe yoo ta'u, murtiin kun Mana Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Oormiyaa Naannawaa Finfinnee fi Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Giddugaleessaan cimeera. Iyyataan ammaas murtiin manneen murtii jalaan kennaman kun dogoggora seeraa isa bu'uuraa ta'e ni qaba jechuun karaa abukaatoo isaa Dhaddacha Ijibbaataa kanatti iyyannoo guyyaa 08/06/2014 barreeffameen kan dhiyeeffate yoo ta'u, ijoon iyyannoo isaas gabaabinaan kan jedhu labsii iyyataan ammaa darbe jedhamee itti himatame oomisha qonnaa iddoo hin hayyamamne kaa'uun kan hin

danda'amne ta'uu malee waa'ee hayyama mana kuusaa kan haasawu miti; iddoo hin hayyamamne kan jedhu immoo qulqullina wajjin kan walqabatu malee hayyama mana kuusaa wajjin kan walqabatu miti. Kana jechuun mana kuusaa sadarkaa fi qulqullina isaa eeggate oomishni qonnaa akka kuufamu malee dirqama hayyama mana kuusaa qabaachuu seerichi waan hin ajajneef iyyataan gocha yakkaa nama adabsiisu kan hin raawwannee fi bakka oomshni garbuu kuufames mana kuusaa qulqullinaa fi sadarkaa isaa eegagte keessatti kan kuufame ta'uu ragaa ittisaa iyyataan kan mirkanaa'e ta'ee osoo jiruu manneen murtii jalaa faallaa labsichaa hiikuun mana kuusaa hayyama hin qabnetti oomisha qonnaa kuufteetti jechuun yakka na hin adabsiisneen na adabuun isaanii dogoggoora waan ta'eef murtiin akka naaf diigamu, yoo kun kan bira darbamu ta'e immoo gochi iyyataa tarkaanfii bulchiinsaan kan gaafachiisu malee yakkaan kan gaafachiisu miti; haala jiruu fi jireenya iyyataa tilmaama keessa galee osoo adabbiin daangeffamuu qabuu kunis bira darbamee iyyataa adabuun daangaa labsii keessatti tumamee ala bahuun waan ta'eef kun tilmaama keessa galee bilisaan akka gaggeeffamu, kun yoo bira darbame immoo adabbiin akka isaaf daangeeffamu jechuun gaafateera.

Dhaddachi Ijibbaataa Qorannoo Duraas iyyataan ammaa oomisha qonnaa mana kuusaa hayyama qabutti kuusuuf dirqama qabaachuu fi dhiisuu isaa bakka bitaa fi mirgi argamanitti qulqulleessuuf Abbaan Alangaa(waamamaan) deebii akka itti kennu kan taasifame yoo ta'u, haaluma kanaan Abbaan Alangaa Oromiyaa xalayaa lak.01-27411 ta'e kan guyyaa 18/06/2014 barreeffameen deebiin kenne gabaabinaan kan jedhu iyyataan oomisha qonnaa garbuu mana kuusaa hayyama hin qabnetti kuusuun isaa Labsii Sirna To'annoo Gabaa fi Qulqullina Oomishaalee Qonnaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe Lak.234/2013 keewwata 19/1/c/ fi 26(11) darbuu waan ta'eef kanas manneen murtii jalaa ragaan

qulqulleessuun murtii balleessummaa fi adabbiin kennan dogoggoora seeraa isa bu'uuraa kan qabu waan hin taaneef komeen iyyataa kufaa ta'ee murtiin manneen murtii jalaa akka cimuuif gaafataniiru. Seenaan dhufaati dhimma kanaa kan olitti ibsame yoo ta'u, dhaddachi kunis falmii bitaa fi mirgaa mana murtii jalaatti turee fi komee fi deebii dhaddacha kanatti dhiyaate akka ilaalletti ijoo dubbii dhaddacha kanatti furmaata argachuu qabu ' Iyyataan ammaa Labsii Sirna To'annaa Gabaa fi Qulqullina Oomishaalee Qonnaa Naannoo Oromiyaa darbuun oomisha qonnaa kuusuu fi dhiisuu isaa akka itti aanutti labsicha waliin xiinxalleerra.

Akka galmee kana keessa xiinxalletti firiin dubbii mana murtii jalaatti mirkanaa'ee iyyataan ammaa daldalaa jilmaa oomisha qonnaa ta'uu isaa fi gosa oomisha qonnaa kan ta'e garbuun kuntaala 5,463 ta'u to'annoo fi hordoffii ogeessota gabaan taasifameen mana kuusaa iyyataan kireeffate keessatti akka argame hubatameera. Gama iyyataan ragaan ittisaa dhiyaatees iyyataan oomisha qonnaa garbuu kan ta'e warshaa biiraa Meettaa Aabboof kan dhiyeessu ta'ee bakka midhaan kun itti kuufames qulqullina akka qabu dubbatamuu galmee kana keessaa ni hubatama. Akkasumas mana kuusaa oomishni garbuu keessatti kuufamee argames hayyama mana kuusaa oomisha qonnaa akka hin qabne falmii bitaa fi mirgaan amaname dha. Ragaan barreeffamaa Warshaa Biiraa Meettaa Aabboo irraa gama iyyataan dhiyaatees iyyataan ammaa garbuu biiraa marsaa sadiif dhiyeessuuf warshicha wajjin waliigaltee uumuun kanfaltii dursaa qarshii miliyoona 68 ol warshicha irraa akka kanfaltii dursaa fudhatee jiruu fi warshichis garbuun kuufamee jiru kan kanfaltii dursaa itti raawwate ta'uu xalayaan warshichaan guyyaa 10/11/2021 A.L. Atti barreeffame ni ibsa. Xalayaa mana murtii jalaatti dhiyaate kun Abbaan Alangaa wanti mormee falme akka hin jirree fi manneen murtii jalaas xalayaa akka ragaa ittisaatti dhiyaate kana sababa kufaa taasise murtii

kennan keessatti akka hin xiinxalle hubatameera. Ijoo falmii kanaa kan ta'etti yoo deebinu bakka midhaan oomisha garbuu iyyataan ammaa mana kuusaa hayyama hin qabnetti kuusee argame jedhame kun iyyataa ammaa yakkaan kan gaafachiisu moo miti? kan jedhu dha.

Akkuma beekamu Labsiin Sirna To'annoo Gabaa fi Qulqullina Oomishaalee Qonnaa Naannoo Oromiyaa Lak.234/2013 seensa isaa irratti akka ibsametti kaayyoo labsichi baheef keessaa tokko oomisha qonnaa qulqullinaa fi sadarkaa isaa eeggate baay'inaa fi yeroodhaan fayyadamtootaaf akka dhiyaachuu qabuu fi qaama aangoo qabuun akka to'atamuuf dha. Akkasumas daldalootni oomishaalee qonnaa seeraa ala kuusuun gocha nam-tolcheen qaala'insi jireenyaa hawaasaa akka hin uumneef dha. Kunis qulqullina oomishaalee qonnaa to'achuun fayyaa hawaasaa eeguuf akka ta'e hubachuun nama hin rakkisu. Gama biraatiin labsicha keewwata 2(15 fi 27) jalatti akka tumametti namni oomisha qonnaa daldaluu barbaadu hayyama hojii daldala oomisha qonnaa fi waraqaa ragaa mirkaneessa gahumsaa baafachuun dirqama akka ta'e dha. Dabalataan labsicha keewwata 8(3) jalatti akka tumametti oomishni qonnaa gabaaf dhiyaatu mana kuusaa qulqullina qabu keessatti kuufamuu akka qabu dirqama kaa'eera. Kana jechuun oomishni qonnaa daldalamu qulqullinni isaa kan eegame ta'uu akka qabu namatti agarsiisa. Namni tumaa kana darbee argame immoo akkuma haala isaatti tarkaanfiin naamusaa yookiin yakkaa irratti fudhatamuu akka qabus labsicha irraa ni hubatama.

Karaa biraatiin namni jilmaa daldala oomisha qonnaa ta'e dirqama qabu keessaa tokko mana kuusaa sadarkaa isaa eeggate qabaachuu akka qabuu fi mana kuusaa hin hayyamamnettis oomisha qonnaa kuusuu akka hin qabne labsicha keewwata 19(b,c) jalatti kan tumame irraa kan hubatamu

yoo ta'u, daldalaan jilmaa oomisha qonnaa ta'e tokko dirqamoota keewwata 19 jalatti tumame yoo cabsee argame labsicha keewwata 26(11) jalatti yakkaan akka gaafachiisu ifaan tumameera. Dhimma ofi harkaa qabnutti yoo deebinu iyyataan daldala jilmaa oomisha qonnaatti hayyama daldalaa akka qabu firii dubbii mana murtii jalaatti mirkanaa'e ta'ee mana kuusaa oomisha garbuu itti kuuse immoo hayyama kuusuu akka hin qabne kan hubatame yoo ta'u, hayyama malee kuuseera kan jedhamu yoom kan jedhu deebii argachuu kan qabu dha. Akkuma labsicha keewwata 19(1,L) jalatti tumametti oomishni qonnaa tokko seeraa ala kuufameera kan jedhamu hanqinni oomishaalee qonnaa gabaa irratti akka uumamu daldalaan jilmaa oomisha qonnaa itti yaadee kaappitaala galmeessise keessaa 25% ji'a 3(sadii) oliif kuusee yoo argame dha. Karaa biraatiin immoo sababa adda addaatiin dhibbeentaa jedhamee ol kuusee yoo argame daldalaan sun battalumatti qaama aangoo qabutti beeksiisuu akka qabu haala addaatiin labsicha keewwata 19(1,n) jalatti kan tumame irraa ni hubatama. Iyyataan ammaa kuuse kan jedhame waliigaltee kiraa mana kuusaa mana murtii jalaatti dhiyaate irraa kan hubatamu guyyaa 04-28/12/2013tti ta'ee baatii tokkoo gadi akka ta'e ifa dha.

Gama biraatiin ragaa barreeffamaa iyyataan ammaa kun kan Waldaa Akisiyoona Warshaa Biiraa Meettaa Aabboof irraa barreeffame akka ragaa ittisaatti dhiyeeffate oomshni garbuu kuufame jedhamee qabame sun kan Warshaa Biiraa Meettaa Aabboof qophaa'e akka ta'ee fi oomishichas warshichi kanfaltii duraa kan itti raawwate ta'uu kan ibse ta'u illee manneen murtii jalaa waa'ee xalayaa kanaa murtii keessatti waanti qeeqan hin jiru; sababa itti kuffisanis murtii isaanii keessatti hin ibsamne. Manneen murtii jalaa kun ragaa kana qeequu dhabuu fi sababa fudahchuu dhaban illee murtii keessatti ibsuu dhabuun isaanii SDFY lak.149 jalatti kan tumame cabsuu kan agarsiisu dha. Sirna deemsa falmii

yakkaa ifaan tumamee jiru cabsuun immoo dogoggoora sirna adeemsa falmii raawwatamuu isaa kan agarsisiu dha. Kana irraa kaanee yoo ilaallu oomisha garbuu iyyataan ammaa mana kuusaa hayyama hin qabnetti kuuse jedhame yeroon turtii isaa baatii tokkoo gadi kan ta'ee fi yeroo himatni dhiyaatetti qaama 3ffaa Warshaa Biiraa Meettaa Aabbootti kan gurguraamee jiru waan ta'eef kaayyoo labsichi bahe kan faallessu miti. Akkuma olitti ibsame kaayyoon labsii sirna to'annoo gabaa fi qulqullina oomishaalee qonnaa bahe hojiiira ooluu kan danda'e oomishni qonnaa seeraa ala ji'a sadii fi isaa ol kuufamee qaala'insi nam-tolchee oomisha qonnaa gabaa keessatti akka hin uumamne ittisuu fi to'achuu fi malee akka dhimma ofi harkaa qabnuu kanatti oomisha dursee gurguramee fi gabaaf hin dhiyaanne kan ilaallatu miti. Oomisha garbuu biiraa warshaa biiraa qofaaf kan dhiyaatu malee hawaasa bal'aaf dhiyaatee kan gurguramu miti. Iyyataan ammaa oomisha garbuu qabame kan kuuse osoo hin taane akka jiddugala oomisha dabarsuu tokkootti kan fayyadame kan jedhamuun achi kaayyoo labsichi baheef kan faallessu kan nama jechisiisu miti.

Walumaagalatti, labsiin olitti ibsame kaayyoon baheef oomishni qonnaa qulqullina isaa eeggate yeroo gabaabaa keessatti fayyadamtootaaf akka dhiyaatu to'achuu fi hordofuun fayyaa hawaasa bal'aa mirkaneessuuf akkasumas qaala'insi oomisha qonnaa gabaa irratti akka hin uumamneef ittisuu fi to'achuuf malee oomisha baatii tokkoo gadi kuufamee fi inni iyyuu yeroo himatni dhiyaatetti darbee warshaatti kan gurguramee kanfaltiin dursaa itti raawwatame kan ilaallatu waan hin taaneef iyyataan oomisha kan dhuunfaa isaa hin taane kan qaama sadaffaatti dabarsee gurguree jiru yeroof oomishicha ofi harkaa dabarsuuf jecha bakka fayyadamaan(bitataan) barbaadetti kuuse tokko mana kuusaa hayyama hin qabnetti oomisha qonnaa seeraa ala kuuftetti jedhamee labsii olitti ibsame keewwata 19(1-c) fi 26(11) jalatti balleessaa ta'ee

kan adabame dogoggoora dha jenneerra. Akkasumas manni murtii ragaa bitaa fi mirgaa dhiyaatu walqixa madaaluun sababa ragaan garee tokkoo fudhatamee fi kan garee biraa itti kufaa ta'e osoo murtii keessatti hin xiinxalin ragaa namaa kan Abbaan Alangaa fi himatamaan dhiyeeffate qofa waliin madaaluun ragaa barreeffamaa gama iyyataan dhiyaate osoo hin madaalin murtii kan kennan madaallii falmii bitaa fi mirgaa kan eege waan hin taaneef kufaa dha jenneerra.

Kana waan ta'eef, iyyataan ammaa yakka itti himatame ragaa ittisaa dhiyeeffateen ofirraa ittisee osoo jiruu manneen murtii jalaa ragaa ittisaa kan namaa fi barreeffamaa iyyataan dhiyeeffate hunda walitti qabee ragaa abbaa alangaa waliin osoo hin madaalin iyyataa ammaa balleessaa taasisuun adabbii waggaa lamaa fi walakkaa fi adabbii maallaqaa qarshii 20,000) kan adaban dogoggoora seeraa isa bu'uuraa kan raawwatan waan ta'eef diigamuu qaba jennee ajaja kanatti aanu kennineerra.

AJAJA

1. Murtii Manni Murtii Aanaa Magaalaa Sabbataa galmee lak.16742 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 17/03/2014 ooleen kenne, Manni Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee galmee lak.73515 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 12/04/2014 ooleen cimsee fi Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaatti Dhaddachi Dhimma Yakkaa galmee lak.352789 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 26/05/2014 ooleen cimsuun kenne dogoggoora seeraa isa bu'uuraa kan qabu ta'ee waan argameef bu'uuraa Labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe Lakkoofsa 216/2011 keewwata 26/5/tiin diiguun murtii kennineerra.
2. Dhorki galmee kana irratti dhaddacha kanaan guyyaa 25/06/2014 kenname murtii kanaan ka'eera. Haa barreeffamu.

3. Manni Sirreessaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee iyyataan ammaa bilisa bahuu isaa beekee guyyaa har'aa to'annaa jalaa akka gadi lakkisu ajajameera. Haa barreeffamu.
4. Iyyataan yakka itti himatame irraa bilisa waan jedhameef oomisha qonnaa garbuu kuntaala 5,463 (Kuma Shanii fi Dhibba Afurii fi Jaatamii Sadii) tilmaamni isaa qarshii 23,490,900.00 (Miliyoona Digidamii Sadii fi Kuma Dhibba Afurii fi Kuma Sagaltamaa fi Dhibba Sagal) akka deebi'uuf Abbaa Taayitaa Galiiwwanii Magaalaa Sabbataa fi Waajjira Daldalaa Magaalaa Sabbataaf ajajni haa barreeffamu.
5. Galmeen kun murtii waan argateef mana galmeetti haa deebi'u.

- Abbootiin Seeraa: - 1. Gammachuu Baqqalaa
2. Doobee Dhaabaa
3. Fiixaa Dachaasaa
4. Masfine Geetaachoo
5. Taaddasaa Qana'ii

Iyyataan:- Geetuu Hayiluu Afawarqii

Waamamaan:- A/A/ Waliigalaa Oromiyaa

Galmee qorannee murtii kanaa gadii kennineerra.

MURTI

Galmeen kun banamee Dhaddacha Ijibbaataa kanaaf dhiyaachuu kan danda'eef iyyataan iyyannoo guyyaaa 30/06/2014 barreessee dhiyeesseen murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Bahaa galmee lakk. 384589 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 18/05/2014 ooleen kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa qaba jechuudhaan akka sirratuuf waan gaafateef.

Ka'umsi dhimmichaa himannaa yakka malaamaltummaa himataa jalaa (A/A Godina Harargee Lixaa) himatamaa jalaa (iyyataa ammaa) Mana Murtii Ol'aanaa Godina Harargee Lixaatti dhiyeesseen yoo ta'u, qabiyyeen himatichaa gabaabinaan; himanni Iffaan, Labsii Yakkoota Malaammaltummaa Tumuuf Bahe Lakk. 881/2007 kwt. 21(1,B) fi Labsii Naannoo Oromiyaa Dirqama Qabeenyaa Dhuunfaa Galmeessisuuf Lakk. 169/2003 kwt. 5(1) fi 23(1, A) jalatti kan tumame irra darbuudhaan maqaa Geetuu Hayiluu Afawarqi jedhamuun Hojjataa Mana Murtii Ol'aanaa Godina H/Lixaa ta'ee Gita Hojii Siivilii Dursaaa Garee Qophii Karooraa fi Gamaaggamaa II, Koodii Gita Hojii 011732, Lakk. Eenyummaa Gita

Hojii 15/G05/52, Sadarkaa XIV ta'een gaafa guyyaa 07/04/2013 irraa kaasee mindaa ji'aa qarshii 9056.00 ta'een osoo hojjachaa jiruu galii isaatiin kan wal hin madaalle maallaqa qarshii 1,001,864.36 herrega Baankii Daldalaa Damee Odaa Bultum lakk.1000350753528 ta'e irratti Maqaa Geetuu Akkawaaqi Araarsoo jedhamuun banate irratti dirqama galmeessisuu labsichaan isa irraa eegamu osoo hin bahin qabeenyaa maddi isaa hin beekamne qabatee waan argameef himatameera kan jedhu yoo ta'u; Himanni 2ffaan himatamaan Labsii Yakkoota Malaammaltummaa Tumuuf Bahe Lakk. 881/2007 kwt. 19(2) fi Labsii Qabeenyaa Galmeessuuf Mootummaa Naannoo Oomiyaatiin Bahe Lakk. 169/03 irra darbuudhaan Abbaa Adeemsa H/B/G/H/Namaa Lakk. Eenyummaa 15/G05/22, PS-8 jalatti mindaa 6,881.00 argachaa hojjachaa osoo jiruu Maqaa Geetuu Hayiluu Afawarqi jedhuun Baankii Awaash Damee Ciroo lakk. herreegaa 01320834006900 banatee jiru guyyaa 09/03/2012 hanga 07/17/2021 gidduutti qarshii 73.58 qofa osoo qabuu gaafa guyyaa 15/03/2012 Bu'uura Labsii Lakk. 169/2003 tiin qabeenya galmeessiseen qarshii 100,000.00 herrega baankii kana irraa qaba jedhee waan galmeessiseef yakka odeeffannoo sobaa kennuutiin qabeenya galmeessisuu raawwateen himatame kan jedhu yoo ta'u, himanni 3ffaan Labsii Yakkoota Malaammaltummaa Tumuuf Bahe Lakk. 881/2007 kwt. 23(1,3) jalatti kan tumame irra darbuudhaan himatamaan kun hojjataa Mana Murtii Godina Harargee Lixaa ta'ee yeroo hojjachaa turetti waraqaa eenyummaa hojjataa mana murtichaa ta'uu isaa ibsu lakk. eenyummaa 871 ta'een maqaa Geetuu Hayiluu Afawrqiitiin gaafa guyyaa 20/07/2010 kennameefii osoo jiruu waraqaa eenyummaa maqaa Geetuu Akkawaaqi Araarsoo jedhamuun lakk. eenyummaa 871tiin gaafa guyyaa 20/07/2010 ta'e qopheessuun Baankii Daldalaa Itoophiyaa Damee Odaa Bultum irraa lakk. herreegaa 1000350753528 ta'e baafachuudhaan maallaqa maddi isaa hin beekamne qarshii 1,001,864.36 kaa'ee waan argameef yakka

sanada sobaa qopheessuu fi itti fayyadamuutiin himatame kan jedhuudha. Himatamaa jalaa (iyyataan ammaa) himannaa irratti dhiyaate hundumaa guutummaa guutuutti waakkatee jecha isaa kennatee waan tureef Manni Murtii Ol'aanaa Godinichaa ragaa namaa fi barreeffamaa bitaa fi mirgaan dhiyaatan erga dhagaheen booda murtii galmee lakk. 58709 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 16/02/2014 ooleen kenneen; himataan yakka itti himatame sadeenuu raawwachuu isaa ragaa namaa fi ragaan barreeffamaa gama Abbaa Alangaatiin irratti dhiyaate kan mirkaneesse ta'uu; himatamaan ragaa ittisaa akka dhiyeeffatu ajajamee ragoonni ittisaa isaa ofii isaa dabalatee jecha kennaniin himatamaan Waajjira Barnootaatti bara 1991 kaasee sadarkaa hojii adda addaa irratti barsiisummaa hanga hojii waajjiraatti ramadamee mindaa garaagaraa argachaa hojjataa turuu isaa; haati manaa isaa hojjattuu mootummaa taatee ji'aan qarashii 6,193.00 argachaa kan jirtu ta'uu isaa, innis yeroo ammaa Mana Murtii Ol'aanaa Godina H/Lixaatti hojjachaa kan jiruu fi mindaa gahaa kan argatu fi hojii bittaa irratti ramadamee waan hojjatuuf yeroo adda addaa durgoo dabalataa kan argatu ta'uu, mindaa isaa kan haadha warraa isaa fi durgoo dhuunfaatti argatu kana irraa maallaqa qusatee baankii kaawwachaa kan jiru ta'uu isaa, kana malees abbaa isa dhalchee fi abbaa isa guddise kan dhaale qabeenyaa dhaalaa argate ta'uu isaa, abbaan isa guddise Hayiluu Afawarqi jedhamu irraa mana fi qabeenya ashaakiltii adda addaa dhaaluu fi mana dhaalaan abbaa guddise irraa argate kan qarshii 300,000.00 gurgurate maallaqa baankii kan kaa'ate ta'uu, oomisha biqilituu adda addaa irraallee galii argachaa turuu isaa; abbaa isa dhalche Akkawaaq Araarsoo kan jedhamu irraa immoo mana fi qabeenyaa biroo dhaalee manneen kireeffamaa waan jiraniif gatiin kiraa karaa baankiitiin yeroo adda addaa ergamee maallaqa kan kuufate ta'uu isaa; sababa bittaaatiin maallaqa herrega Baankii Daldalaa Lakk. 1000023652459 ta'een sochoosaa akka ture; walumaagalatti galii addaan hin cinne waggaa 18

argachaa kan ture fi maddi galii isaa kan beekamu ta'uu yoo ibsanillee ji'aan ykn waggaan galiin maddeen kanneen kana irraa galche meeqa akka ta'e ragoonni ittisaa hin ibsine. Gama biraatiin ragaan barreeffamaa sochii baankii maallaqa hedduu ibsu kan lakk. herreegaa Baankii Daldalaa lakk. 1000023652459 yoo ta'u, herrega Baankii Daldalaa ittiin himatame lakk. 1000350753528 ta'een maallaqni gale qarshii 38,013.46 qofaadha. Gama biraatiin himatamaan ragaa barreeffamaa inni fi haati warraa isaa hojjattoota mootummaa ta'uu, himatamaan mana qarshii 300,000.00tti gurgurachuu, murtii dhaaltummaa abbaa isaa dhalchee fi abbaa isa guddisee fi kkf akka ragaa barreeffamaatti dhiyeeffateera. Jecha ragaa namaa fi ragaa barreeffamaa himatamaan dhiyeesse kana irraa himatamaan madda galii adda addaa qabaachuun isaa mirkanaa'ee jira. Haa ta'u malee, maallaqni herrega baankii lakk. 1000350753528 maqaa Geetuu Akkawaq jedhamuun qarshiin 1,001,864.36 kuusee argame kun bu'uura dirqama qabeenyaa galmeessisuu seera irratti tumame keessa darbee himatamaan madda galii isaa beeksisee kan qabu ta'uu ragoonni ittisaa isaa kan hin mirkaneessine fi maallaqni herrega baankii ibsame kana irratti kuufamee argame madda galiwwan adda addaa kanneen irraa kan argaman ta'uu waanti mirkaneeffate hin jiru. Kanaafuu, himatamaan qabeenyaa maddisaa hin beekamne kuusee argamuu isaatiin himannaa 1ffaa labsii lakk. 881/07 kwt. 21(1, B) jalatti ballessaadha. Akkasumasa himannaa 2ffaa ilaalchisee maallaqni inni Baankii Awaash lakk. herreegaa 01320834006900 ta'e keessaa qabu qarshii 73.58 ta'ee osoo jiruu odeeffannoo sobaatiin maallaqa herrega baankii kana keessaa qarshii 100,000.00 akka qabutti beeksisee galmeessuun isaa waan mirkanaa'ee fi himatamaan immoo waan ofirraa hin ittifneef himannaa 2ffaa labsii lakk. 881/07 kwt. 19(2) fi labsii lakk. 169/03 jalatti balleessaadha. Himannaa 3ffaa ilaalchisee waraqaa eenyummaa Manni Murtii Ol'aanaa kenneef lakkoofsa fi guyyuma sanaan waraqaa eenyumaa biraa maqaa biraatiin

qopheessee herrega baankii ittiin banachuun isaa ragaa barreeffamaatiin kan mirkanaa'e yoo ta'u, ragaa ittisaatiin waan hin ittifamneef himannaa 3ffaa jalattis balleessaadha jechuudhaan murtii balleessummaa kennee adabbii bu'uura qajeelfama adabbii lakk. 2/06 kwt. 19 fi seera yakkaa fi labsiilee itti himatamee itti balleessaa jedhameetiin herreguudhaan himatamaan jalaa ykn iyyataan ammaa hidhaa cimaa waggaa 7(torbaa) fi maallaqa qarshii 7,000.00tiin akka adabamu sagalee caalmaadhaan murteessee maallaqa bu'aa yakkichaa ta'e qarshii 1,001,846.36 herrgga Baankii Daldalaa lakk. 1000350753528 ta'e keessaa ture sochiin qorannoo yakkichaa yommuu eegalmu himatamaan baasee herrega baankii daldalaa Magaalaa Awwaash Sabaattii Damee Lamelafan jedhamutti galfatee kan turee fi maallaqni qarshii 950,000.00 herrega baankii kana keessatti kanaan dura dhorkamee kan ture ta'uu ibsuudhaan, qarshiin 950,000.00 maqaa himatamaatiin jiru kun bahii ta'ee mootummaaf galii akka ta'u ykn mootummaan akka dhaalamu ajaja kennee ture.

Yaanni addaa immoo himannaa 1ffaa kan ilaallatu yoo ta'u, himatamaan bara 1991 kaasee waajjira Barnootaa fi waajjiroolee addaa addaatti mindaa kan argaachaa ture ta'uu, haati warraa isaa hojjattuu mootummaa taatee mindaa gahaa kan argattu ta'uu, himatamaan abbaa isa guddise irraa mana dhaalamaan argate gurguratee qarshii 300,000.00 kan argate ta'uu, biqiltuu fi ashaakiltii adda addaa irraa galii argachaa kan ture ta'uu, abbaa isa dhalche irraa immoo mana dhaalee kiraa manichaatiin galii argachaa akka turee fi kiraan manaa kunis baankiin yeroo adda addaa kan ergamaafii ture ta'uu, durgoo adda addaa yeroo adda adda argachaa kan ture ta'uun isaa waan mirkanaa'eef maddi galii isaa kan beekamuudha. Maallaqa herrega Baankii Daldalaa lakk. 100035075528 ta'e irratti kuusee argame jedhame kunis maddeen galii kanneen irraa kan argaman ta'uu waan hubachiiseef himatamaan jalaa himannaa 1ffaa jalaa bilisa

jedhamuu qaba jechuudhaan yaadaan adda kan bahe ta'uu murticha irratti ibsameera.

Himatamaan jalaa (iyyataa ammaa) murtii Mana Murtii Ol'aanaa Godinichaa kenne kana komachuudhaan ol'iyyannoo Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Bahaatti kan dhiyeeffate yoo ta'u, Manni Murti Waliigalaatis komii dhiyaate bu'uura godhachuudhaan dhiyeessisee bitaa mirgaan erga falmisiiseen booda murtii kenneen; himannaa Abbaa Alangaa 1ffaa fi 3ffaa bu'uura sy. Kwt. 60tiin walbira qabnee yommuu ilaalluu, himannaa 1ffaan maallaqa maddi isaa hin beekamnee fi seeraan hin galmoofne qarshii 1,001,864.36 baankii keessatti kuufatee argame kan jedhu yoo ta'u himanni 3ffaan immoo maallaqa kana baankiitti kuufachuuf waraqaa ragaa sobaatiin fayyadame kan jedhuudha. Kaayyoon waraqaan eenyummaa sobaa kun qophaa'ee fi itti fayyadameef himatamaan yakka himannaa 1ffaa keessatti ibsame kana galmaan gahuuf ykn fiixaan baasuuf bu'uura sy. 61(3) yakka lama kan uumu miti. Kanaafuu, himanni 3ffaan himannaa 1ffaa jalatti kan hammatamu waan ta'eef himatamaan jalaa himannaa 3ffaa jalatti balleessaa jedhmuun sirrii miti.

Maallaqa maddi isaa hin beekamne galii isaatiin ol maqaa isaatiin Baankii Daldaalaa Damee Odaa Bultum keessatti lakk. 1000350753528 ta'e keessatti kuusee argamee fi dirqama galmeessuu irratti hin raawwatamne jedhnee himannaa 1ffaa keessatti caqasame ilaalchisee, maallaqa kana keessaa qarshii 1,000,000.00 herrega baankii lakk. 1000023652459 tarree irraa gara herrega baankii lakk. 1000350753528 ta'etti kan dabarfame (transfer) ta'uun hubatameera. Namni qabeenya maddi galii isaa hin beekamne tokko qabatee argame qabeenyicha eessaa akka argatee fi maddi galii isaa maal akka ta'e dirqama hubachiisuu kan qabu yoo ta'u, bu'uuruma kanaan himatamaan mindaa argachuu isaa, durgoo argachaa

turuu isaa, manneen gurgrurachuu isaa fi dhaala adda addaa argachuu isaa fi kkf ibsuudhaan ofirraa ittisuu yoo yaalelee, dhimmicha akka ilaalletti qabeenyaa manaa abbaa isa guddise Haayiluu Afawarqi jedhamu irraa dhaale kan Aanaa Jimmaa Gannatii Magaalaa Haratoo keessatti argamu qarashii 300,000.00n nama Boonsaa Shibbiruu fi qarshiin kunis lakk. herregaa 1000023652459 ta'een yeroo adda addaa kan ergeef akka ta'ee fi walumaagalatti gurgurtaa manichaa fi galii ashaakiltii irraa argateen qarshii 400,000.00 argatee akka ture ragaa namaa fi barreeffamaatiin hubachiisee jira. Kanaafuu, maallaqni himannaa 1ffaa jalatti ibsame hundi isaa maddi galii hin beekamu jedhamuun sirrii miti. Kanaafuu, qabeenyaa maddisaa beekamu qarshii 400,000.00 kun keessaa yoo bahu maallaqni himatamaan maddi isaa osoo hin beekamne harkatti argame himannaa 1ffaa jalatti itti gaafatamummaa yakkaa jalaa kan bahu miti. Himannaa 2ffaa ilaalchisee herrega Baankii Awaash lakkoofsi isaa ibsme keessaa qarshii 100,000.00 qaba jedhee galmeessisee garuu maallqni yeroo qabeenya galmeessisu baankicha keessaa qabu qarshii 73.58 ta'uun waan mirkanaa'eef odeeffannoo sobaa kennuun qabeenya galmeessisuu raawwachuun waan mirkanaa'eef himannaa 2ffaa jalatti balleessaa jedhamuun sirriidha.

Walumaagalatti, himatamaan jalaa ykn iyyataan ammaa himannaa 1ffaa fi 2ffaa jalatti balleessaa jedhamuu qaba jedhee murtii balleessummaa erga fooyyesseen booda adabbii keewwata himannaa 1ffaa fi 2ffaa jalatti tumaman irra deebi'ee shallaguudhaan himatamaan jalaa hidhaa cimaa waggaa sadii fi adabbii maallaqaa qarshii 3,000.00tiin akka adabamu erga itti murteesseen booda maallaqa maddi isaa hin beekamne osoo dirqama galmeessuu hin raawwatin qabatee argame jedhame Manni Murti Ol'anaatiin mootummaaf galii akka ta'u ajajame keessaa qarshiin 400,000.00 maddi galii isaa kan beekame waan ta'eef keessaa hir'ifamee

qarshii 550,000.00 qofaan mootummaaf galii haa ta’u jechuudhaan fooyyessee murteesseera.

Iyyataan ammaa murtiin mannee murtii jalaatiin kenname dogoggora seeraa isa bu’uuraa qaba jechuudhaan akka sirratuuf iyyanni dhaddacha kanatti dhiyeesse gabaabumatti; himannaa ilaalchisee labsii lakk. 881/07 kwt. 19(2) ifatti kan jedhu tumaa qabeenyaa beeksisuu ykn galmeessisuu darbuun kan adabsiisu ta’uu isaati. Haa ta’u malee, himanni iyyataa irratti hundaa’e odeeffannoo sobaatiin qabeenyaa hin qabne galmeessisuu kan jedhuudha. Kanaafuu, himanni dhiyaatee fi seerri iyyataan ittiin himatame waan wal hin simnee fi dhimma yakkaa immoo walfakkaatee (analogy) dhaan hiikkaa itti kennuun waan hin danda’amneef iyyataan himannaa 2ffaa jalatti balleessaa jedhamuun koo dogoggora seeraa isa bu’uuraati. Himannaa 1ffaa ilaalchisee MMO tti Abbaan Seeraa lakk. 2ffaa irratti maqaan isaa ibsame yaadaan adda kan baheef qabeenyi jedhame kun dafqa kiyyaa fi haadha manaa kiyyaan kan horatame ta’uu, abbaa na dhalchee fi na guddise irraa dhaalaan qabeenya argadhe ta’uu koo waan hubataaef. MMWottis qarshii 400,000.00 kan dhaalaan argadhe ta’uu hubannoo keessa galcheera. Haa ta’u malee, manneen murtii lachuu osoo hubannoo keessa hin galchin akkasumas ragaa bitaa mirga sirnaan osoo hin madaalin murtii kennan keessatti himanni kan jedhu, “... iyyataa ammaa gaafa guyyaa 07/04/2013 irraa kaasee mindaa qarshii 9,056.00 osoo argatee hojjachaa jiruu qabeenyaa madda galii isaa waliin wal hin madaalle qarshii 1,001.864.36 ta’e Baankii Daldala Itoophiyaa lakk. 1000350753528 ta’erratti maqaa Geetuu Akkawaaqi Araarsoo jedhuun osoo hin galmeessin kuufatee waan argameef yakka qabeenya maddi isaa hin beekamne qabatee argamuutiin himatame” kan jedhu ture. Ragaan A/A kan namaa fi barruu himata kana mirkaneessuuf dhiyaate garuu iyyataan gaafa guyyaa 7/4/2013 as qofa osoo hin taane waggaa 22 guutuu

sadarkaa adda addaa irraa hojjataa mootummaa ta'ee hojjachaa turuu fi galii argachaa turuu koo kan mirkaneessaniidha. Mindaa qofa osoo hin taane dabalataanis abbootii na guddisanii fi na uuman irraa qabeenyaa dhaaluu kiyyaa fi manneen kaan gurguramanii kaan kireeffamnii galii guddaa kan naaf argamsiisani ashaakiltii fi biqiltuu adda addaa irraa oomisha galii argamsiisu kanneen akka bunaa, baargamoo, geeshoo fi kkf irraa galii hedduu argachaa turuu koo ragooleen ittisaa koo mirkaneessanii jiru. Kanaafuu, ragaan A/A qabeenyii galmaahuu dhabuu malee qabeenyii baankii keessatti argame kun hunda madda galii kiyyaa ol ta'uu isaa wanti mirkaneesse hin jiru. Ragaan ittisaa kiyya garuu galii gahaa madda galii adda addaa irraa argachuu koo mirkaneessuudhaan jecha maddi galii maallaqa kuufamee kan beekamu ta'uu mirkaneessanii jiru. Kanaafuu, ulaagaa tumaa labsii lakk. 881/07 kwt. 21(1, b) osoo hin guutin balleessaa jedhamuun koo dogoggora. Bu'uura tumaa labsichaa kwt. 34tiin tumaaleen seera yakkaa kan waliigalaa raawwatiinsa waan qabaniif A/A himannaa isaa shakkiin olitti osoo hin mirkaneeffannee ulaagaan tumaa sy. Kwt. 23 osoo hin guunne ofirraa ittifadhu jedhamuun koo dogoggora ta'uurrayyuu, ragaan ittisaa kiyyas haala ragaa A/A shakkii keessa galchuun narraa ittisanii osoo jiranuu mannee murtii jalaa haala madaallii ragaa haqa jalliseen himannaa lffaa jalatti balleessaadha naan jechuun isaanii dogoggora seeraa isa bu'uurati. Kana malees, MMWO qarshii 400,000.00 osoo hin taane maallaqni hundinuu maddi galii isaa kan beekamu ta'uu isaa mirkanaa'ee jiru maallaqa qarshii 400,000.00 tiin olitti maddi galii isaa hin beekamu jedhee yaada dhumaa irra gahuun isaa dogoggora seeraa isa bu'uurati. Seerri balleessaa itti jedhame adabbii hidhaa cimaa fi salphaa kan kaa'u waan ta'eef manni murtii jalaa adabbii hidhaa cimaa filatee adabbii murteessuun isaa dogoggora seeraa isa bu'uurati kan jedhuu fi kkf bal'inaan ibsuudhaan murtiin manneen murtii jalaa guutummaa guutuutti diigamee akka

bilisaan gaggeeffamu; kun bira darbama yoo ta'e immoo adabbiin irra deebi'amee shallagamuudhaan akka salphatuuf gaafateera.

Waamamaanis iyyata dhiyaateef deebii guyyaa 27/07/2014 barreessee dhiyeesseen; namni qabeenyaa galmeessuu qabeenyaa qabu isa sirrii ta'ee galmeessuu qabaata. Maallaqa himannaa 1ffaa irratti ibsame kana Baankii Awaash irraa qaba jedhee hin galmeessine. Kan inni galmeessaa Baankii Awaash herrega 013208 34006900 irraa qarshii 100,000.00 qaba jedhee yoo ta'u, dhugaan yoo sakatta'amu garuu herrega kana irraa maallaqni inni kuufatee qabu qr. 73.58 qofa ta'uu mirkanaa'eera. Iyyataan garuu kana ragaa ittisaatiin hin sobsiifne waan ta'eef himata 2ffaa ilaalchisee keewaanni caqasamee himatames ta'ee murtiin kenname dogoggora kan qabu miti. Iyyataan maallaqa qarshii 400,000.00 ala madda beekamaa irraa argachuu isaa waan hin mirkaneeffanneef himannaa 1ffaa jalatti balleessaa jedhamuun isaa dogoggora kan qabu miti. madaallii ragaa bitaa mirgaa irratti haqni dabe waan hin jirreef dogoggorri seeraa raawwatame hin jiru. Adabbiin kennames gocha raawwatameen kan wal madaalu waan ta'eef dogoggora seeraa isa bu'uuraa kan qabu miti kan jedhuu fi kkf caqasuudhaan deebii kenneera.

Seenaan dhufaatii falmichaa kan armaan olitti ibsame yoo ta'u, dhaddachi kunis falmii dhiyaate seera rogummaa qabu waliin yommuu ilaallu ijoo murtaa' argachuu qabu, iyyataan maallaqa Baankii Daldalaa Itoophiyaa lakk. herreegaa 1000350753528 ta'e keessatti kuusee argame madda galii isaa agarsiisee jiraa moo miti? Iyyataan himannaa 1ffaa jalatti balleessaa jedhamuun isaa sirriidha moo miti? kan jedhuu fi kkf qabannee qoranneerra. Seeraan galmee kana irraa akka hubatamutti iyyataan himannaa 1ffaa jalatti maallaqa maddi galii isaa hin beekamnee fi dirqama qabeenyaa galmeessuu irratti hin raawwatamne qabatee ykn baankii keessatti

kuufatee argameera kan jedhuudha. Maallaqa iyyataan ammaa maqaa Geetuu Akkawaq Araarsoo jedhamu Baankii Daldala Itoophiyaa Damee Odaa Bultum lakk. 1000350753528 ta'e keessatti qarshii 1,001,864.36 ta'e argame jedhame kana ilaalchisee A/A/ himannaa isaa keessatti maddii galii iyyataa ammaa mindaa qarshii 9,056.00 ji'aan argatu qofaa akka ta'etti kan ibseedha. Haa ta'u malee, iyyataan ammaa maddi galii isaa mindaa ji'aan qarshii 9,056.00 argatu qofa osoo hin taane bara 1991 irraa eegalee sadarkaa barsiisummaatii eegalee waajjiraalee mootummaa sadarkaa adda addaa irra jiranitti iyyataan qacaramee sadarkaa guddinaa fi guddina mindaa adda addaatiin hojjachaa turuu ragaa barreeffamaa kana mirkaneessu dhiyeeffateera. Kana malees, haati manaa isaa hojjattuu mootummaa taatee ji'aan qarshii 5,615.00 argachaa kan jirtu ta'uu ishee, iyyataan abbaa isa guddise dhaalee qabeenya manaa fi ashaakiltii ykn biqiltuu galii argamsiisan argachuu isaa, mana dhaalaan abbaa isa guddise irraa dhaalaan argate kanas gurguree maallaqa argachuu isaa fi ashaakiltii fi biqiltuu irraayis galii argachaa turuu isaa fi mana abbaa isa dhalche irraa dhaales kireessee galii argachaa kan ture ta'uu ragaa ittisaa dhiyeeffateen hubachiisee jira. Kanaafuu, maddi galii maallaqa iyyataan herrega baankii ibsame kana keessatti kuufatee qabeenyaa ibsaman kanaa fi maddeen galii kanneen ta'uun hubachiifamee bakka jirutti maallaqni iyyataan Baankii Daldalaa lakk, herreegaa 10003507553528 ta'e rratti kuufate maddi isaa hin beekamu jedhamee yaada gudunfaa manneen murtii irra gahan dogoggora seeraa kan qabuudha. Labsii lakk. 881/07 kwt. 21(1,B) jalatti tumaan teechiefames maallaqa maddi galii isaa hin beekamne qabatanii argamuudha malee waa'ee qabeenya galmessisuu waliin wal hin qabatu. Maallaqa galmeessisuu ilaalchisee keewwanni rogummaa qabu labsicha kwt. 19 jalatti kan tumameedha. Iyyataan immoo maallaqa 1,001,864,36 Baankii Daldalaa lakk. 1000357053528 keessatti kuusee argame jedhamee ibsame kana hin galmeessifne

jedhamee bu'ura labsicha kwt. 19 jalatti tumameen hin himatamne. Himannaa 1ffaan iyyataan itti himatame qabeenya maddi galii isaa hin beekamne kuusee ykn qabatee argamuudha. Maallaqa ittiin himatame kana immoo bu'ura xiinxala armaan olitti ibsameen maddi galii isaa kan beekamu ta'uun waan mirkanaa'eef iyyataan ammaa himannaa Abbaa Alangaa 1ffaa jalatti balleesaadha jedhamuun isaa dogoggora waan ta'eef murtii balleessummaa fi adabbii himannaa 1ffaa jalatti kenname haqnee iyyataan himannaa 1ffaa jalaa bilisaan gaggeeffamuu qaba jennee sagalee caalmaadhaan murteessineerra.

Himannaa 2ffaa ilaalchisee himatamaan jalaa (iyyaan ammaa) maallaqa Baankii Awaash Damee Odaa Bultum lakk. herreegaa 01320834006900 ta'e irratti qaba jedhee bu'ura labsii lakk. 169/2003 tiin galmeessise qarshii 100,000.00 yoo ta'u, yeroo maallaqa kana galmeessisetti garuu maallaqni iyyataan ammaa kun dhugaadhaan lakk. herrega baankichaa keessaa qabu qarshii 73.58 qofaa akka ta'e ragaa barreeffamaa gama Abbaa Alangaa irraa dhiyaateen hubachiifameera. Iyyataan maaliif akkana akka ta'e ykn maaliif akka akkana godhe waanti ragaa ittisaatiin faccifate ykn sobsisuu yaalellee tokko hin jiru. Magalata Oromiyaa Labsii Lakk. 169/2003 kwt. 5(1,2) jalatti hojjataan mootummaa kamiyyuu qabeenya maqaa isaa fi maatii isaatiin jiru dirqama beeksisuu fi galmeessisuu akka qabu tumameera. Qabeenyi galmeessisuu ykn beeksisuu kana ilaalchisee odeeffannoo sobaa ykn odeeffannoo sirrii hin taane kennuun seera yakkaa rogummaa qabuun kan adabsiisu ta'uu labsuma kana kwt. 21(1, A) jalatti tumameera. Seera yakkaa rogummaa qabu jechuun immoo yeroo ammaatti hojjiirra kan jiru Labsii Lakk. 881/2007 kwt. 19(2) jalatti kan tumameedha. Kanaafuu, iyyataan himannaa 2ffaa jalatti balleessaadha jedhamuun isaa dogoggora seeraa isa bu'uraa kan qabu miti jennee murtii balleessummaa himannaa 2faa jalatti manneen

murtii jalaatiin kenname sagalee guutuudhaan cimsinee jirra. Adabbii ilaalchisee iyyataan ammaa murtii balleessummaa dhaddacha kanaan sagalee caalmaatiin kennameen balleessaa kan jedhame himannaa 2ffaa qofa jalatti waan ta'eef adabbiin shallagamee murtaa'uu qabaatus himannaa 2ffaa jalatti adabbii labsii lakk. 881/07 kwt. 19(1 fi 2) jalatti tumame qofa ta'uu qabaata. Haala kanaan adabbii kwt kana jalatti Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Dhaabbii Bahaa murteesse yoo fudhannu, himannaa 2ffaaf adabbii ka'umsaa hidhaa salphaa waggaa lamaa fi adabbii maallaqaa qarshii 4,000,00 kan qabame yoo ta'u, bu'uura Qajeelfama Adabbii Lakk. 2/2006 tiin adabbiin hidhaa gulantaa 10ffaa jala, adabbiin maallaqaa immoo gulantaa 4ffaa jalatti tumamee ni jira. Sababiin adabbii cimsu kan hin jirre yoo ta'u sababa adabbii salphisuu lama MMWO qabeef akkuma jirutti fudhatamee adabbiin dhumaa kan hidhaa gulantaa 8ffaa jalatti, kan maallaqaa immoo gulantaa 2ffaa jalatti kufa jechuudha. Kanaafuu, adabbii gulantaa qajeelfama adabbii kana jalatti tumame keessaa iyyataan ammaa himannaa 2ffaa jalatti yakka balleessaa jedhameef adabbii hidhaa salphaa waggaa tokkoo fi baatii saddeetii, fi adabbii maallaqaa qarshii 2,000.00tiin akka adabamu sagalee caalmaadhaan murteessineerra.

AJAJA

1. Murtiin balleessummaa fi adabbiin Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Bahaa galmees lakk. 384589 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 18/05/2014 ooleen kenne bu'uura labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe lakk. 216/2011 kwt. 26(5) fi sdfy. 195(2-b-2) tiin fooyya'ee murtaa'ee jira.
2. Iyyataan ammaa himannaa Abbaa Alangaa 1ffaa jalatti himannaa irratti dhiyaate waan ofirraa ittifatee jiruuf balleessaadha jedhamuun

isaa dogoggora waan ta'eef murtii balleessummaa fi adabbii himannaa 1ffaa ilaalchisee manneen murtii jalaa kennan haqamee himatamaan jalaa ykn iyyataan ammaa himannaa 1ffaa jalaa bilisa jedhamee sagalee caalmaadhaan murtaa'ee jira.

3. Himannaa 2ffaa ilaalchisee murtiin balleessummaa kenname dogoggora seeraa isa bu'uura hin qabu jedhamee sagalee guutuudhaan akka cimur murtaa'ee jira.
4. Iyyataan ammaa (himatamaan jalaa) bu'uura murtii balleessummaa sagaleen caalmaatiin murtaa'een balleessaa kan jedhame himannaa 2ffaa qofa jalatti waan ta'eef adabbiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Bahaa kennee ture fooyya'ee iyyataan adabbii hidhaa salphaa waggaa tokkoo fi baatii saddeetii, fi adabbii maallaqaa qarshii 2,000,00 qofaan akka adabamu sagalee caalmaadhaan murtaa'eera.
5. Manni Sirreessaa Godina H/Lixaa bu'uura murtii adabbii fooyya'e kanaatiin akka raawwachiisu garagalchi murtii kanaa haa ergamuuf.
6. Iyyataan himannaa 1ffaa jalaa bilisa waan jedhameef maallaqa maddi galii isaa hin beekamne jedhamee mootummaaadhaan akka dhaalamu jedhamee MMWO Dhaddacha Dhaabbii Bahaatiin ajajamee ture iyyataan yakka himannaa 1ffaa jalaa bilisa waan jedhameef Maallaqni qarshii 550,000.00 (kuma dhibba shanii fi kuma shatama) iyyataa ammaatiif akka deebi'uuf ajajameera. Qaama dhimmi ilaaluuf haa barreffamuuf.
7. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaatiif iyyataaf karaa teessoo isaaniitiin haa ergamuuf jenneerra.
8. Galmeen murtii dhumaa waan argateef cufameera.
9. Galmeen mana galmee cufamaniitti haa deebi'u.

YAADA ADDAA

Nuti Abbootiin Seeraa maqaan keenya lakk. 1ffaa fi 3ffaa irratti maqaan keenya moggaafame himannaa 1ffaa ilaalchisee murtii Abbootiin Seeraa warreen sagalee caalmaatiin kennan irratti waan walii hin galleef yaada addaa keenya akka armaan gadiitti teechiefnee jirra. B Himatamaan jalaa / iyyataan ammaa/ tumaalee yakkaa labsii yakkoota malaammaltumamaa tumuuf bahe lakk. 881/07 kwt. 21(B) fi labsii qabeenya beeksisuu fi galmeessisuuf mootummaa N/Oromiyaatiin bahe lakk. 5(1) fi 23(A) jalatti tumaman cabsuudhaan qaabeenyaa maddi galii isaa hin beekamnee fi sirni beeksisuu fi galmeessisuuf irratti hin raawwatamne maallaqa qarshii 1,001,864.36 ta'e Baankii Daldala Itoophiyaa Damee Odaa Bultum lakk, herregaa 1000350753528 ta'e irratti kuufatee argameera kan jedhuudha. Abbaan Alangaa maallqni kun kan hin galmoofne ykn hin beeksifamne ta'uu fi iyyataan kun maqaa abbaa itti beekamu jijiirratee maqaa Geetuu Akkawaaqi Araarsoo jedhamuun lakk. herregaa baankii kanatti kuufatee argamuu isaa fi mindaan beekamaan inni yeroo sanatti argatu qarshii 9,056.00 ta'uu isaa fi hojjataa mootummaa ta'uu isaati. Abbaa Alangaa irraa kan eegamu himannaa dhiyeessuuf ragaa ka'umasaa ta'e dhiyeessuu irraa kan hafe maallaqni kun madda beekamu irraa kan dhufe ta'uu, kan galmeeffame fi beeksifame ta'uu dirqama hubachiisuu kan qabu himatamaa ykn iyyataa ammaa akka ta'e ykn dirqamni hubachiisuu (burden of proof) himatamaatti akka naanna'u tumaalee labsii yakkoota malaammaltummaa fi adeemsa isaa irraa hubachuun ni danda'ama.

Kanaaf, amma ijoo ilaalamuu qabaatu iyyataan ammaa maallaqa qarshii 1,001,864.36 baankiitti kuusee argame kana galiwwan iyyataan caqasee kenneen irraa kan kuufate ta'uu isaa agarsiisee ykn hubachiisee jira moo miti? Kan jedhuudha. Iyyataan ammaa kun ragaa ittisaa maal maal akka dhiyeeffate baruuf galmeef haadhoo falmiin guutuun manneen murtii

jalaatti irratti gaggeeffame fichisiifnee ilaallee jirra. Raga namaa iyyataan dhiyeeffatee fi ragaalee barreeffamaa nagaheewwan baankii adda addaa fi raga dhaaltummaa fi waliigaltee gurgurtaa fi kkf dhiyeeffate yommuu ilaalamu, iyyataan hojjataa mootummaa ta'ee bara 1991 irraa eegalee mindaa argachaa turuu isaa, haati manaa isaa hojjattuu mootummaa mindaa ji'aa argattu ta'uu isaa, qabeenyaa manneen fi ashaakiltii abbaa isa guddisee fi abbaa isa dhalche irraa dhaaluu isaa, mana Aanaa Jimmaa Gannatii jiru qarshii 300,000.00 tti gurgurachuu isaa fi ragaalee dhaaltummaa fi kkf dhiyeeffateera. Ragooleen namaatis kanuma kan ibsaniidha. Haa ta'u malee, iyyataan qabeenyaa madda galii argamsiisu qaba yoo jedhamellee maddi maallaqa baankitti kuufame kana maaddi isaa galiwwan qabeenyaa fi mindaa isaa fi haadha warraa isaa kana irraa argameen ta'uu isaa haala amansiisaa ta'een raga mirkaneessu hin jiru. Sababiin isa akkuma fakkeeniyatti yoo fudhanne iyyataan maddeen galii isaa yeroo tokko ykn waqitii tokko keessatti galii miliyoona tokkoo kan argamsiisan osoo hin taane dhawaata dhawaataan ykn ji'a ji'aan akka galiin mindaas haa ta'uu kiraa manaa irraa argameen lakkoofsa baankichaatti galuu kan qabu ture. Haa ta'u malee, maallaqa iyyataan itti himatame kana al tokkoon herregaa baankii daldalaa lakk. 1000023652459 ta'e maqaa iyyataa ammaatiin banamee jiru irraa herrega baankii himannaa lffaa keessatti ibsame maqaa Geetuu Akkawaaqiin jiru lakk. 1000350753528 ta'e irratti qarshii miliyoona tokko kan itti dhangalaase (transfer godhe) ta'uu ragaan jalatti dhiyaate ni hubachiisa. Gama biraatiin herregni baankii lakk. 1000023652459 ta'e kun mataan isaa kan hin galmoofnee fi hin beeksifamne, maallaqni lakkoofsa herregaa kanaatiin socho'u kunniin illee maddi isaa kan hin beekamneedha. Kan beekamee galmaa'ee ta'uu isaatis iyyataan gama kanaan ragaan dhiyeeffate hin jiru. Gama biraatiin maallaqa yeroo yeroodhaan kallattiidhaan erga lakkoofsi herreega baankii 1000350753528 ta'e kun banamee asitti maallaqni galii ta'e qr. 2,800.00

gaafa guyyaa 12/05/2021 baankii Daldala Itoophiyaa Damee Awaash Arbaa irraa ergame qofaadha. Gama biraatiin iyyataan nagaheewwan Baankii Daldalaa yeroo adda addaa namoonni adda addaa maqaa Geetuu Akkawaaq jedhamuun guyyaa 16/04/2020 A.L. Atti kaasani hanga 20/11/2015 A.L.A.tti erganiif akka nagaheetti walqbsiisee dhiyeessee yommuu ilaalamu Mallaqni kun kallattiidhaan lakk. herregaa baankichaa falmiif sababa ta'e kanatti kan ergaman miti. Sababa ergamaniifillee hin ibsu. Yeroon ergames baay'een isaanii herregni baankichaa osoo hin banamin dura. Herregni baankichaa kan baname immoo Oct. 24 bara 2020 A.L.A.tti yoo ta'u, erga herregni baankichaa banamee maallaqni Maqaa Geetuu Akkawaaq tiin ergame qarshii 4,456.00 qofa yoo ta'u kan hafe qarshii 30,753.90 osoo herregni baankichaa hin banamin duradha. Kanaafuu, osuma ta'eellee maallaqni baankiin egame kun madda kiraayii manaa Awaash irraa ergameedha jedhamee afaan guutuun haasawu kan nama dandeessisu miti.

Gama biraatiin gatii gurgurtaa manaa qarshii 300,000.00 fi galii ashaakiltii fi biqiltuu adda addaa irraa argame dabalatee qarshii 100,000.00 walumatti qarshii 400,00.00 madda galii beekamu irraa kan argame akka ta'e Manni Murtii Waliigalaa fudhateefii jira. Kana irraa kan hafe maallaqni hafe eessaa akka dhufe sirriitti haala amansiisaa ta'een madda galii beekamu irraa ta'uu isaa iyyataan hin hubachiifne. Kana malees, iyyataan gochaa fi karaa seeraan alaa maallaqa kana walitti qabatee kuufachuu isaa kan agarsiisu waa hedduu galmee kana keessaa ni mul'ata. Kanneen keessaa maqaa isaa isa sirrii hojjataa mootummaa itti ta'e itti beekamu jijjiirratee, waraqa ragaa eenyummaa isaa ibsullee sobaan jijjiiree baafatee maqaa nama Geetuu Akkawaaq Araarsoo jedhuun lakk. herregaa banachuu isaa, maallaqa kanas bu'uura dirqama Labsii Lakk. 5(1) irratti tumameen beeksisuu fi galmeessisuu diduun isaa, maallaqni herrega baankii lakk.

1000350753528 keessatti qarshii 1,001,864,36 kuuse kana osoo hin galmeessisiinii fi hin beeksisin qabatee aragamu isaa qaama seeraatiin hordoffiin waan irra gahameef baankicha keessaa baasee herrega kana cufsiisee naannoo biraa dhaquudhaan baankii Daldalaa Itoophiyaa Magaalaa Awaash Sabat Kiiloo Damee Lamelafn jedhamutti lakk. herregaa 1000417218886 ta'e banatee maallaqa kana ciraa balleessuuf yaaliin taasise fi kkf walitti qabamee yommuu ilaalamu iyyataan dirqama tumaa labsii lakk. 881/007 kwt. 21(B) fi labsii lakk. 169/2003 kwt. 5(1) fi 23(1, B) jalatti tumaman cabsuudhaan yakka himannaa 1ffaa jalatti ibsame raawwachuu isaa kan nama hubachiisuudha.

Kanaafuu, iyyataan maallaqa qarshii 550,000.00 baankii keessatti kuuse kana haala amansiisaa ta'ee fi haqummaa qabuun maddaa galii ibsaman kana irraa kan argate ta'uu waan hin hubachiifneef, maallaqa kana osoo hin galmeessisiinii fi hin beeksisin dhoksee taa'uun isaa kan mirkaneessu waan ta'eef odeeffannoo qabeenya galmeessuu hin qabu ykn beekumsa hubannoo hin qabu akka hin jennee qabeenya qaba jedhu herrega Baankii Awaash irraa qabu galmeessisee kan Baankii Daldalaa irraa qabu kana immoo osoo hin galmeessisiin hafuun isaa ta'e jedhee qabeenyaa maddi galii isaa ifaan hin beekamne kana dhoksee horachuuf yaada qabaachuu isaa kan agarsiisu waan ta'eef iyyataan himannaa 1ffaa ofirraa ittifateera jedhamee bilisaan gaggeeffamuu qaba jedhanii Abbootiin Seeraa sagalee caalmaan murtii kennan kanatti waan walii hin galleef nuti Abbootiin Seeraa maqaan keenya lakk. 1ffaa fi 3ffaa irratti moggaafamne yaadaan adda baane iyyataan ammaa himannaa 1ffaa jalatti balleessaadha jedhamuun isaa sirrii waan ta'eef murtii balleessaa fi adabbiin MMWO himannaa 1ffaa ilaalchisee kenne cimuu qaba jennee yaada addaa keenyee techifannee jirra.

- Abbootii Seeraa:-
1. Gammachuu Baqqalaa
 2. Fayyisaa Tolasaa
 3. Fiixaa Dachaasaa
 4. Ashannaafii Raggaasaa
 5. Ayyaanaa Toliinaa

Iyyataan:- Obbo Fissahaa Urgeessaa

Waamamaan:- Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa

Galmee kana qorannee murtii armaan gadii kennineerra.

MURTII

Iyyannoon Dhaddacha Ijibbaataa kanaaf ka'umsa ta'e kun yakka saal-qunnamtii daa'ima irratti raawwatame ta'ee kan eegalame Mana Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Kibba Lixaatti yommu ta'u, Manni Murtii Ol'aanaa Godinichaas falmii bitaa fi mirgaa erga dhagahee booda iyyataa ammaa seera yakkaa bara 1996 bahe keewwata 627(1) itti himatame jalatti balleessaa taasisuun hidhaa cimaa waggaa 13 kan adabee ture, Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa immoo murtii balleessummaa cimsuun adabbii garuu hidhaa cimaa waggaa 7tti fooyyessuun kan murteesse dogoggoora seeraa isa bu'uuraa ta'e kan itti raawwatame dha jechuun iyyataan ammaa kun iyyannoo guyyaa 07/07/2014 barreeffameen akka dhaddacha kanaan sirraa'uuf waan dhiyeeffateefi dha.

Ijoon himannaas iyyataan ammaa kun seera yakkaa bara 1996 bahe keewwata 627(1) darbuun miidhamtuu Mixxaa Garasuu Dandanaa jedhamtu kan umuriin ishee waggaa 5-6 taate osoo isheen horii eegaa jirtuu qunnamtii saalaa waan ishiirratti raawwateef yakka saal-qunnamtii saalaa daa'ima irratti raawwateen himatameera kan jedhu dha. Iyyataan

ammaa mana murtii jalaatti haalee kan falme yoo ta’u, iyyataan waan haalee falmeef ragaan Abbaa Alangaa dhiyaatanii akka himannaatti iyyataa ammaa irratti waan dubbataniif iyyataan ragaa ittisaa dhiyeeffatee dhageessifatu illee gochicha raawwachuu dhabuu isaa kan irraa ittisan miti jechuun Manni Murtii Ol’aanaa Godina Shawaa Kibba Lixaa murtii balleessummaa fi adabbii kan kennee fi Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaas murtii balleessummaa cimsuun adabbii fooyyessuun murtii kenneera.

Iyyataan ammaas murtii balleessummaa fi adabbii kana komachuun kan dhiyeeffate yoo ta’u, ijoo komii isaa guyyaa 07/07/2014 barreeffame kan jedhu ragaan Abbaa Alangaa waliin jibba kan walirraa qabnu waan ta’eef sobaan kan narratti ragan malee ani gochicha hin raawwanne. Ragaan ittisaa koos guyyaa gochi raawwate isaan bira turuu koo fi gochicha akka hin raawwanne osoo narraa ittisanii jiranii sababa hin baranneef guyyaa kan dogoggooran qofa bu’uura godhachuun manneen murtii jalaa raga ittisaa koo bira darbuun kan na adaban dogoggoora dha. Adabbiis ilaalchisee umuriin koo tilmaama keessa galchuun akka SY.lak.179(c)tiin qajeelfama adabbii keessaa bahuu Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa osoo ibsuu adabbii olka’aa waggaa 7 kan narratti kenname dogoggoora waan ta’eef irra deebii akka naaf ilaalamu jechuun gaafateera. Dhaddachi Ijibbaataa Qorannoo Duraas gocha iyyataan raawwateen miidhaa gahee fi umuriin iyyataa tilmaama keessa galee adabbiin kan kennamee moo miti? qabxii jedhu bakka bitaa fi mirgi argamanitti qulqulleessuuf ni dhiyeessisa jedhamee Abbaan Alangaa komee iyyannoo iyyataa ammaa irratti deebii akka itti kennan taasifameera. Haaluma kanaan Abbaan Alangaa Waliigalaa Oromiyaa guyyaa 27/07/2007 barreeffameen iyyataan ammaa keewwata itti himatame jalatti balleessaa jedhamee qajeelfama adabbii keessaa bahuun hidhaa cimaa waggaa 7tti fooyyessuun kan

adabame dogoggoora seeraa isa bu'uuraa ta'e kan ofi keessaa qabu waan hin taaneef iyyannoon iyyataa kufaa ta'ee murtiin manneen murtii jalaa akka cimuu gaafateera. Seenaan dhufaatii dhimma kanaa kan olitti ibsame yoo ta'u, dhaddachi kunis falmii bitaa fi mirgaa mana murtii jalaatti turee fi komee fi deebii dhaddacha kanatti dhiyaate akka ilaalatti Iyyataan ammaa keewwata himatame jalatti murtiin balleessumaa fi adabbiin isarratti kenname haala gochichaa fi umurii iyyataa waliin yoo ilaalamu sirrummaa isaa seera yakkaa rogummaa qabu waliin qoranneerra.

Akka galmee kana keessa qorannetti iyyataan ammaa Seera Yakkaa Bara 1996 Bahe Keewwata 627(1) darbuun gocha saal-qunnamtii daa'ima waggaa 5-6 irratti raawwateera jedhamee kan himatame yoo ta'u, iyyataan haalee falmu illee miidhamtuu dabalatee gochicha raawwachuu isaa haala nama amansiisuu fi gahaa ta'een akka mirkanaa'e galmee kana keessaa ni hubatama. Kunis miidhamtuun osoo loon eegaa jirtuu iyyataan kun qunnamtii saalaa ishiirratti raawwachuuf yoo gaafatu, isheen dhageessee yommu fiigdu, duukaa fiigee ishii qabee gochicha ishiirratti raawwachuu isaa miidhamtuu dabalatee ragaa ijaa kan Abbaa Alangaa 2ffaan kan isarratti dubbatamee fi ragaa naannoonis gochicha ishiirratti raawwatamuu kan dhagahan ta'uu haala nama amansiisuun kan mirkanaa'e dha. Iyyataan ragaan Abbaa Alangaa jibbaan narratti ragaan jechuun komatu illee kana ragaa ittisaa dhiyeeffachuun jecha ragaa Abbaa Alangaa shakkii keessa kan galche miti. Ragaan ittisaa koo sababa hin baranneef guyyaa dogoggooran malee narraa ittisaniiru jechuun kan komatus guyyaan iyyataa waliin oolan guyyaan isaa aabboo ta'uu kan ibsan waan ta'eef guyyaa dogoggooran iyyataan kan jedhu fudhatama kan qabu miti. Kanaafuu iyyataan ammaa keewwata itti himatame jalatti balleessaa ta'uun isaa sirrii dha jenneerra.

Gama biraatiin murtiin adabbii kenname umurii koo tilmaama keessa

kan galche miti jechuun kan komatu ilaalchisee Seerri Yakkaa Keewwata 627(1) kan iyyataan itti himatame kun waggaa 15-25tti kan adabsiisu yoo ta'u, manni murtii jalaa qajeelfama adabbii osoo hin hordofin umurii iyyataa fi ulfaatina gochichaa tilmaama keessa galchuun ka'umsa adabbii irraa gadi bu'uun iyyataa ammaa hidhaa cimaa waggaa 7 adabeera. Iyyataan ammaa umuriin isaa waggaa 17 ta'uu isaa galmee jalaa keessaa kan hubatamu yoo ta'u, shakkamaan umuriin isaa waggaa 15-18 jidduu jiru immoo akkuma namoota gaa'eela gahanii sirna idileen akka ilaalaman seera yakkaa lak.56 jalatti tumameera. Garuu haala addaatiin haalli umurii fi ulfaatinni yakkichaa ilaalamee akkuma haala isaatti adabbii hir'isuun akka danda'amu keewwata 56(2) jalatti kan tumame irraa kan hubatamu yoo ta'u, keessumaa Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa bu'uura seera yakkaa lak 56(2) fi 179tiin haala umurii fi ulfaatina yakkichaa tilmaama keessa galchuun osoo qajeelfama adabbii hin hordofiin ka'umsa adabbii irraa gadi bu'uun iyyataa kan adabe waan ta'eef iyyataan ammaa bu'uura kanaan adabamuun isaa dogoggoora seeraa kan qabu ta'ee dhaddacha kanatti hin mul'anne.

Dhaddachi Ijibbaataa immoo murtiin manneen murtii jalaan kennaman dogoggoora seeraa isa bu'uuraa kan qabu ta'ee yoo argame qofa dhimmichatti seenuun kan sirreessu waan ta'eef murtiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaan kenname dogoggoora seeraa isa bu'uuraa ta'e kan qabu ta'ee waan hin arganneef iyyannoo iyyataa ammaa kufaa gochuun ajaja kanatti kennineerra.

AJAJA

1. Murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa galmee lak.352719 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 10/06/2014 ooleen murtii Manni Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Kibba Lixaan kenname fooyyessuun kenne

dogoggoora seeraa isa bu'uuraa kan qabu ta'ee waan hin argamneef bu'uura S/D/F/H/H/ lak.348(1)tiin cimsuun murtii kennineerra.

2. Garagalchi murtii kanaa karaa Mana Sirreessaa Godina Shawaa Kibba Lixaa iyyataaf haa ergamu jenneerra.
3. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaaf haa ergamu jenneerra.
4. Galmeen kun murtii waan argateef mana galmeetti haa deebi'u.

- Abbootii Seeraa:-
1. Gammachuu Baqqalaa
 2. Fayyisaa Tolasaa
 3. Dabee Dhaabaa
 4. Ashannaafii Raggaasaa
 5. Ayyaanaa Toliinaa

- Iyyattoota:-
1. Kibiroom Kidduu
 2. Maartaa G/Tsaadiqaan

Waamamaan:- Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa

Galmee kana qorannee murtii armaan gadii kennineerra.

MURTII

Iyyannoon Dhaddacha Ijibbaataa kanaaf ka'umsa ta'e kun falmii yakka sanada sobaatti fayyadamuu ta'ee kan eegalame Mana Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Adaamaatti dha. Ka'umsi dhimmichaa Abbaan Alangaa Godina Addaa Adaamaa himannaa mana murtii jalaatti dhiyeesseen iyyattootni ammaa Labsii Yakka Malaammaltummaa Ittisuuuf Bahe Lak.881/2007 keewwata 23(3) darbuun mirga yookiin faayidaa hin malle argachuuf yookiin nama biroof argamsiisuuf yaadanii gaafa 04/02/2014 sakatta'insa qaamolee seeraan tasa taasifameen waraqaa eenyummaa sobaa waan isaan harkatti qabameef yakka sanada mootummaa sobaan fakkeeffamee hojjetameen tajaajilamuu raawwataniiru jechuun keewwata walfakkaatuun dhuunfaa dhuunfaatti kan himataman yoo ta'u, iyyattootni yakka itti himataman kana mana murtii jalaatti dhiyaatanii haalanii falmaniiru.

Manni Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Adaamaas falmii bitaa fi mirgaa dhagahuun ragaan erga qulqulleessee booda iyyattootni ammaa waraqaa

eenyummaa sakatta'insa tasaa taasifameen isaan harkatti qabameera. Waraqaan eenyummaa qabame kun qaama kenne jedhame irraa yommu gaafataman kan isaan biraa hin baane ta'uu waan mirkanaa'eef iyyattootnis ragaa ittisaa akka dhiyeeffatan gaafatamani illee hin qabnu waan jedhaniif sanada mootummaa sobaan fakkeeffamee hojjetametti beekanii fayyadamuu isaanii mirkanaa'eera jechuun tokko tokkoo isaanii labsii farra malaammaltummaa ittisuuf bahe lak.881/2007 keewwata tokko tokkoon isaanii itti himataman keewwata 23(3) jalatti balleessaa taasisuun tokko tokkoo isaanii hidhaa cimaa waggaa 3(sadii) fi adabbii maallaqaa qarshii 1,500(kuma tokkoo fi dhibba shan) adabeera.Iyyattootni ammaa murtii balleessumaa fi addabbii kenname kana komachuun komee ol'iyyannoo isaanii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Bahaatti kan dhiyeeffatan yommu ta'u, Dhaddachi Dhaabbii Bahaas immoo falmii bitaa fi mirgaa erga dhagahee booda murtii balleessummaa cimsuun adabbii hidhaa qofa gara hidhaa cimaa waggaa 2(lamaa)tti fooyyessuun murtii kenneera.

Iyyattootni ammaas murtii manneen murtii jalaan kenname kun dogoggoora seeraa isa bu'uura ta'e kan qabu dha jechuun iyyannoo guyyaa 28/06/2014 barreeffameen kan dhiyeeffatan yoo ta'u,ijoon komee iyyannoo isaaniis gabaabinaan kan jedhu mormii sadarkaa duraa sababa afaan hin beekneef ofi hin kaafanne;abukaattoon keenyis nuu hin kaafne;waraqaan eenyummaa keenya qaama adda addaa irraa guyyaa adda addaa bahee osoo jiruu bakka tokkotti himatamuun keenyi dogoggoora dha. Nuti biyya alaati waan dhufneef siree ittiin bulla jennee sirna biyya kanaa waan hin beekneef namni waraqaan eenyummaa isinii baafna jedhee nu goowwomsee malee yakka biraa ittiin raawwachuuf yaadnee miti. Waraqaan eenyummaa sunis foorjidi ta'uu hin beeknu. Gochicha faayidaa ofiif yookiin nama biraaf argamsiisuuf waanti raawwanne hin

jiru. Adabbiis ilaalchisee miidhaan gahe osoo hin jiraanne adabbiin ulfaataa kan nurratti kenname dogoggoora dha. Gochi itti himatamne Labsii Lak.881/2007 Keewwata 23(3) kan guutu miti. Waraqaa foorjidiid ta'uu osoo hin beekin baafannetti yakka malaammaltummaan osoo aangoo tokko illee hin qabaatiin adabamuun keenya dogoggoora waan ta'eef akkasumas miidhaan gahe waan hin jirreef; maatiin bulchinu rakkoof kan saaxilaman waan ta'eef kun hundi nuu ilaalamee murtiin jalaa diigamee bilisaan akka gaggeeffamnu yookiin adabbiin akka nuuf daanga'u yookiin adabbiin bu'uura S.Y lak.86 fi 179- C tiin akka nuuf salphatu jechuun gaafataniiru.

Dhaddachi Ijibbaataa Qorannoo Duraas gocha yakkaa iyyattootni ammaa raawwataniif Labsii Lak.881/2007 Keewwata 23(3) moo S.Y.385 - 1-A rogummaa qaba? qabxii jedhu irratti bakka walfalmitootni bitaa fi mirgaa argamanitti seera rogummaa qabu waliin ilaaluuf ni dhiyeessisa jedhamee waamamaan ammaa dhiyaatee komee iyyannoo iyyattoota ammaa irratti deebii akka itti kennu taasifameera. Haaluma Kanaan, waamamaan ammaa xalayaa lak.02-00913 ta'e kan guyyaa 03/07/2014 barreeffameen deebii kennan gabaabinaan kan jedhu iyyattootni ammaa waraqaa eenyummaa sobaan fakkeeffamee hojjetameen osoo fayyadamanii qabamuu isaanii mirkanaa'ee ragaa ittisaa dhiyeeffachuun kan ofirraa ittisan miti. Waraqaan eenyummaa iyyattoota harkatti qabame akka mootummaa irraa bahetti fakkeeffamee kan hojjetametti beekaniid itti fayyadamuu isaanii firii dubbii mana murtii jalaatti mirkanaa'e dha. Gochi iyyattoota ammaa yakka malaammaltummaa moo yakka idilee ti qabxii jedhu ilaalchisees seera yakkaa keewwata 385(1,A) qabiyyee labsii malaammaltummaa ittisuuf bahe lak.881/2007 keewwata 23(3) wajjin kan walfakkaatu ta'u illee sanadoota haala nama dhuunfaa kan ibsu dha. Namni kamiyyuu sanada mootummaa sobaan qophaa'e itti yaadee

yookiin beekee yoo fayyadame yakka malaammaltummaan gaafatama. Iyyattootni ammaa waraqaa eenyummaa waajjira mootummaa irraa akka karaa seera qabeessaan kennameefiitti fakkeeffamee qophaa’etti itti fayyadamanii waan argamaniif faayidaa yookiin mirga isaaniif hin malle argachuun yookiin qabatanii itti fayyadamanii waan argamaniif murtiin kenname dogoggoora kan qabu miti. Adabbii ilaalchisees kan komatamu waan hin taaneef murtiin jalaa bu’uura SDFY lak.195(1)tiin akka nuuf cimuu jechuun gaafataniiru. Seenaan dhufaatii dhimma kanaa kan olitti ibsame yoo ta’u, dhaddachi kunis falmii bitaa fi mirgaa mana murtii jalaatti turee fi komee fi deebii dhaddacha kanatti dhiyaate akka ilaalletti ijoo dubbii furmaata argachuu qabu gocha iyyattootni ammaa raawwatan labsii lak.881/2007 keewwata 23(3) jalatti moo seera yakkaa lak.385(1-A) jalatti kan kufu dha? qabxii ijoo jedhu qabannee seera rogummaa qabu waliin qoranneerra.

Akka qorannetti firiin dubbii mana murtii jaalatti mirkanaa’e iyyattootni ammaa Magaalaa Adaamaa keessa osoo adeemaa jiranii sakatta’insa tasaa qaamolee nageenyaan taasifameen waraqaa eenyummaa isaan harkatti qabame shakkamee qaama isaanii kenne Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee Kutaa Magaalaa Kolfee Qaraaniyoo fi Kutaa Magaalaa Addis Katamaa yoo gaafataman waraqaan eenyummaa iyyattoota ammaa harkatti qabame waajjira isaaniiti kan hin baane ta’uu ibsa kennaniiru. Xalayaan waajjiraalee kana irraa barreeffaman waraqaan eenyummaa kan isaan biraa hin baane ta’uu kan ibsu malee chaappaa fi tiitariin akkasumas mallattoon waraqaa eenyummaa sanarra jiru kan waajjira isaanii ta’uu fi dhiisuu isaa ragaa teekinikaan kan adda bahe miti. Gama biraatiin iyyattootni ammaa sirna waraqaan eenyummaa tokko hordofamee fi ulaagaa barbaachisu guutamee qaamaan waajjira sanatti argamanii akka hin fudhanne firii dubbii mana murtii jalaatti mirkanaa’e irraa ni

hubatama. Ragaan gama abbaa alangaan dhiyaates sakatta'insi tasaa qaamolee nageenyaan yoo taasifamu waraqaan eenyummaa iyyattoota harkatti qabame waan shakkameef iyyattoota ammaa to'atanii qaamolee waraqa eenyummaa iyyattoota ammaatiif kennan jedhaman yoo gaafataman waraqaan eenyummaa jedhame kun waajjira isaaniitii akka hin baane deebii kennuu isaanii akka beekan dubbataniiru. Iyyattootnis karaa namaa qophaa'ee kan isaanii dhiyaate ta'uu falmii jalatti gaggeessaniinis ta'e komee dhaddacha kanatti dhiyeessaniin kaasanii kan falman ta'u illee kana ragaa ittisaan wanti agarsiisan akka hin jirres galmee mana murtii jalaa keessaa ni hubatama. Kana jechuun waraqa eenyummaa qaama hin beekamneen kan waajjira Kutaa Magaalaa Addis Katamaa fi Kolfee Qaraaniyoo irraa kenname fakkeeffamee hojjetame kanatti osoo fayyadamanii(eenyummaa isaanii ittiin ibsatanii) qabamuu isaanii hanga qaamaan waajjira mootummaa waraqa eenyummaa isaanii kennan kanatti dhiyaatanii hin fudhannetti fakkeeffamee akka hojjetame osoo beekanii itti fayyadamuu isaanii kan agarsiisu dha.

Haa ta'u malee, namni dhuunfaa tokko sanada mootummaan fakkeeffamee hojjetame tokkotti tajaajilamee yoo argame gochi isaa kun yakka malaammaltummaa ta'a moo yakka idilee sanada sobaan qophaa'een gaafatama? kan jedhu dhimma furmaata seeraa barbaadu dha. Akkuma beekamu Labsiin Yakka Malaammaltummaa Ittisuuf Bahe Lak.881/2007 addatti tumamee hojiirra ooluu kan danda'e sababa yakka malaammaltummaatiin miidhaa dinagdee biyyaa irra gahu hir'isuuf akka ta'e seensa labsichaa keessatti kan ibsame irraa ni hubatama. Bu'uura irraa yakki malaammaltummaa immoo kan raawwatamu tajaajila uummata bal'aa kan kennan akka waajjiraalee mootummaa, dhaabbilee misoomaa mootummaa fi dhaabbilee uummataa yookiin dhuunfaa keessatti akka ta'e labsii olitti ibsame keessatti kan tumame

irraa kan hubatamu yoo ta’u, namootni yakka kana raawwatanis namoota waajjiraalee fi dhaabbilee kana keessa hojjetaniin akka ta’e falmisiisaa miti. Yakki malaammaltummaas kan raawwatamu aangoo yookiin ittigaafatamummaa uummata irraa kenname fayyadamuun faayidaa hin malle ofiif yookiin nama biraaf argamsiisuuf yookiin miidhaan geessisuuf itti yaadamee akka ta’ees ifa dha. Namootni itti yaadani yakka malaammaltummaa raawwatan kun miidhaa isaan mootummaa fi hawaasa bal’aa irratti geessisan ol’aanaa waan ta’eef gosa yakkoota cimaa keessaa tokko ta’ee adabbiin hordofsiisanis cimaa dha. Gocha malaammaltummaa kana namootni dhuunfaas hojjettoota dhaabbilee olitti ibsaman keessatti hojjetanitti hirkatanii yookiin maxxanani yeroo raawwatan waan jiruuf isaaniis bu’uura seera yakkaa keewwata lak.33tiin hojjettoota dhaabbilee kanneen kana waliin yakka malaammaltummaa yoo raawwatan keewwattoota labsii yakka malaammaltummaa ittisuuf bahe lak.881/2007 jalatti tumaman keessaa kan rogummaa qabuun ni gaafatamu.

Gama biraatiin kan falmii ta’u garuu namootni dhuunfaa hojjettoota waajjiraalee/dhaabbilee mootummaa fi uummataa/dhuunfaa/ keessa hojjetan waliin walqunnantii osoo hin uumin(hin qabaatiin) dhuunfaa isaanii sanadoota dhaabbilee kana wajjin walqabatani fi kan biroo irratti yakka yoo raawwatan yakka malaammaltummaa moo yakka idileen itti gaafatamu kan jedhu falmisiisaa ta’ee ni mul’ata. Dhimma of harkaa qabnu kana wajjin walqabatee waraqaan eenyummaa namoota dhuunfaaf kennamu waa’ee nama dhuunfaa sanaa eenyummaa isaa kan ibsuu fi mirga akka lammiitti qabu illee kan gonfachiisu akka ta’e ifa dha. Sanadni kun sirna jiru hordofee waa’ee nama waraqaa eenyummaa fudhatu sanaa mirkanaa’ee kan kennamu caasaa mootummaa gara gadii jiraniin akka ta’es beekamaa dha.Waraqaan eenyummaa caasaa mootummaan kan

kennamu erga ta'ee sanada mootummaa ta'uun isaa kan nama falmisiisu miti. Garuu namni dhuunfaa qunnamtii tokko malee dhuunfaa isaatiin sanada sobaan fakkeeffamee qophaa'e kanatti tajaajilamee yoo argame yakka malaammaltummaa haalli itti ta'u hin jiraatu. Kunis Labsii Yakka Malaammaltummaa Ittisuuf Bahe Lak.881/2007 keewwata 4 jalatti akka bu'uuraatti kan tumame irraa kan hubatamu dha. Akka bu'uuraatti kan tumame kun yakka malaammaltummaa jechuuf amalli yakka malaammaltummaa jiraachuu fi namootni dhuunfaa yakka malaammaltummaa raawwatan jedhaman hojjetoota waajjira/dhaabbilee mootummaa fi dhaabbilee uummataa/dhuunfaa keessa hojjetan waliin qunnamtii uumuun gochicha yoo raawwatan dha. Labsii Yakka Malaammaltummaa Ittisuuf Bahe Lak.881/2007 keewwata 23(3) jalatti" namni kamiyyuu..." kan jedhu namni dhuunfaa hojjetoota dhaabbilee olitti ibsaman keessa hojjetan waliin hariiroo uumee yakka yoo raawwate yakka malaammaltummaa ta'a jechuuf kan yaadame malee namni dhuunfaan qofaa isaa yakka kana yoo raawwate yakka malaammaltummaan gaafatama jechuu akka hin taane hubatamuu qaba. Iyyattootni ammaa waraqaan eenyummaa isaan osoo itti tajaajilamanii to'ataman kun namoota dhaabbilee olitti ibsaman keessa hojjetan waliin qunnamtii yookiin uumameen qophaa'uu isaa firiin dubbii jalatti mirkanaa'een hin agarsiifamne. Yoo akkas ta'e immoo gochi isaan raawwatan yakka malaammaltummaa osoo hin taane yakka idilee sanada sobaan qophaa'etti tajaajilamuun isaan gaafachiisa jechuu dha. Tumaan seera yakka idilee gocha kana waliin rogummaa qabu seera yakkaa bara 1996 bahe keewwata 385(1,b) jalatti kan tumame akka ta'e qabiyyee keewwata kana jalatti tarreeffame irraa ni hubatama.Seera yakkaa keewwata 385(1,b) jalatti kan tumames akkas jedha." Namni Kamiyyuu faayidaa yookiin fooyya'insa argachuuf yookiin argachiisuuf yaaduun sanada gara sobaatti jijjiirame yookiin fakkeeffamee hojjetame yookiin

sanada dhugaa tajaajila hin yaadamne yookiin isa kana hin ilaallanne osoo beekuu kan itti tajaajilame yoo ta'e keessumaa sanadichi amala uummatummaa kan qabu ta'ee akka waraqaa eenyummaa yookiin waraqaa ragaa dhaloota kkf “ raawwatee yoo argame hidhaa salphaa ji'a 3(sadii) gadi hin taaneen akka adabamu tumameera. Kanaaf, gochi iyyattootni ammaa raawwatan amala uummatummaa waan ofi keessaa qabuuf bu'uura SDFY lak.113(2)tiin labsii yakka malaammaltummaa ittisuuf bahe lak.881/2007 keewwata 23(3) jalatti balleessaa ta'an irraa gara seera yakkaa bara 1996 bahe keewwata 385(1,b) jalattii jijjiiruun iyyattoota ammaa irratti keewwata kana jalatti murtii balleessummaa kenninneerra. Manneen murtii jalaa iyyattootni gochi isaan raawwatan hojjetoota waajjiraalee yookiin dhaabbilee mootummaa yookiin uummataa yookiin dhuunfaa keessa hojjetan waliin hariiroo uumameen raawwatame fayyadamuu isaanii osoo hin mirkanaa'in waraqaa eenyummaa qaama hin beekamneen qophaa'eetti tajaajilamuun isaanii mirkanaa'ee osoo jiruu gochicha yakka malaamamltummaatti hirkisuun iyyattoota ammaa balleessaa kan taasisan dogoggoora seeraa isa bu'uuraa kan qabu dha jenneerra.

Iyyattootni ammaa Seera Yakkaa Keewwata 385(1,b) jalatti balleessaa dha erga jedhamanii bu'uura Qajeelfama Adabbii Yakkaa Lak.2/2006tiin adabbiin gocha isaanii wajjin walsimu isaanirratti kennamuu qaba jechuu dha. Akkuma olitti ibsame namni sanada amala uummatummaa qabu akka waraqaa eenyummaatti tajaajilamee argame hidhaa salphaa baatii sadii gadi hin taaneen adabama jechuu dha. Hidhaa salphaa “baatii sadii gadi hin taane” kan jedhu baaxii adabbii isaa waan hin kaawamneef yeroo akkas ta'u immoo hidhaa salphaa seera yakkaa waliigalaa keessatti baaxii taa'e ilaaluu gaafata jechuu dha. Seera waliigalaa yakkaa keewwata 106(1) jalatti akka tumametti adabbiin salphaa guyyaa kudhanii kaasee

hanga waggaa sadiitti adabsiisa. Keewwatni olitti ibsame hidhaa salphaa baatii 3 gadi hin taane waan jedhuuf yoo hiikoon itti kenname Seera Yakkaa Keewwatni 385(1,b) hidhaa salphaa baatii 3 hanga waggaa 3(sadii)tti adabsiisa jechuu dha.

Seera Yakkaa keewwata 385(1,b)tiif sadarkaan adabbii hin baane. Sadarkaan adabbii kan hin baane erag ta'ee bu'uura qajeelfama adabbii yakkaa lak.2/2006 keewwata 19tiin yakkootni sadarkaan adabbii hin baaneen adabbiin shallagama jechuu dha. Yoo akkas ta'u haala raawwii fi cimina yakkaa iyyattootni ammaa raawwatantu ilaalama jechuu dha. Iyyattootni gochi raawwatan sanada mootummaa fakkeeffamee hojjetametti tajaajilamanii argamuu dha. Sanadni mootummaa immoo kan amantaan itti gatamu waan ta'ee fi faayidaa inni argamsiisuus guddaa akka ta'e waan tilmaamauuf gochi iyyattootaa kun kallattii ittiin tajaajilamuun yoo ilaalamu bu'uura qajeelfama adabbii yakkaa lak.2/2006 keewwata 19(3,b)tiin yakka sadarkaa giddugaleessaa ta'a jennee fudhanneerra. Seera yakkaa iyyattootni itti balleessaa ta'an hidhaa salphaa ji'a 3 hanga waggaa 3tti kan adabsiisu waan ta'eef bu'uura qajeelfama adabbii yakkaatiin adabbiin ka'umsaa fi baaxiin walitti ida'amee afuriif yoo qoodamu, sadarkaan 1ffaa, hidhaa salphaa baatii 3 hanga baatii 9.75, sadrkaa 2ffaa hidhaa salphaa baatii 9.75 hanga waggaa 1.75, sadrkaan 3ffaa hidhaa salphaa waggaa 1.75 hanga 2.25, sadarkaa 4ffaa hidhaa salphaa waggaa 2.25 hanga waggaa 3 ni ta'a jechuu dha. Gochi iyyattootaa giddugaleessa jalatti waan kufuuf adabbiin sadarkaan 2ffaa yoo fudhatamu hidhaa salphaa baatii 9.75 hanga waggaa 1.75 kan adabsiisu ta'a jechuu dha. Kun gulantaa gabatee adabbii irraa yoo ilaalamu gulantaa 8ffaa jalatti kufa. Gulantaan 8ffaa immoo hidhaa baatii 8 hanga waggaa 1.2tti adabsiisa. Iyyattootni ammaa sababoota adabbii cimsan hin qaban. Garuu sababoota addabbii salphisaa mana murtii jalaatti

kan fudhatame kuusaa yakkaa kan hin qabnee fi bu'uura S.y.lak.86tiin haala jiruu fi jireenyaa fi umuriin isaanii fi maatiin bulchan ilaalamee gulantaan 2 kan isaanii hir'ifame waan ta'eef gulantaa 6 irraa gulantaan 2 yoo hir'ifamu gulantaa 4 ta'a jechuu dha. Gulantaan 4 immoo hidhaa salphaa baatii 4 hanga 10 fi qarshii 1600 adabsiisa jechuu dha.

Dhaddachi kunis haala raawwii fi ulfaatina yakkaa iyyattootni ammaa raawwatan tilmaama keessa galchuun guyyaa to'atamanii kaasee tokko tokkoon isaanii hidhaa baatii 9 (sagalii) fi qarshii 1,500(kumaa tokkoo fi dhibba shanii) akka adabaman adabbii fooyyessuun murtii kennineerra. Walumaagalatti, gochi iyyattootaa yakka idilee sanada mootummaa sobaan qophaa'etti tajaajilamuu ta'ee osoo jiruu gocha yakka malaammaltummaa ittisuu jalatti adabamuun isaanii dogoggoora seeraa isa bu'uuraa kan itti raawwatame dha jennee murtii balleessummaa fi adabbii fooyyessinee sagalee tokkoon murteessuun ajaja kanatti aanu kennineerra.

AJAJA

1. Murtii Manni Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Adaamaa galmee lak.38475 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 24/03/2014 ooleen kennee fi Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaatti Dhaddachi Dhaabbii Bahaa galmee lakk.384871 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 03/06/2014 ooleen fooyyessuun murtiin kenne dogoggoora seeraa isa bu'uuraa ta'e kan qabu ta'ee waan argameef bu'uura Labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe, Labsii Lak. 216/2011 keewwata 26(5) tiin murtii balleessummaa fi adabbii hidhaa qofa fooyyessuun murtii kennineerra.
2. Manni Sirreessaa Godina Addaa Adaamaa murtii adabbii baatii

9(sagalii) iyyattoota ammaa irratti fooyya'ee kenname kana akka raawwachiisu ajajameera. Haa barreeffamu.

3. Abbaa Taayitaa Galiwwanii Bulchiinsa Magaalaa Adaamaa maallaqa qarshii 1,500 (kumaa tokkoo fi dhibba shan) tokko tokkoo iyyattootaa ammaa irratti cime haa raawwachiisu jenneerra. Haa barreeffamu.
4. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaatiif haa ergamu.
5. Galmeen kun murtii waan argateef mana galmeetti haa deebi'u.

- Abbootii Murtii:-
1. Gammachuu Baqqalaa
 2. Abdusalaam Sirraaj
 3. Hiikaa Araarsoo
 4. Duulaa Lataa
 5. Alamaayyoo Gaaddisaa

Iyyataan: - Obbo Baqqalaa Damissee

Waamamaan:- Mana Barumsaa Oolmaa Daa'immanii fi Sadarkaa Iffaa
Qiddist Maariyaamii Yaaballoo

Galmeen qoratamee murtiin kanaa gadii kennameera.

MURTII

Dhimmi murtii kanaaf sababa ta'e falmii hojii kan ilaalu yommuu ta'u kan eegales himannaa iyyataan ammaa waamamaa irratti Mana Murtii Aanaa Yaaballootti dhiyeesseenidha. Tarreen himatichaas gabaabinaan waamamaa ammaa kana biratti dura bu'aa ta'ee gaafa 01/01/2012 irraa kaasee mindaa ji'aa qarshii 14,500tiin qacaramee osoon hojjechaa jiruu sababa dhibee Covid 19tiin hojiin baruu fi barsiisuu waan addaan citeef anis dhukkuba hargansuu waanin qabuuf dhibee kanaaf saaxilamuu danda'a jedhee bu'uura qajeelfama darbeenis mana kiyya taa'ee hojii hojjechaa otoon jiruu waamamaan ammaa xalayaa gaafa guyyaa 30/08/2012 barreeffameen of eeggannoo dhumaa siif kenneera jedhee naaf barreessee anis of eeggannoon naaf kennamuun sirrii miti jedhee akka narraa ka'uuf gaafachaa tureera. Ammas dhibeen kun yaaddoo keessa waan na galcheef hojjetoota lama bakka buusee xalayaadhaan waamamaa beeksisuu gaafan dhaqu xalayaa Lakkoofsa M/B/Q/M/119/12 tiin gaafa guyyaa 30/09/2013 barraa'een sababan ani komii dhiyeesseef

waliigalteen hojii kee gaafa guyyaa 30/10/2012 xumurama jechuudhaan miindaa ji'a Waxabajjii fudhachuu gaafan dhaqu osoo waraqaa hojiirraa gaggeeffamuu sirnaan naaf hin kenniin hojiirraa gaggeeffamteetta naan jedhaniiru. Labsii yeroo muddamaa kana keessattis hojjetaa hojiirraa gaggeessuun sirrii waan hin taaneef gaggeessaa seeraan alaati jedhamee miindaan ji'a 11ffaa fi 12ffaa qarshiin 29,000, akkaataa Labsii Hojjetaa fi Hojjechiisaa Lakkoofsa 1156/2011 keewwata 38tti kanfaltii adabbii qarshii 43,500, beenyaan hojiirraa gaggeeffamuu keewwata 39(1) (b) fi 40(1)n qarshiin 14,500, beenyaan keewwata 43(4)(a) tti qarshiin 87,000, hayyamni waggaa ani hin fayyadamne guyyaan 16 qarshiitti yeroo jijjiiramu 7,733 walumatti qarshii 181,733 akka naaf murtaa'u jechuudhaan gaafateera.

Waamamaan ammaas himannaa haala kanaan isa irratti dhiyaateef deebii kenneen waliigalteen hojii nu gidduu jiru kan yeroo murtaa'ee ji'a 10f turuudha malee labsiin ariifachiisaa hojjetaan sababa dhibee covid 19f hojiirraa gaggeeffamuu hin qabu kan jedhe hojjetaa hojii idilee isaa irratti argamu ilaalchiseetu malee hojjetaa hojii isaa dhiisee deemuuf miti. Iyyataan immoo hojii idilee isaa irratti argamuu waan hin dandeenyeef hojiirraa gaggeeffamuun isaa seera qabeessadha. Kanfaltiin gara garaa inni gaafachaa jiru immoo bu'uura seeraa waan hin qabneef kufaa akka nurraa ta'u gaafanna jedheera. Manni murtichaas dhimma kana irratti falmii akkasumas ragaa namaa bitaa fi mirgaa waamee erga dhagaheen booda, waliigalteen iyyataa fi waamamaa kana gidduu ture karaa seera qabeessa ta'een addaan cite jechuudhaan kanfaltiiwwan garaa garaa iyyataan akka kanfalamuufiif gaafates kufaa godhee bira darbeera.

Iyyataan murtii haala kanaan kennames komatee ol'iyyata isaa Mana Murtii Ol'aanaa Godina Booranaatti dhiyeeffatus manni murtichaa

ol'iyyata isatti dhiyaate dhiyeessisee falmii erga dhagaheen booda dogoggora of keessaa hin qabu jedhee akkaataa s/d/f/h/h/keewwata 348(1) tti deebisee cimsee jira. Komiin dhaddacha kanatti amma dhiyaates murtii haala kanaan kenname ilaalchisee yommuu ta'u iyyataan iyyata isaa gaafa 15/02/2014 barreessee dhiyeeffateen bu'uura labsii yeroo muddamaa Dhukkuba Covid 19 ittisuuf bahe Lakkoofsa 3/2011 fi Dambii Lakkoofsa 466/2012 keewwata 3(19) tti waliigaltee hojii addaan kutuun dhorkaa akka ta'e tumamee jira. Dambiidhuma kana keewwata 20 jalatti haala teessifameen immoo hojiin baruu fi barsiisuu dhorkaa akka ta'e tumamee jira. Hojiin baruu fi barsiisuu gaafa 07/07/2012 irraa eegalee gaafa cufamus ani dhukkuba hargansuu faana wal qabatu waanin qabuuf salphaatti dhukkuba koronaaf saaxilamuun danda'a jedhee maatiin kiyya Magaalaa Shaashamannee waan jiraniif gara isaanii deemeen jira. Waamamaan immoo xalayaa gaafa 30/08/2012 naaf barreesseen sababa hojii irraa dhabamteef akeekkachiisa yeroo dhumaa siif kennineerra naan jedhe jennaan akeekkachiisichi labsii yeroo muddamaan walitti bu'a jedhee akka narraa ka'uuf otoon iyyadhuu waliigaltee hojii kiyyaa addaan kuteera. Kun immoo dogoggora seeraa isa bu'uura of keessaa waan qabuuf waliigalteen hojii seeraan ala addaan cite jedhamee beenyaa fi kanfaltiiwwan adda addaa ani gaafadhe naaf haa murtaa'u jedheera.

Dhaddachi Ijibbaataa Qorannoo Duraas iyyata haala kanaan isatti dhiyaate erga qorateen booda ijoo iyyataan hojiin baruu fi barsiisuu dhaabbatee yeroo turee fi labsii yeroo muddamaa labsameen hojjetaa hojiirraa gaggeessuun dhorkamee yeroo turetti hojiirraa gaggeeffamuun isaa seera qabeessaa? Kanfaltiiwwan iyyataan gaafate kanfalamuufi hin qabuu? Jedhu qabachuudhaan waamamaan dhiyaatee deebii akka irratti kennuuf ajajeera. Waamamaanis deebii kenneen yeroo labsiin hatattamaa dhimma dhibee koronaa ilaalchisee bahetti hojiitu dhaabbata

otoo hin taane hojjechiisaan geejjiba mijeessuufiif dirqama akka qabu Labsii Lakkoofsa 3/2011 keewwata 4(13) jalatti ifaan teessifamee jira. Labsichis dhukkubni koronaa amala isaatiin dinagdee biyyaa fi jiruu fi jireenya hawwaasummaa uummataa irratti dhiibbaa uumuu kan danda’u waan ta’eef sababa kanaan hojjetaan hojii irraa akka hin ariyamneef kan tumame malee namni hojii isaa dhiisee mana akka taa’u gochuufi miti. Iyyataan immoo hoogganaa ta’ee gahee ol’aanaa taphachuu otoo danda’uu hojiirratti argamuu dhabee sirni baruu fi barsiisuu mana barumsaa keenyaa qixa sirriin akka hin gaggeeffamne taasiseera.

Kanaaf, hojiirraa gaggeeffamuun isaa seera qabeessadha waan ta’eef murtiin manneen murtii jalaan kennames akka nuuf cimu gaafanna jedheera. Seenaan galmee kanaa kan armaan olitti ibsame yommuu ta’u ijoo qabamee galmeen kun ittiin dhiyeessifame bu’uureffachuudhaan galmee kana jalaa kaasnee qorannee jirra. Haala kanaan akkaataa Dambii Lakkoofsa 3/2012 keewwata 3(19)tti yeroo Labsiin Hatattamaa dhimma tatamsa’iina dhibee koronaa ittisuuf bahee jirutti dhaabbattooni bu’uura Labsii Hojjetaa fi Hojjechiisaa Lakkoofsa 1156/2011 tiin bulani hojjettoota isaan jala jiran sirna Ministeerri Hojjetaa fi Hawwaasummaa baasuun alatti waliigaltee hojii isaanii addaan kutuun dhorkaa akka ta’ee fi akkasumas dambicha keewwata 3(20) jalatti haala teessifameen manneen barnootaa dhuunfaa fi mootummaa kamiyyuu mana barnootaa yookaan immoo iddoo biraa kamittiyyuu barataa fi barsiisaan qaamaan wal arganii hojii baruu fi barsiisuu raawwachuun dhorkaa akka ta’e tumameera. Kaayyoon labsii kanaas sababa dhibeen kun rakkoo dinagdee dhaabbilee dhuunfaa irraan gahuuf hojjetaan miidhaaf akka hin saaxilamneef ari’amuu isaanii kan dhorke malee hojjetaan haalli bakka mijateefii jirutti hojii isaa akka hin raawwanneef barbaadamee akka hin taane afuura seerichaa irraa ni hubatama. Dhimma ammaa kana

irrattis gaheen hojii iyyataa ammaa kanaa hoogganaa mana barumsaa waamamaa kanaa akka ta'e galmee keessaa ni hubatama. Yeroo dhibee kanaattis bu'uura dambii armaan oliitiin barataa fi barsiisaatu wal arguudhaan hojiin baruu fi barsiisuu akka hin gaggeeffamneef dhorkame malee hojiin baruu fi barsiisuu guutummaatti akka hin dhaabbanne ni beekama. Iyyataanis akkuma labsiin kun labsameen mana isaa gara Magaalaa Shaashamanneetti galee hojiirratti waan hin argamneef namas otoo bakka hin buusin hafee sanaan boodas erga akeekkachiisni gaafa 30/09/2012 barreeffameefiin bakka hojii kanaa Magaalaa Yaaballootti argamee hojii muraasa hojjetee ammas gara mana isaatti akka deebi'e firiidubbii manneen murtii jalaan mirkanaa'ee jirudha. Iyyataan hoogganaa mana barumsaa waamamaa kanaa hanga ta'etti immoo bakka mana barumsaa kanatti argamee hojii baruu fi barsiisuu al idileen gaggeeffamaa ture hoogganuu fi qindeessuu otoo qabuu kana gochuu dhabuun bakka hojiirraa fagaatee otoo akeekkachiifamuu guyyaa shanii fi sanaan oliifturuun isaa akkaataa Labsii Lakkoofsa 1156/2011 keewwata 27(1)(b)tti hojiirraa kan isa gaggeessisu ta'ee argama. Manni murtii jalaas iyyataa kanaan waamamaan hojiirraa gaggeessuun isaa seera qabeessadha kan jedhe dogoggora seeraa isa bu'uuraa of keessaa kan qabu ta'ee hin argamu.

Kanfaltii garaa garaa iyyataan akka kanfalamuufiif gaafate ilaalchisees gariin isaa bira darbamuun dogoggora of keessaa kan qabu ta'uu baates boqonnaa waggaa ilaalchisee garuu iyyataan kan itti hin fayyadamne guyyaa 16 qabaachuu isaa kaasuun maallaqatti jijjiiramee akka kanfalamuufiif gaafateera. Waamamaan immoo iyyataan hojii isaa ji'a 4f otoo hin hojjetin kanfaltii boqonnaa waggaa gaafachuu hin danda'u jedhee falmeera. Kanaan wal qabatee akkaataa Labsii Hojjetaa fi Hojjechiisaa Lakkoofsa 1156/2011 keewwata 77(5) jalatti tumamee jiruun hojjetaan

turtiin yeroo hojii isaa waggaa tokkoon gadi ta'e yeroo boqonnaa turtii isaa faana wal madaalu argachuu qaba jedha. Gama biraan boqonnaan kun kan hojjetaaf hin kennamne yoo ta'e hanga inni ture shallagamee maallaqaan kanfalamuufii qaba jechuudha. Manni murtii jalaa garuu turtiin yeroo iyyataa kanaa waggaa tokkoon gadi waan ta'eef boqonnaan waggaa shallagamuuf hin jiru jedhee murtiin inni kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa of keessaa kan qabudha jedhamee walumatti ajajni kanaa gadii kennameera.

AJAJA

1. Murtii Manni Murtii Aanaa Yaaballoo galmee lakkoofsa 15910 ta'e irratti dhaddacha gaafa 16/10/2013 ooleen kennee fi kan Manni Murtii Ol'aanaa Godina Booranaa galmee lakkoofsa 16457 ta'e irratti dhaddacha gaafa 28/01/2014 ooleen kenne murtii kanaan akkaataa Labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 216/2011 keewwata 26(5) tti fooyya'eera.
2. Iyyataan hojiirraa haalli itti gaggeeffame seera qabeessa jedhamee murtiin manneen murtii jalaan kennamuun isaa dogoggora seeraa isa bu'uuraa of keessaa hin qabu jedhameera.
3. Kanfaltiiwwan iyyataan gaafate keessaa boqonnaa waggaa ilaalchisee hanga iyyataan fayyadamee fi hin fayyadamne Manni Murtii Aanaa Yaaballoo qulqulleessuudhaan waamamaan iyyataaf maallaqa hangam kanfalu qaba? Kanaan wal qabatees adabbiin iyyataan kun akkaataa Labsii Hojjetaa fi Hojjechiisaa Lakkoofsa 1156/2011 keewwata 36 fi 38tti gaafates kanfalamuufii kan qabu ta'uu fi ta'uu dhabuu isaa irratti murtoo seera qabeessa ta'e irra deebi'ee haa kennu jedhamee galmeen akkaataa s/d/f/h/h/keewwata 343(1)tti gara mana murtichaatti deebi'eera.
4. Baasii fi kasaaraa sababa falmii kanaaf bahe gareen lamaan of haa

danda'an.

5. Galmeen murtii waan argateef cufameera. Mana galmeetti haa deebi'u.

- Abbootii Murtii: - 1. Guyyoo Waariyoo
2. Abdusalaam Sirraaj
3. Hiikaa Araarsoo
4. Ayyaanaa Toliinaa
5. Alamaayyoo Gaaddisaa

Iyyattootni: -

- | | |
|------------------------------|-----------------------------|
| 1. Aadde Ayinaalam Abbebee | 6. Obbo Ashaanaafii Alamuu |
| 2. Aadde Yaroom Alii | 7. Aadde Hiirut Magarsaa |
| 3. Aadde Zabanaay Magarsaa | 8. Obbo Saamu'eel Naadaw |
| 4. Aadde Taaffasuu Fauxxanaa | 9. Aadde Abarraash Kabbadaa |
| 5. Obbo Habtaamuu Abbabaa | |

Waamamaan: - Humna Qilleensaa Reppaabilika Federaalaawaa Itoophiyaa

Galmeen qoratamee Murtiin kana gadii kennameera.

MURTII

Murtii kanaaf ka'umsa kan ta'e iyyata komii iyyataan gaafa 18/04/2014 barreessuun Dhaddacha Ijibbataa kanaaf dhiyeesseen Murtii Manni Murtii Ol'aanaa Go/Sh/Bahaa lakk. Galmee 65539 irratti dhaddacha guyyaa 16/03/2014 ooleen kenne dogoggora bu'uura seeraa waan qabuuf dhaddacha kanaan ilaalamee akka naaf sirratu jechuun waan gaafateefidha.

Dhimmi falmii kanaa falmii hojii kan ilaallatu ta'ee, dhimmichi Mana Aanaa Magalaa Bishooftuu irraa wayita eegaluu, iyyattootni himattoota, waamamaan ammoo himatamaa turan. Himannoon iyyattootni jalatti

dhiyeessanis: himattootni jalaa 1ffaa hanga 7ffaa tti jiran gaafa 18/03/2012 irraa kaasee, himattootni 8ffaa fi 9ffaan ammoo gaafa 02/06/2013 irraa kaasani hanga 05/05/2013 tti, hojii ijaarsa gamoo himataan hojjechiisu keessatti gita hojii halluu dibuudhaan qacaramnee osoo hojjetaa jirruu, gaafa guyyaa 05/05/2013 walitti nu qabuudhaan, yeroof hanqinni baajetaa waan nu mudateef dhorkamataniittu jechuudhaan karaa Labsii Hojjetaa Fi Hojjechiisaa Lakk. 1156/2011 alatti karaa seeraan ala ta'een waan hojii irraa nu gaggeesseef kaffaltiiwwaan adda addaa akka nuuf kaffalu jechuun gaafataniiru.

Waamamaan ammaas jalatti himannoo dhiyaate irratti deebii kenneen: Dhaabbanni himatamaadhaa, dhaabbata baajata mootummaan buluu fi bu'aa daldalaaf kan hundaa'ee jiru waan hin taaneef falmiin himattootni dhiyeessan Labsii Lakk. 1156/2011 kan haguugamu miti. Akkasumas dhaabbatni himatamaadhaa, hojjatteta siivilii qacaree hojjechiisu hin qabu waan ta'eef himannoo dhiyaatee jiru ni mormina jechuun mormii kaasuun falmeera. Manni Murtii Aanichaas bitaa-mirga irraa falmisiisee boodaa: Dhabbatni himatamaadhaa Labsii Addaa Lakk. isaa 1100/2011 ta'een kan buluu fi falmiin dhiyaateeru Labsii Lakk. 1156/2011 jalatti kan haguugamu miti jechuun jal-murtiidhaan galmee cufeera.

Iyyattootni ammaas murtii kenname kana komachuun komee ol'iyyaannoo Mana Murtii Ol'aanaa Go/Sh/Bahaatti dhiyeeffataniiru. Sababni gahaan jal-murtii Mana Murtii Aanichaan kenname keessa seenamee akka ilaalamu taasisu hin argamne jechuun bu'uura SDFHH. kwt. 337 galmee cufee iyyattoota gaggeesseera. Iyyannoon amma dhiyaates murtiwwan kennaman kana irrattidha. Qabiyyeen komee iyyattootaas: Labsiin Humna Ittisa Itoophiyaa Lakk. 1100/2011 iyyattoota ammaa kan hin hammanne ta'ee osoo jirruu, gama biraan hariiroon iyyattootaa

fi waamamaa gidduu jirus hariiroo hojjetaa bulchinsaa ykn Labsii Hojjetoota Bulchinsaan lakk. 1064/2008 jalatti kan hin haguugamneefi Labsii Hojjetaa Fi Hojjechiisaa Lakk. 1156/2011 jalatti kan haguugamu ta'ee osoo jiruu himannoo keenya kufaa gochuun dogoggora bu'uura seeraa kan qabu waan ta'eef dhaddacha kanaan ilaalamee sirratee akka nuuf murtaa'u kan jedhudha.

Iyyannoon iyyataa qoratamee, dhimmichi dhaddacha kanaaf akka dhiyaatu ta'ee booda waamamaan dhimmicha irratti barreeffamaan deebii akka itti kennu ta'ee deebii gaafa 18/05/2014 barraa'een deebisee jira. Qabiyyeen deebii waamamaas: falmiin iyyattootaa fi waamamaa gidduu jiru labsii Lakk. 1156/2011 jalatti kan haguugamu miti. Sababiin isaas dhabbatni waamamaadhaa bu'aaf kan hundaa'e miti; baajata mootummaan kan buluu fi qaama labsii addaatiin buluudha waan ta'eef, falmiin iyyattoota fi waamamaa gidduu jiru Labsii Hojjeta fi Hojjechiisaa Lakk. 1156/2011 jalatti kan haguugamu miti jedhamee murtiin jalatti kennamee jiru dogoggora bu'uura seeraa kan qabu miti jedhamee akka nuuf murtaa'u kan jedhudha.

Dhufaatiin dhimma falmii kanaa gabaabinaan kan olitti ilaalame ta'ee, dhaddachi kunis falmii bitaa-mirgaan barreeffamaan dhiyaate fi murtii iyyannoo dhiyaateef ka'umsa ta'ee jiru tumaawwan seeraa dhimmichaaf rogummaa qaban waliin qoranneerra. Akka qorannettis; "Himannoon iyyattootaa Labsii Hojjetaa-Hojjechiisaa Lakk. 1156/2011 kan haguugamu miti jechuun, kufaa gochuun murtiin kenname tumaawwan labsichaa fi Seerota biroo dhimmi isaa ilaallatu kan hordofeedhaa?" Qaphxiin jedhu dhimma ilaalamu ta'ee argameera. Haaluma kanaan akka itti aanutti ilaallerra.

Akkuma olitti ilaalamee jiru falmiin iyyattootaa, waamamaa waliin

waliigaltee hojii qabnuun hojii konistiraakshinii ijaarsa gamoo keessatti gita hojii halluu dibuun nu qacaruun hojjetaa kan turre waan ta'eef hariiroon waliigaltee hojii Iyyattootaa fi Waamamtoota gidduu jiru Labsii Hojjetaa fi Hojjechiisaa Lakk. 1156/2011 jalatti haguugama jechuun kan falmanidha. Falmiin waamamaa ammoo dhaabbatni waamamaadhaa seera addaa, Labsii Lakk. 1100/2011 kan bulu waan ta'eef falmiin iyyataa fi waamamaa gidduu jiru Labsii Lakk. 1156/2011 jalatti kan hagugamu miti jechuun kan falmuu dha. Falmii kana keessatti himannoo iyyattootni jalatti dhiyeessaniif seerri dhimmichaaf raawwatiinsa qabu kam ta'a? qabxii jedhu tumaawwan seeraa dhimmichi ilaalu waliin akka itti aanutti ilaalleerra.

Tokkoffaa- Bu'uura irraa kan keewwata xiqqaa 2 jalatti tumamee jiru akka eegametti ta'ee, hariiroon hojii waliigalteen hojjetaa fi hojjechiisaa qacarrii bu'uureffate yoo jiraate Labsiin Hojjetaa Fi Hojjechiisaa Lakk. 1156/2011 raawwatiinsa kan qabu ta'uu labsichi kwt. 3(1) ni tuma. Labsiin Lakk. 1156/2011 kunis qaamota seerota addaan bulan kanneen akka Miseensoota Pooliisii, Humna Ittisaa, Hojjetoota Bulchinsaa Federaalaa, Abbootii Seeraa Mana Murtii, Abbootii Alangaa fi kanneen biroo ilaallataniif Labsiin Lakk. 1156/2011 raawwatiinsa kan hin qabne ta'uu addatti Labsiin Lakk. 1156/2011 kwt. 3(2) ni tuma.

Lammaffaa- Labsiin Humna Ittisaa Itoophiyaa Lakk. 1100/2011 kwt. 3 miseensota humna ittisaa fi akka haala isaatti hojjetoota siivili sarvisii kan ilaalu ta'uu ni tuma. Raawwatiinsa labsii kanaafis Manni Maree Ministeerootaa Itoophiyaa Dambii akka tumu Labsii Lakk. 1100/2011 kwt. 72(1) ni tuma. Kana hordofees Dambii Bulchinsa Humna Ittisaa Itoophiyaa Lakk. 460/2012 tumameera

Sadaffaa- Labsiin Hojjetoota Mootummaa Federaalaa Lakk. 1064/2011

kw. 4 ammoo: Labsichi Waajjira Mootummaa fi Hojjettoota Mootummaa Federlaa jedhamee hiikkoo labsichaa jalatti ibsamee jiruuf raawwatiinsa kan qabu ta'uu ni tuma. Labsiin Lakk. 1064/2011 kun Miseensota Humna Ittisaa Itoophiyaa, Miseensota Poolisii Federalaa Labsii Hojjettoota Dambii addaatiin bulan, Labsii Lakka 1064/2011 tiin uwwisa kan hin argannee ta'uu Labsiii Lakk. 1064/2011 kw. 2(1) (d fi e)) jalatti ni tuma.

Afraffaa- Dambiin Labsii Humna Ittisaa Itoophiyaa Lakk. 1100/2011 bu'uureffatee bahe, Dambii Bulchinsa Humna Ittisaa Itoophiyaa Lakk. 460/2012 kw. 3 jalatti, dambichi Miseensota Humana Ittisaa fi Hojjettoota Siivil Sarvisii Itoophiyaatiif raawwatiinsa kan qabu ta'uu kan tumuu dha. Akkasumas Dambichi Qaxxarii fi Bulchinsi Hojjettoota Siivil Sarvisii ilaalchisee akka haala isaatti, Seerri Siivil Sarvisii Federalaa Itoophiyaa fi Labsiin Hoojjetaa fi Hojjechiisaa bu'uureffatee kan raawwatamu ta'uu dambichi kw. 58(2) jalatti ni tuma.

Bu'uura tarreeffaman olitti ilaalameen dhimma falmii iyyattootaa fi waamamaa gidduu jirus yoo ilaallu; hariiroon qacarrii hojii bu'uureffate iyyattootaa fi waamamaa gidduu jiraachuu fi dhiisuu falmiin ilaalu akka eeggametti ta'ee, falmiin iyyattootaa fi waamamtoota gidduu jiru seera kam jalatti haguugama? kan jedhu yoo ilaallu: Labsiin Lakk. 1064/2011, miseensota Humna Ittisaa Itoophiyaa, Miseensota Poolisii Federalaa hojjettoota qaama kanaa dambii addaatiin bulan, labsiichaan akka uwwisa hin argannee fi Labsiiin Lakk. 1064/2011 kun raawwatiinsa kan hin qabne ta'uu isaa Labsii Lakk. 1064/2011 kw. 2(1) (d fi e)) jalatti ifatti tumee jiraachuun isaa; Labsiin Humna Ittisaa Itoophiyaa Lakk. 1100/2011 kw. 3 miseensota humna ittisaa kan ilaalu ta'uu; Hariiroon hojii qacarrii bu'uureffate yoo jiraate labsiin hojjetaa fi hojjechiisaa Lakk. 1156/2011 raawwatinsa kan qabu ta'uu fi labsichi kw. 3(1) kan hammatamu ta'uu

fi qaccarii fi bulchinsi hojjetoota Siivil-Sarvisii ilaalchisee akka haala isatti, Seerri Siivil-Sarvisii Federalaa fi Labsiin Hoojjetaa fi Hojjechiisaa bu'uuressaa kan raawwatamu ta'uu Dambii Bulchinsa Humna Ittisaa Itoophiyaa Lakk. 460/2012 kwt. 58(2) tumuun isaa walitti qabamee yoo ilaalamu, dhimma falmii iyyattootaa fi waamamaa gidduu jiru Labsii Lakk. 1156/2011 jalatti hin haguugamu kan jechisiisu miti. Kun kana ta'ee osoo jiruu Manni Murtii Aaniichaa himannoo iyyattootni dhiyeeffataan Labsii Lakk. 1156/2011 jalatti hin haguugamu jechuun himannicha osoo hin ilaalle kufaa gochuun isaa fi Manni Murtii Ol'aanaas dhimmicha ol'iyannoon ilaalee sirreessuu dhabuun isaa tumaawwan seeraa olitti tarreeffamaanii ibsaman kan hin hordofne waan ta'eef dogoggorri bu'uura seeraa kan irratti raawwatamee dha jennerra. Himannoon iyyattootni jalatti dhiyeessaniif Labsii Hojjetaa fi Hojjechisaa Lakk. 1156/2011 raawwatinsa ni qabata jennee murteessineerra. Bu'uura kanaan ajajni itti aanee jiru kennameera.

AJAJA

1. Ajaja Manni Murtii Ol'aanaa Go/Sha/Bahaa Lakk. Galmees 65539 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 23/03/2014 ooleen kennee jiru fi jal-murtii Manni Murtii Aanaa Magalaa Bishooftuu Lakk. Galmees 18091 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 18/02/2014 ooleen kennee jiru bu'uura Labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe Labsii Lakk. 216/2011 kwt. 26(5) tiin haqameera jennee murteessineerra. Galagalchi murtii kanaa Manneen Murtii jalaa haa qaqqabu.
2. Himannoon iyyattootni jalatti dhiyeessaniif Labsii Hojjetaa fi Hojjechisaa Lakk. 1156/2011 raawwatinsa ni qabata jennee murteessineerra.
3. Manni Murtii Aanaa Magalaa Bishooftuu galmees cufee ture

sochoosuun falmii iyyattootaa fi waamamaa gidduu jiru bu'uura Labsii Hojjetaa fi Hojjechisaa Lakk. 1156/2011 tiin falmii bu'uuraatti seenuun murtii akka itti kennuuf bu'uura SDFHH. kwt. 341(1) tiin gara Mana Murtii Aanaa Magaalaa Bishooftuutti haa deebi'u jenneerra. Galgalchi Murtii kanaa haa ergamuuf.

4. Baasii fi dhamaatii falmii dhaddacha kanaa bitaa-mirgaan of haa danda'an jenneerra.
5. Galmeen kun murtii waan argateef cufameera. Gara mana galmetti haa deebi'u.

- Abbootii Seeraa: - 1. Gammachuu Baqqalaa
2. Dabee Dhaabaa
3. Abdusalaam Sirraaj
4. Hiikaa Araarsoo
5. Alamaayyoo Gaaddisaa

Iyyattootni: -

- | | |
|-----------------------------|------------------------------------|
| 1. Ob. Kabbadaa Irkoo | 13. Ob. Warquu Maseeboo |
| 2. Ob. Ahimad Huseen | 14. Ob. Lissanaawarq Taarraqany |
| 3. Ob. Muusee Asras | 15. Ob. Hawaaz Astawaal |
| 4. Ob. Salamon Xilaahuun | 16. Ob. Gabire Igaabeer Girrigirri |
| 5. Ob. Mitikkuu Tulluu | 17. Ob. Mitsi'aat Nigusee |
| 6. Ob. Dajanee Assaggahany | 18. Ob. Badhaasoo Bilisaa |
| 7. Ob. Kaasahun Muhee | 19. Ob. Akaalaa Aaggidee |
| 8. Ob. Isaa Qaasoo | 20. Ob. Hamiid Huseen |
| 9. Ob. Mogos Naahoomsannaay | 21. Ob. Kibrat Birruu |
| 10. Ob. Damisaw Zagayyee | 22. Ob. Faxxanaa Makkataa |
| 11. Ob. Tsaggaayee Haayiluu | |
| 12. Ob. Tolasaa Margaa | |

Waamamaan:- Kubbaaniyaa Seekurii Koorii Itoophiyaa Itt/G/I/Murta'e Damee Adaamaa

Galmeen qoratamee murtiin kana gadii kennameera.

MURTII

Murtii kanaaf ka'umsa kan ta'e iyyata komii iyyattootni gaafa 22/06/2014

barreessuun Dhaddacha Ijibbaataa kanaaf dhiyeessaniin Murtii Manni Murtii Ol'aanaa Go/A/Adaamaa lakk. Galmee 37722 irratti dhaddacha guyyaa 14/06/2014 ooleen kenne dogoggora bu'uura seeraa waan qabuuf dhaddacha kanaan ilaalamee akka naaf sirratu jechuun waan gaafataniifidha.

Dhimmi falmii kanaa falmii hojii kan ilaallatu ta'ee, dhimmichi Mana Murtii Aanaa Magaalaa Adaamatti wayita dhiyaatu iyyattootni himattoota waamamaan ammoo himatamaa turan. Himannaa iyyattootni jalatti dhiyeessaniin: Ministerri Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa Qajeelfama Akkataa Itti Ejensiiwwan Tajaajila Hojii fi Hojjetaa Qunnamsiisuu irratti hojjetan ilaalchisee Murteessuuf Bahe, qajeelfimni gaafa 22/04/2012 bahee jiru kwt. 33 jalatti Ejensiiwwaan Dhaabbata Tajaajila Fayyadamaa Waliigalaa keessaa kaffaltii waliigalaa waliigaltee hojii ibsame keessatti hojjetaadhaaf mindaan kaffalamuu qabu %80 gaditti ta'uun irra hin jiraatu jechuun tumee jira. Nutis dhaabbata himatamaa waliin hojii tajaajila eegumsaa dhaabbata Gargaarsaa Kaatolikii (CRS) Damee Adaamaatti gaafa 23/07/2012 irraa kaasee waliigaltee raawwatnee hojii eegumsa hojjetaa jirra. Himatamaan kun dhaabbata tajaajilaa kana waliin qarshii meeqaan akka waliigalle nu dhoksus mindaan tokkoo, tokkoo keenyaa Qar. 4,687 tiin kan nu qacare ta'uu odeeffanneerra. Bu'uura qajeelfama olitti ibsameen mindaa ji'aan Qar. 3389 osoo nuuf kaffaluu qabuu, Qar. 2289 nuuf kaffala. Qar. 1,100 tokko tokkoo keenya irraa hambifatee jira waan ta'eef bu'uura seerichaan qarshii guyyaa qacaramne irraa kaasee nurraa citee jiru waliigalatti Qar. 217,800, kaffaltii guyyaan Dilbataa dachaadhaan waliigalatti Qar. 110,000, ida'amatti Qar. 327,800 baasiiwwan falmichaa dabalatee akka nuuf kaffalu jechuun gaafataniiru.

Waamamaan ammaas jalatti himannaa dhiyaate irratti deebii kenneen: himannaan himattootaa bu'uura Labsii Hojjetaa fi Hojjechiisaa Lakk.

1156/2011 kwt. 163(3) tiin darbiinsa yerootiin kufaa ta'a; himattootni hojii waaridiyyummaatti qacaramanii sa'aa 12:00 hojjetanii sa'aa 24:00 kan boqotan waan ta'eef kaffaltiin hojii Dilbataa isaaniif kaffalamu hin jiraatu. Himatamtootni torbanitti sa'aa 48:00 hojjechuuf dirqama kan qaban waan ta'eef guyyaa Dilbataa darbaree isaanii hojjechuun akka hojii idilee isaaniitti kan lakkaa'amuudha waan ta'eef kaffaltiin isaaniif malu hin jiru. Akkaataa Qajeelfama Ministeera Hojjetaa fi Hawwaasummaan baasee jiru, kwt. 50(2) tti himatamaan hayyama hojii yerootti hin haaromsatin iyyatamee jirutti raawwatiinsa kan qabaatu miti. Dhaabbata Hojjechiisaa waliin kan walii galle akka isaan jedhan osoo hin taane ji'aan Qar. 4009.28 dha. Dhaabbata himatamaa waliin ammoo mindaa ji'aan Qar. 2,500.17 kan waliigallee fi waan irraa cituu malu citee Qar. 2289.00 kaffalamaafii tureera. Kanaafuu, himannoon dhiyaatee jiru fudhatama kan qabu miti jechuun deebiseera.

Manni Murtii Aanichaas bitaa-mirga irraa falmii fi sanadoota addaa dhiyaataan sakatta'ee boodaa mormii sadarkaa duraan gama waamamaan ka'e kufaa gochuun; falmii waamamaan kaase kufaa taasee booda, iyyattootaaf akkaataa qajeelfama bahee jiruun baatiidhaan qarshii isaaniif kaffalamuu malu keessaa tokkoo tokkoo isaanii qar. 783.55 hambisee jira waan ta'eef baay'ina baatii hin kaffalamin hafee jiruun baay'atee akka kaffalamuuf; kaffaltii guyyaa Dilbataa iyyattootni kaasaan ammoo guutummaatti kufaadha jechuun murteesseera. Waamamaanis iyyattootnis gama isaaniin murtii Mana Murtii Aanichaan kennamee jiru komachuun komee ol'iyannoo Mana Murtii Ol'aanaa Go/A/Adaamaatti galmee adda addaa irratti ol'iyannoo dhiyeeffataniiru. Dhimmicha keessa seenuun ilaallee boodaa komee dhimma kaffaltii guyyaa Dilbataa ilaalchisee iyyattootni kaasaan kufaa gochuun murteesseera. Komee gama Waamamaan jirus ilaaluun dhaabbatni tokko bu'uura qajeelfamichaa

kwt. 50 fi kwt. 30 tiin wayita hayyama isaa haaromfatutti baatii sadiif kaffaltiin mindaadhaa raawwatiinsa kan qabu hin ta'u. Qajeelfimichi Waxabajjii 22/2012 irraa kaasee yeroo hin murtoofneef hojii irra akka hin oolleef xalayaan barreeffamee fi Murtiin Hiikkoo Seeraa Dirqisiisaa Dhaddachi Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Federalaa kennee jiru kan argarsiisu waan ta'eef roga kanaan himannaan iyyattootni dhiyeeffatan fudhatama kan qabu miti jechuun murtii Manni Murtii Aanichaa dhimma dabalata mindaa ilaalchisee kenne diiguun murteesseera.

Iyyannoon amma dhiyaates murtiwwan kennaman kana irrattidha. Qabiyyeen komee iyyattootaas xalayaan Ministeera Hojjetaa fi Hawwaasummaa Federaalaa irraa gaafa 03/11/2012 barreeffamee jiru hayyama haarawaa baafachuuf yeroo hin murtoofne akka dhaabbatu kan jedhame osoo hin taane sababa COVID-19 kan barreeffamedha. Kanaafuu, qajeelfamichi kwt. 33 dhimma kanaaf raawwatiinsa kan qabudha. Murtiin Dhaddacha Ijibbaataa hiikkoo seeraa dirqamsiisaa kenne jedhame Mana Murtii Ol'aanichaan ibsamee jiru, lakk. galme 206511 kan hin maxxanfannee dha. Kanaafuu, Murtiin Mana Murtii Ol'aanaan kennamee jiru dogoggora bu'uura seeraa kan qabu waan ta'eef dhaddacha kanaan ilaalamee akka nuuf sirratu kan jedhuu dha.

Iyyannoon iyyattootaa qoratamee, dhimmichi dhaddacha kanaaf akka dhiyaatu ta'ee booda waamamaan dhimmicha irratti barreeffamaan deebii akka itti kennu ta'ee deebii gaafa 07/07/2014 barraa'een: xalayaan qaaama ilaalu irraa barraa'ee jiru qajeelfamicha irratti yeroon ce'umsa baatii sadii kennamee sababa komeen dhiyaateef qaama ilaalu waliin wal-arguuf ammoo sababa COVID-19 tiin waan rakkoo ta'eef hanga Bitootessa bara 2014 tti osoo hin raawwatamin akka turu xalayaan Waxabajjii 22/barra 2012 barraa'eeru kan argarsiisu waan ta'eef, Manni

Murtii Ol'aanaa Federaalaadhaa qajeelfamichi hojii irra hin oolu jechuun lakk. galmee 262609, fi lakk galmee 250243 ta'an irratti murtii kennee jira waan ta'eef murtiin Mana Murtii Ol'aanaan kennamee jiru dogoggora kan qabu miti jechuun deebiseera. Dhufaatiin dhimma falmii kanaa gabaabinaan kan olitti ilaalame ta'ee dhaddachi kunis falmii bitaa-mirgaan barreeffamaan dhiyaate fi murtii iyyannoo dhiyaateef ka'umsa ta'ee jiru tumaa seeraa dhimmichaaf rogummaa qabu waliin qoranneerra. Akka qorannettis, "Qajeelfamni Akkaataa Itti Ejensiiwwan Tajaajila Hojii fi Hojjetaa qunnamsiisuu irratti hojjetan ilaalchisee murteessuuf bahee jiru Qajeelfamni Ministeera Dhimma Hojjetaa fi Hawwaasummaan bara 2012 bahee jiru keewwattotni dhimma kaffaltii Mindaa hojjetootaa murteessuuf bahee jiru, kwt.33 haqamee jiramoo miti?" Qabxiin jedhu qabxii seeraa waan ta'eef dhimma ilaalamu ta'ee argameera. Haaluma Kanaan, akka itti aanutti ilaallerra.

Tokkoffaa- Iyyattootni qajeelfamni akkaataa itti Ejensiiwwan Tajaajila Hojii fi Hojjetaa qunnamsiisuu irratti hojjetan ilaalchisee murteessuuf bahe Qajeelfama Ministeera Dhimma Hojjetaa fi Hawwaasummaan bara 2012 guyyaa itti hojii irra oola jedhamee kwt. 50(2) jalatti Bitootessa 22/2012 irraa kaasee hojii irra oola waan ta'eef mindaan nuuf kaffalamuu malu kan hojjechisaan kaffalu keessaa %80 gaditti ta'uun irra hin jiraatu waan ta'eef bu'uura kanaan ilaalamee nuuf murtaa'uun irra jiraata jechuun falmu. Waamamaan ammoo hojii irraa oolmaa qajeelfamichaa ilaalchisee sababa adda addaan karaa Ministeerichaa akka hojii irra hin oolleef kan dhorkameedha dabalataan qajeelfamichi kwt. 33 hojii irra oolmaa hin qabaatu jedhamee Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaatiin kan murtaa'ee jiru waan ta'eef falmiin iyyattootaa fudhatama hin qabaatu jechuun kan falmuu dha.

Lammaffaa- Akkuma iyyattootni kaasuun falman qajeelfamichi kwt.33

jalatti waliigalteen Eejensiiwwaan akka iyyataadhaa qaama tajaajila irraa fayyadamaa ta'e waliin taasisu keessaa mindaan dhaabbata fayyadamaa tajaajilaa ykn hojjettoota hojjechiisuun kaffalamuu keessaa hojjettootaaf karaa Ejensichaa kaffalamu %80 gaditti ta'uun akka irra hin jiraanne ni ibsa.

Sadaffaa-Qajeelfamichis guyyaa hojii irra oola jedhame kwt. 50(2) jalatti taa'ee jiru. Qajeelfamichi guyyaa bahe irraa kaasee, Mudde 22/2012 irraa kaasee, sababa Eejensiiwwaan hayyama isaanii haaromfataniif baatii sadiif hanga Bitootessa 22/2012 tti hojii irra kan hin oolle ta'uu ibsamus Bitootessa 22 bara 2012 irraa kaaasee ammoo sababa Eejensiiwwaan akka iyyataadhaa dhimmichi irratti akka mari'atamuu fi haalli mijatuuf Ministerichatti iyyataniif dhimmicha irratti akka mari'atamu jedhamee hojii irra oolmaan isaa dabalataan baatii sadiif hanga Waxabajjii 22/2012 tti akka hojii irra hin oolle Ministerichaan xalayaa Bitootessa 22/2012 qaama ilaaluun barraa'een kan ibsame ta'uu fi Dhaddachi Ijibbataa Mana Murtii Waliigalaa Federlaas Lakk. galmee 206511 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 27/03/2014 ooleen hojii irra oolmaan kwt.33 qajeelfamichaa Waxabajjii 23/2012 irraa kaasee ta'uun akka irra jiraatu kan murteesse ta'uu galmee guutuu Mana Murtii jalaa irraa telegramaa tiin dhiyaate fi Murtii Dhaddacha Ijibbataa Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa Lakk. galmee 206511 ta'e irratti kenne keessaa hubanneerra. Kun kana ta'us, Ministerichi Xalayaa Lakk. isaa S2/O/06/1/416 ta'e gaafa Waxabajjii 03/2012 qaama ilaaluun barraa'een sababa dhibee COVID-19 tiin hojii irra oolmaan qajeelfamichaa sababa hin beekamneen kan dheerate ta'uu ibsuun kan barreessee fi Manni Murtii Ol'aanaa Go/A/Adaamaas kana bu'uureffate Murtii Mana Murtii Aanichaa haquun kan murtii kenne ta'uu murtii jalaa keessaa hubanneerra.

Afraffaa-Qajeelfamicha kwt. 33 Murtii Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaa ramaddiin Lidataa Dhaddacha Bulchiinsaa fi Ol'iyyannoo ilaaluun kan haqameedha moo miti? Qabxiin jedhus dhimma ilaalamuun irra jiraatu ta'ee waan argameef murtii kana keessatti ilaalleerra. Qaamni dhimmi isaa ana ilaala jedhu qajeelfamni qaama bulchiinsaan bahee jiru itti seenamee ilaalamee naaf haa jijjiiraamu, /requesting for judicial review of a directive/ jechuun gaafachuu kan danda'u ta'uu Labsiin Sirna Deemsa Bulchiinsa Federaalaa Lakk. 1183/2020 kwt. 48(1) ni tuma. Tuma labsii kanaa bu'uureffachuun Manni Murtii Ol'aanaa Federaalaa ramaddiin Lidataa fi Dhaddachi Bulchiinsaa fi Ol'iyyannoodhaa lakk. galmee 262609 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 22/10/2013 ooleen qajeelfamichi kwt. 33 kan dhimma murteessa mindaa hojjetootaa ilaalchisee Ministeerichaan tumamee jiru Labsii Hojjetaa fi Hojjechiisaa Lakk. 1156/2011 Kwt. 4 waliin kan wal-faallessu waan ta'eef bu'uura Labsii Lakk. 1183/2020 kwt. 50(1)(b) fi (C)) tiin sababa ittiin qajeelfamichi itti seenamee ilaalamu ta'ee waan argameef, /Grounds for review/, akkataa labsii lakk. 1183/2022 kwt. 56(2) tiin qajeelfamicha keessaa kwt. 33 qofti haqameera ykn qajeelfamicha keessaa baheera jechuun kan murteesse ta'uu murticha irraa hubanneerra.

Shanaffaa- Murtiin Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaa Ramaddiin Lidataa fi Dhaddachi Bulchinsaa fi Ol'iyyannoo tiin Labsii Lakk. 1183/2020 bu'uureffate qajeelfamicha keessaa kwt. 33, dhimma harkaa qabnuuf falmii ta'ee jiru ilaalchisee kennamee jiru guyyaa murtiin itti kenname irraa kaasee hojii irra oolmaa kan qabaatu ta'uu labsiin lakk. 1183/2020 kwt. 57(1) ni tuma waan ta'eef komeen iyyannoo iyyattootni kun qajeelfamicha kwt. 33 bu'uureffachuun dhiyeessan Murtii Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaa Ramaddii Lidataa fi Dhaddachi Bulchinsaa fi Ol'iyyannoo Lakk. galmee 262609 ta'e irratti kennamee jiru waliin

yoo ilaalamu fudhatama kan qabaatu ta'ee hin argamne. Bu'uura olitti tarreeffamanii ilaalameen dhimmichi yoo walitti qabamus: Qajeelfama Akkataa Itti Ejensiiwwaan Tajaajila Hojii fi Hojjetaa Qunnamsiisu irratti hojjetu Murteessuuf Ministeera Dhimma Hojjetaa fi Hawwaasummaatiin ji'a Muddee bara 2012 keessa bahee jiru kwt. 33, kan dhimma mindaa hojjetootaa ilaalchisee bahee jiru akkaataa Labsii Sirna Deemsa Bulchinsaa Federaalaa Lakk. 1183/2020 kwt. 48, kwt. 50(1)(b) fi (c) fi kwt. 56(2) tiin qajeelfamicha irraa Murtii Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaa ramaddii Lidataa fi Dhaddachi Bulchinsaa fi Ol'iyyannoo Lakk. galmee 262609 ta'e irratti kennameen haqamee ykn qajeelfamicha keessaa bahee waan jiruu fi kunis akkataa labsii Lakk. 1183/2020 kwt. 57(1) tiin guyyaa murtaa'e, (gaafa 22/10/2013), irraa kaasee hojii irra kan oolu waan ta'eef iyyannoo iyyattootni dhimma kaffaltii mindaan keenyaa Eejensiin waamamaadhaa qaama tajaajila barbaadu waliin waliigalee kaffalamu keessaa %80 nuuf haa kaffalamu jechuun qajeelfamicha kwt. 33 bu'uureffachuun gaafatan kufaa gochuun Mana Murtii Ol'aanaa Go/A/Adaamaan murtaa'ee jiru bu'aa isaatiin tumaawwan seeraa olitti ibsaman kan hordofe ta'ee waan argameef dogoggorri bu'uura seeraa kan irratti raawwatme miti jenneerra. Iyyannoo iyyattootni dhaddacha kanatti dhiyeessanis bu'uura tumaawwan seeraa olitti tarreeffamaan ibsameen kufaadha jennee murteessinneerra. Bu'uuruma kanaan ajajni itti aanee jiru kennameera.

AJAJA

1. Murtii Manni Murtii Ol'aanaa Go/A/Adaamaa Lakk. Galmee 37722 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 14/06/2014 ooleen kennee jiru bu'uura Labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe Labsii Lakk. 216/2011 kwt. 26(5) tiin cimeera jennee murteessineerra. Galagalchi murtii kanaa Manneen

Murtii jalaa haa qaqqabu.

2. Baasii fi dhamaatii falmii dhaddacha kanaa bitaa-mirgaan of haa danda'an jenneerra.
3. Galmeen kun murtii waan argateef cufameera. Gara mana galmeetti haa deebi'u.

- Abbootii Murtii:-
1. Gammachuu Baqqalaa
 2. Abdusalaam Sirraaj
 3. Hiikaa Araarsoo
 4. Duulaa Lataa
 5. Alamaayyoo Gaaddisaa

Iyyattuun:- Aadde Faaxumaa Usleemaan

Waamamaan:- Obbo Maammudee Huseen

Galmeen qoratamee murtiin kanaa gadii kennameera.

MURTII

Murtii kanaaf sababa kan ta'e iyyattuun kun jal-murtii Manni Murtii Aanaa Giddaa Ayyaanaa Galmee Lakkoofsa 17000 ta'e irratti dhaddacha gaafa 12/08/2013 ooleen kenne ajaja Manni Murtii Ol'aanaa Godina Wallaggaa Bahaa Galmee Lakkoofsa 57409 ta'e irratti dhaddacha gaafa 17/09/2013 ooleen kenne fi kan Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Lixaa Galmee Lakkoofsa 348978 ta'e irratti dhaddacha gaafa 08/10/2013 ooleen kenne dogoggora seeraa isa bu'uura of keessaa ni qaba jechuudhaan akka sirraa'uufiif waan gaafatteefi.

Falmiinis kan eegale himannaa iyyattuun ammaa kun waamamaa fi haadha ishee akkasumas haadha manaa abbaa ishee maqaan isaanii Tamiimaa Arabii fi Maaremaa Huseen jedhaman irratti dhiyeeffatte kan ilaalu yommuu ta'u tarreen himatichaas gabaabinaan abbaan koo bara 1998 kan du'e lafa Ganda Arreelee Waajjiitti argamu daangaan isaa Bahaan Naasir Muhaammad, Lixaan Qanaatee Fufaa, Kibbaan Adam Abdallaa fi Kaabaan Usmaan Mahaammad gidduutti argamu

osoo lubbuun jiruu haadha manoota isaa lamaan kana faana horatee kan qabu waamamaan ammaa seeraan ala qabatee jira. Kanaaf, waamamaan ammaa kun qabiyyicha naaf gadhiisee gaheen abbaa koos naaf qoodamee himatamtoonni 1ffaa fi 2ffaan jalaa lamaan kun immoo gahee haadha manummaa isaanii akka fudhataniif naaf haa murtaa’u kan jedhuudha. Mana murtichaattis himattuu 1ffaa kan turte Aadde Tamiimaa Arabii haadha iyyattuu ammaa kanaa yommuu taatu bu’uura himannaa dhiyaateen yoo iyyattuuf murtaa’e mormii hin qabu jetteetti. Himatamtuu 2ffaan Aadde Maaremaa Huseen immoo waamichi ishee gahee kan hin dhiyaanne waan ta’eef bakka isheen hin jirretti falmiin akka itti fufee murtaa’u taasifameera.

Waamamaan ammaa kun immoo deebii kenneen qabiyyee falmiif sababa ta’e kana qabatee waggaa 40tiif itti fayyadamaa turuu isaa ibsuudhaan safaratee ragaa abbaa qabiyyee kan itti qabu ta’uu fi himannaan irratti dhiyaate kun kufaa akka irraa ta’uuf gaafateera. Manni murtichaas mormii sadarkaa duraa waamamaan ammaa kun kaase irratti falmii akkasumas ragaa gareelee lamaanii erga dhagaheen booda abbaan iyyattuu ammaa kanaa ootoma lubbuun jiruu qabiyyee kanatti mirga fayyadamuu isaa dhabe jira. Erga bara 1978tiin asitti immoo kan itti fayyadamaa jiru waamamaa ammaa kana ta’uu ragaa namaa bitaa fi mirgaa irraa ni hubatama waan ta’eef himannaan iyyattuu kanaa darbiinsa yerootiin ni daanga’a jechuudhaan jal-murtii kenneera. Iyyattuun ammaas jal-murtii kana komattee ol’iyyata ishee gara Mana Murtii Ol’aanaa Godina Wallaggaa Bahaatti dhiyeeffattus manni murtichaa murtiin kenname dogoggora of keessaa hin qabu jedhee akkaataa s/d/f/h/h/keewwata 337tti waamamaa waamuu otoo hin barbaachisne cimseera. Murtii kanas komachuudhaan iyyattuun ol’iyyannoo Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Lixaatti kan dhiyeeffatte ta’us manni murtichaa ol’iyyata

dhiyaate ilaalee murtichi dogoggora of keessaa hin qabu jechuun akkaataa s/d/f/h/h/keewwata 337tti waamamaa waamuu otoo hin barbaachisne cimseera. Komiin asitti dhiyaates murtii kana ilaalchisee yommuu ta’u iyyattuun iyyannoo ishee gaafa 29/11/2013 barreessitee dhiyeeffatteen qabiyyee amma falmiif sababa ta’e kana abbaan koo karaa seera qabeessa ta’een hirmaannaan kan argate yommuu ta’u waamamaan immoo karaa inni argate ragaadhaan hin mirkanoofne. Kuni immoo waamamaan qabiyyee abbaa koo seeraan ala na jalaa qabachuu isaa waan agarsiisuuf darbiinsi yeroo na hin daangessu. Manneen murtii jalaas qabiyyeen kun kan abbaa koo ta’uu erga mirkaneessaniin booda waamamaan qabiyyeen kun kan isaa ta’uu ragaa barreeffamaa dhiyeeffate otoo hin jiraatin bara 1978 kaasee qabate jechuudhaan darbiinsa yeroon ni daangeffamta kan naan jedhe faallaa murtii Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataa Galmeewaa Lakkoofsa 43600 jildii 10ffaa namni qabiyyee karaa seeraan ala argate darbiinsa yeroon hin daanga’u jedhee murteesseeti. Yeroo abbaan koo du’e kanas umuriin koo nama waggaa 5 yommuu ta’u otoo inni hin du’in qabiyyichi abbaa koo irra turuu ragaan mirkaneessee bakka jirutti himannaan koo kufaa ta’uun sirrii waan hin taaneef murtichi diigamee akka qabiyyicha naaf gadhiisuuf naaf haa murtaa’u jedheera. Dhaddachi ijibbaataa qorannoo duraas iyyata haala kanaan isatti dhiyaate erga qorateen booda qabxiin qulqullaa’uu qabu ni jira jechuudhaan waamamaan deebii akka irratti kennuuf ajajeera. Waamamaanis deebii gaafa 23/02/2014 barreessitee dhiyeeffateen qabiyyeen kun harka jireettii abbaa ishee kan ture otoo hin taane abbaan iyyattuu kanaa bara 1976 otoo lubbuudhaan jiruu gadhiisee waan galeef ani gandatti iyyadhee jennaan baruma kana lafa kana naaf kenninaan qabadhee kanin itti fayyadamaa jiruu fi maqaa koottis koree lafa safartuu gandaatiin safarsiifadhee gara Waajjira Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa aanaa keenyaatti dhiyeeffadhee bara 2001 keessa ragaa abbaa qabiyyummaa lafaa kanin

itti fudhadheerudha. Iyyattuun ani abbaan koo yeroo du’u ijoollee waanin tureef hojii barbaacha biyya alaa deemee yommuun dhufu qabiyyeen koo na jalaa qabameera kan jettus qabiyyeen kuni dhuguma kan abbaa ishee otoo ta’ee himatamtuu Iffaan jalaa haadha ishee, himatamtuu 2ffaanis haadha warraa abbaa ishee ta’anii falmachuu otoo dandda’anii qabiyyichi kan koo ta’uu hubatanii kan dhiisanidha malee akka isheen jettu kana miti. Qabiyyee kanas waggaa 40tiin oliif itti fayyadamaan jira waan ta’eef himannaan iyyattuu kanaa darbiinsa yeroon ni daangeffama jedhamee murtiin kenname dogoggora seeraa isa bu’uuraa of keessaa hin qabu jedhamee akka naaf cimun gaafadha jedheera.

Seenaan galmee kanaa kan armaan olitti ibsame yommuu ta’u ijoo falmisiisaa wal falmitoota kana gidduu jiru qabiyyeen falmiif sababa ta’e kan dhaalaati moo kan dhuunfaa waamamaa kanaati? Himannaan iyyattuu kanaa darbiinsa yeroon ni daanga’a moo miti? jedhu qabachuudhaan murtiin manneen murtii jalaan kennamees dogoggora seeraa isa bu’uuraa qabaachuu isaa adda baasuudhaaf galmee kana seera rogummaa qabu faana qorannee jirra. Haala kanaan ijoo jalqaba irratti qabame yommuu ilaallu waamamaan falmii isaa keessatti qabiyyee falmiif sababa ta’e ootoma abbaan iyyattuu kanaa lubbuudhaan jiruuyyuu qabadhee itti fayyadamaan ture waan ta’eef kan dhaalaa miti jechuudhaan kaasee jiru yommuu ilaallu akkaataa s/h/h/keewwata 826(2) tti mirgi dhaalchisaa sababa du’uu isaa irraan kan ka’e du’aama wajjiniin kan hafu yoo ta’e malee dhaaltonni mirgaa fi dirqama dhaalchisaa isaanii dhaaluu ni danda’u. Kana jechuun dhaalchisaan yeroo lubbuudhaan jirutti qabeenyaa tokko irraa mirga kan qabu yoo ta’e malee dhaaltonni mirga irratti argachuu hin danda’ani jechuudha. Dhimma ammaa kana irrattis abbaan iyyattuu kanaa bara 1998 keessa kan du’e ta’uu fi waamamaan immoo qabiyyee kana bara 1978 irraa kaasee yerooma abbaan ishee

lubbuun turettiyyuu harkuma waamamaa kanaa kan ture ta'uun dhimma manneen murtii jalaatti ragaadhaan qulqullaa'ee buleerudha. Kanaaf abbaan iyyattuu kanaa yerooma lubbuudhaan ture waggaa 20tiif qabiyyee kanatti fayyadamee hin beeku jechuudha. Turtii yeroo erga abbaan iyyattuu kanaa du'ee waamamaan qabiyyee kana qabatee itti fayyadamaa jiru faana immoo yeroo ilaallu waamamaan qabiyyee kana waggaa 35tiin ol kan ta'uuf of harka galfatee turuu isaatu mul'ata. Kunis kan agarsiisu abbaan iyyattuu kanaa otoo lubbuudhaan jiruu mirga qabiyyee kana irratti qabu waamamaaf kan gadhiise ta'uu fi otooma inni akka waamamaan gadhiisuuf gaafateera ta'ees mirgi isaa akkaataa s/h/h/keewwata 1677(1) fi 1845tti darbiinsa yeroon hafaa ta'ee kan buleerudha. Iyyattuun immoo kan isheen waamamaa kana irratti himannaa dhiyeeffachuu dandeessu bakka abbaa ishee bu'uun waan ta'eef mirga abbaan ishee yeroo lubbuudhaan jiru hin qabne gaafachuu hin dandeessu. Qabiyyee kanas waamamaan kan inni qabate erga abbaan iyyattuu kanaa bara 1998 keessa du'ee waan hin taaneef darbiinsi yeroo kan shallagamuu qabu yeroo waamamaan qabiyyicha qabatee kaaseetudha. Yeroo sanaa kaasee immoo yeroo lakkaa'amu iyyattuun ammaa kuni himannaa waamamaa irratti dhiyeessuudhaaf akkaataa Dambii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadamaa Lafa Baadiyyaa Nannoo Oromiyaa Lakkoofsa 151/2005 keewwata 32tti darbiinsa yeroon ni daangeffanti. Iyyattuun komii ishee keessatti ani umuriin koo yeroo abbaan koo du'u waggaa 5 ture jechuudhaan darbiinsi yeroo lakkaa'amuu kan qabu erga isheen ga'eessa taatee kaasee ta'uu kan falmite darbiinsi yeroo yeroo qabiyyeen kun waamamaadhaan qabamee kaasee malee yeroo abbaan ishee du'ee kaasee lakkaa'amuu waan hin qabneef waamamaan immoo durumaanuu otoo abbaan ishee lubbuun jiruu waggaa 20tiin oliif qabatee kan ture waan ta'eef falmiin isheen gama kanaan kaaste darbiisa yeroo addaan kutuu hin danda'u jedhamee walumatti ajajni kanaa gadii kennameera.

AJAJA

1. Jal-murtii Manni Murtii Aanaa Giddaa Ayyaanaa Galmees Lakkoofsa 17000 ta'e irratti dhaddacha gaafa 12/08/2013 ooleen kennee, ajaja Manni Murtii Ol'aanaa Godina Wallaggaa Bahaa Galmees Lakkoofsa 57409 ta'e irratti dhaddacha gaafa 17/09/2013 ooleen kennee fi kan Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Lixaa Galmees Lakkoofsa 348978 ta'e irratti dhaddacha gaafa 08/10/2013 ooleen kenne dogoggora seeraa isa bu'uura of keessaa hin qabu jedhamee akkaataa Labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 216/2011 keewwata 26(5)tti cimee jira.
2. Baasii fi kasaaraa sababa falmii kanaaf bahe gareen lamaan of haa danda'an.
3. Galmeen murtii waan argateef cufameera. Mana galmeetti haa deebi'u.

- Abbootii Seeraa: - 1. Gammachuu Baqqalaa
2. Fayyisaa Tolasaa
3. Dabee Dhaabaa
4. Ashannaafii Raggaasaa
5. Ayyaanaa Toliinaa

- Iyyattoota: - 1. Obbo Jambaree Tasfaayee
2. Obbo Xilaayee Tasfaayee
3. Obbo Taammiraat Tasfaayee
4. Obbo Andaargee Tasfaayee
5. Aadde Muluugeex Tasfaayee
6. Aadde Sinaafiqish Tasfaayee
7. Obbo Dajanee Tasfaayee
8. Obbo Bagaashawu Tasfaayee
9. Obbo Damirawu Tasfaayee

Abukaatoo: - Obbo Tasfaayee Gizawu

Waamamtuun: - Aadde Tsahaay Lammaa

Galmee kana qorannee murtii armaan gadii kennineerra.

MURTII

Iyyannoon Dhaddacha Ijibbaataa kanaaf ka'umsa ta'e kun falmii qoodinsa qabeenya dhaalaa ta'ee kan eegalame Mana Murtii Aanaa Qimbibiititti yommu ta'u, iyyattootni 1ffaa hanga 8ffaa gidduulixummaan, iyyataan 9ffaa fi waamamtuun ammaa immoo himatamtoota ta'uun kan walfalmaa turani dha.

Ka'umsi dhimma kanaa himattoota 1ffaa fi 2ffaa jalaa kan turanii fi amma falmii kana keessa kan hin jirre himannaa mana murtii jalaatti waamamtuu ammaa fi iyyataa 9ffaa ammaa irratti dhiyeessaniin abbaan

keenya Obbo Tasfaayee G/Hawaariyaat gaafa 02/13/2007 waan lubbuun boqotaniif mana jireenyaa yeroo lubbuun jiran qaban harka waamamtuu 2ffaatti kan argamu 1ffaa. Mana jireenyaa magaalaa Finfinnee Kutaa Magaalaa Ekkaatti lafa kaaree meetira 500 irratti qubatee kan jiru, 2ffaa mana jireenyaa Magaalaa Gincii Ganda 01 keessatti lafa kaaree meetira 1000 irratti argamu fi qabeenya biroo adda addaa tarreessuun gahee keenya dhaalaan abbaa keenya irraa nu gahu akka nuuf qoodan kan jedhu dha.

Waamamtuun 2ffaa ammaa mana murtii jalaatti deebii kenniteen manni jireenyaa Magaalaa Finfinnee Kutaa Magaalaa Ekkaatti argamu waliigaltee gaa'elaa guyyaa 09/09/1998 du'aa waliin taasifameen kan dhuunfaa koo ta'ee akka itti fufu du'aa waliin kan waliigalle waan ta'eef qabeenya dhaalaa miti. Mana jireenyaa Magaalaa Gincii keessatti argamu immoo du'aa waliin osoo gaa'elaan walitti hin dhufiin dura waliigaltee bittaa fi gurgurtaa guyyaa 21/22/1980 taasifameen maallaqqa dhuunfaa kootiin kanan bitadhe qabeenya dhuunfaa koo malee kan du'aa waliin gaa'ela keessatti horanne miti; kanaaf himatni dhiyaate kufaa dha jechuun falmiteetti. Iyyattootni ammaa iyyannoo jidduulixummaa, waamamaan 1ffaa immoo himatamummaan deebii guyyaa 03/05/2010 barreeffameen gaafataniin manneen jireenyaa lamaanuu abbaan keenyaa fi waamamtuun ammaa gaa'ela keessatti kan waliin horatan malee qabeenya dhuunfaa ishee waan hin taaneef gaheen haadha manummaa ishee walakkaan keessaa bahee walakkaa hafe immoo nuti dhaaltootni akka qixxeetti qooddannu akka nuuf murtaa'u jechuun gaafataniiru.

Jalqaba Manni Murtii Aanaa Qimbibiit falmii bitaa fi mrigaa dhagahuun ragaan erga qulqulleessee booda qabeenya dhuunfaa waamamtuu ammaa ta'uun mirknaa'eera jechuun qabeenya dhaalaa keessaa manneen lamaan

olitti ibsaman akka isheef bahu kan murteesse ta'u illee Manni Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Kaabaa fi Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa immoo manneen jireenyaa falmiif ka'umsa ta'an irra deebiin akka qulqullaa'anii murtaa'an jechuun murtii mana murtii aanaan jalqaba kenname diiguun bu'uura SDFHH lak.343(1)tiin gara Mana Murtii Aanaa Qimbibiititti qajeelfamaan gadi deebiseera. Manni Murtii Aanaa Qimbibiitis bu'uura qajeelfamaan gadi deebi'een manneen lamaan irra deebiin yoo qulqulleessu, manneen lamaanuu qabeenya dhuunfaa waamamtuu ammaa ta'uun mirkanaa'eera jechuun qabeenya dhaalaa osoo hin taane qabeenya dhuunfaa waamamtuu ti jechuun murtuma dura kenne irra deebiin murtii kenneera. Iyyattootni ammaa murtii kana komatanis komeen ol'iyannoo isaanii manneen murtii sadarkaa sadarkaan jiraniin fudhatama hin arganne.

Iyyattootni ammaas murtii manneen murtii jalaan kenname kun dogoggora seeraa isa bu'uuraa ta'e kan qabu dha jechuun iyyannoo guyyaa 09/05/2014 barreeffameen karaa abukaatoo isaanii kan dhiyeeffatan yoo ta'u, ijoon komee iyyannoo isaaniis gabaabinaan kan jedhu Manneen Magaalaa Finfinnee fi Magaalaa Gincii keessatti argaman abbaan keenya gaa'ela keessatti waamamtuu 2ffaa waliin horachuu isaanii mirkanaa'ee osoo jiruu waliigaltee sobaan qophaa'e bu'uura godhachuun murtiin kenname dogoggoora dha. Waliigalteen bittaa fi gurgurtaa bara 1980 keessa taasifame jedhame, yeroo sana Qubee Afaan Oromoon barreessuun osoo hin eegalam in waliigalteen Afaan Oromoo akka ragaatti kan dhiyaate kun soba ta'uu osoo falminuu kun bira darbee murtiin kenname dogoggoora dha. Akkasumas manneen murtii jalaa bu'uura qabxiin gadi deebi'eenis hin qulqulleessine. Ragaa namaa waliigaltee gaa'elaa guyyaa 09/09/1998 taasifame jedhame irra jiran keessaa namni tokkos waliigalteen erga abbaan iyyattoota ammaa du'anii mallatteessuu isaa dubbateera. Jechi

ragaan kennanis bakka adda addaa kan ibsanii fi jechi ragaa kun osoo hin madaalamin bira kan darbame sirrii miti. Walumaagalatti, murtii manneen murtii jalaan kenname ragaa sobaan qindaa'e bu'uura godhachuun waan ta'eef diigamee bu'uura seerummaa gaafanneen akka nuuf murtaa'u jechuun gaafataniiru.

Dhaddachi Ijibbaataa Qorannoo Duraas waliigalteen bittaa fi gurgurtaa bara 1980 yeroo taasifame jedhame Afaan Oromoon barreessuun kan hin eegalamne ta'uu fi ragaan namaa waliigaltee gaa'elaa bara 1998 keessa taasifame irratti ibsaman keessaa namni tokko waliigaltichi erga du'aan boqotee kan mallattaa'e dha kan jedhamuu fi waliigaltichi mana murtiitti dhiyaatee mirkanaa'uu dhabuun isaa murtii manneen murtii jalaa gatii kan dhabsiisu moo miti ? qabxii jedhu bakka walfalmitootni bitaa fi mirgaa argamanitti seera roggummaa qabu waliin ilaaluuf ni dhiyeessisa jedhamee waamamtuun ammaa dhiyaattee komee iyyannoo iyyattoota ammaa irratti deebii akka itti kennitu taasifameera. Haaluma kanaan waamamtuun ammaa deebii guyyaa 12/08/2014 barreeffameen kennite gabaabinaan kan jedhu mana jireenyaa Magaalaa Finfinnee Kutaa Magaalaa Yekkaa keessatti argamu du'aa waliin guyyaa 09/09/1998 waliigaltee gaa'elaa yeroo raawwannu qabeenya dhuunfaa koo duraan ture waan ta'eef qabeenya dhuunfaa koo ta'ee akka itti fufu kan waliigalle waan ta'eef du'aan abbaan iyyattoota ammaa kan mirga irraa qabu miti; mana jireenyaa Magaalaa Gincii keessatti argamus waliigaltee bittaa fi gurgurtaa bara 1980 keessa taasifameen osoo du'aa waliin gaa'elaan walitti hin dhufiin dura maallaqa dhuunfaa kootiin qarshii 3000(kuma sadii) kanan bitadhe ta'uu ragaa mana murtii jalaatti dhiyaateen kan mirkanaa'e waan ta'eef komeen isaanii gama kanaan kaasanis fudhatama hin qabu. Komeen iyyattoota ammaa ragaa manneen murtii jalaatti madaalamanii murtaa'an irra deebiin akka madaalamu kan ilaallatu

malee dogoggoora seeraa isa bu'uuraa kan ilaallatu waan hin taaneef iyyannoon kufaa ta'ee murtiin manneen murtii jalaa akka naaf cimu jechuun gaafatteetti. Seenaan dhufaatii dhimma kanaa kan olitti ibsame yoo ta'u, dhaddachi kunis falmii bitaa fi mirgaa mana murtii jalaatti turee fi komee dhaddacha kanatti dhiyaate akka ilaalteetti ijoon dubbii furmaata argachuu qabu manneen jireenyaa lamaan falmiif ka'umsa ta'an haalatti qabeenya dhuunfaa waamamtuu ammaa itti jedhamanii murtaa'an sirrii ta'uu fi dhiisuu isaa seera rogummaa qabu waliin qoranneerra.

Akka qorannetti iyyattootni ammaa seerummaa isaan mana murtii jalaatti gaafatan manneen lamaan himata keessatti ibsaman kun qabeenya gaa'ela waamamtuu ammaa fi du'aa abbaa iyyattootaa Obbo Tasfaayee G/Hawaariyaat keessatti kan horatame waan ta'eef dhaalaan abbaa isaaniirraa kan isaan gahu waamamtuun walakkaa akka qoodduuf yommu ta'u, waamamtuun immoo qabeenyi kun kan gaa'ela keessatti du'aa waliin horatame osoo hin taane qabeenya dhuunfaa ishee ta'uu ragaan deeggaruun falmiteetti. Ragaan isheen mana murtii jalaatti dhiyeeffattes mana jireenyaa Magaalaa Finfinnee keessatti argamu waliigaltee gaa'elaa du'aa waliin guyyaa 09/09/1998 taasifameen kan dhuunfaa ishee waan jedhameef qabeenya gaa'elaa miti kan jedhu yoo ta'u, manni Magaalaa Gincii keessatti argamu immoo waliigaltee bittaa fi gurgurtaa guyyaa 21/11/1980 taasifameen maallaqa dhuunfaa kootiin gaa'ela dura bitadhe jechuun falmiti. Waliigalteen kunis bakki qabeenyi manaa kun itti argamu bulchiinsa Magaalaa Gincii irraa akka dhiyaate galmeen jalaa ni agarsiisa. Waliigaltee gaa'elaa irratti mana jireenyaa Magaalaa Finfinnee ilaalchisee taasifames ragaan barreeffamaa kan dhiyaate yommu ta'u, ragootni namaa ragaa barreeffama kana irra jiranis dhagahamaniiru. Ragaalee dhagahaman kana keessaa ragaa nama tokko irraa kan hafe ragaaleen hundi gaa'elli waamamtuu fi du'aa

sana dura ta’u illee waliigaltee ji’a caamsaa jalqabaa bara 1998 keessa taasifameen manni jireenyaa Magaalaa Finfinnee Kutaa Ekkaatti argamu kan dhuunfaa waamamtuu ta’ee akka itti fufu du’aa waliin waliigaluu isaanii akka beekan dubbachuu isaanii galmee kana keessaa ni hubatama. Gama biraatiin Manni Magaalaa Gincii keessatti argamu waliigaltee bittaa fi gurgurtaa guyyaa 21/11/1980 Afaan Amaaraan barreeffameen namoota Aadde Dinqee Kabbadaa fi Obbo Daraaraa Hurrissaa jedhaman irraa qarshii 3000(kuma sadiin) waamamtuun ammaa kan bitte kan ibsu faayila mana qopheessaa bulchiinsa Magaalaa Gincii keessa jiru keessaas akka argame hubatameera. Ragaan namaa gama waamamtuun jalatti dhiyaatanis manni magaalaa Gincii keessatti argamu mana dhuunfaan waamamtuun ammaa bitatte ta’uu akka mirkaneessan galmee keessaa ni hubatama.

Kana irraa kaanee dhimma kana seera rogummaa qabu seera maatii Oromiyaa waliin akka ilaalletti akkuma olitti ibsame qabeenyi falmiif ka’umsa ta’an mana jireenyaa Magaalaa Gincii fi Magaalaa Finfinneetti argaman yommu ta’an, manni jireenyaa Magaalaa Ginciitti argamu waliigaltee bittaa fi gurgurtaa guyyaa 21/11/1998 barreeffameen waamamtuun ammaa bituu ishee raga namaa fi waliigaltee barreeffamaa bulchiinsa magaalaa irraa dhiyaateen mirkanaa’eera. Waliigalteen bittaa fi gurgurtaa bara 1980 taasifame Afaan Oromoon barreeffamee akka ragaatti dhiyaate falmiin jedhu manneen murtii jalaa bara 1980 waliigalteen taasifame Afaan Amaaraan ta’uu bulchiinsa Magaalaa Gincii irraa qulqulleeffachuun ragaan Afaan Oromoon barreeffamee dhiyaate jedhame kufaa waan taasisseef komeen yeroo Afaan Oromoo afaan hojii hin turre ittiin barreeffame kan jedhu falmii fudhatama qabu miti. Kunis waliigalteen bittaa fi gurgurtaa manaa Afaan Amaaraan qophaa’ee bulchiinsa magaalatti galmaa’uu mirkanaa’eera. Kana irraa

ka'uun akkuma manneen murtii jalaa xiinxala isaanii keessatti ibsanitti manni jireenyaa Magaalaa Gincii keessatti aragmu bara 1980 keessa waamamtuun ammaa qabeenya dhuunfaa isheetiin gaa'ela dura bitachuu ishee falmisiisaa miti jechuu dha. Kanaaf waamamtuun ammaa mana kana gaa'elaan dura waan horatteef qabeenya dhuunfaa ishee ta'a jechuu dha.

Karaa biraatiin waamamtuun ammaa fi du'aan gaa'elaan yoom walitti dhufan kan jedhu ragaa namaa fi barreeffamaan firii dubbii mirkanaa'e Seeraa Maatii Oormiyaa waliin xiinxaluu gaafata. Kunis waliigaltee fuudhaa fi heeruma jedhu waamamtuun ammaa fi du'aa waliin guyyaa 09/09/1998 taasifame keessatti gaa'elli isaanii akka aadaa naannootti ji'a Adoolessaa bara 1989 irraa eegalanii fuudhaa fi heerumaan kan waliin turan ta'uu kan mirkaneessu dha. Waliigalteen fuudhaa fi heeruma jedhu kun gaa'elli sana dura akka aadaa naannootti kan raawwatame ta'uu waliigalteen guyyaa 09/09/1998 taasifame waliigaltee qabeenya ilaalchisee taasifame ta'uu kan hubatamu ta'u illee akka Seera Maatii Oromiyaa keewwata 58(1) jalatti tumametti qabeenya ilaalchisee waliigalteen taasifamu yoo xiqqaate guyyaa gaa'elli raawwatu ta'uu akka qabu dha. Waamamtuun ammaa fi du'aan garuu ji'a Adoolessaa bara 1989 irraa eegalee karaa aadaan wal fuudhanii kan waliin jiraachaa turanii fi yeroo waliigaltee fuudhaa fi heeruma jedhu kana bara 1998 keessa raawwatanis daa'ima waggaa 5 illee kan qaban waan ta'eef gaa'elaan booda qabeenya irratti waliigaltee taasifame ta'uu kan agarsiisu dha. Qabiyyee waliigaltee fuudhaa fi heeruma jedhu guyyaa 09/09/1998 taasifame kana keessatti manni jireenyaa Magaalaa Finfinnee Kutaa Magaalaa Ekkaatti argamu waliigalticha keessatti qabeenya dhuunfaa waamamtuu ammaa ta'ee akka itti fufu kan jedhame waamamtuun ammaa ji'a Fulbaanaa bara 1998 keessa maallaqa dhuunfaa isheetiin waan

bitatteef kan jedhu dha. Waliigalteen akkasii kun Seera Maatii Oromiyaa waliin yoo ilaalame bu'aa akkamii hordofsiisa kan jedhu ilaaluu gaafata. Akkuma Seera Maatii Oromiyaa Keewwata 74(1) jalatti tumametti gaa'elaan booda qabeenyi qabeenya dhuunfaan jijjiiruun yookiin qabeenya dhuunfaan bituun yookiin gurguruun argamu qabeenya dhuunfaa ta'ee akka itti fufu beekamaa dha. Haa ta'u malee qabeenya haala kanaan qabeenya dhuunfaan argame kun mana murtiitti dhiyaatee yoo hin raggasifamne bu'aa akka hin qabne keewwata 74(2) jalatti kan tumame irraa ni hubatama. Kun kan agarsiisu gaa'ela keessatti qabeenyi qabeenya dhuunfaan argamu tokko bu'aa kan hordofsiisu gaaffii garee tokkoon mana murtiitti dhiyaatee ragga'uu qaba jechuu dha. Kana jechuun Mana murtiitti dhiyaatee yoo ragga'e qabeenyi sun qabeenya dhuunfaa ta'ee itti fufa jechuu dha. Yoo akkas ta'e qabeenya waliinii gaa'ela waan hin taaneef yeroo gaa'elli diigamu walfuutootni yookiin dhaaltootni isaanii qabeenya kana qooddachuuf mirga hin qaban jechuu dha.

Gara dhimma of harkaa qabnuutti yoo deebinu waamamtuu fi du'aan gaa'elaan walitti kan dhufan bara 1989 keessa yoo ta'u, manni jireenyaa Magaalaa Finfinneetti argamu maallaqa waamamtuu ammaatiin ji'a Fulbaanaa bara 1998 keessa kan bitame waan ta'eef gaa'ela keessatti kan bitame ta'uu isaatu hubatama. Qabeenyi gaa'ela keessatti bitame kun immoo akka seera maatii Oromiyaa olitti ibsame keewwata 74(2) jalatti tumametti mana murtiitti dhiyaatee qabeenya dhuunfaa waamamtuu ammaa jedhamee kan raggaasifame miti. Qabeenya dhuunfaa waamamtuu ammaa jedhamee mana murtii dhiyaatee erga hin raggaasifamnee immoo qabeenya dhuunfaa waamamtuu ammaa ta'ee itti fufa haalatti jedhamuu danda'u hin jiru.

Kanaafuu, qabeenyi gaa'ela keessatti qabeenya dhuunfaan bitame hanga

mana murtiitti dhiyaatee qabeenya dhuunfaa garee tokkoo ta'ee akka itti fufu hin raggaasifamnetti haalatti qabeenya dhuunfaa Waamamtuu ammaa ta'ee itti fufu hin jiru jechuu dha. Iyyattootni ammaa qabeenyi gaa'ela keessatti horatame qofa hubachiisuun qabeenyi gaa'ela keessatti horatame immoo qabeenya waliinii ta'uu tilmaama seeraa seera maatii Oromiyaa keewwata 78 jalatti kan tumame irraa fayyadmaa ta'u jechuu dha. Haalli jiru kan olii ibsame ta'ee osoo jiruu manneen murtii jalaa garuu gaa'elli waamamtuu fi du'aa bara 1989 keessa ta'uu sadarkaa firii dubbiitti mirkanaa'ee osoo jiruu qabeenya mana jireenyaa bara 1998 gaa'ela keessatti waamamtuun ammaa bitte waliigaltee guyyaa 09/09/1998 taasifame kan mana murtiitti dhiyaatee qabeenya dhuunfaa waamamtuu ammaa jedhamee hin raggaasifamne waliigaltee qofa bu'uura godhachuun qabeenya dhuunfaa waamamtuu ammaa ti jechuun gaaffii Iyyattoota ammaa kufaa gochuun murtiin kennan dogoggoora waan ta'eef sirraa'uu qaba jenneerra.

Gama biraatiin akkuma olitti xiinxala keessatti ibsame manni jireenyaa Magaalaa Ginciitti argamu waamamtuun ammaa gaa'elaan dura bara 1980 keessa qabeenya dhuunfaa isheetiin bitachuu ishee waan mirkanaa'eef bu'uura Seera Maatii Oromiyaa keewwata 74(1)tiin qabeenya dhuunfaa waamamtuu ammaa ta'ee waan itti fufuuf du'aan abbaan iyyattoota ammaa mirga kan irraa qabu miti jedhamee qabeenya dhuunfaa waamamtuu ammaa ti jechuun murtiin manneen murtii jalaa kennan bu'uura seeraan waan ta'eef dhaddachi kunis sirrii dha jennee komee iyyannoo iyyattoota amma gama kanaan kaasani falman kufaa taasisuun murtii jalaa cimsineerra. Waan kana ta'eef manneen murtii jalaa mana jireenyaa Magaalaa Finfinnee Kutaa Magaalaa Ekkaatti argamu gaa'ela keessatti kan bitamee fi mana murtiitti dhiyaatee kan hin raggaasifamne ta'ee osoo jiruu waliigaltee du'aa fi waamamtuu

ammaa jidduutti taasifame qofa bu'ura godhachuun qabeenya dhuunfaa waamamtuu ammaa ti jedhamee murtiin kenname dogoggoora seeraa isa bu'uuraa kan itti raawwatame waan ta'eef sirraa'uu kan qabu dha jennee ajaja kanatti aanu kenninneerra.

AJAJA

1. Murtii Manni Murtii Aanaa Qimbibiit galmee lak.08162 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 28/08/2013 ooleen kenne, Manni Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Kaabaa galmee lak.82500 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 16/11/2013 ooleen cimsuun murtiin kennee fi Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa galmee lakk.345924 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 14/03/2014 ooleen cimsuun murtii kenne dogoggoora seeraa isa bu'uuraa kan qabu ta'ee waan argameef bu'ura S/D/F/H/H/ lak.348(1) tiin fooyyessuun murtii kennineerra.
2. Mana jireenyaa Magaalaa Finfinnee Kutaa Magaalaa Ekkaa keessatti argamu daangaa isaa himata keessatti ibsame qabeenya waliinii waamamtuu ammaa fi du'aa abbaa iyyattootaa ta'uun waan mirkanaa'eef waamamtuun ammaa gahee haadha manummaa ishee walakkaa fudhattee walakkaa hafe immoo dhaalootni du'aa qixxeetti haa qooddatan jenneerra.
3. Manni jireenyaa Magaalaa Gincii keessatti argamuu fi daangaan isaa himata keessatti ibsame ilaalchisee qabeenya dhuunfaa waamamtuu ammaa ti jedhamee kan murtaa'e cimeera.
4. Baasii fi Kisaaraa dhaddacha kanaa walfalmitootni mata mataa ofii haa danda'an jenneerra.
5. Manni Murtii Aanaa Magaalaa Qimbibiiti murtii kana akka raawwachiisu garagalchi murtii kanaa haa dhaqqabu jenneerra.
6. Akka beekaniif gargaglchi murtii kanaa Mana Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Kaabaa fi Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatiif haa

ergamu jenneerra.

7. Galmeen kun murtii waan argateef mana galmeetti haa deebi'u.

- Abbootii Seeraa: - 1. Guyyoo Waariyoo
2. Fayyisaa Tolasaa
3. Abdusalaam Sirraaj
4. Hiikaa Araarsoo
5. Ayyaanaa Toliinaa

Iyyattuun: - Aaddee Taarikuwaa Uumaa: B/bu'aa Obbo Taammiraat Baqqalaa

- Waamamtoota:- 1. Obbo Kumsaa Diriirsaa
2. Aadde Birqii Abdataa

Galmee kana qorannee murtii armaan gadii kennineerra.

MURTII

Iyyannoo Dhaddacha Ijibbaataa kanaaf ka'umsa ta'e kun falmii qoodiinsa qabeenya dhaalaa ta'ee kan eegalame Mana Murtii Aanaa Ambootti yommuu ta'u, iyyattuun ammaa himattuu, waamamaan 1ffaa ammaa himatamaa, waamamtuun 2ffaa immoo jiddu-lixummaan kan walfalmaa turani dha. Ijoon himannaa iyyattuu ammaatiin Mana Murtii Aanaa Ambootti dhiyaatee tures gabaabinaan kan jedhu haati koo Aadde Atsadii Uumaa fi waamamaan 1ffaa ammaa waliigaltee gaa'elaa guyyaa 13/06/1989 taasifameen walfuudhanii osoo waliin jiraachaa jiranii haati koo kun guyyaa 15/12/2010 waan duuteef haati koo fi waamamaan 1ffaa ammaa kun turtii gaa'ela isaanii waggaa 22 wajjin jiraatan keessatti qabeenyaa fi qabiyyee lafaa waliin itti fayyadamaa turan waamamaa 1ffaa ammaa kana harkatti waan argamuuf gahee haadha koo dhaaltummaan na gahuu qabu akka naaf qoodu kan jedhu dha.

Waamamaan 1ffaa ammaa kun immoo himannaa iyyattuu ammaa irratti

mana nurtii jalaatti dhiyaatee deebii kenneen qabiyyee lafa lak.10ffaa hanga 15ffaatti himata keessatti tarreeffame akka himattuun jettu osoo hin taane dhaala akaakayyuu koo abbaa koorraa bara 1998 kanan irraa qooddadhe qabiyyee dhuunfaa koo malee kan gaa'ela keessatti duutuu waliin horanne miti; kanas yeroo sana duutuu waanan beeksiseef haati duutuu mirga kan hin qabnetti na hin gaafattu jechuun falmeera. Manni murtii jalaa jalqaba falmii bitaa fi mirgaa booda dhimma kana irratti murtii kan kenne ta'u illee waamamtuun 2ffaa ammaa ani haadha manaa waamamaa 1ffaa waanan ta'eef qabiyyeen falmiif ka'umsa ta'e waamamaa 1ffaa waliin gaa'ela keessatti kan horanne malee duutuun haati iyyattuu ammaa mirga kan irraa qabdu miti jechuun gaaffii jidduu lixummaa waan dhiyeeffatteef falmichi hanga Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatti ol'iiyyatamee erga walfalmamaa turanii booda gaaffiin jidduu lixummaa waamamtuu 2ffaa ammaa ragaa bitaa fi mirgaan qulqullaa'ee akka murtaa'u galmeen kun bu'uura SDFHH lak.343(1)tiin kan gadi deebi'ee dha.

Manni Murtii Aanaa Amboos bu'uura Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa qabxiin gadi deebiseen falmii bitaa fi mirgaa dhagahuun ragaa namaa fi qaama rogummaa qabuun haati duutuu qabiyyee falmiif ka'umsa ta'e irraa mirga qabaachuun ishee waan hin mirkanoofneef himatni iyyattuu ammaa kufaa dha jechuun murtii kenneera. Murtiin kun hanga Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatti cimeera. Iyyattuun ammaas murtii manneen murti jalaan kenname kun dogoggora seeraa isa bu'uuraa ta'e kan qabu dha jechuun iyyannoo guyyaa 04/06/2014 barreeffameen karaa abukaattoo ishee kan dhiyeeffatte yoo ta'u, ijoon komee iyyannoo ishees gabaabinaan kan jedhu duutuu haati koo Aadde Atsadii Uumaa waamamaa 1ffaa ammaa waliin bara 1989 keessa gaa'ela erga raawwatanii booda yeroo sanaa kaasee hanga bara 2010tti qabiyyee falmiif ka'umsa

ta'e kana gaa'ela keessatti itti fayyadamaa turuun isaanii mirkanaa'ee osoo jiruu waamamtuu 2ffaa ammaa malee haati koo mirga hin qabdu jechuun murtiin manneen murtii jalaa kennan mirga walqixxummaa dubartootni gaa'ela keessatti qaban heera mootummaan eegumsi kan kenname sarbuu waan ta'eef diigamee qooda gahee haadha manummaa haati koo qabdu kan dhaalaan natti darbu gaheen koo akka naaf qoodamu jechuun gaafatteetti. Dhaddachi Ijibbaataa Qorannoo Duraas qabiyyeen falmiif ka'umsa ta'e gaa'ela waamamaa 1ffaa fi duutuu haadha iyyattuu ammaa keessatti horatamee itti fayyadamaa turan ta'uu firii dubbii mana murtii jalaatti mirkanaa'e ta'ee osoo jiruu iyyattuun ammaa gahee haadha ishee dhaalaan ishii gahuu qabu dhabuun ishee seera qabeessummaa isaa bakka walfalmitootni bitaa fi mirgaa argamanitti seera rogummaa qabu waliin ilaaluuf ni dhiyeessisa jedhamee waamamtootni ammaa komee iyyannoo iyyattuu ammaa irratti deebii akka itti kennan taasifameera. Haaluma kanaan waamamtootni ammaa bakka tokkotti deebii isaanii guyyaa 21/07/2014 barreeffameen kennan gabaabinaan kan jedhu 'lafti qabiyyee bakka shanitti argamu kan falmiif ka'umsa ta'e kun abbaa fi akaakayyuu waamamaa 1ffaa ammaarraa isatti darbee bara 1998 irraa eegalee haadha manaa isaa kan taate jidduu lixxuu mana murtii jalaa(waamamtuu 2ffaa ammaa) waliin kan itti fayyadamaa turre malee qabiyyee haati iyyattuu ammaa mirga irraa qabdu akka hin taane firii dubbii mana murtii jalaatti mirkanaa'ee himatni iyyattuu ammaa kufaa kan ta'e dogoggoora seeraa isa bu'uura ta'e kan qabu waan hin taaneef komeen iyyannoo iyyattuu kufaa ta'ee murtiin jalaa akka nuuf cimuu jechuun gaafataniiru.

Seenaan dhufaatii dhimma kanaa kan olitti ibsame yoo ta'u, dhaddachi kunis falmii bitaa fi mirgaa mana murtii jalaatti turee fi komee fi deebii dhaddacha kanatti dhiyaate akka ilaalletti ijoon dubbii furmaata argachuu

qabu qabiyyeen falmiif ka'umsa ta'e gaa'eela duutuu haadha iyyattuu ammaa fi waamamaa 1ffaa keessatti kennaan yookiin dhaalaan argamuun erga mirkanaa'ee haati iyyattuu ammaa mirga hin qabdu sababa jedhuun himatni iyyattuu ammaa kufaa kan ta'e sirrii ta'uu fi dhiisuu isaa seera rogummaa qabu waliin qoranneerra. Akka qorannetti waamamaan 1ffaa fi haati iyyattuu ammaa bara 1989 hanga 2010tti gaa'elaan waliin jiraachaa turuun isaanii fi yeroo gaa'elaan turan kana keessatti qabiyyeen amma falmiif ka'umsa ta'e kun bara 1998 waamamaan 1ffaa ammaa abbaa fi akaakayuu isaarraa dhaalaan erga argatee booda gaa'eela waamamtuu 2ffaa fi duutuu haadha iyyattuu ammaa keessatti itti fayyadamaa akka turan jecha ragaa iyyattuu ammaa fi waamamaan 1ffaa kennan irraa ni hubatama. Ragaan gama waamamtuu 2ffaan dhiyaatan keessaas haati iyyattuu ammaa qabiyyee falmiif ka'umsa ta'e irraa oomisha argamuun jiraachaa akka turte dubbataniiru.

Kana irraa kaanee dhimma kana akka ilaalletti duutuun haati iyyattuu ammaa fi waamamaa 1ffaa gaa'elaan waggaa 20 ol akka waliin turan falmii kan kaasise miti. Lafti qabiyyee falmiif ka'umsa ta'es gaa'eluma haadha iyyattuu ammaa keessatti bara 1998 keessa waamamaan 1ffaa dhaalaan argatee haadha manaa isaa lamaan ittiin bulchaa akka turee fi erga qabiyyeen kun dhaalaan argamee kaasee hanga bara 2010 haati iyyattuu ammaa duutetti waggaa 12 ol akka ta'e galmee kana keessaa ni hubatama. Yoo akkas ta'e waamamtuun 2ffaa sababa waamamaa 1ffaa waliin gaa'eela keessatti itti fayyadamaa turteef mirga kan argattu erga ta'ee haati iyyattuu ammaas haaluma walfakkaatuun waamamaa 1ffaa waliin waggaa 12 oliif lafa qabiyyee falmiif ka'umsa ta'etti ittiin jiraachaa turuun ishee erga mirkanaa'e lafa qabiyyee keessaa qooda hin qabdu jedhamuun haqa qabeessa miti. Akkuma heeraa fi seera maatii Oromiyaa irraa hubatamutti walfuutotni yeroo gaa'ela raawwatan, gaa'elaan turanii

fi yeroo gaa'elli isaanii diigamu mirga walqixa akka qaban ifa dha. Kana jechuun keessumaa gaa'elli yeroo diigamu qabeenya qaban mirga walqixa qooddachuu qabu jechuu dha. Keessumaa qabiyyee lafa baadiyyaa irratti walfuutotni mirga itti fayyadamaa qofa qabu. Mirga itti fayyadama qaban kana immoo yeroo gaa'elli isaanii diigamu walqixa ni qooddatu jechuu dha.

Dhimma of harkaa qabnu kana haati iyyattuu ammaas ta'e waamamtuun 2ffaa haadha manaa waamamaa 1ffaa ti. Jarreen lamaan waamamaa 1ffaa kana waliin galii qabiyyee lafa amma falmiif ka'umsa ta'e kana irraa argamuun jiraachaa akka turan eenyuufuu ifa dha. Gaa'ela keessatti walfuutootni hanga dandeettii isaanii waldeeggaranii jireenya isaanii ni gaggeessu. Kun immoo tokko tokkoon isaanii hirmaannaa mataa ofii ni qabu jechuu dha. Waamamtuun 2ffaa bara 1998 waamamaa 1ffaa waliin gaa'ela raawwattee isa waliin jiraachaa turuu ishee malee lafa qabiyyee falmiif ka'umsa ta'e kana ishee fi waamamaa 1ffaaf addatti kennamuu waanti agarsiisu hin jiru. Qabeenyii fi qabiyyeen gaa'ela keessatti horatamu immoo garee walfuudhan keessaa qabeenyi kun jiraachuu hubachiifnaan gaa'ela keessatti kan horatame kun qabeenyaa fi qabiyyee waliinii akka ta'e akka tilmaamamu Seera Maatii Oromiyaa keewwata 78 jalatti kan tumame irraa ni hubatama. Qabeenyii fi qabiyyeen kun kan dhuunfaa ta'uu fi dhiisuu isaa garee kan dhuunfaa koo ti jedhu hubachiifachuu qaba. Qabiyyeen amma falmiif ka'umsa ta'es gaa'ela keessatti bara 1998 keessa argamuu isaa firii dubbii mirkanaa'e dha. Waamamaan 1ffaas gaa'ela keessatti kan argame ta'us dhaalaan waanan argadheef kan dhuunfaa koo ta'a jechuun falmaa gama biraan immoo haadha manaa isaa 2ffaa kan taate waamamtuu 2ffaa ammaa waliin horachuu falma. Garuu lafti qabiyyee gaa'ela keessatti kennaan yookiin dhaalaan argamu akka qabeenya kaanii qabeenya dhuunfaa ta'ee itti fufuu hin danda'u.

Gaa'ela keessatti lafa qabiyyee baadiyyaa argame yeroo gaa'elli diigamu qooddachuuf ittiin jiraachaa turuun (itti fayyadamuun) gahaa dha.

Haati iyyattuu ammaa lafa qabiyyee falmiif ka'umsa ta'e gaa'ela waamamaa 1ffaa ammaa fi duutuu haadha iyyattuu keessatti argamee ittiin jiraachaa turuun isaanii erga mirkanaa'ee waamamtuun 2ffaa ammaa sababa ittiin jiraachaa turteef mirga erga argattee duutuun haadha iyyattuu ammaa mirga kana sababa dhabdu hin jiru. Manneen murtii jalaa kallattii kanaan ilaaluu dhabuun waamamtuun 2ffaa mirga addaa kan duutuu haadha iyyattuu caalaa qabaachuun ishee hanga hin mirkanoofnetti gaa'elaan turuun ishee osoo hin haalamin itti fayyadamaa turuun ishee ragaan hin mirkanoofne sababa jedhuun duutuu haati iyyattuu mirga hin qabdu jedhamee himatni iyyattuu ammaa kufaa kan ta'e mirga walqixxummaa duutuu kan sarbu waan ta'eef dhimma sirraa'uu qabu dha jenneerra.

Kana waan ta'eef, duutuun haati iyyattuu ammaa fi waamamtuun 2ffaa mirga walfakkaataa osoo qabanii gahee haadha iyyattuu ammaa cinatti dhiisuun gahee waamamtuu 2ffaa fudhachuun haqa qabeessa waan hin taaneef dogoggoorri seeraa isa bu'uuraa ta'e kan itti raawwatame dha jennee murtii manneen murtii jalaa diignee qabiyyeen falmiif ka'umsa ta'e waamamtoota ammaa fi duutuu haadha iyyattuu jidduutti bakka sadiitti qoodamuu qaba jennee ajaja kanatti aanu kennineerra.

AJAJA

1. Murtii Manni Murtii Aanaa Amboo galmee lak.55793 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 02/03/2014 ooleen kenne, Murtii Manni Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Lixaa galmee lak.38931 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 29/03/2014 ooleen cimsuun kennee fi Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaas galmee lakk.346920 ta'e irratti dhaddacha

guyyaa 19/04/2014 ooleen cimsuun murtiin kenne dogoggoora seeraa isa bu'uuraa kan qabu ta'ee waan argameef bu'uura S/D/F/H/H/lak.348(1)tiin diiguun murtii kennineerra.

2. Lafa qabiyyee bakka shanitti argamu (lak.1ffaa hanga 5ffaa yookiin himata keessatti lak.10ffaa hanga 15ffaa) bal'innii fi daangaa isaa himata keessatti ibsamee fi falmiif ka'umsa ta'e bakka 3(sadii)tti waamamtoota 1ffaa fi 2ffaa fi duutuu haadha iyyattuu ammaa jidduutti qoodamee gaheen iyyattuu ammaa dhaalaan haadha isheerraa ishii gahu 1/3ffaa (tokko sadaffaan) n lafa qabiyyichaa qoodamee haa kennamuuf jenneerra.
3. Baasii fi kisaaraa dhaddacha kanaa walfalmitootni mata mataa ofii haa danda'an jenneerra.
4. Akka murtii kanaatti akka raawwachiisu garagalchi murtii kanaa Mana Murtii Aanaa Ambootiif haa ergamu jenneerra.
5. Garagalchi kun Mana Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Lixaa fi Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa haa dhaqqabu.
6. Galmeen kun murtii waan argateef mana galmeetti haa deebi'u.

Abbootiin Seeraa: - 1. Gammachuu Baqqalaa

2. Fiixaa Dachaasaa

3. Huseen Kamaal

4. Masfin Geetaachoo

5. Ayyaanaa Toliinaa

Iyyattoonni: - 1. Aadde Naardoos Salamoon

2. Aadde Raaheel Salamoon

Waamamaan: - Ob/ Maammuyyee Nagaash

Galmee qorannee murtii kanaa gadii kennineerra.

MURTI

Galmeen kun banamee Dhaddacha Ijibbaataa kanaaf dhiyaachuu kan dandaa'eef iyyattoonni iyyannoo guyyaaa Caamsaa 23 bara 2013 barreessanii dhiyeessaniin murtii Manni Murtii Aanaa Habroo galmee lakk. 43797 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 28/05/2013 ooleen kenne, ajaja Ol'aanaa Godina Harargee Lixaa Galmee lakk. 57275 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 08/05/2013 ooleen kenne fi ajaja Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Bahaa Galmee lakk. 370638 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 23/07/2013 ooleen kenoggora seeraa isa bu'uura qaba jechuudhaa akka sirratuuf waan gaafateef.

Ka'umsi dhimmichaa himannaa himattoonni jalaa (iyyattoonni ammaa) himatamaa jalaa (wamamaa ammaa) irratti Mana Murtii Aanichaatti dhiyeessaniin yoo ta'u, qabiyyeen himatichaa gabaabinaan; haati keenya yommuu duutu qabiyyee abbaa keenyatti dhiiftee duute abbaan keenyas osoo itti fayyadamaa jiruu dhiisee irraa du'e himatamaan ammaa kun seeraan ala qabatee waan jiruuf qabiyyee abbaa fi haadha keenyaa bal'inni

isaa qindii lama ta’u kan mukti baargamoo irra jiru dhaalaan kan nutti darbuu qabu himatamaan mirga tokko osoo irraa hin qabaanne seeraan ala qabatee waan jiruuf akka gadi nuuf lakkisu akka nuuf murtaa’u kan jedhuudha. Himatamaan jalaa (waamamaan ammaa) himannaa irratti dhiyaateef deebiin kennee ture; qabiyyee falmii kaase kana bara 1998 irraa eegalee qabadhee waggaa 13 oliif gaaffii tokko malee itti fayyadmaa ture waan ta’eef Bu’uura Dambii Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Oromiyaa Lakk. 151/2005 kwt. 32tiin darbiinsa yeroo waggaa 12tiin himanni himattootaa kufaa ta’uu qabaata jechuudhaan mormii sadarkaa duraa kan dhiyeesse yoo ta’u, jiio dubbii irratti deebii guutuu kenne keessatti qabiyyee himatamtoonni qabiyyee dhaalaa jedhan kana bara 1998 waliigaltee bittaa lafaa guyyaa 25/07/1998 barreeffameen abbaa himattootaa irraa biqiltuu baargamoo waliin kan bite ta’uu fi waliigateen bittaa gurgurtaa lafichaatis Waajjira Haqaa Aanaa Habrootti kan galmaa’e ta’uu ibsuudhaan deebii kennee ture.

Manni Murtii Aanichaatis falmii fi ragaa bitaa mirgaan dhiyaate erga dhaga’een booda murtii kenneen; himatamaan qabiyyee falmii kaase kana osoo abbaan ykn dhaalchisaan himattootaa lubbuun jiru harka galee waggaa 15 mormii tokko malee qabatee itti fayyadamaa kan ture ta’uun isaa waan mirkanaa’eef, qabiyyee lafa baadiyyaa namni tokko waggaa 10f mormii tokko malee itti fufee qabatee itti fayyadamaa ture bu’uura s/s/ kwt. 1845tiin daangaa darbiinsa yerootiin gaafatamuu kan hin qabne ta’uu Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Ijibbaataa galmeelakk. 693022 ta’e irratti dhaddacha guyyaa 20/04/2004 ooleen murtii dirqisiisaa waan kenneef himanni himattoota jalaa ykn iyyattoota ammaa darbiinsa yerootiin kufaa ta’uu qabaata jechuudhaan murtii kennee ture. Himattoonni jalaa (iyyattoonni) ammaa kunniin murtii Manni Murtii Aanichaa kenne kana komachuudhaan ol’iyyannoo Mana Murtii

Ol'aanaa Godinichaatti kan ol'iywatan yoo ta'ellee, Manni Murtii Ol'aanaa Godinichaatis murtiin Mana Murtii Aanichaatiin kenname sirriidha jechuudhaan bu'uura sdfs. Kwt. 337tiin cimsuudhaan ajaja kenneera.

Iyyattoonni ammaas murtii manneen murtii jalaa kennan kana komachuudhaan ol'iyannoo Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Bahaatti kan dhiyeeffatan yoo ta'u, Manni Murtii Waliigalaatis komii dhiyaate bu'uura godhachuudhaan galmee qoratee ajaja sagalee caalmaadhaan kenneen; murtii mannee murtii jalaatiin kenname hanqina hin qabu jechuudhaan bu'uura sdfs, kwt. 337tiin kan cimse yoo ta'u, sagalee xiqqaan akkaataan himatamaan jalaa qabiyyee falmii kaase kana harka itti galfate bittaa gurgurtaadhaan yoo ta'u, gurgurtaan lafaa Heera Mootummaa kwt. 40(3) fi labii lakk. 30/99 jalatti ifaan ifatti dhorkaa ta'uun tumeera. Kanaafuu, waliigalteen bittaa gurgurtaa himatamaa fi abbaa himattoota gidduutti raawwatame waliigaltee seeraa fi heera biyyattii faallessee waan ta'eef bu'aa homaa hin qabaatu. Sababa waliigaltee bittaa lafaa (waliigaltee seeraan) alaa kanaatiin lafti nama biraa harka turuun darbiinsa yerootiin daangahuu kan hin dandeenye ta'uu Manni Murtii Waliigalaa Federaalaa Dhaddachi Ijibbaataa Murtii Dirqisiisaa Jildii 22 galmee lakk. 141606 ta'e irratti kenneera. Kanaafuu, himanni himattoota jalaa ykn iyyattoota ammaa darbiinsa yerootiin kufaa ta'uun dogoggora jechuudhaa yaadaan adda baheera.

Iyyattoonni ammaa murtiin manneen murtii jalaatiin kenname dogoggora seeraa isa bu'uuraa qaba jechuudhaan akka sirratuuf iyyanni dhaddacha kanatti dhiyeesse gabaabumatti; waamamaan lafa duwwaa biqiltuun baargamoo qofaan irra jiru qabiyyee abbaa keenyaa ta'e kana bal'inni isaa kaaree meetira 130 ta'e bara 1998 abbaa keenya irraa bittaaadhaan

akka argate fi himannis darbiinsa yerootiin kufaa akka ta'uu qabaatu ibsee kan falme yoo ta'u, lafa duwwaa ijaarsa ofirraa hin qabne bituun Heera Mootummaatiin dhorkaa ta'uun isaa osoo beekamuu, waliigalteen bittaa fi gurgurtaa lafaa seeraan dhorkaa waan ta'eef falmiin lafaan walqabatu darbiinsa yerootiin kan hin daangeffamne ta'uu dhimma walfakkaataa irratti MMWF Dhaddachi Ijibbaataa Murtii Dirqisiisaa Jildii 22 galmeelakk. 141606 ta'e irratti murtii kenneen hiikkaa kennee ta'ee osoo jiruu, waliigaltee bittaa fi gurgurtaa heeraa fi seeraan faallaa ta'een qabiyyee abbaa keenyaa harka isaa gale waamamaan akka gadi nuuf dhiisu murtaa'uu osoo qabuu darbiinsa yerootiin himanni keenya kufaa akka ta'u murtiin manneen murtii jalaa kennan dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan qabuuf akka nuuf diigamu kan jedhuudha.

Waamamaanis iyyata dhiyaateef deebii guyyaa barreessee dhiyeesseen; qabiyyee falmii kaasekana abbaan iyyattootaa waliigaltee barreeffamaatiin biqiltuu baargamoo waliin bittaaadhaan naaf dabarsee waliigaltichis qaama galmeessuuf aangoo qabuun mirkanaa'ee kan na harka gale yoo ta'u anis maqaa kiyyatti naanneeffadhee ragaa abbaa qabiyyee itti baafadhee waggaa 15f itti fayyadamaa kanan ture waan ta'eef iyyattotas ta'ee abbaan isaanii mirga waan irraa hin qabneef murtiin manneen murtii jala kan komachiisu miti kan jedhuu fi kkf caqasuudhaan deebii kenneera. Seenaan dhufaatii falmichaa kan armaan olitti ibame yoo ta'u, dhaddi kunis falmii dhiyaate seera rogummaa qabu waliin yommuu ilaallu ijoon murtii argachuu qabu, bittaa fi gurgurtaan lafaa heerawaadhaa? Sababa waliigatee bittaa fi gurgurtaatiin lafti nama tokko harka gale ilaalchisee himannaan dhiyaatu darbiinsa yerootiin daanga'uu ni danda'aa? Dhaddachi Ijibbaataa MMWF murtii dhimma walfakkaataa irratti murtii dirqisiisaa kaan dura galmeewwan adda addaa irratti kenne faalleessuun manneen murtii jalaa mirgi himanana dhiyeessuu iyyattootaa darbiinsa

yerootiin daangeffamera jechuun murtiin kennan dogoggora seeraa qaba moo mitii? Darbiinsi yeroo hin jiru yoo ta'ee iyyattoonni qabiyyee kana dhaaluuf mirga qabu moo mitii? kan jedhuu fi kkf qabannee qoranneera. Lafti baadiyyaas ta'ee kan magaalaa kan hin gurguramnee fi hin jijjiiramne qabeenyaa waliinii sabootaa, sablammootaa fi uummattoota Itoophiyaa akka ta'e Heera Mootummaa Federaalaa kwt. 40(3) jalatti tumameera. Bifuma walfakkaatuun Labsii Lafa Federaalaa Lakk. 456/97 fi Labsii Lafaa Oromiyaa Lakk. 56/94 fi 130/99 irrattillee gurgurtaan lafaa dhoorkaa ta'uun tumameera. Walumaagalatti, gurgurtaan lafaa gocha faallaa heeraa fi seera biyya kanaa ta'uun isaa ifa galeessa. Waliigalteen bittaa fi gurgurtaa lafaa bu'aa seeraa kamiyyuu fiduu akka hin dandeenye murtiilee Dhaddachi Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa Galmees Lakk. 43226, 79394, 100671, 128650 fi 141606 ta'ee fi kanneen biroo irratti kennan ni hubachiisu. Haaluma walfakkaatuun, Dhaddachi Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa murtii galmees lakk. 333084 ta'e irratti kanneen ejjannoo walfakkaataa qabateera. Walumaagalatti, waliigalteen bittaa fi gurgurtaa lafaa bu'aa seeraa kamiyyuu hin hordofsiisu jechuun immoo namani sababa waliigatee bittaatiin qabiyyeen lafa harka isaa gale turtii qabiyyeen sun harka isaa gale lakkaawwatee darbiinsa yeroo seerota idilee (subsidiary laws) jalatti tumaman kaasuudhaan himanana dhiyaatu darbiinsa yerootiin fashaleessuu ykn faccifachuu mirga hin qabu jechuudha. Waliigalteen bittaa gurgurtaa lafaa faallaa Heera Mootummaa fi Labsii Lafaa Federaalaa Fi Naannoo Oromiyaa waan ta'eef waliigalteen lafaa (land transaction) heerawaa fi seerawaa hin taane immoo darbiinsa yerootiin daanga'uu akka hin dandeenye murtii hedduu dhaddachi ijibbataa Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa fi Dhaddachi Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa kanaan dura galmeewwan adda addaa irratti kenne irraa hubachuun ni dandaa'ama. Gama dhimma amma qabanne kanaattis yoo deebinu waamamaan

lafa abbaa iyyattootaa kana ifaan ifatti waliigatee bittaa lafaa guyyaa 25/07/1998 barreeffamee waamamaa fi abbaa isaanii gidduutti mallatteeffameen kan qabate ta'uu firii dubbii ragaadhaan mirkanaa'e ta'uurrayyuu waamamaan mataan isaa qabiyyeen kun sababa bittaatiin harka isaa kan galee ta'uu hanga dhaddacha kanaatti hin haalle. Gama biraatiin waamaamaan akka ijoo mormiitti kan kaasu bittaa lafichaa qaama aangoo qabuun galmaa'ee kan jedhuudha. Akka heera mootumaa kwt. 9(1) jalatti tumameetti seeraas ta'ee murtiin abbaa taayitaa kamiyyuu heera mootummaatiin kan wal faallessu yoo ta'e bu'aa akka hin qabne ifatti waan tumameef waliigateen bittaa lafa falmii kaasee galmaa'e yoo ta'ellee bu'aa seeraa kamiyyuu hin qabaatu. Gama biraatii waliigateen gurgurtaa kun faallaa heera mootummaa fi labsiilee lafaa sadarkaa federaalaa fi naannoo, akkasuma faallaa murtiilee Dhaddacha Ijibbaataa MMWF fi MMWO waan ta'eef bu'aa seeraa kamiyyuu hin qabaatu. Bu'aa seeraa kamiyyuu hin qabaatu jechuun immoo falmiin bittaa gurgurtaa lafaatiin walqabatee ka'u darbiinsa yeroo seera siviiliis ta'ee labiilee lafaa kanneen biroo irratti tumame kaminiyyuu daangeffamuu hin danda'u jechuudha. Kanaafuu, manneen murtii jalaa s/s/ kwt. 1845 caqasuudhaan falmii ykn himanni iyyattootaa darbiinsa yerootiinn daanga'eera jechuudhaan mormii sadarkaa duraatiin himannaa iyyattootaa kufaa gochuun isaanii dogoggora seeraa isa bu'uuraati jenneerra.

Gama ijoo dubbii falmichaatti yoo seenu qabiyyeen falmii kaase kan abbaa iyyattootaa ta'uu ragaan bitaa mirgaan dhiyaatan kan mirkaneessan yoo ta'u waamamaan mataan isaa bittaaadhaanan argadhee haa jedhu malee calqabbiin qabiyyee kanaa kan abbaa iyyattootaa ta'uu hin haalle. Kanaafuu, qabiyyeen falmii kaase kun kan abbaa iyyattootaa ta'uun erga mirkanaa'ee immoo iyyattoonni mirga seeraa qabiyyee abbaa isaanii dhaaluu waan qabaniif waamamaan qabiyyee falmii

kaase kana iyyattootaaf gadi lakkisuu qaba jennee sagalee guutuudhaan murteessineerra.

AJAJA

1. Murtii Manni Murtii Aanaa Habroo galmee lakk. 43797 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 28/05/2013 ooleen kenne, ajaja Ol'aanaa Godina Harargee Lixaa Galmee lakk. 57275 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 08/05/2013 ooleen kenne fi ajaja Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Bahaa Galmee lakk. 370638 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 23/07/2013 ooleen kenne dogoggora seeraa isa bu'uura waan qabuuf bu'uura SDFS KWT. 348(1) tiin akka akka diigamu murtaa'ee jira.
2. Iyyataan qabiyeye falmii kaase kan himannaa iyyattootni ammaa himannaa isaanii guyyaa 14/04/2013 barreessanii mana murtii aanichaaf dhiyeessan keessatti ibsame; bali'nni isaa qindii lama ta'ee biqiltuu baargamoo ofirraa qabu, daangaan isaa Bahaan lafa qonnaa abbaa iyyattootaa, Lixaa fi Kaabaan karaa miilaa, Kibbaan lafa mana barumsaa lakk.2 tiin daangeffamu waamamaan iyyattootaaf akka gadi lakkisu murtaa'ee jira.
3. Baasii fi kisaaraa dhaddacha kanaa bitaa mirgaan kan ofii ofii haa dandaa'an jenneerra.
4. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaatiif haa ergamuuf jenneerra.
5. Galmeen murtii dhumaa waan argateef cufameera.
6. Galmeen mana galmee cufamaniitti haa deebi'u.

- Abbootii Seeraa:-
1. Gammachuu Baqqalaa
 2. Fayyisaa Tolosaa
 3. Dabee Dhaabaa
 4. Ashannaafii Raggaasaa
 5. Ayyaanaa Toliinaa

- Iyyattoota
1. Dagabaasaa Qaxxaamuraa
 2. Uumaa Qaxxaamuraa

Wamamaa:- Dajanee Dastaa

Galmeen qoratamee murtiin itti aanu kennameera.

MURTII

Galmeen kun banamee dhiyaachuu kan danda'e sababa iyyattoonni ammaa Murtiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa galmee lakk. 396135 ta'erratti dhaddacha guyyaa 02/07/2014 ooleen kenne dogoggora bu'uuraa seeraa qaba jechuun akka sirratuufif waan gaafataniifidha. Ka'umsi falmii galmee kanaa himata iyyattoonni Mana Murtii Aanaatti dhiyeessaniin kan eegale yoo ta'u himatichis gabaabinaan: lafa kaloo waliinii ta'e nama shan taanee itti fayyadamnu waamamaan ammaa kallattii Kibbaan hektaara afur qabatee qonnaatti jijjiiree waan jiruuf akka gadi nuuf lakkisu kan jedhuu dha. Waamamaan deebii kenneen: qabiyyee waliinii keenya karaa ganda keenyaa beekamee namoota waliin fayyadamaa turre waliigaltee guyyaa 20/7/2006 raawwatameen qooddanee hundi keenyaa itti fayyadamaa jirra; ani hektaara 1.5 qabadhee kan itti fayyadamu yoo ta'u iyyataa 1ffaan hektaara 3 fi iyyataa 2ffaan hektaara 2 qabatee itti fayyadamaa jira waan ta'eef himanni dhiyaate sababa himannoo hin qabu jedheera.

Manni Murtii Aanaa falmisiisee dabalataan bulchiinsa Gandaa irraa erga qulqulleeffatee booda waliigaltee guyyaa 20/7/2006 barreeffameen lafa isaanii qonnaaf fayyadamuuf waliigalanii qooddatanii jiru waan ta'ef waamamaan lafa waliigaltee irratti hundaa'uun qabatee jira waan ta'eef himannni dhiyaate kufaadha jedheera. Iyyattoonni murtii kanarraa oliyyata yoo gaafatan Manni Murtii Ol'aanaa komii isaanii bu'uura SDFHH kwt.337 hin dhiyeessisu jedheera. Iyyattoonni ammaas ol'iyyata Mana Murtii Waliigalaatti yoo gaafatan Manni Murtii Waliigalaa komii isaanii bu'uura SDFHH kwt.337 hin dhiyeessisu jedheera. Komiin amma dhiyaates murtiima kanarratti yoo ta'u ijoon komii isaanis: waliigaltee guyyaa 20/7/2006 nuti raawwachuun hin mirkanoofne; mallattoon keenyaa waliigaltee kana irra hin jiru; utuu ta'ees seera qabeessummaan waliigaltee kanaa ilaalamuu qaba ture jechuun murtiin jalaa dogoggora bu'uuraa seeraa qaba jedhamee akka sirratuufiif gaafatanii jiru.

Komiin iyyattoota ilaalamee Dhaddacha Ijibbaataa Qorannoo Duraan ni dhiyeessisa erga jedhamee booda waamamaan deebii kenneen: qabiyyeen kun qabiyyee dhuunfaa kiyya malee qabiyyee waliinii miti; iyyattoonni Mana Murtii jalaatti waliigaltee kana raawwachuusanii amananii amma falmii haaraa kaasaa jiruu waan ta'eef bu'uura SDFHH kwt.329 dhorkaadha; iyyattoonni waliigaltee hin raawwannee; waliigalteen kun faallaa seeraati jedhanii waanni falman hin jiru waan ta'eef amma falmiin gama kanaan iyyattoonni kaasan fudhatama hin qabu jechuun murtiin jalaa akka cimuufiif gaafateera. Falmiin galmee kanaa gabaabinaan kanuma yoo ta'u, nutis falmii bitaa fi mirgaa, murtii jalaa fi seerota roggummaa qaban waliin galmee keessa akka itti aanutti qoranneerra. Akka qorannee ilaallettis qabiyyee waliinii dheedichaaf fayyadamaa turan adda qooddachuun seera qabeessaa? Waamamaan qabiyyee haala kanaan qooddatee qabatee jiruu seera qabeessaan qabate kan jedhamee

murtaa'e sirriidha moo miti? kan jedhu ijoo dubbii ta'ee argama.

Kanumaan akka galmee keessaa qorannee hubannetti akka biyya keenyaattis ta'e addatti akka Mootummaa Naannoo Oromiyaatti sirni qabiyyee lafa baadiyyaa gosa sadii akka jiruu; kunis qabiyyee Mootummaan ; qabiyyee waliinii fi qabiyyee dhuunfaa ta'uu tumaalee Labsii Bulchiinsa Fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Lak. 130/99 irraa ni hubatama. Lafti amma falmii kaase lafa dheedichaa hawaasi waliin fayyadamaa ture akka ture galmee keessaa ni hubatama waan ta'eef lafa waliinii akka ta'u tumaa labsii lakk. 130/99 kwt. 2/ 5/ irraa ni hubatama.

Lafa waliinii dheedichaaf waliin fayyadamaa turan sababa haala itti fayyadama isaarratti wal dhabaniif wal falmitoonni adda addaa qooddachusaanii firii dubbii jalatti mirkanaa'ee jiruu dha. Kanaan walqabatee iyyataan ammaa lafa kana faayidaa waliiniif oolfachuuf walii hin galle jedhee waakkatee haa falmu malee manneen murtii jalaa Mana murtii Aanaa hanga Mana murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Ol'iyannootti aangoo ragaa madaaluu qabaniin wal falmitoonni lafa waliinii kana qabatamaan qooddatanii itti fayyadamaa akka jiran mirkaneeffatanii jiru waan ta'eef lafa waliinii kana hin qooddanee jedhamee komii gama kanaan ka'e hin fudhanne.

Dhimmi itti aansee ilaalamuu qabu qabiyyee waliinii kana namoonni dhuunfaa akka fedhan qooddachuu ni danda'uu? Kan jedhu dhimma ilaalamuu qabuudha. Qabiyyee waliinii kan haawaasni keenyaa durumaa eegalee jiruufi jireenya hawaasummaa, aadaa fi amantaa isaa itti gaggeeffachuuf itti fayyadamaa ture kanneen akka bakka dheedichaa, bosona fi tajaajila hawaasummaa biroof kan itti fayyadamaniidha. Qabiyyeewwan kun jiruu fi jireenya hawaasaa amma jiruufis ta'e dhaloota gara fuula duraatti dhufuuf hedduu barbaachisaa waan ta'eef eegumsa fi

beekamtii seeraa argatee Labsii Lakk 130/99 jalatti hammatamee jira. Qabiyyeewwan kun daangaa tokko malee gara qabiyyee dhuunfaatti kan jijjiiraman yoo ta'e dhiibbaa inni gama hawaasummaan fiduu, faalama naannoo fi nageenyaa hawaasaa irraan gahu ol'aanaa ta'uu hubachuun ni danda'ama. Tumaalee Heera Mootummaa kwt.44 jalatti namni mirga naannoo qulqulluu fi fayyaa qabu keessaa mirga jiraachuu akka qabu waan tumuu fi qabiyyee waliinii immoo kallattiin mirga kana waliin walitti hidhatiinsa cimaa waan qabaniif qabiyyee waliinii kun eegumsa argachuu akka qaban kan jabeessu ta'a. Mirga aadaa fi hawaasummaa heera mootummaa kwt.41 jalatti eegumsa kan argate yoo ta'u mirgi kun kabajamuu kan danda'u yoo qabiyyee waliinii hawaasni tajaajila hawaasummaa fi aadaaf itti fayyadamu eegumsa argatan qofaadha. Heera mootummaa kwt.43 jalatis guddina itti fufiinsa qabu/sustainable development/ yoo tumu guddina kanaaf bakka adda kan qabu tokko qabiyyee waliinii ta'uu ruqoolee guddina itti fufiinsa/sustainable development/ irraa kaanee hubachuu ni dandeenya. Kanaafuu, qabiyyee waliinii kana hawaasni naannoo walii galee akka adda qooddatu taasisuun qabiyyee waliinii akka dhabamu taasisuu waan ta'uuf dhimma fudhatama argachuu qabu ta'ee hin argamne.

Tumaalee Labsii lakk. 130/99 fi Dambii lakk. 151/2005 yoo walitti fidnee ilaallu qabiyyee waliinii adda addaa qoddachuun gara qabiyyee dhuunfaatti jijjiiruun akka hin danda'amne tumanii jiru. Qabiyyee dhuunfaa qotee bulaan seera qabeessaan argatee jira jedhamee kan fudhatamuu danda'u yoo mootummaa irraa hirtaan argatee, dhaalaa fi kennaan argatee jiraatee qofa akka ta'e Labsii Lakk. 130/99 kwt.5/5/ irraa ni hubatama. Kanaan alatti, qabiyyee waliinii qooddachuu gara qabiyyee dhuunfaatti jijjiiruun abbaa qabiyyee ta'uun beekamtii seeraa hin argamne. Gama biraan Dambii lakk.151/2005 kwt. 23 jalatti lafa dheedichaa gara lafa qonnaatti

jijjiiruun dhorkaa ta'uu tumee jira. Kanaafuu, qotee bulaan lafa waliinii irraa mirga inni qabu tajaajila hawaasummaa dursee hayyamameef qofa fayyadamuu malee akka qabiyyee dhuunfaatti adda addaa qooddachuun dhuunfaatti sanuu tajaajila isaa jijjiiree gara qonnaatti jijjiiree fayyadamuu dhorkaa akka ta'e Heeraa Mootummaa fi seerotni bulchiinsa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa naannoo keenyaa tumanii jiru.

Manneen murtii jalaa waamamaan qabiyyee waliinii lafa dheedichaaf oole kana sababa waliigalteen qoodameef amma gara qonnaatti jijjiiree kan fayyadamaa jiruu ta'uu utuu hubatamuu waamamaan seera qabeessaan qabatee kan jedhanii fudhatan dogoggora. Yeroo ammaa sababa babal'ifannaa lafaa dhuunfaaf qabiyyee waliinii akka malee manca'aa/badaa waan jiraniif Manni Murtii dhimmoota kana xiinxala keessa galchee murtii qabiyyee waliiniif eegumsa bal'aa kennuu dabarsuu akka qabu Dhaddachi Ijibbaataa kun hubatee jira. Kanaafuu, waamamaan qabiyyee amma qabatee jiruu kana gad lakkisee tajaajila dheedichaaf akka oolu taasifamuu qaba jenneerra. Waluma galatti, sababoota olitti tarreeffameef murtiin manneen murtii jalaa dogoggora bu'uuraa seeraa waan qabuuf ajaja itti aanu kennameera

AJAJA

1. Murtiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa galmee lakk. 396135 ta'erratti dhaddacha guyyaa 02/07/2014 ooleen kenne; Murtii Mana Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Lixaatti galmee lakk. 50303 ta'erratti dhaddacha guyyaa 24/06/2014 ooleen kenne fi Murtii Mana Murtii Aanaa Tokkee Kuttaayee galmee lakk. 28403 ta'erratti dhaddacha guyyaa 26/04/2014 ooleen kenne bu'ura SDFHH kwt.348/1/ tiin diigameera.
2. Waamamaan qabiyyee falmii kaasee Aanaa Tokkee Kuttaayee Ganda

Qotee Bulaa Malkaa Nagaa Fi Dambii keessatti argamu daangaan isaa Bahaan Ejjetaa Kumaa, Dhaabbata Guddataa fi Ejjataa Tarreesaa; Lixaan: Daandii Kolba; Kaabaan: Abbaraa Dagabaasaa; Kibbaan: Dajanee Dastaa/waamamaa/ daangahu keessaa lafa hektaara afur kan waamamaa harka jiruu gadi lakkisee tajaajila dheedichaa waliiniif akka oolu jedhameera.

3. Mana Murtii Aanaa Tokkee Kuttaayeeff akkaataa murtii kennameen akka raawwachiisuuf haa barreeffamuuf.
4. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaaf haa ergamu.
5. Baasii fi kisaaraa falmii kanaaf bahe bitaa fi mirgi of haa danda'an.
6. Galmeen waan murtii argateef cufameera; gara mana galmee cufameetti haa deebi'u.

- Abbootii Seeraa: - 1. Guyyoo Waariyoo
2. Fayyisaa Tolasaa
3. Dabee Dhaabaa
4. Ashannaafii Raggaasaa
5. Ayyaanaa Toliinaa

Iyyattuun: - Aaddee Tsahaay Heeramoo

Waamamtuun:- Aadde Sannaayit Zargaawu

Galmee kana qorannee murtii armaan gadii kennineerra.

MURTII

Iyyannoon Dhaddacha Ijibbaataa kanaaf ka'umsa ta'e kun falmii qabiyyee lafaa baadiyyaa ta'ee kan eegalame Mana Murtii Aanaa Nageellee Arsii yommuu ta'u, iyyattuun ammaa himattuu, waamamtuun ammaa immoo himatamtuu ta'uun kan walfalmaa turani dha. Ijoon himannaa iyyattuu ammaatiin Mana Murtii Aanaa Nageellee Arsiitti dhiyaatee tures gabaabinaan kan jedhu lafa qabiyyee qonnaa oolchaa lama kan abbaa fi haadha kiyyaa irraa natti darbe mana murtiin guyyaa 19/06/2013 naaf murtaa'ee raawwiin harka koo jiru akkasumas waamamtuun ammaa gaafa 22/11/2013 akka na hin jeeqne kan waadaa galtee mallatteessite gaafa 23/02/2014 osoon midhaan xaafii maasaa kiyyaarra hojjechaa jiruu jeequmsa natti kaasuu hojii waan na dhaabsifteef tilmaama xaafii kuntaala 4 qarshii 12,000 fi gatii hojjettootaaf kanfalame qarshii 3000 walitti qarshii 15,000 naa kanfaltee jeequmsa akka narraa dhaabdu kan jedhuu dha.

Waamamtuun ammaa mana murtii jalaatti dhiyaatee deebii kenniteen qabiyyeen falmiif ka'umsa ta'e sababa qallaba daa'imaan bara 2002

keessa murtii mana murtiin raawwiin harka koo galee yeroo sanaa kaasee qabadhee oomisha irraa argamuun kanan daa'ima ittiin guddisaa jiruu fi qabiyyee na harkaa hin baane waan ta'eef qabiyyee murtiin harka koo jiru irratti jeequmsa kaaste jechuun himannaa iyyattuun ammaa dhiyeessite fudhatama hin qabu jechuun himatni kufaa akka ta'u falmiteetti.

Manni Murtii Aanaa Nageellee Arsii falmii bitaa fi mirgaa dhagahuun ragaa namaa fi qaama rogummaa qabuun erga qulqulleessee booda qabiyyee murtiin harka waamamtuu ammaa galee harka ishee jiru irratti jeequmsa uumte hin jedhamu jechuun himannaa iyyattuu ammaa kufaa gochuun murtii kenneera. Iyyattuun ammaa murtii kana komachuun komee ol'iyannoo ishee Mana Murtii Ol'aanaa Godina Arsii Lixaatti kan dhiyeeffatte yoo ta'u, Manni Murtii Ol'aanaa Godinichaa immoo falmii bitaa fi mirgaa erga dhagahee booda lafa qabiyyee falmiif ka'umsa ta'e kana kan iyyattuun ammaa dhaalaan abbaa fi haadha ishee irraa murtii mana murtiin isheetti darbee harkaa qabdu irratti waamamtuun ammaa jeequmsa uumuun ishee mirkanaa'eera jechuun murtii mana murtii aanaa diiguun waamamtuun ammaa jeequmsa iyyattuu ammaa irratti uumte akka dhaabdee sababa himannaan midhaan to'annaa gandaa jala jirus iyyattuu ammaatiif akka gadi lakkisu jechuun murtii kenneera. Waamamtuun ammaa immoo gama isheetiin Murtii Mana Murtii Ol'aanaa Godina Arsii Lixaan kenname kana komachuun komee ol'iyannoo ishee Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Kibbaatti kan dhiyeeffatte yoo ta'u, dhaddachichis falmii bitaa fi mirgaa erga dhagahee booda waamamtuun ammaa sababa qallabaaf abbaa manaa ishee Obbo Isheetuu Heeramoo himattee lafti qarxii lamaa kun sababa murtii mana murtiin harka ishee galee daa'ima ittiin guddisaa jirtu waan ta'eef manni murtii yeroo tarkaanfii fudhatu dantaa daa'imaaf dursa kennuu qaba; waamamtuun ammaa karaa seeraan qabiyyee qabattee daa'ima

itti guddisaa jirtuuf jeequmsa uumte hin jedhamu jechuun murtii Mana Murtii Ol'aanaa diiguun jeequmsa waamamtuun ammaa uumte hin jiru jechuun murtii Mana Murtii Aanaa Nageellee Arsii cimseera. Iyyattuun ammaas murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Dhaabbii Kibbaa kenne kun dogoggoora seeraa isa bu'uuraa ta'e kan qabuu dha jechuun iyyannoo guyyaa 29/06/2014 barreeffameen kan dhiyeeffatte yoo ta'u, ijoo komee iyyannoo ishees gabaabinaan kan jedhu qabiyyee falmiif ka'umsa ta'e kana qabiyyee dhaalaa abbaa fi haadha koo irraa murtiin natti darbee ofi harkaa qabu waamamtuun ammaa humnaan itti fayyadamuu na dhorkitee xaafiin facaase waliin fudhachuu ishee firii dubbii mana murtii jalaatti mirkanaa'e ta'ee osoo jiruu waamamtuun jeequmsa uumte hin jiru jedhamee murtii Mana Murtii Ol'aanaa Godina Arsii kenne Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Kibbaan kan diigame dogoggoora waan ta'eef diigamee murtiin haqaa akka naaf kennamu jechuun gaafatteetti.

Dhaddachi Ijibbaataa Qorannoo Quraas qabiyyeen falmiif ka'umsa ta'e murtiin harka Iyyattuu ammaa galuu firii dubbii mana murtii jalaatti mirkanaa'e ta'ee osoo jiruu waamamtuun ammaa jeequmsa uumte hin jiru jedhamee murtiin kenname seera qabeessummaa isaa bakka walfalmitootni bitaa fi mirgaa argamanitti seera rogummaa qabu waliin ilaaluuf ni dhiyeessisa jedhamee waamamtuun ammaa komee iyyannoo iyyattuu ammaa irratti deebii akka itti kennitu taasifameera. Haaluma kanaan waamamtuun deebii ishee guyyaa 21/07/2014 barreeffameen kennite gabaabinaan kan jedhu ' lafti qabiyyee falmiif ka'umsa ta'e kana abbaa manaa koo kan ture Obbo Isheetuu Heeramoo obboleessa iyyattuu ammaa himadhee qallaba daa'imaaf naa murtaa'ee raawwiin harka koo galee bara 2002 eegalee kan itti fayyadamaa jiruu fi qabiyyee harka koo jiru irratti jeequmsa uumte hin jiru jedhamee murtii Mana

Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Kibbaan kenname dogoggoora seeraa isa bu'uuraa ta'e kan itti raawwatame waan hin jirreef komeen iyyattuu ammaa kufaa ta'ee murtiin jalaa kun akka naaf cimuu jechuun gaafatteetti.

Seenaan dhufaati dhimma kanaa kan olitti ibsame yoo ta'u, dhaddachi kunis falmii bitaa fi mirgaa mana murtii jalaatti turee fi komee fi deebii dhaddacha kanatti dhiyaate akka ilaalletti ijoon dubbii furmaata argachuu qabu waamamtuun ammaa qabiyyee falmiif ka'umsa ta'e iyyattuu ammaa dursitee murtiin erga harka ishee kan gale ta'e iyyattuun ammaa booda irra murtiin harka koo galeera sababa jedhuun jeequmsi uumame jedhamuu ni danda'aa? ijoo dubbii jedhu qabannee galmee kana gadi fageenyaa qoranneerra. Akka qorannetti waamamtuun ammaa bara 2002 keessa lafa qabiyyee oolchaa lama ta'e kana sababa qallaba daa'imaaf obboleessa Iyyattuu ammaa kan ta'e Obbo Isheetuu Heeramoo kan jedhamu himatee lafti qabiyyee kun qallaba daa'imaaf akka ta'u isheetti darbee kan itti fayyadmaa turte ta'uu firii dubbii jalatti mirkanaa'e dha. Iyyattuun ammaa immoo lafa qabiyyee kana qabiyyee abbaa fi haadha koo Obbo Isheetuu Heeramoo na jalaa qabateera jechuun himatee isheef murtaa'ee akka nama himatame kana irratti raawwatame dhimma mirkanaa'e dha. Kun kan agarsiisu waamamtuun ammaa qabiyyee falmiif ka'umsa ta'e kana murtiin bara 2002 harka ishee kan galee fi qabatamaan kan ishee harka jiru Iyyattuun ammaa obboleessa ishee qabiyyee harka isaa hin jirre bara 2013 keessa himatee akka nama qabiyyeen isa harka jirutti irratti raawwatame ragaan dhiyeeffatte qabiyyicha waamamtuu harkaa baasuuf shira hojjetame kan jedhamuun achi falmii sammuu gaariin dhiyaate akka hin taane hubachuun nama hin rakkisu. Akka seera Hariiroo hawaasaa lak.1140 jalatti tumametti jeequmsi tokko uumame kan jedhamu nama qabiyyeen harka jiru tokko namni biraa humnaan yoo

qabate dha. Dhimma ofi harkaa qabnu kanatti yoo deebinu waamamtuun ammaa murtiin qabattee kan ofi harkaa qabdu iyyattuun ammaa humnaan qabattee kan qotaa turte waamamtuun ammaa ishee dhorkuun ishee karaa seeraan nama ishee jeequuf itti dhufe ofirraa ittisuu malee jeequmsa uumte kan ishee jechisiisu miti. Waamamtuun ammaa qabiyyee ishee karaa seera qabeessaan qabattee ofi harkaa qabdu iyyattuun ammaa akka hin qonne dhorkuun ishee jeequmsa ishee irratti ka'e ofirraa ittisuun ishee gocha seera qabeessa ta'uu SHH lak.1148(1) jalatti kan tumame irraa ni hubatama. Akkasumas namni karaa seeraa qabiyyee tokko qabatee jiru namni biraa akka itti hin fayyadamne dhorkuun isaa jeequmsa akka hin taane Dhaddachi Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa Jildii 16ffaa galmee lak.94869 fi Jildii 9ffaa lak.39940 ta'e irratti hiikoon seeraa dirqisiisaan kennamanis gocha waamamtuu ammaa kan deeggarani dha. Kanaafuu iyyattuun ammaa obboleessa ishee qabiyyeen falmiif ka'umsa ta'e nama harka hin jirre himattee murtiin is naa raawwateera jechuun waamamtuun ammaa jeequmsa natti uumte jechuun falmitu deeggarsa seeraa kan qabu waan hin taaneef gaaffii ishee kufaa ta'uun kan murtaa'e kan qeeqamu ta'ee waan hin argamneef dhaddachi kunis komee iyyannoo ishee kana hin fudhanne.

Waan kana ta'eef waamamtuun ammaa qabiyyee falmiif ka'umsa ta'e dursitee sababa qallaba daa'imaaf obboleessa iyyattuu ammaa himattee raawwiin harka ishee galee jiruu fi daa'ima kan ittiin guddisaa jirtu ta'uu firii dubbii mana murtii jalaatti mirkanaa'e waan ta'eef jeequmsa iyyattuu ammaa irratti uumame hin jiru jedhamee murtiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Kibbaan kenname dogoggoora seeraa isa bu'uura ta'e kan qabu miti jennee ajaja kanatti aanu kennineerra.

AJAJA

1. Murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaatti Dhaddachi Dhaabbii Kibbaa galmee lakk.381433 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 24/06/2014 ooleen kenne dogoggoora seeraa isa bu'uura kan qabu ta'ee waan hin argamneef bu'uura S/D/F/H/H/ lak.348(1)tiin cimsuun murtii kennineerra.
2. Baasii fi kisaaraa dhaddacha kanaa iyyattuun ammaa qarshii 1000 (kuma tokko) waamamtuuf haa kanfaltu jenneerra.
3. Akka murtii kanaatti akka raawwachiisu garagalchi murtii kanaa Mana Murtii Aanaa Nageellee Arsitiif haa ergamu jenneerra.
4. Dabalataan garagalchi murtii kanaa Mana Murtii Ol'aanaa Godina Arsii Lixaa fi Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Kibbaa haa dhaqqabu.
5. Galmeen kun murtii waan argateef mana galmeetti haa deebi'u.

Abbootii Seeraa:- 1. Gammachuu Baqqalaa

2. Fayyisaa Tolosaa

3. Dabee Dhaabaa

4. Taaddasaa Qana'ii

5. Ayyaanaa Toliinaa

Iyyattuu:- Tolashii Dhimmaa

Waamamtoota 1. Gammachuu Sarbeessaa

2. Shufeerii Sarbeessaa

Galmeen qoratamee murtiin itti aanu kennameera.

MURTII

Galmeen kun banamee dhiyaachuu kan danda'e sababa iyyattuun ammaa Murtii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa galmee lakk. 395602 ta'erratti dhaddacha guyyaa 2/6/2014 ooleen kenne dogoggora bu'uura seeraa qaba jechuun akka sirratuufiif waan gaafatteefidha. Ka'umsi falmii galmee kanaa himata Mana Murtii Aanaatti iyyattuun ammaa dhiyeessiteen kan eegale yoo ta'u, himatichis gabaabinaan: ani fi abbaa warraa koo obbo sarbeessaa Toleeraa gaa'elaan bara 1985 eegallee utuu waliin jiraataa jirruu bara 2013 keessaa du'anii jiru; abbaa warraa koo waliin lafa qonnaa bakka garaa garaatti argamu qabna jechuun daangaa isaa waliin tarreessuun dhiyeessitee jirti; mana jireenyaa, baargamoo fi geeshoo waan waamamtoonni na dhorkataniif gaheen koo qabiyyeen lafa hektaara 1.75 fi qabeenya tilmaamni isaa qarshii 23,575 akka naaf goodan kan jedhudha.

Waamamtoonni deebii kennaniin: abbaan keenyaa duutuu haadha keenyaa Aadde Muluu Tolasaa waliin lafa qonnaa hektaara 2 qaba

ture; abbaan keenya kana keessaa lafa hektaara tokko gahee haadha keenyaa bara 2000 keessaa nuuf kennee jira; mana haadha keenyaa fi abbaa keenyaatu waliin ijaaree jira; qabiyyee iyyattuun tarree 6ffaa fi 8ffaa irratti tarreessitee dhiyeessitee jirtuu kan abbaan keenyaa dhaalaan akaakayyuu isarraa argatee waan ta'eef iyyattuun mirga irraa hin qabdu jechuun falmanii jiru. Manni Murtii Aanaa bitaafi mirga falmisiisee ragaa dhagayee murtii kenneen: qabiyyee amma falmii kaasee kan iyyattuu fi du'aan waliin qaban ta'uu ragaadhaan mirkanaayee waan jiruuf iyyattuu qabiyyee bakka torbatti argamu gahee ishee hektaara tokko fi tilmaama qabeenyaa qarshii 47,150 keessaa gahee ishee qarshii 23,575 waamamtoonni akka gadi lakkisan murtesseera.

Iyyattuun murtii kana komattee ol'iyyata yoo gaafattu Manni Murtii Ol'aanaa komii iyyattuu bu'uura SDFHH kwt.337 hin dhiyeessisu jedheera. Iyyattuun ammas oli'yyata yoo gaafattu Manni Murtii Waliigalaa komii iyyattuu bu'uura SDFHH kwt.337 tiin hin dhiyeessisu jedheera. Komiin amma dhiyaates murtiima kanarratti yoo ta'u ijoo komii ishees: lafa tarree 8ffaa keessatti argamu himata koo ibsee gaafadhee jennaan Manni Murtii jalaa garuu utuu murtii irratti hin kennin callisee bira taruun isaa dogoggora jechuun murtiin jalaa akka sirratuufiif gaafattee jirti. Komiin iyyattuu bakka waamamtoonni jiranutti qulqullaa'uu waan qabuuf ni dhiyeessisa jedhamee waamamtoonni waamichi isaan gahee dhiyaatanii waan hin falmineef falmiin bakka hin jirretti itti fufeera. Falmiin galmee kanaa gabaabinaan kanuma yoo ta'u, nutis falmii bitaa fi mirgaa, murtii jalaa fi seerota rogummaa qaban waliin galmee keessa akka itti aanutti qoranneerra. Akka qorannee ilaallettis qabiyyee himata iyyattuu isa fooyya'ee keessaa tarree 8ffaa irratti argamuu Manni Murtii jalaa murtii irratti kennee jiraa? moo miti? kan jedhu ijoo dubbii ta'ee argama. Kanumaan akka galmee keessaa qorannetti iyyattuun

ammaa himata Mana Murtii Aanaatti dhiyeessiteen lafa qonnaa bakka garaa garaatti argamu qabiyyee waliinii abbaa warraa koo Sarbeessaa Toleeraa waliin qabuudha; gaa'elaan bara 1985 eegallee utuu waliin jiraannuu gaafa guyyaa 25/7/2013 du'aan addunyaa kanarraa darbee jira; waamamtoonni qabiyyee kana qabatanii waan jiraniif gahee koo akka naaf gad lakkisan jettee gaafattee jirti. Seerummaa iyyatuun gaafattee galmee jalaa dhiyeessisne akka ilaalletti himata fooyya'ee guyyaa 17/2/2014 barreeffameen lafa bakka garaa garaa 10 tti argamu idaa'amni isaa hektaara 3.5 ta'e keessaa gahee koo hektaara 1.75 fi maallaqa qarshii 23,575 akka naaf qoodan kan jedhu ta'uu hubannee jirra. Kana keessaa sadarkaa Mana Murtii Aanaatti kan qulqullaa'ee murtaa'ee jiru lafa bakka torbatti argamu ta'uu murtii keessaa ni hubatama. Komiin iyyattuun dhaddacha kanatti kaasaa jirtuus lafa tarree 8ffaa keessatti dhiyeessee jiru Manni Murtii jalaa callisee murtii utuu itti hin kennin bira taruun dogoggora kan jedhuu dha. Nutis qabxiima komii iyyattuu irratti dhiyeeffachuun dhimma kana ilaallee jirra.

Manni Murtii Aanaa qabiyyee bakka torbatti argamu irratti murtii kennee garuu qabiyyee himata fooyya'ee dhiyaate irraa tarree 8ffaa irra jiru irratti murtii kennuu isaa waanni agarsiisu hin jiru. Yookaan qabiyyeen kun qabiyyee Manni Murtii Aanaa murtii isaa keessatti 1ffaa hanga 7ffaatti tarreesse keessatti kan hammatamu yoo ta'es kanuma ifa godhee murtii isaa keessatti barreessuu qaba. Seerummaan ifatti gaafatame callisaan bira darbame immoo tumaa SDFHH kwt.5/3/ jalatti akka waan dhorkatameetti kan fudhatamu ta'uu tumee jira. Kanaafuu, seerummaa gaafatame irratti Manni Murtii jalaa murtii kennuu dhabuusaa hanqina ta'ee argamee jira. Manneen Murtii ol'iiyata dhagayan iyyattuun qabsii kana akka ijoo komiitti kaastee ifatti komataa utuu jirtuu murtii jalaa cimsuunsanii dogoggora ta'ee argama.

Walumaa galatti, sababoota olitti tarreeffameef murtiin manneen murtii jalaa dogoggora bu'uuraa seeraa waan qabuuf ajaja itti aanu kennameera

AJAJA

1. Murtii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa galmee lakk. 395602 ta'erratti dhaddacha guyyaa 2/6/2014 ooleen kenne; Murtii Mana Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Lixaatti galmee lakk. 39691 ta'erratti dhaddacha guyyaa 12/05/2014 ooleen kenne fi Murtii Mana Murtii Aanaa Amboo galmee lakk. 69830 ta'erratti dhaddacha guyyaa 03/05/2014 ooleen kenne bu'uura SDFHH kwt.348/1/ tiin fooyya'eera.
2. Mana Murtii Aanaa Amboof galmee cufee ture deebisee sochoosuun lafa qonnaa Aanaa Amboo Ganda Qonnaan Bulaa Illaamuu Jallinaa keessatti bakka Qarabichoo jedhamutti argamu daangaa isa Baha: Obbo Humneessaa Dirribaa, Lixa: Daandii, Kibba: Kafanaa Iddoosaa fi Kaabaan: Biraanuu Atoomaan daangahu qabiyyee waliinii iyyattuu fi du'aa Sarbeessaa Toleeraa ti moo miti? Qabiyyeen kun qabiyyee lakkoofsa 1-7ffatti jiran kan Manni Murtii Aanaa murtii isaa keessatti murteesse keessatti hammatamee jira moo miti? kan jedhu ragaa namaa bitaa fi mirgaa irra deebiin dhimma kanarratti erga dhagayee booda ogeessaa Waajjira Lafaa Aanaa Amboo irraa dabalataan qulqulleessee akka murtii itti kennuuf qajeelfamaan bu'uura SDFHH kwt.343/1/ tiin deebisneerraaf; haa barreeffamuuf.
3. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaaf haa ergamu.
4. Baasii fi kisaaraa falmii kanaaf bahe bitaa fi mirgi of haa danda'an jedhameera.
5. Galmeen waan murtii argateef cufameera; gara mana galmee cufameetti haa deebi'u.

- Abbootii Seeraa:-
1. Gammachuu Baqqalaa
 2. Abdusalaam Siraaj
 3. Urgaa Geetaahuun
 4. Ashannaafii Raggaasaa
 5. Alamaayyoo Gaaddisaa

Iyyataan/tuun/tootni: - Dirribee Margaa

Waamamaan/tuun/mtootni:- Aadde Zannabuu Fiqaaduu

Galmeen qorannoof bulee qorannee murtii armaan gadii kennineerra.

MURTII

Galmeen kun banamee dhiyaachuu kan danda'eef, iyyataan/ttuun/ttootni iyyata gaafa 1-10-2013 barreeffameen murtii Manni Murtii Aanaa Hexoosaa lakkoofsa galmee 31869 ta'e irratti dhaddacha gaafa 14-7-2013 ooleen kenne, Ajaja Manni Murtii Godina Arsii lakkoofsa galmee 94184 irratti dhaddacha gaafa 17-7-2013 ooleen kennee fi Ajaji Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Bahaa lakkoofsa galmee 370983 irratti dhaddacha gaafa 11-9-2013 ooleen kenne dogoggora bu'uura seeraa waan qabuuf akka naaf sirratu jechuun waan gaafatteefi dha.

Ka'umsi dhimma kanaa Mana Murtii Aanaa irratti waamamtuun ammaa iyyattuu ammaa waan himatteefi dha. Himati dhiyaatee tures gabaabinaan kan jedhu, haati tiyya yeroo duutu qabiyyee lafa qonnaa fi qabiyyee bakka mana jireenyaa hangaa fi daangaa isaa kan himata irratti ibsame ani daa'ima waanin ta'eef, himatamtuun jalaa ykn iyyattuun ammaa obboleettii haadha kiyyaa waan taateef hanga ani gaa'ela gahutti qabatee booda akka naaf kennitu haati tiyya kun qabiyyee kana amaanaa himatamtuutti kennitee kan duute yoo ta'u, ergan gaa'ela gahee himatamtuun qabiyyee

kana akka naaf kennitu yoon gaafadhu waan naaf kennuu diddeef qabiyyee dhaalaan haadha koo irraa argachuu qabu kana akka gadi naaf lakkistu jechuun gaafatteetti. Iyyattuun ammaa ykn himatamtuun jalaa ammoo deebiin kennite gabaabinaan, qabiyyee lafa haadha himattuu ana harka hin jiru; qabiyyee lafa qonnaa falmii kaase sirriin kan abbaa kiyyaa yoo ta’u inni ammoo kennaa naaf kenne qabadhee kanin itti fayyadamaa jiru dha. Qabiyyee bakka mana jireenyaa ammoo abbaan kiyya duunaan dhaaltummaa abbaa kiyyaa mirkaneeffadhee kanin qabadhee jiru malee haati himattuu kan mirga irraa qabdu waan hin taaneef himati dhiyaate kufaa akka naaf ta’u jechuun deebii kenniteetti.

Manni Murtii Aanaa bitaa fi mirga falmisiisuun qabiyyeen falmii kaase kan abbaa iyyattuu ykn ammoo kan akaakaa waamamtuu ta’uu mirkaneeffadheera jechuun kennaan seera qabeessi hin jiru jedhee, waamamtuun haadha ishee bakka buutee akaakaa ishee dhaaluu dandeessi jechuun, qabiyyee falmii kaase bitaa fi mirgi qixxeetti akka qooddatan jechuun murteesseera. Iyyattuun ammaa murtii Mana Murtii Aanaa kana komachuun ol’iyyata Mana Murtii Ol’aanaatti kan dhiyeeffate yoo ta’u, Manni Murtii Ol’aanaa ol’iyyata itti dhiyaate bu’uura seera deemsa falmii sivilii keewwati 337 ajajuun haqeera. Iyyattuun murtii Mana Murtii Ol’aanaa komachuun ol’iyyata Mana Murtii Waliigalaatti kan dhiyeeffate yoo ta’u, Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaas ol’iyyata itti dhiyaate bu’uura seera deemsa falmii sivilii keewwati 337 ajajuun haqeera.

Iyyati amma dhiyaates murtii manneen murtii jalaa haala olitti ibsameen kennan jijjiirsisuuf kan dhiyaate dha. Iyyati dhiyaates gabaabinaan kan jedhu, himattuun jalaa ykn waamamtuun himata ishee irratti haati kiyya qabiyyee dhuunfaa ishee amaanaa natti kennitee akka duutetti

kan gaafatte haati ishee amaanaa natti kennuu ragaan hin mirkanoofne. Qabiyyeen falmii kaase ammoo kan abbaa kiyyaa ta'uun ragaa namaa fi ragaa barruun mirkanaa'ee jira. Manni Murtii Aanaa seerummaa waamamtuun hin gaafanne qabiyyeen kan haadha waamamtuu ta'uun yoo hin mirkanoofne illee, haadha bakka bu'uun akaakayyuu dhaaluuf mirga qabdi jechuun murtiin kenne dogoggora. Qabiyyee lafa qonnaa tushaa lama abbaan kiyya kennaa naaf kenne safara marsaa lammaffaa maqaa kiyyaan galmaa'ee kan jiru ta'uun ragaa qaama dhimmi ilaalu irraa dhiyaateen mirkanaa'ee jira. Qabiyyeen mana jireenyaa kaaree 1200s duriin isaa kan abbaa kiyyaa ta'e bara 1999 irraa eegalee ammoo dhaaltummaan kan anatti darbe ta'uun mirkanaa'ee jira. Qabiyyee lafa baadiyyaa ammoo kan dhaalu ana iyyattuu dhaaltuu sadarkaa Iffaati malee waamamtuun dhaaluuf mirga hin qabdu. Kanaaf, manneen murtii jalaa iyyattuun qabiyyee haadha koo jechuun gaafattee isaan ammoo dhaaluuf mirga qabdi jechuun seerummaa hin gaafatamne irratti murtiin kennan dogoggora waan ta'eef, murtiin Manneen murtii jalaa akka naaf diigamu kan jedhu dha.

Dhaddachi Ijibbaataa Qorannoo Duraas iyyata dhiyaate murtii manneen murtii jalaa waliin qoratee ijoo qabuun iyyati ni dhiyeessisa jedhee waamamtuun deebii akka dhiyeessitu bu'uura ajajeen waamamtuun deebii gaafa 23/10/2013 barreeffame dhiyeessitee jirti. Deebiin dhiyaates gabaabinaan kan jedhu, haati kiyya daa'imummaan ana irraa duutee daa'imummaa kiyya irraa kaasee abbaa iyyattuu biratti kanin guddadhe ta'ee osoo jiruu iyyattuun miseensi maatii ana qofa kan jette sirrii miti. Kennaan seera qabeessi iyyattuuf taasifames hin jiru. Ani falmii afaanii keessatti qabiyyee gahee haadha kiyyaa dhaalaan akaakayyuu kiyya irraa argadhu kanin gaafadhe ta'uu falmadhee jira. Kanaaf, dhimma irratti wal falmine falmiin hin dhiyaanne jechuun falmii iyyattuun asitti dhiyeessite

kufaa naaf ta'ee murtiin manneen murtii jalaa akka naaf cimuu kan jedhuu dha. Seenaan dhufaatii dhimma kanaa fi falmiin asitti dhiyaate gabaabinaan kan olitti ibsame yoo ta'u dhaddachi kunis galmee qorateera. Akka qoratettis murtii manneen murtii jalaa dhimma kana irratti kennan dogoggora bu'uura seeraa kan qabu dha moo miti? kan jedhu ilaalleerra. Haaluma kanaan dhimmicha yoo ilaallu, waamamtuun himata mana Murtii Aanaatti dhiyeessiteen qabiyyee falmii kaase qabiyyummaan isaa kan haadha kiyyaa ta'e haati kiyyaa yeroo duute amaanaadhaan iyyattuu ammaatti kennitee himattuun yeroo haati kiyya duutu daa'ima waanin ta'eef yeroo umuriin kiyya gaa'ela gahu akka naaf kennituuf kan haati kiyya itti kennitee duute himatamtuun jalaa ykn iyyattuun ammaa waan naaf kennuu diddeef akka gadi naaf lakkistu naaf haa murtaa'u jechuun kan himatte ta'uu galagalcha galmee manneen murtii jalaa dhaddachi kun ajajaan dhiyeessee ilaaleera. Iyyattuun ammaa ammoo qabiyyeen falmii kaase kan abbaa kiyya irraa natti darbe dha malee haati waamamtuu natti hin kennine jechuun falmite. Manni Murtii Aanaa qabiyyeen falmii kaase kan abbaa iyyattuu ykn akaakayyuu waamamtuu ta'uun mirkanaa'eera jechuun waamamtuun haadha ishee bakka buutee akaakayyuu ishee dhaaluuf waan mirga qabduuf qabiyyee falmii kaase bitaa fi mirgi qixxeetti haa qooddatan jechuun murteesseera. Kana irraa kan hubatamu waamamtuun ammaa himata yeroo dhiyeessitu qabiyyeen falmii kaase kan haadha ishee ta'uu fi haati ishee amaanaa iyyattuutti kennitee waan duuteef akka gadi naaf lakkistu jechuun gaafatte malee haadha ishee bakka bu'uun akaakayyuu dhaaluuf hin gaafanne. Qabiyyeen falmii kaase ammoo siriin isaa kan haadha waamamtuu osoo hin taane kan akaakayyuu ishee ta'uun firii dubbii ragaan mirkanaa'e akka ta'e murtii Mana Murtii Aanaa irraa hubanneerra. Manni Murtii Aanaa ammoo seerummaa waamamtuun hin gaafanne bu'uura godhachuun waamamtuun haadha ishee bakka bu'uun akaakayyuu ishee dhaaluuf mirga qabdi jechuun

murteesse. Manni Murtii jalqaba falmiin itti dhiyaate falmii bitaa fi mirgi hin kaasne bu'uura godhachuun seerummaa hin gaafatamne irratti murtii kennuu akka hin dandeenye seera deemsa falmii sivilii keewwata 182/2/ jalatti tumamee jira. Dhimma amma of harkaa qabnu irrattis waamamtuun qabiyyee haati koo amaanaan iyyattuutti kennitee duute akka naaf murtaa'u jettee kan gaafatte malee haadha kiyya bakka bu'een akaakayyuu kiyya dhaala gaaffii jedhu osoo himata barreeffamaa irratti hin dhiyeessin waamamtuun haadha ishee bakka buutee akaakayyuu ishee dhaaluuf mirga qabdi jechuun murtiin kenne seerummaa hin gaafatamne irratti murtii kan kenne ta'uu kan agarsiisu dha.

Bu'uura tumaa seera deemsa falmii sivilii olitti ibsameen ammoo Manni Murtii dhimmichi jalqaba itti dhiyaate seerummaa hin gaafatamne irratti murtii kennuu waan hin dandeenyeef, murtii Manni Murtii Aanaa kenne dogoggora bu'uura seeraa kan qabu dha jenneerra. Waamamtuun falmii afaanii irratti haadha koo bakka bu'uun akaakayyuu koo dhaaluuf falmeera jechuun dhaddacha kanatti falmii dhiyeessites yoo ilaallu, falmiin afaanii ykn dhagahii duraa kaayyoon isaa dhimmoota himataa fi deebii irratti dhiyaatan qulqulleessuuf kan taasifamu dha malee dhimma falmii haaraa himata barreeffamaa irra hin jirre kan ittiin dhiyeessan miti. Kana waan ta'eef, gaaffii haadha kiyya bakka bu'een akaakayyuu kiyya dhaala jedhu adeemsa jiruun of danda'ee kan dhiyaatu yoo ta'e malee haala ammaa kanaan keessummaa'ee murtii kan argachuu danda'u miti. manneen murtii jalaa dhimmicha haala kanaan ilaaluu dhiisuun murtiin kennan murtii dogoggora bu'uuraa qabu waan ta'eef sirrachuu qabaa jenneerra.

Sababoota olitti ibsamaniif, murtii manneen murtii jalaa dhimma kana irratti kennan dogoggora bu'uura seeraa kan qabu dha jennee ajaja armaan gadii kennineerra.

AJAJA

1. Murtii Manni Murtii Aanaa Hexoosaa lakkoofsa galmee 31869 ta'e irratti dhaddacha gaafa 14-7-2013 ooleen kenne, Ajaja Manni Murtii Godina Arsii lakkoofsa galmee 94184 irratti dhaddacha gaafa 17-7-2013 ooleen kennee fi Ajaja Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Bahaa lakkoofsa galmee 370983 irratti dhaddacha gaafa 11-9-2013 ooleen kenne bu'uura Labsii Manneen Murtii Oromiyaa Lakkoofsi 216/11 keewwati 26/5/ ajajuun diigneerra.
2. Baasii fi kisaaraa bitaa fi mirgi of haa danda'an.
3. Galagalchi Murtii kanaa Manneen murtii jalaa haa qaqqabu.
4. Galmeen cufameera. Mana galmeetti haa deebi'u.

- Abbootii Seeraa: - 1. Guyyoo Waariyoo
2. Fayyisaa Tolasaa
3. Dabee Dhaabaa
4. Ashannaafii Raggaasaa
5. Ayyaanaa Toliinaa

- Iyyattoota: - 1. Obbo Iisaa A/Giddii
2. Obbo Ahimad A/Giddii
3. Aadde Zamee A/Giddii
4. Aadde Kaziinaa A/Giddii
5. Aadde Faaxumaa A/Giddii
6. Aadde Jamiilaa A/Giddii

- Waamamtoota: - 1. Obbo Zeenuu A/Giddii
2. Obbo Usmaa'iil Zeenuu

Galmee kana qorannee murtii armaan gadii kennineerra.

MURTII

Iyyannoo Dhaddacha Ijibbaataa kanaaf ka'umsa ta'e kun qoodinsa qabeenya dhaalaa ta'ee kan eegalame Mana Murtii Shari'aa Aanaa Qarsaatti yommuu ta'u, iyyattootni ammaa himattoota, waamamaan 1ffaa ammaa himatamaa, waamamaan 2ffaa immoo jidduu lixaa ta'uun kan walfalmaa turani dha. Ijoon himannaa iyyattoota ammaatiin Mana Murtii Shari'aa Aanaa Qarsaatti dhiyaatee tures gabaabinaan kan jedhu lafa qabiyyee lak.1ffaa hanga 5ffaatti himata keessatti daangaa waliin ibsame abbaa isaanii kan du'an kan Obbo A/Giddii A/Dikoo kan ta'e dhaalaan kan isaan gahuu qabu waamamaan 1ffaa ammaa qabatee waan jiruuf gahee keenya akka nuuf qoodu kan jedhu dha.

Waamamaan 1ffaa ammaas Mana Murtii Shari'aa jalaatti deebii kenneen qabiyyeen lak.1ffaa hanga 3ffaa harka isaa akka hin jirre ibsee lak.4ffaa irratti himata keessatti kan ibsame immoo inni qabatee kan jiruu fi qabiyyee dhuunfaa isaa ta'uu kan falme yoo ta'u, qabiyyeen lak. 5ffaa irratti himata keessatti ibsame immoo qabiyyee dhaalaa osoo hin taane lafa qabiyyee hojii dhabeeyyiif kennamee itti fayyadamaa jiru dha; na harkas kan jiru miti jechuun falmeera. Waamamaan 2ffaa ammaa immoo qabiyyee hektaara 0.25 ta'e kennaan akaakayyuu isaa A/Giddii A/Dikoo irraa isaa kenname qabiyyee dhaalaa keessaa akka naaf bahu jechuun jidduu lixuun falmeera.

Manni Murtii Shari'aa Aanaa Qarsaas falmii bitaa fi mirgaa dhagahuun ragaan erga qulqulleessee booda lafa qabiyyee lak.1ffaa keessaa lafa facaasaa tokko waamamaan 2ffaa ammaa kennaan du'aa akaakayyuu isaarraa kan argate dha jechuun qabiyyee dhaalaa keessaa akka bahuuf yoo taasisu, lafa qabiyyee lak.1ffaa hanga 4ffaatti himata keessatti tarreeffame qabiyyee dhaalaa ti jechuun yoo murteessu, qabiyyee lak.5ffaa irratti himata keessatti ibsame immoo qabiyyee dhaalaa ta'uu hin mirkanoofne jechuun gaaffii iyyattoota ammaa kufaa taasisuun murtii kenneera. Iyyatootni ammaa murtii kana komachuun Mana Murtii Ol'aanaa Shari'aa Godina Jimmaatti kan dhiyeeffatan yoo ta'u, Manni Murtii Shari'aa Godinichaa immoo falmii bitaa fi mirgaa erga dhagahee booda kennaan waamamaa 2ffaa ammaatiif du'aan taasifame seera shari'aan kan deeggaramu miti; qabiyyeen lak.5ffaas immoo du'aan A/Giddii A/Dikoo kan itti fayyadamaa turani dha jechuun murtii manneen murtii shari'aa jalaa diiguun qabiyyee lak.1ffaa hanga 5ffaatti himata keessatti tarreeffame dhaalootni akka dhaalan jechuun murtii kenneera. Waamamtootni ammaa murtii kana komachuun komee ol'iyyannoo isaanii Mana Murtii Shari'aa Waliigalaa Oromiyaaf kan dhiyeeffatan

yommuu ta’u, Manni Murtii Shari’aa Waliigalaa Oromiyaa immoo falmii bitaa fi mirgaa erga dhagahee booda kennaan waamamaa 2ffaaf taasifame seera shari’aan kan deeggaramu dha jechuun murtii Mana Murtii Shari’aa Ol’aanaa Godina Jimmaa diiguun murtii Mana Murtii Shari’aa Aanaa Qarsaan kenname cimseera. Iyyattootni ammas murtii Manni Murtii Shari’aa Waliigalaa Oromiyaan kenname kun dogoggoora seeraa isa bu’uuraa ta’e kan qabu dha jechuun iyyannoo guyyaa 12/05/2014 barreeffameen karaa abukaattoo isaanii kan dhiyeeffatan yoo ta’u, ijoo komee iyyannoo isaanis gabaabinaan kan jedhu Manni Murtii Shari’aa kenna qabiyyee lafa baadiyyaa ilaaluuf aangoo osoo hin qabaatiin falmisiisee murtii kan kenne dogoggoora dha. Kennaan waamamaa 2ffaaf du’aan taasifame jedhamees aangoo Mana Murtii Shari’aa osoo hin taane kenna mirkaneessuun kan murtaa’es dogoggoora dha. Qabiyyee lak.5ffaa irratti himata keessatti ibsamees lafa qabiyyee namni falme osoo hin jiraatiin qabiyyee dhaalaa miti jedhamee murtiin kenname dogoggora waan ta’eef haqamee murtiin akka nuuf sirraa’u jechuun gaafataniiru.

Dhaddachi Ijibbaataa Qorannoo Duraas qabiyyeen falmiif ka’umsa ta’e keessaa tarree 5ffaa irratti himata keessatti kan ibsame qabiyyee dhaalaa miti jedhamee murtiin kenname seera qabeessummaa isaa bakka walfalmitootni bitaa fi mirgaa argamanitti seera roggummaa qabu waliin ilaaluuf ni dhiyeessisa jedhamee waamamtootni ammaa komee iyyannoo iyyattoota ammaa irratti deebii akka itti kennan taasifameera. Haaluma kanaan, waamamtootni 1ffaa fi 2ffaa adda addatti deebii guyyaa 21/07/2014 barreeffameen kennan gabaabinaan kan jedhu “Waamamaan 2ffaa lafa qabiyyee falmiif ka’umsa ta’e keessaa akka isaaf bahu kan murtaa’e kennaan kan argate ta’uu qulqullaa’ee kan murtaa’e waan ta’eef komeen iyyattoota ammaa fudhatama hin qabu jechuun kan falme yoo ta’u, waamamaan 1ffaa immoo qabiyyeen tarree lak.5ffaa irratti himata

keessatti ibsame qabiyyee dhaalaa miti jedhamuun sirrii waan ta'eef komeen iyyattoota ammaa kufaa akka ta'u falmeera . Seenaan dhufaatii dhimma kanaa kan olitti ibsame yoo ta'u, dhaddachi kunis falmii bitaa fi mirgaa mana murtii shari'aa jalaatti turee fi komee fi deebii dhaddacha kanatti dhiyaate akka ilaalatti ijoo dubbii furmaata argachuu qabu qabiyyeen tarree lak. 5ffaa irratti himata keessatti ibsame Manni Murtii Shari'aa Waliigalaa Oromiyaa callisee bira darbuun murtii Manni Murtii Shari'aa Aanaa kenne kan cimse dogoggoora seeraa isa bu'uuraa moo miti ? ijoo jedhu qabannee galmee kana gadi fageenyaa qoranneerra. Akka qorannetti iyyattootni ammaa qabiyyeen lak.1ffaa hanga 5ffaa himata keessatti tarreeffame qabiyyee dhaalaa du'aa abbaa isaanii Obbo A/Giddii A/Dikoo kan ta'e waamamaan 1ffaa ammaa qabatee waan jiruuf akka isaaniif qoodu seerummaa kan gaafatan yoo ta'u, waamamaan 1ffaa ammaa qabiyyeen lak.1ffaa hanga 3ffaa isa harka akka hin jirree fi inni lak.4ffaa irratti ibsame immoo qabiyyee dhuunfaa isaa akka ta'e,qabiyyeen tarree lak. 5ffaa irratti ibsame immoo qabiyyee dhaalaa miti jechuun akka falme galmee keessaa ni hubatama.Waamamaan 2ffaa immoo qabiyyee jalatti gaafate kennaan du'aa akaakayyuu isaarraa kan argate waan ta'eef dhaala keessaa akka bahuuf jalatti jidduu lixee waan falmeef lafti facaasaa tokko kennaan isatti darbuu mirkanaa'eera jechuun waamamaa 2ffaa kanaaf qabiyyee dhaalaa keessaa akka bahuuf murtaa'eera.

Komeen iyyattoota ammaa murtii kana mormuun yoo ta'u, irra caalaa immoo dhimma kenna qabiyyee lafa baadiyyaa manni murtii shari'aa ilaaluuf aangoo hin qabu kan jedhu dha. Akka labsii Manneen Murtii Shari'aa cimsuuf bahe lak.53/1994 keewwata 4 fi 5 jalatti tumametti Manneen Murtii Shari'aa falmii dhimma dhaalaa, kenna fi maatii wajjin walqabatu fedhii walfalmitootaan ofitti fuudhee ilaaluu ni danda'u.

Iyyattootni ammaas fedhii isaaniitiin dhimmi isaanii dhaala qabiyyee lafa wajjin kan walqabatu waan ta'eef Manni Murtii Shari'aa furmaata akka isaaniif kennu walfalmanii dhimmi kun sadarkaa amma jiru irra gaheera. Kana jechuun fedhii walfalmitootaan dhimmi isaanii Mana Murtii Shari'aatti erga ilaalamee amma immoo deebi'anii Manni Murtii Shari'aa dhimma kennaa lafa baadiyyaa ilaaluuf aangoo hin qabu jechuun falmiin kaasan fudhatama kan qabu miti. Kunis manni murtii shari'aa bu'uura labsii olitti iibsameen falmii dhimma dhaalaa, kennaa fi maatii bu'uura seera shari'aan ilaaluuf aangoo ni qabu. Kanaaf komee iyyattootni gama kanaan kaasan fudhatama kan qabu miti jenneerra. Manni Murtii Shari'aa kennaa waamamaa 2ffaa ammaatiif taasifame bu'uura seera shari'aatiin akka danda'amu murtii isaa keessatti ibsee kan murtii kenne seera bu'uuraa shari'aa wajjin kan walqabatu waan ta'eef dhaddachi kun dhimma kana keessa seenee kanaan taasifame seeraa ala jechuuf aangoo hin qabu. Kanaaf, kanaan waamamaa 2ffaaf taasifame bu'uura seera shari'aan seera qabeessa jedhame dhaddachi kun keessa seenee ilaaluuf aangoo waan hin qabneef komee gama kanaan iyyattootni ammaa kaasan dhaddachi kun hin fudhanne.

Gama biraatiin dhaddachi kun dhimma Manneen Murtii Shari'aan ilaalame dogoggora seeraa isa bu'uuraa raawwatan jechuun itti seenee ilaaluu kan danda'u keessaa tokko dhimma sirna adeemsa falmii hariiroo hawaasaa wajjin walqabatani dha. Manneen Murtii Shari'aa sirna adeemsa falmii kana yoo cabsan haqni jallachuu waan danda'uuf akka dogoggoora seeraa isa bu'uuraa raawwatametti fudhatamee dhaddacha kanaan akka sirraa'u ni taasifama. Haala kanaan dhimma qabiyyee lafaa lak.5ffaa irratti himata keessatti ibsame yoo ilaalle Manni Murtii Ol'aanaa Shari'aa Godina Jimmaa qabiyyee dhaalaati jechuun dhaaltootni akka dhaalan kan murteesse Manni Murtii Shari'aa Waliigalaa Oromiyaa

immoo osoo murtii isaa keessatti homaa hin xiinxalin Murtii Mana Murtii Ol'aanaa Shari'aa diiguun kan Mana Murtii Shari'aa Aanaa Qarsaa kan cimse dogoggoora sirna deemsa falmii hariiroo hawaasaa lak.182(1) kan cabse waan ta'eef dogoggoora seeraa isa bu'uuraa kan itti raawwatame ta'uu dhaddachi kun hubateera. Kunis akka sirna adeemsa falmii hariiroo hawaasaatti manni murtii sababa murtii jalaa fudhate yookiin kufaa taasise murtii isaa keessatti ibsuun dirqama akka ta'e SDFHH lak.182(1) jalatti kan tumame irraa ni hubatama.

Kanaafuu, Manni Murtii Shari'aa Waliigalaa Oromiyaa qabiyyee lafa lak.5ffaa irratti himata keessatti ibsame ilaalchisee murtii isaa keessatti osoo homaa hin jedhin murtii Mana Murtii Shari'aa Ol'aanaa diiguun kan Mana Murtii Shari'aa Aanaa Qarsaa cimsuun murtiin kenne dogoggoora seeraa isa bu'uuraa kan itti raawwatame waan ta'eef ajaja kanatti aanu kennineerra.

AJAJA

1. Murtii Manni Murtii Shari'aa Waliigalaa Oromiyaa galmee lakk.10172 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 12/04/2014 ooleen kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa kan qabu ta'ee waan argameef bu'uura S/D/F/H/H/ lak.348(1) tiin fooyyessuun murtii kennineerra.
2. Lafa qabiyyee tarree lffaa keessaa lafti facaasaa tokko waamamaa 2ffaa ammaa akaakayyuu isaarraa kennaan kan argate waan ta'eef lafti kun erga qabiyyee dhaalaa lak. lffaa keessaa bahee isaa kennamee booda lafa qabiyyee lak. lffaa hanga 5ffaa himata keessatti ibsame qabiyyee dhaalaa du'aa A/Giddii A/Dikoo waan ta'eef dhaaltootni du'aa iyyattootni ammaa fi waamamaan lffaa ammaa bu'uura manneen murtii shari'aa jalaa murteessaniin haa qooddatan jenneerra.
3. Akka murtii kanaatti akka raawwachiisu garagalchi murtii kanaa Mana Murtii Shari'aa Aanaa Qarsaatiif haa ergamu jenneerra.

4. Baasii fi kisaaraa dhaddacha kanaa walfalmitootni mata mataa ofii haa danda'an jenneerra.
5. Dabalataan garagalchi murtii kanaa Mana Murtii Ol'aanaa Shari'aa Godina Jimmaa fi Mana Murtii Shari'aa Waliigalaa Oromiyaa haa dhaqqabu.
6. Galmeen kun murtii waan argateef mana galmeetti haa deebi'u.

- Abbootiin Seeraa:-
1. Gammachuu Baqqalaa
 2. Fiixaa Dachaasaa
 3. Urgaa Geetaahuun
 4. Taaddasaa Qana'ii
 5. Ayyaanaa Toliinaa

Iyyataan:- Obboo Alamu Abdiisaa

- Waamamtoonni:-
1. Ad. Dirribee Bayyanaa
 2. Ob. Shuumii Abdiisaa
 3. Ad/ Atsaddu Ciccibaluu

Galmee qorannee murtii kanaa gadii kennineerra

MURTI

Galmeen kun banamee Dhaddacha Ijibbaataa kanaaf dhiyaachuu kan dandaa'eef iyyataa iyyannoo guyyaaa 26/04/2014 barreessanii dhiyeessaniin murtii Manni Murtii Aanaa Iluu galmee lakk. 31240 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 07/03/2014 kenne jal-murtii Manni Murtii Olaanaa Godina Shawaa Kibba Lixaa galmee lakk.55862 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 20/03/2014 fi ajaja Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Hariiroo Hawaasaa G/galeessaa galmee lakk. 346711 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 06/04/2014 ooleen kenne dogoggora seeraa isa bu'uura qaba jechuudhaa akka sirratuuf waan gaafataniifi.

Ka'umsi dhimmichaa himannaa himattuun jalaa (waamamatuu 1ffaan ammaa) himatamaa jalaa (iyyataa ammaa) irratti mana murtii aanichaatti dhiyeessiteen yoo ta'uu, qabiyyeen himatichaa gabaabinaan; abbaan kiyya obboo Bayyanaa Abdiisaa gaafa guyyaa 17/11/1999 du'eera. Akaakayyuun kiyya abbaan abbaa kiyyaa obboo Abdiisaa Birruu gaafa

guyyaa 18/02/2006 du'ee jira. Yommu abbaan koo du'u ani daa'ima waggaa 9 dha. Ani abbaa koo kallattii dhaaluu fi akaakayyu kiyya immoo abbaa koo bakka bu'ee dhaaluuf mirga seeraa qaba. Mirga dhaalamaa qabu kana immoo umuriin koo daa'ima waan ta'eef raawwatachuu hin dandeenye. Abbaan koo yommuu lubbuun jiru qabiyyee lafa baadiyyaa qarxii 3 ta'u iddoo lamatti kan argamu (daangaa isaa ibsuudhaan); akaakayyuun koo lafa baadiyyaa qarshii 20 bakka 11tti argamu (daangaa isaa tokko tokkoon ibsuudhaan) qabu ture. Dhaaltonni abbaa kiyyaa nama shan yoo taanuu dhaaltonni akaakayyuu kiyyaa abbaa koo kan du'e dabalatee nama afuridha. Qabiyyeen abbaa fi akaakayyuu kiyyaa immoo himatamaa harka waan jiruuf akka gahee koo naaf qoodu jechuudhaan gaafatee jirti.

Himatamtoonni jalaa (waamamtoonni ammaa) himannaa dhiyaateef deebii kennee tureen iyyattuun qabiyye dhaalaa kan abbaa ishees ta'ee kan akaakayyuu ishee gaafachuuf darbiinsi yeroo ni daangessa jechuun mormii duraa kan kaase yoo ta'uu ijoo keessatti qabiyyee falmii kaase lakk. 3-13 tti ibsame akaakayyuun ishee (isaaf immoo abbaa kan ta'e) osoo lubbuun jiranii bara 1980 kaasee qabadhee kanan itti fayyadamu malee qabiyyee dhaalchisaa miti. qabiyyee lakk. 1 irratti qarxii 1 ibsitee himattuun kan abbaa kiyyaa jettu immoo nama aaddee Baqqaluu Tikisee jedhamu harka jira lafa iddoo 2ffaa qarxii 2 immoo harkuma himattuu jira jechuudhaan himanni dhiyaate kufaa akka ta'uuf gaafateera. Kun kanaan osoo jiruu waamamaa ammaa 2ffaan ilmoo fi dhaaltuu obboo Abdiisaa Birruu ta'uu isaa ibsuudhaan qabiyyeen irratti falmaa jiran kun anis dhaalaan mirga keessa qaba hanga bara 2012tti himatamaa waliin kan itti fayyadamaa tureedha, kanaaf anaafis gaheen koo naaf qoodamuu qaba jechuun gidduu galee yoo falmu, waamamtuu 3ffaan immoo qabiyyee himattuun kan abbaa koo jettuu keessaa lafti qarshii

1.5 qabiyyee dhuunfaa koo haadha warraa abbaa himattuu waana tureef qooddadhee ragaa abbaa qabiyyee itti qabu itti maktee waan himatteeff keessaa naaf bahuu qaba kan jedhuudha.

Manni Murtii Aanichaa falmii fi ragaa bitaa mirgaan dhiyaate erga dhagaheen booda qulqulleessee murtii kenneen, qabiyyeen abbaa himattu jalaa qarxii sadi yoo ta'ellee qarxiin $1\frac{1}{2}$ kan gidduu galtuu 2ffaan ragaa itti qabduu fi hirtaa kennattee itti fayyadamaa turte waan ta'eef keessaa bahuu qabaata. Kanaafuu qabiyyee gara abbaa ishee mirga dhaaltumaa himattuun irra qabdu qarxii $1\frac{1}{2}$ qofaadha; gama biraatiin qabiyyeen akaakayyuu himattuu yeroo ammaa harka himatamaa jiru qarxii $12\frac{1}{2}$ qofaa ta'uu ragaa WBI Lafa baadiyyaa irraa dhiyaateen mirkanaahee jira. Gama biraatiin Himatamaaf qarxii 1 fi gidduu galaa 1ffaaf lafa qarxii $1\frac{1}{2}$ du'aan abbaa isaanii yeroo lubbuun jiru kenneefii ture qabiyyee dhaalaatti deebisuu makuu qabaatu. Kanaafuu qabiyyeen akaakayyuu himattuu dhaalamuu danda'u qarxii 15 yoo ta'u dhaaltota isaa nama 4f yoo qoodamu gaheen abbaa himattuu qarxii 3.75 ta'a. kanaafuu himatamaan qabiyyee gahee akaakayyuu ishee fi kan abbaa ishee waltti yoo dabalamu qarxii $3.75+1'5=5.25$ waan ta'eef dhaaltonni abbaa himattu immoo nama shan waan ta'aniif gahee himattu lafa qarxii $5.25*5=$ qarxii 1.05 waan ta'uuf kanuma akka gadi lakkisuuf, gidduu galaa 1ffaa (waamamaa 2ffaa ammaa) ilmoo obboo Abdiisaa Birruu ta'uun isaa waan mirkanaaheef himatamaa waliin mirga dhaalmaa qixxee waan qabuu gahee isaa lafa qarxii 3.75 akka qooduuf fi gidduu galtuu 2ffaa (waamatuu 3ffaa ammatis) qabiyyee lafa qarxii 1.5 kan ragaa abbaa qabiyyee itti qabdu akka gadi lakkisuu jechuudhaan murteessee ture. Himatamaan jalaa iyyataan ammaa murtii mana murtii aanichaa komachuudhaan oliyyannoo mana murtii olaanaa godinichaatti kan dhiyeeffate yoo ta'u, manni murrii olaanaa godinichaa komii dhiyaate

ilaalee jala murtii/ajaja kenneen, waamamattuu Iffaan qabiyyee akaakkayyuu ishee abbaa ishee bakka buutee dhaaluuf labsiin itti fayyadma lafa baadiyyaa bakka bu'ummaadhaan dhaaluun hin dandaa'amu jedhee komii himatamaan jalaa dhaddacha kanatti kaase komii jalatti hin kaane waan ta'eef bu'uura sdfs. Kwt. 329tiin fudhatama kan hin qabne ta'uu, waamamaa 2ffaan immoo ilmoo dhaalchisaa Abdiisaa Birruu ta'uu fi qabiyyee kanas himatamaa jalaa waliin hanga bara 2012tti waliin fayyadamaa waan turaniif darbiinsi yeroo kan hin daangessu jedhamuun sirri ta'uu, waamatuu 2ffaaaais qabiyyee keessaa habahuuf jedhame maqaa isheetiin ragaan abbaa qabiyyee kan itti kenname waan ta'ee kan hin komachiifne ta'uu fi kkf bal'inaan ibsuudhaan komii iyyataa bu'uura sdfs. Kwt. 337tiin kufaa godhee murtii MMA cimseera.

Himatamaan jalaa (iyyataan ammaa) murtii manneen murtii jalaa kennan kana komichuudhaan oliyyannoo Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Hariiroo Hawaasaa G/galeessaaatti kan dhiyeeffate yoo ta'ellee, Manni Murtii Waliigalaatis komii dhiyaate bu'uura godhachuudhaan galmee qoratee ajaja kenneen; murtiin manneen murtii isaa gadiitiin kenname kun hanqina hin qabu jechuudhaan bu'uura sdfs, kwt. 337tiin cimseera. Iyyataan ammaas murtiin mannee murtii jalaatiin kenname dogoggora seeraa isa bu'uuraa qaba jechuudhaan akka sirratuuf iyyanni dhaddacha kanatti dhiyeesse gabaabumatti; waamamtuu Iffaan yommuu abbaan ishee du'uu nama waggaa 16 waan taateef qabiyyee abbaa ishee dhaalaan gaafachuuf darbiinsa yerootiin daangoftee osoo jirtuu, qabiyyee akaakayyuu ishee immoo bu'uura tumaa labsii lafa baadiyyaa Oromiyaa lakk. 130/99 kwt. 2(16) hiikkaa keennameen bakka bu'ummaan dhaaluu akka hin dandeenye kaasee falmaa osoo jiruu manni murii olaanaa falmii dakatti hin kaane jedhee bu'uura sdfs. Kwt. 329tiin iyyata isaa kufaa gochuun dogoggora ta'uu, waamamaa 2ffaan

ilmoo du'aa waan hin taanef mirga dhaaltummaa kan hin qabne ta'uu, osoo ta'eellee erga dhaalchisaan du'ee bu'uura s/s kwt. 1000(1) mirga dhaaltumaa isaa waggaa 3 keessatti gaafachuu osoo qabuu darbiinsa yerootiin erga daangeffameen booda qabiyyeen dhaalaa akka qoodamuuf murtaa'uun dogoggora ta'uu, waamamaa 2ffaan qabiyyee kana na waliin fayyadamuun isaa jalatti kan hin mirkanoofne waan ta'eef darbiina yeroo kan addaan hin kunne ta'uu, waamamtuu 2ffaanis qabiyyeen akka keessaa bahuuf murtaa'e kan abbaa warraa ishee irraa qoodatte miti, inni erga du'ee turee jira, kan jedhuu fi kkf caqasuudhaan komateera. Waamamtoonnis iyyata dhiyaateef deebii guyyaa 09/06/2014 qofa qofatti barreessanii dhiyeessanii; falmuma jalatti kaasanii falmaa turan irra deebi'anii barreessuudhaan murtiin mannee murtii jalaatiin kenname dogoggora seeraa kan hin qabne ta'uu bal'inaan ibsuudhaan akka cimuufta gaafatanii jiru.

Seenaan dhufaatiif falmichaa kan armaan olitti ibsame yoo ta'u, dhaddachi kunis falmii dhiyaate seera rogummaa qabu waliin yommuu ilaallu ijoon murtii argachuu qabu, waamamatuu 1ffaan qabiyyee akaakayyuu ishee, abbaa ishee bakka buutee dhaaluu ni dandeessii? labsiin lafa baadiyyaa Oromiyaa lakk. 130/99 bakka bu'ummaan dhaaluu ni hayyamaa? Waa'ee kana ilaalchisee himatamaan jalaa ykn iyyataan ammaa mana murtii aanichaa calqaba falmii dhagahe irratti mormii osoo hin kaasiin hafee mana murtii olaanaa oliyyannoo dhagahu biratti waan kaaseef, MMO komicha sadarkaa oliyyannootti kaasuu hin dandeessuu jedhee bu'uura sdfs kwt. 329tii komii iyyataa kufaa gochuun sirriidha moo mitii? Mormiin mirga dhaaltummaa waamamtuu 1ffaa daangessuu kun mana murtii kamittii ka'uu danda'a moo mitii? kan jedhuu fi kkf qabannee qoranneera. Tumaa labsii lakk. 130/99 kwt. 9(1) jalatti akka tumametti qonnaan bulaan qabiyyee isaa miseensa maatii isaatti dhaalaan dabarsuu

akka danda’u tumameera. Labsuma kana 2(16) jalatti hiikkaa miseensa maatii ykn nama qabiyyee lafa baadiyyaa dhaaluu danda’uuf kennameen qabiyyee lafa baadiyyaa dhaaluu kan danda’u ijoollee abbaa qabiyyicha irraa dhalatani fi nama biraa galii hin qabne galii qabiyyee sana irraa argamuun abbaa qabiyyichaatti hirkatee jiraatu akka ta’e ibsameera. Bu’uura hiikkaa miseensa maatiif kennameetiin waamamtuu 1ffaan ammaa ilmoo du’aa Abdiisaa Birruu irraa dhalattee miti ykn hirkattuu galii qabiyyicha irraa argamuun obboo Andiisaa Birruu waliin akka maatiitti jiraattu ta’uun ishee hin mirkanooftne, falmiin gama kanaan ka’es hin jiru. Kanaafuu akka bu’uuraatti (in principle) waamamtuu 1ffaan qabiyyee akaakayyu ishee bakka bu’ummaadhaan dhaaluuf mirga hin qabdu.

Gama biraatiin bakka bu’ummaan qabiyyee lafa baadiyyaa dhaaluun kan danda’amuu haala addaati (in speciala circumstance) bu’uura murtii Dhaddachi Ijibbaataa Mana Murti Waliigalaa federaalaa galmee lakk. 111453 ta’e irratti kenneen dhaalaan biraa bu’uura hiikkaa labsicha kwt, 2(16)tiin kennameen hin jiraanne yoo ta’eedha. Akka akkana hin jenne immoo dhaaltuun sadarkaa duraa du’aa Abdiisaa dhaaluu danda’an iyyataa fi waamamaa 2ffaa dabalatee namoonni afur akka jiran falmii keessaa ni hubatama. Kanaafuu haala addaatiin MMWF Dhaddachi Ijibbataa hiikkaa galmee lakk. 111453 ta’e irratti kenne kana waliinis yoo ilaalamu mirga dhaaltumma waamamtuu 2ffaan qabaattu hin jiraatu ture. Haa ta’u malee mormii waamamtuun bakka bu’ummaan qabiyyee akaakayyuu ishee hin dhaaltu jedhu kana iyyataan mana murtii aanichaa falmii duraa dhagahe irratti hin kaafne fi mormiin kun akka hin kaanes deebii barreeffamaan dhiyeessees ta’e falmii afaanii MM aanichaatti dhaggeessise galmeen haadhoon dhufee ilaalamee mirkanaahee jira. Falmiin ykn mormiin mana murtii falmii duraa dhagahu (trial court) irratti

hin kaane immoo mana murti oliyyannoo dhagahu biratti bifa haaraadhaan kaasuun akka hin dandeenye sdfs. Kwt. 329 jalatti waan tumameef manni murti olaanaa sababa kanaan komii iyyataa ammaa kufaa gochuun isaa sirriidha. Kanaafuu, waamamatuu 1ffaan ammaa (himattuun jalaa) qabiyyee akaakayyuu ishee bakka bu'ummaan dhaaluuf bu'uura tumaa labsii lakk. 130/99 kwt. 9(1) fi 2(16)tiin mirga yoo hin qabaannellee sababa mormii ykn falmii kana iyyataan ammaa mana murtii falmii dura dhagahe (mana murtii aanichaatti) hin kaafne, sadarkaa oliyyannootti immoo bu'uura sdfs kwt. 329tiin kaasuu waan hin dandeenyeef komiin isaa kufaa ta'uun dogoggora seeraa isa bu'uuraa hin qabu jechuudhaan murtii manneen murtii akka cimu sagalee caalmaadhaan murtaa'ee jira.

AJAJA

1. Murtiin Manni Murtii Aanaa Iluu galmee lakk. 31240 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 07/03/2014 kennee jal-murti Manni Murtii Olaanaa Godina Shawaa Kibba Lixaa galmee lakk.55862 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 20/03/2014 fi ajaja Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Hariiroo Hawaasaa G/galeessaa galmee lakk. 346711 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 06/04/2014 ooleen kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan hin qabneef bu'uura labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe lakk. 216/2011 kwt. 26(5) fi s.d.f.s. kwt. 348(1)tiin akka cimu sagalee caalamaadhaan murtaa'ee jira.
2. Dhoorkaan galmee kana irratti galmee raawwii Mana Murtii Aanaa Iluu lakk. 32666 ta'e irratti kennamee ture ka'ee jira. Haa barreeffamuuf.
3. Baasii fi kisaaraa dhaddacha kanaa kan ofii ofii haa danda'an jenneerra.

4. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaatiif yaa ergamuuf jenneerra.
5. Galmeen murtii dhumaa waan argateef cufameera.
6. Galmeen mana galmeetti yaa deebi’u.

YAADA ADDAA

Nuti abbootiin seeraa maqaan keenya lakkoofsa 2ffaa fi 4ffaa irratti moggaafamnee ijoo sagalee caalmaan waa’ee bakka bu’ummaan dhaaluu ilaalchisee falmiin mana murtii aanichaatti hin kaane sadarkaa oliyyannootti ka’uu hin danda’u jedhanii yaada dhumaa irra gahan irratti waan walii hin galleef yaada addaa keenya akka armaan gaditti keenyeerra.

Mirga qabeenyaa ykn qabiyyee dhaaluu qabaachuu fi dhabuun mirga bu’uuraa mirga himannaa dhaalaa dhiyeessuu fi dhiyeessuu dhabuu ykn mirga sababa himannoo qabaachuu fi qabaachuu dhabuu kan hundeessuudha. Haala kanaan yommuu hubatamu manni murtii tokko falmii ijooitti osoo hin galinii dura namni himata dhiyeessuu sun himaticha dhiyeessuuf sababa ykn dandeettii qabaachuu mirkaneeffachuun fala dursee bu’uura sdfs. Kwt. 32(2,3)tiin ilaalee manni murtii himanni itti dhiyaate furmaata itti kennuudha. Kanaafuu waamamtuu 1ffaan bu’uurumaanuu qabiyyee kana dhaaluuf mirga bu’uuraa kan hin qabaanne erga taatee, waa’ee mirga dhaaluu qabaachuu fi dhabuu ishee ilaalchisee osoo iyyataan bifa mormiitiin hin kaafnellee mirga bu’uuraa mirga dhaaltummaa waamamtuu kanaa gonfachiisu akka hin jirre erga beekkamee ykn mirkanaa’eera ta’ee manni murtii aanichaa ofii isaatiif kaasee waa jechuu ykn gaafii waamatuu 1ffaan ammaa dhaalamaa lafa baadiyyaa bakka bu’ummaan dhaaluuf gaafatte kana kufaa gochuu qabaata ture. Kana bira darbameesi, gareen falmii falmii ijoo dubbii

seeraa fi firrii dubbii ragaan adda bahuu kaasuudhaan falmaachuu akka qabu beekamaa dha. Kana jechuuni immoo siran seeraa adeemsa falmii biyyi keenya hordofaa jirtu waliin yoo ilaalamuu, falmiileen firrii dubbii fi falmiin seeraa mirga bu’uura hundeessan kamiyyuu mana murtii jalqaba dhimmi itti dhiyaata yaadama jedhu kan qabu miti. Kayyoon seera d/f/h/h kwt. 329 heyyama mana murtiin alatti gareen falmii haaraa dhiyeessu akka hin qabne tumuu, falmii firrii dubbiin wal qabatan kan ilaalattu dha malee, seera qabeessummaa fi seer-malleessummaa himannaa irratti kan xiyyeeffatu miti. Kanaafuu, falmiin tumaa seeraa dirqisiisoo “ mandatory provision of law” ta’anin wal qabatan ifan manneen murtii aanaatti hin kaane, abbaan dhimmaas ta’e, manni murtii dhimmicha sadarkaa oliyyannoon ilaaluutti dhiyeessu irraa kan dhorkiisisuu fi akka mirga falmii seeraa qabu mulqeetti ilaalamu qabu miti. Kanaafuu, tumaa seera d/f/h/h kwt.328(3), 329(2) fi sirna seeraa falmi hariiroo hawaasaa biyyi keenya hordofaa jirtu waliin yoo ilaallu falmi mirga bu’uuraa dandeetti dhaaltummaa mirkaneessu sadarkaa oliyyannoottis ta’ee, dhaddacha kanatti kaasuu kan dhorku waan hin taaneef, waamamtuun ammaa bu’uura labsii bulchiinsa fi itti fayyadama qabiyyee lafa baadiyaa Oromiyaa kwt. 2(16) fi 9(1)tiin qabiyyee lafa baadiyaa bakka bu’iinsaan dhaaluuf miseensa maatii irratti mirga himannaa dhiyeessu hin qabdu jedhamee murta’uu qaba jechuudhaan murtii sagalee calmaan murteessan irraa adda baanee jirra.

- Abbootii Seeraa:-
1. Gammachuu Baqqalaa
 2. Fayyisaa Tolasaa
 3. Dabee Dhaabaa
 4. Ashannaafii Raggaasaa
 5. Ayyaanaa Toliinaa

Iyyataan: - Obbo Mohaammad Tukee

Waamamaan: - Obbo Naasir Shaafii – Bakka hin jirretti

Galmee kana qorannee murtii armaan gadii kennineerra.

MURTII

Iyyannoon Dhaddacha Ijjibbaataa kanaaf ka'umsa ta'e kun falmii raawwii ta'ee kan eegalame Mana Murtii Ol'aanaa Godina Arsii Lixaatti yommuu ta'u, iyyataan ammaa raawwii abbaa mirgaa yoo ta'u, waamamaanis raawwii abbaa mirgaa ta'uu isaa ibsuun qabeenya raawwii abbaa idaa jalaa irratti kan walfalmaa turani dha.

Ka'umsi dhimma kanaa iyyataan ammaa raawwii abbaa idaa kan ta'an Obbo Rihaad Muhaammad nama jedhamu irratti himannaa raawwii Mana Murtii Ol'aanaa Godina Arsii Lixaatti isaanirratti dhiyeessanii mana jireenyaa caalbaasiif kabachiisanii caalbaasiin yeroo 2ffaa bahee osoo walfalmaa jiranii waamamaan ammaa iyyannoo guyyaa 02/02/2014 barreeffameen dhiyeeffateen qarshii murtii abbaa idaa irraa qabuuf Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Kibbaa galmee lak.380428 ta'e irratti himadhee dhaddacha guyyaa 24/10/2013 ooleen naa murtaa'ee galmee lak.38751 ta'e irratti akka naaf raawwatamu himannaa raawwii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Lixaatti dhiyeeffadhee kanan jiru waan ta'eef raawwii dhaddacha kanatti eegaleef mana jireenyaa ammaa idaa raawwiif falmamaa jiru bu'uura SDFHH

lak.403tiin kan naa murtaa’e gaheen kiyjaa qabeenya kana irratti akka naaf raawwatamu jechuun gaafateera. Waamamaan ammaa immoo iyyannoo dhiyaate kana irratti deebii guyyaa 19/02/2014 barreeffameen kenneen mana idAAF falmii ta’e kana osoo waamamaan ammaa iyyannoo isaa hin dhiyeeffatin iyyataan ammaa garee adda addaa wajjin erga walfalmaa turee booda caalbaasiin yeroo lama irratti bahee namni bitu dhabameera. Caalbaasiin yeroo lama bahe kanaan namni bitu waan dhabameef kan naa kenname waan ta’eef dhimma raawwatamee xumurame irratti waamamaan ammaa iyyannoon raawwii dhiyeesse fudhatama hin qabu; dhimma kana ilaalchisee waamamaan ammaa bu’uura SDFHH lak.403tiin “Pro rata” gaafachuuf mirga hin qabu. Raawwii waamamaan amma gaafachaa jiru yeroo manni raawwiif sababa ta’e kabajame murtii bilchaate miti. Kanaaf, gaaffiin isaa kufaa dha jechuun falmeera.

Manni Murtii Ol’aanaa Godina Arsii Lixaa falmii bitaa fi mirgaa dhagahuun erga qulqulleessee booda murtii kenneen iyyataan ammaa fi waamamaan murtii abbaa idaa Obbo Rihaad Muhaammad irratti qarshii murteesisiiifachuun maallaqa irraa qabaachuun isaanii mirkanaa’eera; garee lachuufuu hin raawwatamne waan ta’eef qabeenya amma caalbaasiif gurguramuuf adeemamaa jiru bu’uura seeraa fi murtii Dhaddachi Ijibbaataa Federaalaa Jildii 11ffaa galmee lak.40945 ta’ee fi jildii 15ffaa galmee lak.88867 ta’e irratti murtii hiikoo seeraa dirqisiisaa kenneen raawwachiifachuuf mirga ni qaba. Garuu waamamaan ammaa murtii sadarkaa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Kibbaatti isaaf murtaa’e bu’uura SDFHH lak.371(1) tiin bakka bu’iinsi dhaddacha kanaaf hin kennamne jechuun gaaffii raawwachiisuu kufaa gochuun murtii kenneera. Iyyataan ammaa murtii kana komatee ol’iyyannoo isaa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Kibbaatti kan dhiyeeffate ta’u illee Dhaddachi Dhaabbii Kibbaas bu’uura SDFHH

lak.337tiin komee ol'iyannoo iyyataa ammaa kufaa gochuun murtii kenneera. Iyyataan ammas murtii manneen murtii jalaan kenname kun dogoggora seeraa isa bu'uura ta'e kan qabuu dha jechuun iyyannoo guyyaa 07/07/2014 barreeffameen kan dhiyeeffate yoo ta'u, ijoo komee iyyannoo isaas gabaabinaan kan jedhu manni murtii jalaa murtii raawwachiisuuf bakka bu'iinsa hin qabu jechaa waamamaan murtii isaa qabeenya caalbaasiif ka'umsa ta'e irratti akka raawwachiifatu murtiin kenne dogoggoora dha. Mana jireenyaa lak.kaartaa 9563 ta'e lafa kaaree meetira 180 irratti argamu caalbaasiin yeroo lama itti bahee kan bitu waan dhabameef iyyataa ammaatti manichi bu'uura SDFHH lak.428(2)tiin dabarfamee kennamee osoo jiruu waamamaan ammaa mirga raawwiin qooddachuu qaba jechuun murtiin kenne sirrii miti. Walumaagalatti, iyyannoo raawwii abbaa idaa irratti iyyataan ammaa kan dhiyeeffate guyyaa 04/03/2013 yoo ta'u, waamamaan ammaa akka raawwatamuuf kan gaafate murtii galmee lak.380428 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 24/10/2013 ooleen kenname waan ta'eef bu'uura SDFHH lak.403tiin iyyannoon waamamaan mana murtii jalaatti dhiyeeffate fudhatama kan qabu waan hin taaneef murtiin manneen murtii jalaa kun akka naaf diigamu jechuun gaafateera.

Dhaddachi Ijibbaataa Qorannoo Duraas iyyataan ammaa iyyannoo raawwii abbaa idaa irratti dhiyeeffate manni falmiif ka'umsa ta'e irratti falmiin booda caalbaasiin yeroo lama irratti bahee namni bitu dhabamee fi iyyataan ammaa dursee dhorkisiifate waamamaan murtii booda kennameen mirga argateen akka raawwachiifatu mirgi eegamuun akkasumas Manni Murtii Ol'aanaa iyyannoo raawwii waamamaa ilaaluuf mirga erga hin qabaanne waamamaan qabeenya raawwiif ka'umsa ta'e irraa mirga ni qaba jechuun murtiin kenne sirrii ta'uu fi dhiisuu isaa bakka walfalmitootni bitaa fi mirgaa argamanitti seera rogummaa qabu waliin

ilaaluuf ni dhiyeessisa jedhamee waamamaan ammaa dhiyaatee komee iyyannoo iyyataa ammaa irratti deebii akka itti kennu taasifameera. Haa ta'u malee waamamaan ammaa waamichi isa gahee dhiyaatee waan deebii hin kennineef falmachuu akka hin barbaannetti fudhatamee mirgi deebii kennuu isaa bira darbamee bu'ura SDFHH lak.70(A)tiin falmiin bakka inni hin jirretti akka itti fufu dhaddacha guyyaa 12/08/2014 ooleen ajajameera. Seenaan dhufaatii dhimma kanaa kan olitti ibsame yoo ta'u, dhaddachi kunis falmii bitaa fi mirgaa mana murtii jalaatti turee fi komee dhaddacha kanatti dhiyaate akka ilaalatti ijoon dubbii furmaata argachuu qabu qabeenya raawwii abbaa mirgaaf yeroo lama caalbaasiin itti bahee namni bitu dhabamee jiru murtii iyyannoo raawwii booda kennameen raawwii murtii abbaa mirgaa dursa falmaa ture waliin walqixa raawwachiifachuuf mirga ni qaba jedhamee murtiin kenname dogoggoora seeraa isa bu'uuraa moo miti? qaphxii jedhu qabannee seera rogummaa qabu waliin qoranneerra.

Akka qorannetti iyyataan ammaa kan falmaa jiru qabeenya murtii abbaa idaa inni dursee kabachiifadhee falmiin booda caalbaasiin yeroo lama irratti bahee namni bitu dhabame tokko waamamaan ammaa mirga booda murtiin argateen ana waliin walqixa qabeenyicha irratti raawwachiifachuuf mirga hin qabu kan jedhu dha. Manneen murtii jalaa garuu walfalmitootni bitaa fi mirgaa murtii abbaa idaa irratti maallaqa murteesisiifatan waan qabaniif qabeenya sadarkaa caalbaasii irra jiru kana hin raawwatamne sababa jedhuun walqixa qabeenyicha irratti raawwachiifachuuf mirga ni qabu jechuun murtii kennaniiru. Asitti dhimmi deebii barbaadu iyyannoo raawwii dursee dhiyaatee falmiirra erga turamee booda namni mirga bilchaate booda irra argate qabeenya murtii abbaa idaa raawwiif kabachiifamee caalbaasiirra jiru irratti falmii gaggeessuuf mirga qabaachuu fi dhiisuu isaa irratti dha. Kunis waamamaan

ammaa murtii booda kennameen ta'us raawwii abbaa mirgaa ta'uun isaa ifa dha. Waamamaan murtiin kun akka raawwatamuuf Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Kibbaa irratti falmii raawwiis akka eegale galmee kana keessaa ni hubatama. Iyyataan ammaas murtii abbaa mirgaa ta'ee dursee qabeenya murtii abbaa idaa kabachiifatee dhimmichi sadarkaa caalbaasiirra akka gahes kan falmisiisu miti. Kan olitti ibsaman irraa kaanee dhimma kana akka ilaalletti namoota dhuunfaa murtii abbaa mirgaa ta'an jidduutti inni tokko dursee qabeenya murtii abbaa idaa kabachiifachuun falmii raawwii erga irratti eegalee booda inni biraa immoo booda irra murtiin mirga yoo argate qabeenyuma raawwiin irratti eegalame kana dhibeentaa isaa murtaa'een bu'uura SDFHH lak.403tiin gaafachuu wanti dhorku hin jiru. Dhaddachi Ijibbaataa mana murtii Waliigalaa Federaalawaa jildii 11ffaa galmee lak.88867 ta'ee fi jildii 16ffaa galmee lak.97206 ta'e irratti murtii dirqisiisaa hiikoo seeraa SDFHH lak.403tiif kenneen baankiirraa kan hafe gareen biraa qabeenya abbaa idaa murtiin irratti hin raawwatamne tokko murtiin abbaa mirgaa kamiyyuu dhibbeentaa isaa murtaa'een gaafachuu akka danda'u murticha irraa ni hubatama. Kanaaf, gareen kamiyyuu murtii abbaa mirgaa taanaan raawwiin dursee eegaluu fi mirgi murtiin argame boodarras ta'u kun tilmaama keessa osoo hin galle hunduu murtii abbaa mirgaa waan ta'aniif mirga murtiin argatan kana qabeenya murtii abbaa idaa irratti dhibbeentaa isaanii murtaa'een raawwachiifachuuf mirga ni qabu. Dhimma kana ilaalchisees seerri ifaan dhorku hin jiru. Iyyataan ammaa qabeenyi amma falmiif ka'umsa ta'e caalbaasiin yeroo lama irratti bahee qabeenya koo ta'eera jechuun kan falmu ilaalchisees Manni Murtii Ol'aanaa murtii kenne keessatti qabeenyicha irratti raawwiin taasifame akka hin jirre ifatti ibsuun murtii isaa keessatti kan xiinxale waan ta'eef sadarkaa Dhaddacha Ijibaataa kanatti murtichi raawwate moo hin raawwanne? Ijoo jedhu ragaa madaaluu wajjin kan walqabatu waan ta'eef bu'uura

Labsii Lak.216/2011 keewwata 26 ragaa madaaluun aangoo dhaddacha kanaa waan hin taaneef komee iyyataan ammaa gama kanaan kaasu dhaddachi kun hin fudhanne. Gama biraatiin Manni Murtii Ol'aanaa aangoo raawwachiisuu osoo hin qabaanne waamamaan ammaa mirga raawwachiifachuu ni qaba jechuun murtiin kenne dogoggora kan jedhu ilaalchisee manni murtii Ol'aanaa mirga bu'uuraa waamamaan gaafate irratti murtii kennuuf aangoo ni qaba. Garuu falmii sirna adeemsa wajjin walqabatan ilaalchisee immoo manni murtii Ol'aanaa sun waamamaa ammaaf ofii murtii waan hin kennineef hanga bu'uura SDFHH lak.371(1) tiin bakka bu'insaan akka raawwachiisu hin aangeffamnetti iyyannoo raawwii waamamaan gaafate itti fufuu hin danda'u . Kun immoo tumaa sirna adeemsa falmii hariiroo hawaasaa hordofuu isaanii kan agarsiisu waan ta'eef gama kanaan dogoggoora seeraa Manni Murtii Ol'aanaa raawwatame dhadacha kanatti hin mul'anne.

Kana waan ta'eef, manneen murtii jalaa walfalmitootni bitaa fi mirgaa murtii abbaa mirgaa waan ta'aniif eegaluu raawwii fi kabachiifamuu qabeenyichaa tilmaama keessa osoo hin galchin walfalmitootni lamaanuu qabeenya manaa falmiif ka'umsa ta'e irratti mirga murtiin argatan raawwachiifachuuf mirga ni qabu jechuun murtiin kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa ta'e kan qabu ta'ee waan hin arganneef komee iyyannoo iyyataa ammaa kufaa goonee ajaja kanatti aanu kennineerra.

AJAJA

1. Murtii Manni Murtii Ol'aanaa Godina Arsii Lixaa galmee lakk. 41701 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 30/03/2014 ooleen kennee fi Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Dhaabbii Kibbaa galmee lakk.381456 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 16/06/2014 ooleen cimsuun murtiin kenne dogoggoora seeraa isa bu'uuraa kan

qabu ta'ee waan hin argamneef bu'uura S/D/F/H/H/ lak.348(1)tiin cimsuun murtii kennineerra.

2. Galmee kana irratti dhorkaan kenname ka'eera. Haa barreeffamu.
3. Baasii fi kisaaraa dhaddacha kanaa walfalmitootni mata mataa ofii haa danda'an jenneerra.
4. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaatiif haa ergamu jenneerra.
5. Galmeen kun murtii waan argateef mana galmeetti haa deebi'u.

- Abbootii Seeraa:-
1. Gammachuu Baqqalaa
 2. Fayyisaa Tolosaa
 3. Dabee Dhaabaa
 4. Ashannaafii Raggaasaa
 5. Ayyaanaa Toliinaa

Iyyataa: - Jamaal Ushee

Waamamtoota 1. Naasir Abiraahim

2. Mohammad Ahimad

Galmeen qoratamee murtiin itti aanu kennameera

MURTII

Galmeen kun banamee dhiyaachuu kan danda'e sababa iyyataan ammaa Murtiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Bahaa galmee lakk. 383459 ta'erratti dhaddacha guyyaa 26/5/2014 ooleen kenne dogoggora bu'uuraa seeraa qaba jechuun akka sirratuufiif waan gaafateefidha.

Ka'umsi falmii galmee kanaa himata Mana Murtii Aanaatti iyyataan ammaa dhiyeesseen kan eegalee yoo ta'u himatichis gabaabinaan: obboleessi koo Muummee Ushee bara 2008 keessa qabiyyee qindii lama jimaa kataraa 12 fi jimaa mummuraa kataraa sadii irra jiruu waamamtootaaf akka kiresseen du'ee jira; obboleessi koo immoo abbaa fi haadha hin qabu; daa'imas hin qabu waan ta'eef kan dhaalu ana waan ta'eef qabiyyee dhaalaan naaf malu waamamtoonni qabatani jiran akka gadi lakkisan kan jedhuu dha. Waamamtoonni deebii kennaniin: waliigaltee guyyaa 5/12/2007 ta'uun Bulchiinsa Araddaa Najabaas irratti raawwatameen lafa isaa walakkaa jimaa dhaabee fi walakkaa immoo

jimaa dhaabbadhuuf waliigallee haala kanaan isaafis dhaabeen jira; ofiis kataraa 10 dhaabbadheen jira; yeroo du’u immoo qabeenya isa hunda naaf kennuuf naaf mallatteessee jira; jimaa kaataraa 8 immoo niitii du’aaf maharii kan kennameefi ture ishiidhaaf qarshii 10,000 kenneefi oolfadheen jira; osoo ta’eellee du’aan obboleessa abbaa koo waan ta’eef ani bakka abbaa koo bu’ee du’aa kana dhaaluuf mirgan qaba; himati kun darbiinsa yeroon daangaha jedhee waamamaa 1ffaan yoo falmu ; waamamaa 2ffaan immoo jimaa kana waamamaa 1ffaa irraa kennaan argachuu ibsee innis abbaa isaa bakka bu’ee du’aa dhaaluuf akka mirga qabu fi himanni kun darbiinsa yeroo waggaa sadiin daangaha jechuun falmee jira. Manni Murtii Aanaa bitaa fi mirga falmisiisee murtii kenneen: himanni amma dhiyaate du’aan erga du’ee waggaa jaha/ 6/ booda dhiyaate waan ta’eef darbiinsa yerootiin daangaha jechuun himaticha kufaa gochuun murteesseera.

Iyyataan murtii kanarraa ol’iyyata yoo gaafatu Manni Murtii Ol’aanaa immoo dhiyeessisee erga falmisiisee booda waamamtoonni haalli itti isaan lafa kana qabatan bittaa fi gurgurtaan waan ta’eefi karaa faallaa heeraa fi seeraa ta’een qabatanii jiruu waan ta’eef himata amma dhiyaate darbiinsa yeroon kan daangahu miti qabiyyee kana waamamtoonni gadi haa lakkisan jechuun murteessee jira. Waamamtoonni murtii kana komatanii ol’iyyata yoo gaafatan Manni Murtii Waliigalaa dhiyeessisee erga falmisiisee booda iyyataan ammaa lafa akka qabeenya birootti takka utuu itti fayyadamee hin beekin nan dhaala jedhee gaafataa kan jiru sirrii miti; utuu ta’ees haalli itti lafa kana qabate hayyama du’aan waliin misoomsuun waggaa 6 qabatee kan jiru ta’uun hubatamee utuu jiruu Manni Murtii Ol’aanaa bittaa fi gurgurtaan qabatee kan jedhe dogoggora jechuun murtii Mana Murtii Ol’aanaa diigee kan Mana Murtii Aanaa cimseera. Komiin amma dhiyaates murtiima kanarratti yoo

ta'u ijoo komii isaas: du'aan obboleessi koo kennaa isaaniif kennuu kan hubachiisu ragaan dhiyaate hin jiru; ragaan namaa waamamtoota kiraan qabatee jedhanii utuu ragaa bahanii himata koo kufaa ta'uun dogoggora kan jedhuu dha. Komiin iyyattoota ni dhiyeessisa jedhamee waamamtoonni deebii kennaniin du'aan obboleessa abbaa koo yoo ta'u osoo lubbuun jiruu naaf dabarsee waliin itti fayyadamaa turree; himanni kun erga du'aan bara 2008 du'ee booda waggaa 6 booda waan dhiyaatef darbiinsa yeroon ni daangaha; waliin misoomsuun itti fayyadamaa turree waan ta'eef iyyati amma dhiyaate fudhatama hin qabu jechuun murtiin jalaa akka cimuuifiif gaafatanii jiru.

Falmiin galmee kanaa gabaabinaan kanuma yoo tahu nutis falmii bitaa fi mirgaa, murtii jalaa fi seerota rogummaa qaban waliin galmee keessa akka itti aanutti qoranneerra. Akka qorannee ilaallettis iyyataan jimaa kana dhaaluuf mirga hin qabuu kan jedhamee sirriidhaa moo miti? kan jedhu ijoo dubbii tahee argama. Galmee kana keessa qorachuun kan hubannee iyyataan lafa qindii lama irra kan jiru jimaa kataraa 12 fi jimaa mummuraa kataraa 3 qabiyyee obboleessa koo Muummee Ushee yoo ta'u obboleessi koo du'eera; nama isa dhaalu abbaa fi haadha hin qabu; akkasumas daa'ima hin qabu waan ta'eef kan isa dhaalu ana waan ta'eef waamamtoonni qabiyyee kana kiraan qabatanii gadi lakkisuu waan didaniif akka gadi lakkisan jedhee himataa jira. Iyyataan dhaaluuf kan gaafate lafa baadiyyaa jimaa of irraa qabu ta'uu hubatamee jira. Kana yoo ta'e immoo qabiyyee fi qabeenyaa lafa baadiyyaa irra jiru eenyutu dhaalaa? Hangam dhaalaa? Sirna maaliin dhaala? Kan jedhu Labsii Bulchiinsa Fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Lakk. 130/99 fi dambii kana raawwachiisuf bahe lakk. 151/2005 keessatti tumamee jira.

Labsii lakk. 130/99 kwt.6 fi 9 jalatti qotee bulaan miseensa maatii isaaf qabiyyee isaa dhaalaan mirga dabarsuu akka qabu tumee jira. Labsii

kana kwt.2/16/ jalatti immoo miseensa maatii jechuun ijoollee abbaa qabiyyee ykn namoota galii biraa hin qabnee fi galii lafa kanarraa argamu fayyadamaa abbaa qabiyyee waliin jiraatan ta'uu tumee jira. Dabalataan Dambii Lakk. 151/2005 kwt.10/4/ fi /5/ jalatti namni mirga dursaa hin qabne hanga waggaa sadiitti baasii oomisha kanaaf barbaachisu baasee qabeenyaa dhaabbataa akka jimaa dhaaltota mirga dursaa qaban waliin fayyadamuu danda'uu fi waggaa sadii booda dhaalaan mirga dursaa qabu immoo qabeenya kana kan itti fayyadamu ta'uu tuma.

Dambii Lakk. 151/2005 kwt. 10/6/ jalatti immoo namni mirga dursaa qabu bakka hin jirreetti immoo haalli dhaalaa akkaataa tumaa SHH kan raawwatu ta'uu tumee jira. Iyyataan haalli itti dhaaluuf gaafataa jiruu bu'uura tumaa SHH kwt.844/2/ ta'uu falmii isaarraa ni hubatama/ dhaaltuu sadarkaa kan ta'an abbaa fi haadha isaa bakka bu'ee dhaaluu/. Galmee keessaa kan hubatamu sadarkaa mana murtii jalaatti namni mirga dursaa qaba jedhee falme akka hin jirreedha. Akka waliigalatti namni mirga dursaa qabu yoo jiraate iyyataan waggaa sadiif fayyadamuuf mirga kan qabu ta'uu ; namni mirga dursaa qabu yoo hin jirree immoo akkaataa tumaalee seeraa dhaalaan gahee isaa argachuuf mirga qaba. Kanaafuu, Manni Murtii Waliigalaa iyyataan kan dhaaluuf gaafataa jiru dachii jimaa of irraa qabu ta'ee utuu jiruu fi dambiin lakk. 151/2005 kwt. 10 immoo namoonni jimaa dhaaluuf gaafatan haalli raawwii isaati akkaataa tumaalee SHH ta'uu tumee utuu jiruu akka waan iyyataan dachii qonnaa dhaaluuf gaafatteetti fudhachuun mirga dhaaluu hin qabu jechuun kan murteesse dogoggora bu'uura seeraa ta'ee argama. Sadarkaa Mana Murtii Waliigalaatti dhimmi murtii dhumaa argatee jiruu dhimma iyyataan qabiyyee kana dhaaluuf mirga qaba moo miti? kan jedhu qofadha. Dhaddachi Ijibbaataa akkaataa tumaa Labsii Lakk. 216/2011 kwt.26/1/ dhimma inni ilaaluu danda'u dhimma murtii dhumaa argatee

jiruudha. Dhimmoonni sadarkaa Mana Murtii Aanaatti ijoo falmii turan kanneen akka darbiinsa yeroo, waamatoonni du'aa waliin misoomsuu fi dhiisuu, waliigaltee kennaan waamamtoonni jimaa argatan moo miti? waliigaltee bittaa fi gurgurtaa jira moo miti? waamamaa lffaan gahee haadha warraa du'aa akkamiin argatee? Jedhan sadarkaa Mana Murtii waliigalaatti kan murtii argatan miti waan ta'eef qabxii sadarkaa Mana Murtii Waliigalaatti murtiin irra hin qubannee immoo dhaddachi kun kaasee ilaalee murtii kennuuf aangoo hundee dubbii hin qabu. Kanaafuu, dhimma qajeelfamaan deebi'ee ilaalamee fala argatuu ta'a.

Walumaagalatti, sababoota olitti tarreeffameef murtiin mana murtii jalaa dogoggora bu'uura seeraa qaba jechuun ajaja itti aanu kennameera

AJAJA

1. Murtiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Bahaa galmee lakk. 383459 ta'erratti dhaddacha guyyaa 26/5/2014 ooleen kenne bu'uura SDFHH Kwt.348/1/ tiin diigameera.
2. Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Bahaaf iyyataan jimaa falmii kaase kana dhaaluuf mirga qaba waan ta'eef galmee cufee ture sochoosee komii waamamtootaa qaphxii biroo ilaalee murtii haqaa akka itti kennuuf qajeelfamaan bu'uura SDFHH kwt.343/1/ tiin deebisneerraaf; haa barreeffamuuf.
3. Baasii fi kisaaraa falmii kanaaf bahe bitaafi mirgi of haa danda'an.
4. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaaf haa ergamu.
5. Galmeen waan murtii argateef cufameera; gara mana galmee cufameetti haa deebi'u.

Teessoo



**Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa-
Supreme Court of Oromia**



+2511 111 234 4432/0911 523 332



www.romiacourt.org



t.me/MMWO2020